YUUNIVARSIITII SALAALEE

DHAABBATA QORANNOOFI QO’ANNOO EEBBAAN BOODDEE

# AFSEENAAWWAN BAKKEEWWAAN SEENAAFI AADAA QABEEYYII GODINA SHAWAA KAABAA

QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUU GUUTTACHUUF QOPHAA’EE, MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI QUNNAMITIIF DHIYAATE

**SHIMALLIS XAAFAATIIN**

WAXABAJJII 2015

YUUNIVARSIITII SALAALEE FIICHEE, ITOOPHIYAA

# AFSEENAAWWAN BAKKEEWWAAN SEENAAFI AADAA QABEEYYII GODINA SHAWAA KAABAA

**KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMOOMAA MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI QUNNAMTII**

**QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI QUNNAMITII GUUTTACHUUF QOPHAA'EE**

**QORATAAN: SHIMALLIS XAAFAA**

**GORSAAN: XILAAHUN TALIILAA (PHD)**

**WAXABAJJII, 2015**

**YUUNIVARSIITII SALAALEE FIICHEE, ITOOPHIYAA**

**YUUNIVARSIITII SALAALEE**

**SAGANTAA DIGIRII LAMMAFFAA**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digrii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo,Ogbarruu fi Qunnamitti gamisaan guutachuuf mata duree Afseenaan bakkeewwaan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Aanaa Giraar Jaarsoo jedhuun **Shimallis Xaafaatiin** kan dhiyaatu, sadarakaa ulaagaa Yuunivarsiitichi ka‟ee guute jira.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa ________________Mallattoo____________________Guyyaa__________________

Qoraa_____________________Mallattoo____________________Guyyaa__________________

Gorsaa____________________Mallattoo____________________Guyyaa__________________

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Qorataan maqaa fi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoon kun hojii dhuunfaa kooti ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneessee jira.

Maqaa Qorataa___________________________________

Mallattoo________________________________________

Guyyaa__________________________________________

Ani Dr.__________________________________________________barataan kun

**Shimallis Xaafaa** ta'uun dhiyaachuu danda'uu isaa mallattoo kootiin mirkaneesse jira.

Maqaa__________________________________________

Mallattoo_______________________________________

Guyyaa_________________________________________

## Axereeraa

Kaayyoon qorannoo kanaa Afseenaa bakkeewwaan Seenaafi Aadaa qabeeyyii Aanaa Giraar Jaarsoo irratti kan xiyyeeffatamee qaacceffameedha. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas maalumma afseenaa bakkeewwanii, faayidaafi hiika Afseenaa hubachuudha. Haaluma kanaan xiinxala Afseenaa bakkeewwaan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii kanaaf malli qo‟atichi itti gargaarame mala akkamtaa yookaan qulqulleeffataati. Mala kanaan odeeffannoo madda raga duraa fi madda raga lammaffaa irraa argaman kan kaayyoo qorannichaa galmaan gahu jedhamanii funaanamanii walsimsiisun itti gargaaramee jira. Akkasumas, Afseenaa bakkeewwan Seena fi Aadaa qabeeyyii Aanaa Giraar Jaarsoo keessatti haali itti asgahee Abbootii Gadaa, Manguddoota, beektoota fi Ogeesoota adda addaa irratti bu‟uureeffachuun ibsee jira. Itti dabaluun qabiyyee gurguddoon qo‟atichi irratti hunda‟ee, maalumma Afseena bakkeewwan seena fi aadaa qabeeyyii Aanaa Giraar jaarsoo keessatti argamaan eegumsa, kunuunsa fi hojiin beeksisa fi haali itti as gahee fi Afseewwaan isaa maaliin akka wal-qabatu kan ibsamaan yoo ta‟uu, qorannoo kana keessatti akka waliigalatti wanti hubatame uummanni annicha qabsoo walirraa hin cinne taasisa Aadaa, Seenaa, duudha isaa eege, kunuunse fi hojii kabajaa isaa fi beeksiisuun dhaloota dhalootati dabarsa dhaloota haara dhalchise asiin gahee jira. Kunis Afseenaa Aannicha keessatti Asfeena Holqa Riqicha poorchuugaal,Jaldeessa Ganda Warxuu, Holqa Dabbis, Holqa Bolloo iddoo hawwata turizimii ta‟ee afseenaan isaani karaa adda ta‟ee dhaloota kana bira waan gaheef dhaloonni haara eegee, kunuunse, hojii beeksisa hojjechuun dhaloota boruuf dabarsu. Irreecha Laga Daannisa waggaa sadii as bakka uuma ganama sanitti waan deebi‟eef amma karaa guutu ta‟een hirmanna hawaasa hunda kan barbadu fi taateewwan naannoo sanitti raawwatame, Tulluu Salaalee (maqaa biyyaa moo maqaa latiinsa gosa kan jedhu ilaalchise maqa gosaa ta‟uu isaa) fi dhugeeffannoo naannoo sanii kan ta‟ee Re‟ee yookiin hoola marsa kan jedhu karaa guutu ta‟een qorannichi of keessati qabata. Kanaafuu, afseenaan uummata kanaaf kuusaa beekumsa gadi fagoo, ibsituu Aadaa, seena, duudha, Afaan fi calaqistuu uummaticha karaa guutuun tursiisee jechuun ni danda‟ama.

## Galata

Jalqaba irratti guyyaa kanafi bara kana eegumsa baay’ee naaf godhee, isaa fayyaa guutuun hardhaan nagahe, waaqayyoof galanni guddaan haa ta’u. Itti aansuun, haala qorannoon kun itti gaggeeffamu kallatti na qabsiisanii na qajeelchuun akkan qorannoo kana galmaan gahuuf kan na gorsan Xilaahuun Taliilaa (Dr.) baay’een galateeffadha.

Akkasumas haadha manaa koo Gannat Muluu fi nuffii tokko malee karaa hedduun na gargaarteefi maatiifi hiriyoottan koo yaadan na jajjabeessan akkasumas Abbootii Gadaa, Manguddoota, beektootafi Ogeessoota ragaa qabatamaa naa kennuun hojii kana irratti hirmaatan dabalataan baay’een galateeffadha.

## Hiika Jechoota Barbaachisoo fi Gabaaje
## Hiika Jechoota Barbaachisoo

**Aanaa-** Gandi bu‟aa/xiqqaa, gosa walitti hiquu

**Abdarii-**Iddoo galata waaqayyoof itti galchaan,Waaqeffannaa, kadhannaa fi galateeffanna

**Afee-** waan afaaniin himamu ta‟ee kan dhaloota dhalootati darbu jechuudha.

**Arjoo-** Bareeduu,midhagduu, arjooftuu, arja‟aa

**Bakkeewwan ulfoo-**Abdaarii/Ardaalee jilaa,Tulluu, Malkaa, Iddoowwan Irreecha Waadaa/dhiigaa Boollaa

**Borinee-** Lafa biyyoo noora qabu

**Bookuu-**Mallattoo Aangoo, ulee Aangoo Abbaa Gadaa

**Caaccuu-** Mallattoo amantii Waaqeffannaa

**Dachee-**Lafa fi bishaan namoonni fi lubbuu qabeeyyiin irraa jirataan

**Dakuu-** Goga leencaa

**Giraar-** Maqaa muka laftoo

**Jaarsoo-** Maqaa gosa Oromoo aannicha keessa jiru

**Jabaa-** Daamaara yookiin gurcuu

**Jijjiir-** waan tokko isaa birati jijjiru, bakka buusu

**Kallacha-**mallattoo amantii Waaqefannaa kan waaqayyoon waaqa irraa kennuuf

**Kuusu**-Baayyisuu, tursisuu

**Malkaa-** Iddoo safuu, kaadhannoo, Bishaan kan qabu, Iddoo Irreefannoo

**Ogafaan-**Ogummaa Afaanii

**Tulluu-** lafa olka‟iinsa Voolkanoon uumame yookiin iddoo ulfoo

**Yaayyagoota-** Qabeenya Uummata

**Safaraa-** Iddoo qubsuma uummata, yookiin uummanni waliin jirachuuf ijaaratan

**Seenaa-**Waan namni hojjetu gaariis fi yaara yaa ta‟uu dhaloota tokko irraa dhaloota biroof Darbuu, barsiisuudha.

**Waaqeffannaa-**Amantii waaqa tokkicha ittiin galateffataanii fi dhugeefannaa waaqa tokkichaa

## Gabaajee fi Kottoonfachiisa

**ALI-** Akka lakkoofsa Itoophiyaa

**AGJ-** Aanaa Giraar Jaarsoo

**H/S-**Hayilee Silaasee

**KKF-**kan kana fakkaatan

**YKN-**Yookiin

# BAAFATA

**QABIYYEE** **FUULA**

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa ........ 1

1.2. Ka‟umsa Qorannichaa ........ 7

1.3. Gaaffiilee Bu'uraa Qorannichaa ........ 8

1.4. Kaayyoo Qorannichaa ........ 8

1.4.1 Kaayyoo Gooroo… ........ 8

1.5.2. Kaayyoo Gooree ........ 8

1.5 . Bu‟aa Qorannichaa ........ 9

1.6. Daanga Qorannichaa ........ 10

1.7. Hanqinnaa Qorannichaa ........ 10

1.8. Qindeeffama Qorannichaa ........ 11

1.9. Haala Aanaa Giraar Jaarsoo… ........ 11

1.9.1. Haala Qilleensa… ........ 11

1.9.2. Gosa Oomisha Miidhanii… ........ 12

1.9.3. Afaan Hojii fi Aada Aanaa Giraar Jaarsoo ........ 12

1.9.4. Hidda Latiinsa uummataa Aanaa Giraa Jaarsoo… ........ 13

1.9.5. Haala Mogaasa Aanaa Giraar Jaarsoo… ........ 14

1.9.6. Bakka Hawwata Turizimii Aannichaa ........ 16

BOQONNAA LAMA: SAKKATTA‟AA BARRUU ........ 18

2.1.1. Meeshaa Aadaa ........ 19

2.1.1.1. Gosoota Meeshaa Aadaa ........ 19

2.1.1.2. Faayidaa Meeshaa Aadaa ........ 20

2.1.2. Duudhaa Hawaasaa ........ 20

2.1.3. Afoola ... 21
2.2. Afseenaa (Definition of Legend) ... 25
2.2.1. Amaloota Afseenaa ... 27
2.2.2. Faayidaa Afseenaa ... 31
2.2.3. Gosoota Afseenaa ... 38
2.2.3.1. Gosoota Afoolaa ... 23
2.3. Tokkummaa fi Garagarummaa Afseenaa fi Seenaa ... 42
2.4. Amaloota Afoola… ... 44
2.4.1. Hurruummaa ... 44
2.4.2. Lufummaa ... 45
2.4.3. Uummatummaa ... 45
2.4.4. Jijjiramummaa ... 45
2.4.5. Miidhagummaa ... 46
2.4.6. Qindoomina ... 46
2.5. Yaaxxinaalee Qorannoo Fookiloorii ... 47
2.5.1. Yaaxina Aadaa Hawaasaa (Folk-cultural Theory) ... 47
2.5.2. Yaaxxina Seenawaa (Historical reconstructional theory) ... 47
2.6. Sakatta‟a Barruu Walfakkii ... 48
2.7. Walfakkeenya Qorannoo kana Faana Qaban… ... 50
2.8. Garagarummaa ... 50
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ... 52
3.1. Gosa/Saxaxa Qorannoo ... 53
3.2. Kallattiiwwan Qorannoo ... 54
3.3. Irraawwatama ... 54
3.4. Tooftaa Iddatteessuu ... 54

3.5. Madda Ragaa .......... 56
3.6. Toftaalee Funaansa Ragaalee .......... 56
3.6.1. Af Gaaffii .......... 56
3.6.2. Marii Garee .......... 57
3.6.3. Sakkatta"a Dokumantii .......... 57
3.7. Adeemsa Funaansa Ragaa .......... 58
3.7.1. Haala Ragaan Itti Funaaname .......... 58
3.7.2. Akkaataa Hirmaattonni Ragaa Itti Kennaan .......... 58
3.7.3. Muuxannoo Dirree Aloola .......... 58
3.7.4. Meeshaalee waraabbii .......... 59
3.7.5. Naamusa Ogummaa .......... 59
3.7.6. Haala Qaacceessa Ragaalee .......... 60
3.7.6. Haala Qaacceessa Ragaalee .......... 60
3.7.7 .Haala Amanamuummaa Qorannichaa .......... 61
BOQONNAA AFUR: HIIKAA ODEEFFANNOO .......... 51
4.1 Afseenaa Aanaa G/Jaarsoo .......... 51
4.1.1 Afseenaawwan Aanaa G/Jaarsoo fi mogaasa Aannicha .......... 51
4.2 Afseenaawwan Bakkeewwaan Seena fi Aadaa Qabeeyyii Aanaa G/Jaarsoo .......... 53
4.2.1. Afseenaa Riqicha Poorchuugaal, Laga Guur fi Haala Naannoo .......... 54
4.2.1.1. Seenaa Jalqaba Riqichoota Addunyaa .......... 54
4.2.1.2 Seenaa Jalqaba Riqichoota Itoophiyaa .......... 54
4.2.1.3 Afseena Riqichaa Laga Guur/Riqicha poorchuugaal .......... 55
4.2.1.4 .Maqaalee Riqicha Poorchuugaal/Riqicha Laga Guur .......... 59
4.2.1.5 Teesuma Riqichichaa .......... 60
4.2.1.6. Ijaarsa Riqichichaa .......... 61

4.2.1.7. Sababa Ijaarsa Riqichaa Laga Guur/Poorchuugaal ........ 63
4.2.1.7.1 Sababa Hundeefama Magaalaa Shunkurtii ........ 64
4.2.1.8. Tooftaalee Riqichi Laga Guur Itti Ijaarame ........ 65
4.2.1.9. Haala Riqicha Laga Guur Amma Irraa Jiruu… ........ 66
4.2.1.10. Eegumsa/Kunuunsa Riqicha Laga guuriif Godhame… ........ 67
4.2.1.11. hanqinnoota Rakkoolee Mul'taan… ........ 68
4.2.1.12. Yaada Furmaata Riqichaa Laga Guur ........ 68
4.2.2. Hoomaa Jaldeessoota Ganda Warxuufi Naannoo Caagal ........ 69
4.2.3. Holqa Deebiis yookiin Dabbiis… ........ 71
4.2.3.1. Bu"aalee Holqa Dabbis yookiin Holqa Deebis ........ 74
4.2.3.2. Kutaalee Holqa Dabbis Yookiin Deebbis ........ 75
4.2.3.3. Eegumsa Goda Dabbisiif Godhama Turee ........ 76
4.2.3.4. Haala Qabiinsa Kanaan Dura, Amma fi Boruu ........ 77
4.2.3.5 .Jijjirama Holqa Dabbisiin Wal-qabate Jiruu ........ 78
4.2.4 Holqa Ganda Bolloo (Holqa Waraabeessaa) ........ 78
4.2.4.1. Haala Qabiinsa, eegumsa fi Jijjirama Holqa Bolloo Isaa ........ 79
4.2.5 Irreecha Laga Daannisaa/Laga Waada ........ 80
4.2.5.1. Taateewwan Irreecha Laga Daannisaa/Laga Waada ........ 85
4.2.5.1.1. Taateewwa Laga Silimii Raasa Daargee Walqabatu ........ 85
4.2.5.1.2. Taateewwaan Ganda Goonboolti uumame… ........ 85
4.2.5.1.3. Taateewwaan Laga Waada/ Laga Daannisa ........ 88
4.2.6 .Tulluu Salaalee ........ 89
4.2.6.1. Tulluu ........ 91
4.2.6.1.1. Shanaan Loloo Caancoo… ........ 94
4.2.6.1.2. Wantoota Naannoo Tulluu Salaaleeti Raawwatamu ........ 99

4.2.6.1.2.1. Eebba Tulluu Salaalee ........................................................................... 99

4.2.6.1.2. Wantoota Naannoo Tulluu Salaaleeti Raawwatamu ........................................................ 99
4.2.6.1.2.1. Eebba Tulluu Salaalee ........................................................................... 99
4.2.6.1.2.2 .Korma Tulluuti Qaluu ........................................................................... 101
4.2.6.1.2.3. Dhugeefannoo Re‟ee/Hoolaa Marsaa Naannnoo Tulluu Salaalee ........................................ 101
4.2.6.1.2.4. Dhugeefannoo Re‟ee fi Fannoo/Masqalii Waliin Marsuu ............................................ 102
4.2.6.1.2.5. Ilaalchaa Tulluuf Gama Amataan Jiruu ............................................................ 103
4.2.6.2. Salaalee ........................................................................................ 105
4.2.6.2.1.1. Yaadoota Salaalee Maqaa Gosa Ta‟uuf Dhiyyataan .............................................. 126
4.2.6.3. Shanaan Tulluu Salaalee fi Shanaan Oromoon Waloon Qabu ............................................ 130
4.2.6.4. Torbaan Ashee fi Oromoo ......................................................................... 133
4.2.6.4.1. Burqaan Torban Ashee Bakka Ulfooti ............................................................ 136
4.2.7 Rammaddii Afseenaa Gamaa Dameewwan Fookilooriin ...................................................... 139
4.2.8 Mogaasaa Maqaa ..................................................................................... 139
4.2.8.1. Mogaasaa Maqaa Aanaalee fi Magaaloota Bara 1964 keessa ............................................ 141
4.2.8.2. Iddoolee Seenaa Qabeeyyi Aanaa Giraa Jaarsoo ..................................................... 142
4.2.8.3. Maqaalee Malka/Lageewwanii Aanaa Giraar Jaarsoo… .................................................. 142
4.2.8.4. Maqaalee Holqaa Aanaa G/Jaarsoo Jiranii ......................................................... 142
4.2.8.5. Maqaalee Tulluu Aanaa G/Jaarsoo Jiranii ......................................................... 143
4.2.8.6. Maqaalee Abdarii Aanaa G/Jaarsoo Jiranii ........................................................ 143
4.2.8.7. Maqaalee Amantaa Aanaa G/Jaarsoo Jiranii ........................................................ 144
4.2.8.8. Maqaalee Riqichoota Aanaa G/Jaarsoo Jiranii ..................................................... 144
4.2.8.9. Maqaalee Caafee Aanaa G/Jaarsoo keessa Jiranii ................................................... 144
4.2.8.10. Maqaa Salaalee Warra Mogaafate Jiruu… .......................................................... 145

4.2.8.10.1. ........................................................................ Sababoota mogaasa Maqaa ........................................................................ 146

BOQONNAA SHAN: CUUNFA, ARGANNOO FI YABOO ........................................................................ 147

5.1. Cuunfaa ........................................................................ 147

5.2. Argannoo ........................................................................ 148

5.3. Yaboo ........................................................................ 152

Wabiilee ........................................................................ 154

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Uummanni addunyaa kanarra jiru marti gurmaa‟ee akka sabaatti jiraachuu osoo hin eegalin dura uummanni Oromoo gurmaa‟ee, akka sabaatti ijaarramee Sirna bulchiinsa ittiin bulmaata mataa isaa qabaachaa akka ture ragaaleen addaaddaa muul‟atanii jiru. Har‟as ragaaleen kun hayyoota adda addaan yeroo gara yerootti bifa addaaddaatiin muul‟chaa jiraachiuutu himama. Ragaalee mallattoo akka saba dura ijaarrameetti mul‟atan keessaa inni ijoon Oromoon kalaqa ittiin jiruu ofii qajeelfatu qabaachuu isaati. Qalaqa kanaaf immoo ragaa kan ta‟u afoola, duudhaa fi , safuui\ har‟a dachee Oromiyaa uwwisee jiru ragaa qabatamaadha.Keessumaa afoollii fi falaasamni yaada kana ibsuudhaaf gadi fageenyaan ilaalamuu qaba.

Dirribii Damisee 2012:143, Asmarom Lagesse 1973:180, wabeefachuu osoo barreefamni hin jalqabiin dura waggaa kuma sadii (3000) Oromoon urjii fi mul‟ata adda addaa gargaarramee bara lakkaa‟aa akka qorannoon gaggeefame ni eera. Akkasumas osoo uummatni Awurooppaa fi Eeshiyaa galma ijaaranii itti waaqeffachuu hin eegalin dura uummatni Oromoo iddoo uummamni bareedaan jirutti bahee uumama kana dinqisiifachaa uumaa (Waaqa) kadhachaa akka ture barreeffamoonni adda addaa ni ibsu.Isa kanaaf immoo Ardaaleen Jilaa Oromiyaa iddoo garaagaraatti argamanii fi lafa Oromoon jiru maratti argaman ragaa cimaa ta‟uu danda‟u. Kuniis eenyummaa hawaasicha calaqqisiisu kan dhalootaa dhalootatti dabarsaa dhufe ni qabata.Kun immoo, beekumsa hawaasni daangaa tokko keessa jiraatu waliin gabbifate, muuxannoon waliin qaban akka jiru agarssisa.Dhimoonni akka kanaas fookiloorii jalatti fiduun yoo qoratamaan caalaatti bu‟a qabeessa ta‟a.Haala kanaan, fookilooriin Oromoo Eenyummaa, Aadaa, Duudha, Qaroomina, Falaasama, Amantii, Ogumaa fi k.k.f waan ibsuuf akka qabeenya guddaatti ilaalama.

Afgaaffii guyyaa 20/07/2015 Mogoos Kumee waliin gaggeefame ilaalchise dacheen Godinnii Shawaa Kaabaa (Salaalee) yookiin Kaabaa Shagaar Godinaalee Oromiyaa lafa bal‟aa qabatanii kan jiran keessaa ishee tokkodha. Godinni Shawaa Kaabaa (Salaalee) Abeetoo Seefuu kan jedhaman /ilma Nugus Saahila sillaasee bulchaa Shawaa kan turan Ankoobarii magaalaa guddoo biyyaa yeroo sanii irraa ka`uudhaan karaa middaa fi Marrihaabitee gibira gabbarsiisaa dhufanii

iddoo amma “Fiichee gamaa” Aanaa Giraar jaarsoo bakka Angorca sillaasee jedhamutti qubatan.Salaalee yoo kaafnu sirna hacuuccaa Raas Dargee, Raas Goobanaa, Raas Kaasaa Hayiluu, Dajjasmaach Amdee Abarraafi k.k.f yoomiyyuu hindagatamu.Bara mootii habashaa ilmi Saahila Silaasee Seefuu jedhamu yeroo jalqabaaf magaala fiichee teessoo waraanaa godhachuun Oromoo naannicha jiru waraanaa ture.

Uummanni Salaalee bulchitoota habashaa bara akaakayyuu Saahila Sillaasee Asafa Wasan irraa eegalee hang kufaatii dargiitti kallattiin cunqursa jala ture. Fakkeenyaf mootota habashaa Wasan Saggad--Asaffa Wasan- Saahila Sillaasee, Hayila Molokot- Atsee Minilik II, Lij Iyyaasuu, Zabdituu, H/Sillaasee, Dargii, Iyyaadig Ykn Wayyaanee kaasuun ni dandama.Kunis uummanni oromoo Salaalee Oromoo godinoota biroo dura bara 1774 irraa eegalee hanga 1983 waggaa 230 oliif garbummaa jalatti kufe. Uummanni salaalee garbummaa kana tole jedhee hinfudhanne, kallattiinis tahee alkallattiin karaa bittinnaa'es tahee karaa gurmuun hanga bara 2010tti qabsoo isaa geggeessaa turee jira.

Turtii jaarraa lamaa kanaan uummanni Salaalee bulchiinsa mootota habashaa jalatti kufe yoo ilaalle. Bara 1775-1808 Asaffa Wasan bara 1808-1813 tti Wasan Saggad, bara 1814-1847 tti Saahila Sillaasee, bara 1848-1864tti Hayila Molokot, Minilik II bara 1865-1913 tti , bara 1914-1916 tti Liji Iyyaasuu, bara 1917-1922 tti Zabdituu Fi Tafarii Makonnin waliin bulchan, 1923-1966tti Hayila Sillaasee/Tafarii Makonnin/, bara 1967-1983tti Mangistuu H/Maariyam, bara 1984- hanga sirna Iyyaadigiitti kan jiru.

Bara 1703 Nugusa Naagsii Kiristoos amaaraa ijaaruun yeroo jalqabaaf lafa Oromoo Salaalee weeraruu akka jalqabe qorannoon ni bsa.
The history of Christianity in the Salale area dates back to the 13th century with the coming of Abuna Teklehaimanot to establish a Christian center in Debra Libanos, northeast of Salale, in Jamma Valley. According to (Tadesse Tamrat1972, Tsegaye Zeleke 2002) the Oromo of salale a history c. 1840-1936

Yeroo sana Abbootiin lafaa naannoo kanaa jiraatan Giraarii fi Jaarsoo kan jedhaman gibira gabbarree hin bitamnu lola kaasanii waraanni ka`uun isaa ni himama. Sababa kanaan Abeetoo

seefuunnis rakkina waan itti ta`eef ijoollee qaban keessaa dubartoota lama abbaa lafaa kanatti heerumsiisanii wal ta`insaan iddoo amma Fiichee gamaa jedhamu kanatti qubatanii toora sanatti manneen ijaaramanii sababa hundeeffama magaalaa Fiicheetiif sababa taʿʿee jira. Kuni kanumaan osoo jiruu Abeetoo seefunnis naannoo kana osoo hin darbiin erga du`aa isaaniitiin booda obboleessa isaanii Raas Daargee bakka bu`aadhaa iddoo kana qubatan. Aanaan Giraa Jaarsoo fi Magaalii Fiichee dangaa hin qaba waan taʿʿeef babal`ina magaalaa kanaatiinnis yeroo sana yoo ta`u Raas Daargeennis bakkuma obboleessi isaanii mana amantaa kiristaanaa mika`eelaa dhaaban kanatti Goorgisii Fiichee dhaabaan.

Raas Daargeetti Aansee Magaalaa fi Godinicha bulchaa kan ture ilma intala isaanii kan ta`an Raas kaasaa Hayiluu jedhaman isaan kunnis misooma Godinnicha fi magaalaa kanaa keessatti kan babalte yeroo isaanitti. Sirna bittaa isaanii keessatti kan babal`ate yeroo isaaniitti sirna bittaa isaanii keessatti garboota bayy`ee akka bulchan jiraattota naannoo magaalaa Fiichee jiraniin ni himama. Garboonni isaan jalatti bulannis akka himamuun kan dhufan biyya kambaataa, Walaayittaa, Gimiraa/kafaa irraa dhufan. Haalli itti dhufannis bittaadhaan ykn booji`amuudhaan akkasumas namoonni lafa isaanii qotee bulu gibira yoo kanfaluu dadhabe ijoollee isaa ykn kan isaa jalatti bulu akka gibiratti kenna.

Raas kaasaannis garboota kana irraa jirii hacuuccaa farraatiin akka bulchan beekkama. Haalli itti hacuucannis midhaan harkaan daaksisuu, bishaan ba`aadhaan waraabsisuu, qoraan iddoo argamuu muka guuranii ni falaxu, irra jirii kan nama ajaa`ibsiisu hojii kanfaltii tokko malee hojjetanirraa ijoolleen isaanii akkasumas firoottan isaanii yeroo heeruman akka amma wal fuudharratti meeshaa badhaasan kanneen kanati yeroo sana garboota keessaa filatanii dhiira tokkoo fi dubartii tokko wal faana kennaniif. Kunnis kan ta`uu iddoo kennaman sanatti humna isaaniitiinnis tajaajila kennaa wal horanii gara biraatti dabarsanii kennuuf kan yaadamuu.

Godinni Salaalee kallattiin sirna bulchiinsa nafxanyaa bara mootii Atsee Minilik II irraa Eegalee Raas Daargee, Ha/Sillaaseefi Raas kaasaan walduraa duubaan buluu eegalte. Yeroo Bulchiinsa H/Sillaasee Immoo Raas Kaasaa Hayiluu, Amdee Abarraa kan bulchan yootahu. Naannoo Dagamiifi Kuyyuu Dajjasmaach Nagaash Leenjisoo fi Fotoraarii Muluu Wasanuu kaasuun

bulchaa kan turaniidha. Yeroo bulchiinsa dargii keessa bulchitoota muraasa keessaa Ayyalaa Aragguu, Amaan Amdoofi Tafarii Bantii Salaale kan bulchan yoo ta‟uu, Bara Atsee Minilik dura uummanni Oromoo sirna gadaan bulaa turus adeemsa keessa bulchitoonni nafxanyaa gadaan akka baduufi bulchitoonni oromoo immoo gosaan walbulchuun aangoo waldabarsuu dhiisanii ofumaa dhalaa dhalatti gosaan waliidabarsaa dhufuun amala bulchiinsa habashaa fudhatan. Gosoonni oromoo walii isaanitii tolaan buluu dide illee wal waraanun humnaan ofjalatti gabbarsiisaa turan.

Uummanni Salaale akaakayyuu saahila sillaasee kan ta‟ee mootii Wasan Saggad irraa eegalee Waggaa 230 oliif sirna bulchiinsa nafxanyaa jalatti kufuun eenyummaa isaa kan ta‟e aadaa,seenaa,fi afaan dhabasiisuun uummanni keenya sadarkaa ofdagachuurra gahee ture.Sirni gadaa uummata oromoo salaalee biratti bara 1814-1847 yeroo bulchiinsa Saahila Sillaalee irraa eegalee hanga kufaatii sirna dargii bara 1983 tti dhiibbaa kanaaf adda durummaan saaxilamuu danda‟eera.Sirni Gadaa Uummata Oromoo Salaalee biratti sababoonni laafuufi sadarkaa baduurra kan gahe maanudoonni salaaleefi abbootiin gadaa tuulamaa yeroo dubbatan:-

Laafinni sirna gadaa sirna buchiinsa saahila sillaasee yaatahu malee keessattuu bara bulchiinsa Miniliki II Goobana Daachee soddummaan qabachuun akkasuma yeroo san Salaalee bulchaa kan ture Ras Daargee waliin waligaluun uummanni oromoo walitti dhufee akka jila gadaa irratti buttaa hinqalee, Angoo walharkaa hinfuune, yaa‟ii caffees akka hinteenye dhorkuun tokkummaa isaa laaffisan jedhu, Bulchitoonni gosaa sirna gadaa dhiisuun aangoo isaanii ittifufiinsaan gosaan akkuma warra habashaa humnaan walbulchuun gadaan salaaletti dagatame. Amala abbaa lafaa dhuunfatan.

Fakkeenyaa bulchitoonni bara sana Warra Jaarsoo Dooluu Jiloofi Fuursaa Dabboo, Kuyyuu Nagawoo Gammadaa 1840-70, Darroo Goshuu Gisillaa, H/Abootee Gojii Barii, Kennee Birruufi Daadhii Maanyuu, Dagam Shaanoo Waaqee, jiddaan Alamuu Ejersaan, Obori kurfaa Jaankaa Nagawoo, Gumbichuufi Illaamuun Shaashii Badhaasaan, Saggoon Badhaasaa Guddaa, G/Jaarsoo Bashaa waaqee fi Darraan/Abado/ Alii Maaree Saburoon bulaa turuun ni yaadatama.

Godinni Shawaa kaabaa bara Mootummaa H/Sillase Bulchiinsa Shawaa keessatti akka Awuraajjaa ykn laatamte H/Sillaasee keessa ta`ee bittaa Awujjaa ta`anii akka bulchan kan muudaman Raas Kaasaadha. Garuu barri itti filatamte bara kana jedhee namni ibsu yoo hin jiraannellee, erga xaaliyaaniin biyya keenya weerartee baatee booda bara 1941 bara 1991 xaaliyaaniin as ta`uun isaa ni ibsama. Gara biraatiin kitaaba yaadannoo Taazaraa Raas kaasaarratti seenaa barreeffameen bra 1909 Fulbaana 22 Taayitaa "Raas" jedhu erga argatanii booda Awurajjaa salaalee fi laastaa irratti dabalataan Awuraajjota shan Insarroo, Marraabitee, Darraa,Middaa, Booranaan dabalataan kennameefii akka bulchan taasifameera jedha. Seenaan kunnis kan nutty mul`isu bara 1909 dura Awuraajjaa ta`uu isheeti. Aanaaleen yeroosan Awuraajjaa jalatti bulan Wacaalee, Gullalee, D/Libaanos, G/Jaarsoo, Kuyyuu,W/Jaarsoo, Insaaroo, maraahaabitee, Darraa, middaa yoo ta`an Aanaaleen itti aanaa ta`annis akka jiraatan odeeffannoon jira.Bara Bulchiinsa Sirna Dargii immoo Salaalee kutaa Shawaa keessaa "Salaalee awraajjaa" jedhamee Sh/Jamannee Makaashan bara 1972 eegalee bulchaa kan tureedha.

Sirn mootummaa ADWI keessatti immoo bulchiinsa mootummaa Obb. Tasfaayee Tulluu, Salamoon Kuchuu, Maashoo Olaanaa, Birannuu Baqqaala, TakilaTsaadiq Reebaa,Alamayoo Ijigguu Abarraa Warquu, Indashaawu Biraanuu, Abraham Gaddisaa fi Kifaloo Adaree isaan muraasa kaasuun nidanda'ama. Lafti salaalee jalaafi gubbaan qabeenya umamaatiin kan badhaateedha. Qabeenya umamaa naannawaa Salaalee marseefi keessoo ishee faayamnii argaman kanneen akka Gaarreen, Lageen, Holqawwan, Sululawwan,Tulluuwwan, Horawwani, Holqoota, Riqichoota, Manneen Amaantii Seenaa qabeeyyii fi kanneen kan fakkaataniidha.

Kana malees Godinnii Kaabaa Shaggar ykn Salaaleen maddaa Ooriyuu biqilchiituu, gootawwanii, hayyuuwwanii, weellistootaa, qabsaa‟ootaa, walalleessitootaa, barreessitootaa, atileetootaa, lallabdoota amantaa, Qorattootaafi qe‟ee aadaa, safuu, duudhaa, aartii, ogbarruu fi eenyummaa isaa eege dhaloota dhalootati dabarsedha. Hunda caalaa sanyiin fardeen salaalee akka addunyaattillee filatamaafi injifattoota dirree waraanaa hundaatii kana ana osoo hin taanee seenaatu ragaa bahaa. Kana bu‟uura godhachuun Hayyoonniifi Abbootiin keenya Warra abbaa daamaa, abbaa daalee, abbaa shaanqoo jedhamuun kan beekkamaniidha. Egaa akkuma beekkamuu maddi dhala namaa aadaafi misoomaan kan wal deeggaraniidha. Jarreen kana

keessaa immoo akka hangafaatti tajaajiluun jijjirramaafi guddina kan fidaa jiruu qabeenya umamaafi hambaadha. Kunis iddoowwan hawwata turizimii ta‟uun turistoota ofiitti kan madaqsaniidha.

Godina Shawaa Kaabaa keessaas Aanaaleen qabeenya ummamaa kanaan badhaafaman keessaa immoo Aanaan Giraar Jaarsoo ishee jalqabaati. Qabeenyi ishee kunis turistii biyya alaafi keessaa harkisuun madda galii ta‟uun iddoo argamaafi kufama galii biyyattiif ishee tokko ta‟uun kunoo dirqamtee jirtii.

Walumaagalatti iddoowwan hawwata Turizimii G/Sh/Kaabaa Aanaa G/Jaarsoo Iddoolee seenaa qabessa godina shawaa kaabaa qabuu kessaa aaanaa Giraar Jaarsoo keessatti argaman Riqicha porchugaal, Tulluu Salaalee, Holqa Deebbis, Holqa Ganda Bolloo, Finca‟aa Laga Guur, Paarki Itiyoo Jarman, Bosonaafi Jaldeessota Naannoo Caagal, Hodha Migira, Hallayyaa Maraafeefi kanneen malees wantoonni naannoowwan xuqnee biratti argaman lubbuu qabeeyyiifi dhabeeyyii hunduu guddinaafi beekkamtii argamsiisuun galii biyyatti keessatti human ol‟aanaa ta‟anii akka argamaniif gahee turizimiitu taphata.

Aanaan Giraar Jaarsoo hambaalee uumamaan akkataa uumaan mul‟atee fi jijjirama dhufe iccitti uumaan qabu kan ibsu yookiin ifa baasuudhaaf wabii kan ta‟an (physical and biyological) akkasumas jireenya (habitat) kan badaa jiran (the habitat of thritien species animals and plants) fi hambaalee aadaa yoo ta‟an kuniis hambaa aadaa fi seena ibsanii akaakuudhaan bakka gurguddaa lamatti kan qooddaman hambaa qabatamaa (Tangable) ijaan arginuufi kan harkaan tuquu danda‟amu kan socha‟uu fi kan hin sochoone hambaa killiyaa (Intagible) ifatti ijaan arguun harkaan qabun kan hin danda‟amne of keessa kan qabudha. Xiyyeeffanoon qorannoo kanaas kallattiiwwan Xiinxala Afseenaawwan teessuma lafa bakkeewwaan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Godina Shawaa kaabaa (Salaalee) Aanaa G/Jaarsoo irratti xiyyeeffachuun gaggeefame jira.

## 1.2. Ka‟umsa Qorannichaa

Qorannoon tokko yommuu gaggeeffamu dhimma ka‟umsa qorannoon walqabsiisee (Tolsaan 2010: 2, Addunyaa 2011:53-54) wabeeffachuun akka ibseetti "ka‟umssi qorannoo tokko dhugaa hawaasa keessatti yookiin waa‟ee hawaasichaa dhimma barreeffamerratti mul‟atu, dhimmichis rakkoo yookiin qaawaa jiru tokko duuchuu fi yaaxxina tokko haaromsuuf, ibs bal‟aa dhimmicharratti kennuu fi k.k.f ta‟uu danda‟a". Akka yaada hayyuu kanatti qorannoon tokko rakkoo furuu yookiin beekumsa hundeessuu fi kan dura ture babal‟isuun akka hubannoo hawaasaaf tolu haala mijeessuu ka‟umsa gochachuun gaggeeffamuu danda‟a. Qorataan qorannoo kanaas beekumsa hawaasa keessa jiru bal‟isuun hubannoo hawaasni beekumsicharratti qabu gabbisuurratti kan xiyyeeffatame raawwatameedha.

Seenaa jiruu fi jireenyaa Oromoo keessatti duudhaalee beekumsa, qaroominaa fi falasaama Oromoo ibsan keessaa Afseenan Oromoo tokko akka ta‟ee fi faalasama, seenaa fi duudhaan isaan hangafadha.Hawaasni Oromoo Afoolota hololoo of keessaa qabu kanneen afaaniin fi meeshaa qabatamaan qaxxaamuruu danada‟aan hedduu qaba. Gosoota afoolaa bifa hololootiin dhiyaatan keessaa Afseenaan isaa tokko. Godina Shawaa Kaabaa keessatti xiinxala Afseenaawwan bakkeewwaan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Godina Shawaa kaabaa (Salaalee) Aanaa G/Jaarsoo darbee darbee beekamaadha. Akkasumas afseenan iddoowwan seenaa adda addaa kanneen Aannicha keessatti argaman haala naannoo iddoowwan seenaafi Aadaa qabeeyyii ta‟an kanneen itti dhiyyoo ta‟aniin darbee darbee ni himama.

Qorataan kun akka hubaatetti seenaa isaas ta‟ee, afseenaan isaa karaa guutun mul‟achuu fi gara barreefamatti jijjiramu hin arginine. Kun immoo carraa afseenichi beekamuuf qabu jalaa laaffisaa deema. Dabalataan afseenawwan bakkeewwaan seenaa fi Aadaa qabeeyyii kunneen sababa maca‟aa jiraniif afseenaan isaanis gara badutti waan deemeef qorataan qorannoo kana gaggeese jira.

Qorataanis sababoota kanneen bu‟uureeffachuun

- Tokkoffaa, Xiinxala Afseenaawwan teessuma lafa bakkeewwaan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Godina Shawaa kaabaa (Salaalee) Aanaa G/Jaarsoo keessatti argamanii carraa qorannoo kanaan kanneen akka Afoola, duudhaa, falaasama, Seenaa,Safuu fi

- Eenyummaa hawaasa Oromoon beekamaan qaacceessuun haala mijeessuu,
- Sadaffaarratti kunuunsi Afseena bakkeewwaan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Aanaan Giraar jaaroo kun haala kamiin eeguun asiin gahee kan jedhu fi hawaasni hubatee bifa turuu danda‟uun akka eeguu fi kunuunsu yaadachiisuun akka ka‟umsa qorannootti qabatee kan ka‟eedha.

## 1.3. Gaaffiilee Bu‟uura Qorannichaa

1. Afseenaawwaan bakkeewwan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Aanaa G/Jaarsoo beekaman maal maal fa‟adha?
2. Afseenaawwan bakkeewwan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Aanaa G/Jaarsoo keessatti argaman hawaasni faayidaa maal akka ibsuu fi maal irraa argataan?
3. Beekumsi hawaasni afseenaawwan bakkeewwaan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Aanaa G/Jaarsoo ibsuu/agarsiisu sirni, afoolli adda addaa hiika isaa fi hariiroo mogaasni lafaa Oromummaa isaanii waajjin qabu agarsiis maal maaltu jira?

## 1.4. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kamiyyuu kaayyoo galmaan ga‟uuf gaggeefamu qabu. Kaayyoon kuniis gama lamaan kan ibanu yoo ta‟uu, innis gama kaayyoo Gooroo fo kaayyoo Gooree ta‟a. Lamaan isaaniituu bifa armaan gadii kan dhiyaatudha.

### 1.4.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kana Xiinxala Afseenaawwan bakkeewwaan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Aanaa G/jaarsoo irratti kan xiinxaludha.

### 1.5.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooreen qorannoo kana qabxiilee armaan gaditti:

- Afseenaawwan bakkeewwaan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Aanaa G/jaarsoo addeessuu
- Faayida afseenaawwan bakkeewwaan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Aanaa G/jaarsoo ibsuu
- Beekumsi hawaasni afseenaawwan bakkeewwaan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Aanaa G/jaarsoo tarreessuu.

## 1.5 . Bu‟aa Qorannichaa

Barbaachisummaan qorannoo iddoo itti fayyadamaan qorannoo gaggeeffamee eenyu akka ta‟ee ibsamuudha. "Barbaachisummaa qorannoo walqabasiisee Addunyaan (2011:55) akkaataa armaan gadiitti ibsa. "Barbaachisummaan qorannoo tokkof barbaachisummaa mata duree qorannichirratti gaggeeffamee fi qabatamummaa odeeffannoo bu‟uura qorannichaa ta‟ee irratti hundaa‟a" jedha. Akka ibsa haayyuu kanatti, mata dureen qorannoon irratti gaggeefamu fi odeeffannoon bu‟uura qorannichaa ta‟ee barbaachisummaa qorannoo tokko murteessuu keessatti gahee guddaa qabu.

Qorannoon kun osoo gaggeeffamu baatee, Xiinxala Afseenaawwan bakkeewwaan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii fi Seenaan isaani dagataman Godina Shawaa kaabaa (Salaalee) Aanaa G/jaarsoo irratti kan xiinxaludha. kun hawaasa biratti hubannoon inni qabu gadi aanaa waan ta‟uuf akkuma qorataan dura hubatetti carraa barreeffamaan bahee mul‟achuu dhabuu irraa kan ka‟ee kallatti beekamtii dhabuu danda‟a. Kanaafuu bu‟a qabeessummaan qorannoo kana inni dura Xiinxala Afseenaawwan bakkeewwaan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Godina Shawaa kaabaa (Salaalee) Aanaa G/jaarsoo keessatti argamanii walitti qabame ragaa barreeffamaa qindeessuun hubannoo hawaasaa cimsuun afseenaawwan kanneen dagatamuurraa akka oolchuu ta‟ee jira.Akka faayidaa lammaffatti galma gahiinsa qorannoo kana irraa qaamooleen armaan gadii fayyadamoo akka ta‟uu danda‟aan raawwatame jira.

- ✓ Uummata Oromoo waa‟ee afseenaawwan Godina Shawaa Kaabaa (Salaalee) keessatti argamanii baruu barbaadaniif kallatti hubannoo kahame jira.
- ✓ Qaamoolee mata duree kana irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif akka madda odeeffannoo lammaffaatti tajaajiluun karaa salphaan kitaabilee wabii akka argataniif haala mijataa uume jira.
- ✓ Waajjira Aadaa fi Tuurizimii Godina Shawaa Kaabaa fi Aanaalee qaawaa argachuun qorannoo fookiloorii akka gaggeessuu onnachiisuu hojetame jira.
- ✓ Addunyaaf, biyyaaf, qorattoota biroof fi qorataafi qorattuuf ta‟uu malu gaggeefame jira
- ✓ Hubannoo hawaasni naannoo sana afseenawwaan kanneen irratti qabu dabaluun akka kunuunsaniif haala mijeessa.

- ✓ Afseenaawwaan bakkeewwaniin Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Aanaa G/jaarsoo walqabatan maal maaliin akka beekamaan ni argama

## 1.6. Daanga Qorannichaa

Qarannoon kun Xiinxala Afseenaawwan bakkeewwaan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Godina Shawaa kaabaa (Salaalee) Aanaa G/Jaarsoo irratti qaban adda baasuudha. Qorannoon kun kallattiin kan xiyyeeffatu waajjira Aadaa fi Tuurizimii Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Giraar Jaarsoo Ganda Warxuu keessa Riqichaa Poorchuugaal, Holqa deebiis yookiin Holqa Daabiis, Jaldeessa Abbaa Daabbee, Holqa Bolloo, yoo ta‟uu, odeeffannoon kan irraa funaanamuu jaarsoolii, Abbootii Gadaa, hayyoota fi ragaalee kanaan dura dokumantii ta‟aan fi yaadni dhiyaate haala qabatamaa Aannicha karaa giddugaleessa taasifateen waan gaggeefameef daangan qorannichaa haala kanaan hojjetame jira

## 1.7. Hanqinnaa Qorannichaa

Qorannoo kana adeemsisuu keessatti qorannichaa gadifageenya Aannicha hunda waliin ga‟uuf haali nageenyan walqabatee rakkoo ta‟uu danda‟aa. Akkasumaas si‟a raga walitti qabamuu sababa rakkoo nageenyaan walqabatee iddoo afseenaa sanitti afgaaffii gaggeessuun hin dandamne.

- ➢ Sababa nageenyaa kanaan odeeffanoo kennitoonni yeroo dhabuu, maalummaa qorannicha gaggeeffamu irrattis yaada guutu qo‟ataaf kennuuf akka hojii dabalatatti ilaaluun kan mul‟ateedha.
- ➢ Namoonni odeeffannoo gahaa yookiin dhugaa ta‟ee kennuu irraa of qusachuun kan mul‟atedha.
- ➢ Qorannoon kanaan dura mata duree kana waliin deemu akka Godinnichat dhabamuu isaa
- ➢ Kitaabooleen mata duree kana waliin deeman wabii taasifachuuf hanqinni mul‟achuu isaa

## 1.8. Qindeeffama Qorannichaa

Hojiin qo‟annoo kana kutaalee adda addaa jalatti haala galmaan ga‟insa kaayyichaaf ta‟uun dhiyyatanii jiru. Kuta tokkofaan seensa, Ka‟umsa qorannicha, Gaaffilee Bu‟uuraa, Kaayyoo Gooroo, kaayyoo gooree, Barbaachisummaa fi Faayidaa Qorannichaa, daanga qorannicha, hanqinnaa qorannicha, qindeeffama qorannicha, hiika jechoota yoo qabatu, kutaan lammaffan sakkatt‟insa barruu walfakkiiti. Iitti aanusuun kutaa sadaffaan mala qorannoo kan hammatu yoo ta‟uu, kutaan arfaffan hiika odeeffannoo fi argannoo qorannicha, goolabaa fi yaada furmaata dhiyaate jira. Dhumarratti kitaabolee wabii, dabalee fi suurawwaan dhiyyaate jira.

## 1.9. Haala Aanaa Giraar Jaarsoo

Aanaan G/Jaarsoo Naannoo Oromiyaa Godina Sh/Kaabaa keessatti yemmuu argamtuu, karaa kaabaatiin naannoo 3, karaa kibbaatiin Aanaa Yaayyaa Gullalee, Karaa Bahaatiin naannoo 3fi Aanaa Dabra Libaanoos karaa kibba lixaan Aanaa Dagamiin daangeffamtee argamti. Aanaan G/Jaarsoo magaalaa guddittii biyyatti Finfinnee irraa karaa gara Gojjaamiifi Gondar geessuu ykn gara Kaabaatti 112km irratti yammuu argamtuu magaalaa guddittii Godina Fiichee keessatti kan argamtuudha.

### 1.9.1. Haala Qilleensa

Haalli qilleensa Aanaa G/ Jaarsoo badda dareefi gammoojjii yammuu ta‟uu baddaan 52% badda dareen 41% gammoojjiin 7% akka ta‟ee ragaan argamee kan ibsuudha. Bal‟inni lafa Aanichaa hek. 49,737 yammuu ta‟uu lafti qonnaaf oolu 37006 dheedichaaf oolu hek. 7909, kan bosonaaf oolu hek. 941. Kan faayidaa kan hin kenninee hek.3068.fi kan ijaarsa adda addaatiif oolu hek.813 kan ta‟uudha.Baay‟inni ummata Aanaa G/Jaarsoo akka ragaa waajjira fayyaa irraa arganneetti 89810 yemmuu ta‟u Dhi. 45987 Dub. 43823 akka ta‟e mirkaneefannee jirra. Kana keessaa harki caaluu 80% ol jireenyi isaanii qonnaan bulaafi horii mootummaa akkasumas hojii dhunfaa hojjechuun jiraatuu Aanaa G/ Jaarsoo qabeenya horiitiin Godina keenya irraa G/galeessa irratti kan argamtuudha.

### 1.9.2. Gosa Oomisha Midhanii

Oomisha midhaanii kanneen akka Garbuu, Qamadii, Baaqelaa, Atara, Missira, Aajjaa, Boqqolloo, Misingaa, Talbaafi Nuugiidha. Akkasumas, fuduraafi kuduraalee kanneen akka Muuzii, burtukaana, loomii, paapaayyaa, maangoo, raafuu, qullubbii diimaa, adiifi kanneen kana fakkaataniin kan beekamtuudha. Aanaa G/ Jaarsoo kan mogaafamtee ykn maqaa kana kan argatte gosa Oromoo Tuulamaa keessaa qoomoo Jaarsoofi gosa sanyii muka Giraar jedhamuu irraa maqaa kana kan argatte akka ta‟ee maanguddoonni ni himu. Aanaan kun kana qofaan osoo hin taane qabeenya uumamaa hawwata turizimiif oolan hedduun kan baadhateedha.

### 1.9.3. Afaan Hojii fi Aadaa Aanaa Giraar Jaarsoo

Afaan uummanni aanaa kanaa ittiin walii galan afaan Oromoo fi afaan amaaraa yoo ta‟uu irra caalaan isaanii garuu afaan oromoo dubbatuu. Afaan siyaasaa, bulchiinsaa, hojiifi barnootaa kan aanaa kanaa afaan oromooti. Haa ta‟u malee gandoonni torba (7) gammojjii yoo ta‟uu Afaan hojii Amaarifaa fi kan dubbataniis afaan amaaraati.


Gama Aadaa, Seenaa, Duudha fi eenyumman isaa karaa adda ta‟een Aadaa Fuudha fi heerumma, Sirna Ateetee, Sirna Guma, Sirna Booranticha, Sirna Re‟ee yookiin Hoola Marsuu, qonna, oguma harka hoodha migira, Huuccuu dha‟uu, daboo, Irreecha Malkaa fi Tulluu.. kan beekamuudha.



Suuraa Haala Teessuma Lafa A/G/Jaarsoo 22/07/2015

### 1.9.4. Hidda Latiinsa Uummataa Aanaa G/Jaarsoo

Afseenaa Aanaa G/Jaarsoo ilaalchisee, marii garee gaafa guyyaa (21/07/2015 Obb. Addunyaa Hordoofa, 27/07/2015 Dhugoomsa Nagaasaa) gaggeefamee irratti yemmuu yaada isaanii kennan, maqaan "Giraar Jaarsoo" jedhu Salaalee Aanaa G/jaarsoo shabaalii fi warxuu iddoo jedhamuu keessa kan jiraatan keessa gosa Galaan yoo ta‛aan Galaan jechuun ilma hangafa Daacciiti (Tuulamani ilaan sadi sadi qaba). Isaanis: Bachoo, Daaccii fi Jiillee yoo ta‛an kana keessa Daaccii ilma hangafa Tuulamati akkasumas, Galaan ilma hangafa Daacciiti



Raayyaa Wanbara Bonayyaa Busaa

Doyyoo **Aallee** → **Tulluu Salaalee yookiin Salaalee Allee**

Abbichuu

Eguu- **Illammoo** –Dhanqaa- Bonayyaa- Raasoo- Ittayyaa- Saqqoo- Aannoo -Dooroo- Aannaa -Bisirat

Yaada armaan olii kanarraa hubachuun akka danda‟amutti, uummanni Oromoo Magaalaawwanii fi gandoota baadiyaa tokko tokkoof afseenaan isaanii gosa Oromoo naannoo sana jiraatu irratti hundaa‟uun akka mooggaasaa fi afseenaa argachuu danda‟an yaada kanarraa hubachuun ni danda‟ama.

Dabalataan yaada armaan olii kana irraa wantii hubatamu qabu maqaa Salaalee jedhu afgaaffii guyyaa 12/08/2015 Taaddaasa Nagawoo yoo ibsan "Salaalee Allee (Salaalee jiraa yookiin Salaalee Allee) yokiin Salaalee Nagawoo jedhama akka tureedha.

Midiyaa hawaasa irratti kee bekii gaafa guyyaa 18/09/2015 Hortee Oromoo Salaalee yoo ibsan karrayyuun Hortee Bareentuu yoo ta‟uu karrayyuun ijoollee kudha lama (12) yoo qabu:isaanis Dullachaa, Abbichuu, Gunbichuu, Sayyuu, Oboo, Oborii, Jillee, Bullaalla, Mucee, Galaan, Salaalee fi waloo ta‟aan ilmaan Salaalee hortee kudha tokko (11) irraatti kan argamudha.

Kitaaba Taboor Waamii Yeewegenna Diirsatooch jedhu (Makurraa Bulchaa fuula 148, irratti 1998:73) Gosoota Oromoo gaafa ibsan: Shawaa, Salaalee, Libaan, Ammayyaa, Waajjuu, Yaayyaa, Ifaat, Jiddaa, Faxigaar, Dawaaroo fi Baalee jedhanii yoo ibsan, Salaalee lammaffaa irratti maqaa gosa fi kaartaa irratti karaa of danda‟een ibasanii jiru.

### 1.9.5. Haala Mogaasa Aanaa G/Jaarsoo

Afgaaffii guyyaa 27/07/2015 Add. Asteer Tafaraa ogeessa waajjira aadaa fi Turizimii Aanaa Giraar Jaarsoo waliin gaggeefame keessati Aanaan Giraar Jaarsoo jedhamu kana keessa namni maqaan isaa/ Manguddoon maqaa isaa Jaarsoo jedhamu yoo jiraatu innis nama wal lolee fi rakkoolee adda addaa uummata qunname muka guddaan naannoo hariiroo kana keessa waan jiruuf achi jala ta‟ee araarsa olla.Mukti kuniis muka Giraar/Laftoo yoo ta‟uu ta‟uu namoonni

mukti kun kan eenyuti jedhani yoo gaafatan kan jaarsooti jedhan jedhama. Kana irraa ka‟uun Giraar Jaarsoo jedhame jedhu.

Afgaaffii gaafa guyyaa 27/07/2015 Dhugoomsa Nagaasa waliin gaggeefame keessatti mogaasni maqaa hawaasa yooiin gosa naannoo san jiraatu gosaa Jaarsoo irraa akka ta‟ee fi muka naannoo kanatti Oromoon akka safuu, duudha fi iddoo waaqeeffanatti itti gargaarama turee irraa kan mogaafameedha jedhan.

Ibsa armaan olii lamaan kana yoo ilaalee iddoo, muka, nama, horii, ardaalee jilaa, bakka safuu, duudhaa fi eenyummaa Oromoo kan mogaafama turee yoo ilaalee yeroo durii keessa maqaa gosa Oromoo naannoo sanaan kan mogaafama tureedha. Yeroo mursa booda sababa babal‟ifana Amantii fi Siyaasa adda addaan gara ofitti jirjjiruun mogaasuu fi ummaata naannoo san irraa buqqisuun hojii adda addaa achi irratti hojjechuun hanga haarati itti fufiinsan kan mul‟ateedha. Kuni immoo uummatichi aadaa, Seena, duudha, Afaan fi eenyummaan isaa ganama karaa addunyaan fi dhallonni haara guutun irraa barachuu danda‟uun tursisuu fi madda galii taasisuun hin danda‟amne.

Maappii Go/ Sh/Kaabaa






Suura: 1 Kaartaa Aanaa Giraar Jaarsoo (Maddi:Waajjira Aadaaf Turiizimii Aanaa Giraar Jaarsoo bara 2015) irraa argame

### 1.9.6. Bakka Hawwata Turizimii Aannichaa

Turizimiin walitti qabaa gochoota akka tajaajila gara garaafi industirii kan qabuu ta‟ee muuxannoo iddoodhaa iddootti deemuu kan qabuufi kan inni of keessatti hammatu immoo tajaajila akka geejjiba, bashannana, nyaataafi dhugaatii, gurgurtaa qinxaaboo dukkaanaa, haala mijaawaafi wantoota akka namoota mana isaniitti gareefi dhunfaan deeman keessumeessuuf gargaara. Turizimiin akkasumas madda galiifi carraa hojii uumuun industirii aara dhabeeyyii jedhamuun beekkama. Turizimiin iddoo gurgurddoo lamatti qoddama. Isaanis Turizimii umamaafi namtolchee jedhamuun kan beekkamaniidh. Yaduma kanaan wal qabatee bara 2005 turizimiin Itoophiyaa galii biyya kessaa irraa argamun waan gadi bu‟eef, bara 2006 immoo galiin biyya keessaa turizimii irraa argamu akka dabaluuf motummaan xiyyeeffannoon iddoo tajaajila turizimiif oolan akka kunuunfamanii galii guddaa biyyattiif akka galchan taasisee jira. Sababni isaas, istiraateejii turizimiin irrati xiyyeeffatuu keessaa tokko hiyyummaa biyyatti hir‟isuu gubbaattii qooda guddaa kan qabudha.

Iddoolee seenaa qabessa godina shawaa kaabaa qabuu kessaa aaanaa Giraar Jaarsoo keessatti argaman Riqicha porchugaal, Tulluu Salaalee, Holqa Deebbis, Holqa Ganda Bolloo, Finca‟aa Laga Guur, Paarki Itiyoo Jarman, Bosonaafi Jaldeessota Naannoo Caagal,Hallayyaa Maraafeefi kanneen malees wantoonni naannoowwan xuqnee biratti argaman lubbuu qabeeyyiifi dhabeeyyii hunduu guddinaafi beekkamtii argamsiisuun galii biyyatti keessatti human ol‟aanaa ta‟anii akka argamaniif gahee turizimiitu taphata.

# BOQONNAA LAMA: SAKKATTA'AA BARRUU

## 2.1. Maalummaa Fookiloorii

Boqannaan kun yaadrimee dhimma qoratamuun walqabatan kanneen akka Afoola, Gosoota Afoolaa, Amaloota Afoola fookilorii, faayidaa afoolaa, raagoowwan, Gosoota ragoowwanii, raagamtaa, afseenaa, durdurii, maalummaa afseenaa, gosoota afseenaa, amaloota afseenaa, faayidaa afseenaa of keesatti qabata. Beekumsi dhala namaa baay‟een isaa yeroo tokko mul‟atanii kan dhaamaan, kan biro immoo dagaagaa kan deemaniidha. Kana waan ta‟eef dhaloonni amma kan dabreerraa, dhaloonni dhufu immoo kan amma irraa barachaa adeemsi jireenyaa itti fufa. Beekumsi dhaloota irraa dhalootatti Afaoolaan, suuraan, barreeffamaan, suursagalee fi fiilmidhaan daddarbuu dnada‟aa. Qorannoo gaggeessuuf yeroo ka‟amus beekumsa duraan jiru bu‟uura godhatameeti. (Tolasaan 2010:12, Addunyaa 2011:58-59) akkas jedhe:

> *Qorannoo ogbarruu tokko sakkaatta'uun baay'ee barbaachisaadha.Barbaachisummaan isaas, dhimmicha qorannoowwan duraan gaggeeffamaniin walqabasiisuu cimsuu, qaawaa inni duuchuuf deemuu fi daangaa isaa mul'isuu fi kana malees ogummaawwaan garagaraa kanneen qorannichaaf tumsaan gabbifachuuf ogbarruu akkatta'uun barbaachisaadha*
>
> . *(Addunyaa 2011:58-59)*

Qorannoo ogbarruu sakkatt‟uun qorannoo gaggeeffamu cimsuufis ta‟ee ragaan deeggaruun qorannichaa qaama kamiyyuu biratti fudhatamummaa akka argatuuf haala kan mijeesuu akka ta‟ee yaada hayyuu kana irraa hubachuun ni danda‟ama. Kanaaf qorataan barruuwwan garagaraa kallattii garagaraarraa funaanuun cimina qorannoo isaa murteessuu qaba.

Haaluma kanaan boqonnaa kana jalatti yaadarimee gooroo fookiloorii irraa ka‟uun gara dhimma kallattumaan qorannoon irratti gaggeeffamuufi gosoota afoolaa keessa raagoo, gosoota ragoo keessaa immoo afseenaa, afseenaa keessa immoo xiinxala afseenaawwaan haala teessuma lafaa bakkeewwaan seenaa qabeeyyii fi seenaan isaanii dagataman Godina Shawaa Kaabaa (Salaalee)

Aanaa G/jaarsoo, Aanaa D/Libaanoos, Aanaa Waacaalee fi aanaa Abbichuu fi nya‟‟aa argamanii wajjiin walqabataan walitti qabuun yaadrimeen afseenichaa boqonnaa kana jalatti ibsamaniiru.

### 2.1.1. Meeshaa Aadaa

Dhiirrifi dubartiin hawaasa aadaa bu‟‟ureeffate keessatti mana ijaarratan, uffata dhahatan, nyaata qopheeffatan, lafa qotan, qurxummii horsiisan, meeshaalee miidhaginaafi ittiin dalagan, meeshaalee bareedinaa(faayaa)fi mi‟‟oota manaa bocan hundi gaaffiwwan meeshaalee aadaa ilaallatuudha. Yaaduma kana cimsuun Filee (2016) aadaan wantoota ijaan hinmul‟‟anne kanneen akka sirboota adda addaa, duudhaalee amantii, jibbaafi jaalala, heeraafi seera, safuu hawaasaa, aadaalee afaaniin ibsamaniifi ijaanmul‟‟atan kanneen akka sirna fuudhaafi heerumaa, sirna awwaalchaa, ijaarsa manaa,bobbocawwan adda addaa, uffata,meeshaalee faayaafi k.k.fa‟‟a.
The term "material culture‟‟emphasises how apparently in animate things within the environment act on people, and are acted up on by people, for the purpose of carrying out social functions, regulating social relations and giving symbolic meaning to human activity. Wood ward (2007:3)

Akka yaadni kun agarsiisutti, jechi meeshaa aadaa jedhu kan xiyyeeffatu, akkamitti akka meeshaaleen uummataan tolfamaniifi uummataaf tajaajila garaagaraa kennan, walitti dhufeenya hawaasaa kallattii qabsiisuufi sochii dhala namaa keessatti hiika fakkoommii kennan agarsiisa. Mitikkeen (2001:175) wanta aadaa yoo ibsitu, "Aadaan mallattoo eenyummaa saba tokkooti. Akkasumas maalummaa amantaa, haala jireenyaafi falaasama isaa kan ittiin ibsatuudha". Yaada kanaarraa kanhubatamu, wanti aadaa calaqqee eenyummaa saba tokkoo ta‟‟uufi kallattii jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan agarsiisudha.

#### 2.1.1.1. Gosoota Meeshaa Aadaa

Hawaasni Oromoo adeemsa afoolaan quuqqaa isaa ibsachuuf yaalutti meeshaalee aadaa kanneen afoola inni itti yaada isaa dabarfachuu barbaade waliin deemuu danda‟‟aniin afoolli isaa miidhagina akka argatu taasisaa deema. Meeshaaleen aadaa raawwii afoolaa keessatti hawaasichi itti fayyadamu hedduun jiraachuus nimalu.

Yaada kana Hayiluu (2016:23) irratti Solomoon (2007:250) Wabeeffachuun, yooibsu, meeshaaleen aadaa akaakuuwwan fookloorii keessaa tokko ta‟ee, ogummaa hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti goonfateefi waliin gabbifateen kan hojjetamani. Kunis looriiwwan garaagaraa kan ofjalatti hammatu yoo ta‟u, isaanis hojii harkaa (folk craft), maandisummaa aadaa (folk architecture), aadaa nyaataafi dhugaatii (folk food and drink), uffannaa aadaa (folk custom/folk dress) jechuun qoqqooda.

#### 2.1.1.2. Faayidaa Meeshaa Aadaa

Hawaasni meeshaalee aada addaa akka uummatu kan dirqisiise meeshaan aadaa hundi tajaajila mataa mataa isaanii waan qabaniifidha. Hawaasichi meeshaa tokko qofa oomishee kan dhiisu yoo ta‟e tajaajila meeshaa aadaan argachuu danda‟u hunda argachuu hindanda‟u. Kanaaf jecha lakkoofsi meeshaalee aadaa hawaasa biratti beekkamaniifi tajaajila kennaa jiranis hedduudha.

Faayidaa meeshaa aadaa Hayiluun (2016:23) irratti Solomoon (2007:250) wabeeffachuun, hawaasni meeshaalee aadaa jireenya guyyuu keessatti mishaalee garaagaraa ittiin oomishuufi fedhiiwwan bu‟uraa adda addaa ittiin guuttachuuf kan fayyadamudha. Akka yaada armaan oliirraa hubachuun danda‟amutti, meeshaaleen aadaa jiruufi jireenya ilmi namaa guyyaan dabarsu keessatti bakka guddaa qabu.

### 2.1.2. Duudhaa Hawaasaa

Duudhaan hawaasaa wanta aadaatiin baay‟ee walitti dhiyaata. Duudhan hawaasaa gochaafi ogummaa dhuunfaarra xiyyeeffannaa kan itti godhu hariiroo (walitti dhufeenya) gareerratti (Dorson 1972:3).Duudhaan hawaasaa ummata keessatti umrii dheeraa kan qabuufi hawaasni hundi itti waliigalee kan fudhateedha. Kutaa kana keessatti kan ramadaman kabaja ayyaanaa, qoricha aadaa, tapha aadaa waaqeffannaa fi guddina sadarkaa (kabaja) namaati. Haaluma walfakkaatuun fooklooriiwwan duudhaa hawaasaa keessatti argaman ilaalchisuun, Sims and Stephens yoo ibsan:

Rituals are repeated, habitual actions,but they are more purposeful than custom; rituals are frequently highly organized and controlled, often meant to indicate or announce membership in agroup. Most rituals bring together many types of folklore: verbal such as chants, recitations,

poems or songs; customery such as gesture, dance or movements; and material, such as food, awards, clothing and customes. (Sims and Stephens, 2005:94)

Akka yaada hayyoota kanaatti, duudhaan hawaasaa dhimmoota garee hawaasichaakeessatti irra deddeebi‟anii haala walfakkaatuun raawwatamaniidha. Kunis kan raawwatamuuf,miseensa garee hawaasa tokko ta‟uu yookiin itti makamuu kan agarsiisuufi ofbeeksifachuu akka ta‟e agarsiisa.

### 2.1.3. Afoola

Uummanni Oromoo muuxannoo bara dheeraaf kuufate,aadaa yeroodhaa yerootti gabbifateefi ilaalcha hawaasa isaa labata tokkorraa isa kaanitti dabarsee har‟aan kan gahe afoolani. Kana giddu galeeffachuun hayyoonni adda addaa afoolaaf hiika armaan gadii kennaniiru. Melaknen (2006:9-13) Maalummaa afoolaa yoo ibsu, Oral Literature refers to hirval heritage of man kind transimitted from generation to generation by word of mouth.Folk literature also called oral tradition the lore (traditional knowledge and beliefs) of cultures having no written language is a branch of folklore" jechuun ibsa. Yaada hayyuu kanarraa wanti hubatamu, afoolli damee fookloorii keessaa isa tokko ta‟ee beekumsaafi aadaa afaaniin kan daddarbu ta‟uu isaati.Literature is as old as human language and as new as tomorrow‟s sun rise….The first literature in any culture is oral. The classical Greek epics, the Asian narratives of the earliest version of the Bible were all communicated orally, and passed on from generation to generation with variations, additions, omissions and embellishments until they were set down in written form in versions which have come down to us. (Carter (2001: 3)

Akka yaada oliirraa akka hubatamutti afoolli hawaasni akkuma afaan argateen kan itti dhufe waan ta‟eef umrii dheeraa kan qabuufi wanta hundaa ibsuurratti hangafummaa kan qabuudha. Asafaan (2004:11), (Bukenya,1994) wabeeffachuun akkaataa gadiitti ibseera.

Oral literature;.it is avaluable…experience contributing to the total growth, development and self-fulfillment of the person exposed to it. Oral literature imports to the growing person useful, cognitive, performative and affective skills which enable the person to live a rewarding life and to be a useful member of society, jedha.

Yaada kanarraa kan hubatamu, afoolli muuxannoo, dagaaginaafi guddina waliigalaatiin nama itti gargaarame guutuu kan taasisuudha. Akkasumas afoolli guddina dandeettii sammuu, hojiifi kaka‟umsa namaa cimsuun, miseensa hawaasaa keessatti nama barbaadamaa taasisuufi akka jireenya mijaawaa jiraatan nama taasisuu keessatti iddoo guddaa qaba Alamayyoo fi Alamituun (2010) Maalummaa afoolaa akkaataa itti aanuun ibsaniiru. Afoolli hambaa hawaasaati. Kana malees hojii kalaqa sammuu kan ta‟eefi seenaa, eenyummaa, afaaniifi haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan calaqqissisuudha. Hambaan kun garuu dhalootaa gara dhalootatti afaaniin ibsamaa ykn gochaan raawwatamaa kan daddarbaa tureefi daddarbaa jiruudha.
Akka yaada barreessitoota kanaarraa hubatamutti, afoolli qabeenya hawaasaa ta‟ee kan seenaa,eenyummaafi haala jiruufi jireenya saba tokkoo kan ibsuufi bifa afaaniifi gochaan dhalootaa gara dhalootatti kan daddarbuudha. Afoolli kalaqqee sammuu keessatti yaadamuun kalaqamanii afaaniin himaman ykn dhiyaataniidha. Afoola jechuun hawaasni tokko aadaa,muuxannoo,falaasama, aartii ,amantaa, afaan, uffannaa ,nyaataafi meeshaalee isaa dhalootaa gara dhalootaatti kan ittiin eegee dabarsuudha.Haalli inni ittiin dabarsus raawwiidhaan ykn himamsa afaaniin ta‟uu danda‟a. (Rabbirraa 2009:159).

Akkuma yaada armaan oliirraa hubachuun danda‟amutti afoolli amala kalaqqii kan qabuufi muuxannoo hawaasa darbee isa ammaaf qooduuf kan gargaaru ta‟ee, haalli qaxxaamura muuxannoo isaa raawwiin yookiin afaaniin kan taasifamuudha. Yaaduma kanaan fakkaatu Mengeshaan (1970:2) “Oral literature is created and recreated in the moment when speaker and listener meet and its meaning refers to their shared experiences” jechuun afoolaaf hiika kenna. Akka yaada hayyuu kanaatti, afoolli adeemsa dubbataafi dhaggeeffataan walitti dhufuun muuxannoo isaanii yoo wal jijjiiran kan uummamuudha.

Finnegan (1976:24) waa‟ee afoolaa yoo ibsitu, “oral literature is by definition dependent on a performer who formulates it in words on a specific occasion. There is no other way in which it can be realized as literary product”. Yaada kanarraa kan hubannu afoolli ogummaa afaanii irrattihunda‟uun,kan raawwatamuufi daddarbuudha.Geetaachoo (2014)fi Nagariin (1993) yaaduma armaan olii deeggaruun afoolli ogummaa afaaniin yookiin dubbiidhaan dhalootarraa

dhalootatti kan darbu ta‟uusaa ibsaniiru. Bukenyan (1994:84) immoo afoola yoo ibsu, "Oral literature is the heart of people‟s way of life it is the very soul of their culture" jedha. yaada kanarraa kan hubannu afoolli aadaafi haala jireenya saba tokko kana ibsuu ta‟uu isaati.

Boswellfi Reaver (1962: 16) afoolaan walqabsiisanii yaada armaan gadii lafa kaa‟anii jiru.We can allow our selves a contradiction, and say that there was a kind of oral literature before literature.Some of the materials of literature, the thoughts, must have been created long before they were written down. We can fancy and without fancy there would not much literature worth reading that our distant fathers who lived incaves sat round the fires and told stories about wild animals they had met, about their exploits in combat with neighboring tribes, and mysterious tales, "myths," as we call them, about the gods of forest and stream.

Akkuma yaadni armaan olii agarsiisutti afoolli ogummaa barreeffamaan dura hawaasni kallattii ittiin walhubachaa tureedha. Walumaagalatti yaada hayyoota kana irraa hubachuun kan danda‟amu afoolli hambaa saba tokkoo ta‟ee afaaniin dhalootarraa dhalootatti kan daddarbu ta‟uu isaafi hiikaa afoolaa haala darbiinsaa, amalasaafi faayidaasaa irraa ka‟uun kan ibsamuudha.

### 2.1.3.1. Gosoota Afoolaa

Afoolli damee garagaraatti caccabuun ibsamuu danda‟a. Hayyoonni afaaniis dhugummaa yaada kanaa mirkaneessuuf ka‟umsa qabxiilee garagaraa fayyadamuun qoqqoodama afoolaa kallattiiarmaan gadiin kaa‟aniiru. Okpewho (1994:127) Afoola Afrikaa sirbootaa fi jechamoota, seeneffamootafi qareeyyii jechuun qoqqoodeera. Yeroo baay‟ee jechi afoola jedhu yoo ka‟u yaanni keenya gara sammuu namaatti dhufu, hiibboo, mammaaksaafi sheekkoo akka ta‟e nibeekkama. Haata‟umalee durdurii, sheekkoo ragamtaa, seeneffamoota, afoolaafi sirba aadaa hammachiisuun gosa afoolaa ramaduun nidanda‟ama (Yaadannoo 2014:9-10).

Yaadni olii hawaasni waa‟ee afoolaa yoo dhagahu dursee afoolli fuuldura isaa dhufu hiibboo, mammaaksafi sheekkoo ta‟uu mala. Haata‟u malee, afoolli dameewwan sadan kanaanala jiraachuu hubachiisa.Wasaneen (2001/2008:101-118) "Geerarsa, sirba yeroo aannanraasuu,

ciigoo, mammaaksa, jechama, hiibboo, qoosaafi sheekkoo" jechuun gosoota afoolaa ramadee jira.

Masfin (1995:42) immoo, "Afoolli yaaxxina baay‟ee bal‟aa ta‟ee kan hambaa hammatuudha. Durdurii, hiibboo, sirboota aadaa, tapha ijoolleefi k.k.f.afoola keessatti hammatamu" jechuun gosoota afoolaa tarreessuuf yaalee jira. Tafariin (2004:133) "Bifoonni afoolli ittiindhiyaatu mammaaksa, jechama, ciigoo, hiibboo, oduu durii, geerarsa, tapha ijoollee, eebbaafik.k.fa‟a" jechuun dameewwan afoolaa ibsee jira. Rabbirraan (2009:159) "Afoola Oromoo akka cirraacha galaanaa lakkaa‟anii fixuun ulfaataadha. Isaan keessaa muraasni Mammaaksa, Sheekkoo, Geerarsa, Hiibboo, Eebbaafi Abaarsa, Tapha Ijoolleefi k.k.fa‟a" jechuun gosoota afoolaa eeruuf yaalee jira.

Gooroowwan ogafaanii kana jedhanii murteessuun ni cima. Haata‟uutii ogafaan bifahololoo ykn seenessuutiin (sheekkoo, durdurii, baacoo,afseenaa,…) uunkaalee gaggabaaboon kan mul‟atan (hiibboo,mammaksa,…) fi bifa afwalaloon (weedduu jaalalaa, weedduu hojii, geerarsa, mararoo, weedduu ateetee, sirba, faaruu loonii,weedduu dhimmoota siyaasaa,weedduu hurursa mucaa, weedduuwwan gootummaa, weedduwwan seenaa, tapha ijoollee, weedduuwwan amantii, weedduuwwan ajjeesaa, hiibboo altokko tokkoo)fi k.k.f.tiin mul‟achuu danda‟a. (Misgaanuun, 2011:41)

Akka yaada barreeffama oliitti qoqqoodamni afoolaa kallattii dhiyaatina isaanii kan giddu galeeffatuufi kallattii kanaan afoolli kan bifa hololoo, uunka gaggabaaboofi bifa afwalaloon dhiyaachuu kan danda‟u jechuun qoqqooduun nidanda‟ama. Xiyyeeffannoon qorannoo kanas afoolota bifa hololootiin dhiyaatan kan giddu galeeffateedha.

## 2.2. Afseenaa (Definition of Legend)

Afseenaan gosa afoola keessaa tokko ta‟ee, bifa holoolootiin qindeeffamee kan afaaniin dhaloota irraa dhalootaatti daddarbuudha. Maalummaa Afseenaa ilaalchisee, Sumner akkaataa gadiitti ibsuuf yaalee jira. myth, legends,and folktales are different types of traditional story. Unlike myths, folktales can take place at any time and any place,and they are not considered true even by the societies that tell them.Like myths,legends are stories that are traditionary considered true, how ever,they are set in a more recent time when the world was much similar to the world of today. In addition, legends generally feature humans as their main characters where as myths generally focus on super human characters. (Sumner 1996:2)

Akka yaada armaan olii kanaatti afseenaan himamsa irra darbee kan akka dhugaatti fudhatamu kan ta‟ii isaa as dhiyoo ta‟e addunyaatti hin ta‟iin keessatti ta‟es kan addunyaa har‟aatiin walfakkaatu akka ta‟e dubbata. Akkasumas bakka bu‟ee ta‟ii sana kan raawwate nama yoo ta‟u,raagamtaa keessatti raawwataan kan namaa olii kan akka ergamtootaa fi qulqullootaa kan deeggaraman akka ta‟an ibsa.Raagamtaafi durduriin yeroon raawwii isaanii yoomessaan kan hin daangeffamneefi hawaasicha isaan dubbatee ibsun illee akka dhugaatti kan hin fudhatamne ta‟uu isaati. Afseenni gooroowwan raagoo keessaa tokko yoo ta‟u akaakuun raagoo kun waan darbe irratti hundaa‟ee afaaniin kan raagamuudha.

Goobangaleessi afseenaa nama yoo ta‟u gochi raawwate dhugaa yookiin dhugaarraa kan fagaate ta‟uu danda‟a. Afseenaa keessatti goobangaleessa ta‟ee seenaan isaa kan raagamu ummata keessatti olaantummaa qabaachaa kan ture ta‟a. Kanneenis, mootii, abbaa duulaa, gootota yookiin abbaa gadaa ta‟uu danda‟a.Uumamni goobangaleessichaa kan raagamtaa wajjin tokko miti.Kana jechuun akka goobangaleessa raagamtaa namoota kaan irraa adda ta‟ee kan uumamee miti.Adeemsa jireenya isaa keessatti sadarkaa olaanarra kan qaqqabu ta‟a.

Uummanni goobangaleessichi sadarkaa olaanarra ture jedhee kan fudhatu sun jagnummaan inni agarsiise injifannoon inni galmeessise tooftaafi tarsiimoon inni itti fayyadame yookaan kufaatii isarra qaqqabe afseenaa keessatti argama. Adeemsa jireenya ummataa keessatti gochi

goobangaleessichi raawwate jedhamu gochi gaarii yookiin gocha gadhee ta‟uu danda‟a. Gochi raawwatame sun dhaloota ammaatiif akka fakkeenyatti fudhatamee barumsaafi muuxannoon akka irra argachuun danda‟amu raagama. Wanti raawwate sun hammeenya irratti yoo ta‟e hamaa kan raawwate hojii harka isaa hindhabu jedhee uummanni gocha yaraarraa akka ofittisuuf seeneffama. Kanaaf afseenaan kan irratti xiyyeeffatu kolfiisiisuu yookiin bashannansiisuu osoo hintaane barumsi akka irraa argamuufi (Alamaayyoo fi Alamituu, 2010:122-123). Taateewwan tarii kan yeroo kan akka har‟a ganamaallee ta‟uu danda‟a .Tariimmoo sa‟aatii tokko dura yookiin garmalee duubatti fagoo kan ta‟eefi kan amma yaadatamanii. Yaadni isaanii garmalee ifa kan hintaaneefi gadifageenyi isaanii dhimma waan hundaa kan tuttuquudha.Yaaduma kana Okepewho akkas jechuun ibsa:

Legend is a fairly broad category of tale.We are retraining the word legend;because here we are dealing with accounts of porsonalies and evets that are considered to memorable that they deserve to be talked about or recounted (Latin agenda) again and again.The events may that the memory of them is now very vague and the details are subject to all kinds of manipulation (Okepewho, 1992:182-183)

Dastaan (2015) afseenaa yoo ibsu; afseenaan gosoota himamsa afaanii ta‟ee kan afaaniffaan dhalootarraa dhalootatti daddarbu akka ta‟edha.Akkasumas afseenaan waan faayidaa qabu kanyeroo darbe keessa seeeneffamaa ture ta‟uu hubachiisa.Seeneffamichi kan yeroo darbe keessa seeneffamaa tures yoo ta‟e taatee yeroo wajjin deemu akka ta‟e kan hubachiisudha.

As one of prose narratives, legends have been handed down from generation to generation by word of mouth.Legends also refers to any thing that inspires a body of stories or anything lasting importance or fame. This is handed down from earlier times, but will continue to envolve with the time (Dastaa, 2015:82).

Hayyuun Canonicci (1996:85) Maalummaa afseenaa yoo ibsu,“…a fantastic narrative of oral origin based on historical characters or events that lend it credibility.It amplifies these historical

elements through the imaginary intervention of supernatural or preter natural beings,also adding folkloristic motifs," jedha.

Yaada kanarraa hubachuun akkuma danda‟amutti, waan afaaniin himamu kan qooddattoota seenaa yeroo darbeetiin seeneffamu yookiin taatee dhugaadha jedhamee amanamu kan qooddattootaan seeneffamu akka ta‟edha. Seeneffamichis kan ibsu qabiyyeewwan seenaawwan darbanii kan uumama waaqatiin duraa yookiin kan uumama waaqatiin boodaa ta‟uu akka danda‟aniifi isaanis kan kaka‟umsa yookiin fedhii namatti uuman akka ta‟edha.

Hayyuun Bascom (1965) hiikaa afseenaaf kenne yoo fudhanne, afseenaan himamsa afaanii ta‟ee kan raagamtaan walfakkaatu,kan taatee isaa qaama himuufi kan dhageeffatuun akka dhugaatti fudhatamu yeroon taatee himamuu immoo yeroo isaa kan fagoo hintaane addunyaan taateen keessatti raawwatamu immoo addunyaa har‟aatiin kan walfakkaatu akka ta‟e ibsa.

Legend is defined as a prose narrarive which like myths which are regarded true by the narrator and his audience,but they are set in aperiod considered less remote when the world was much similar as it is to day. These narratives are usually about migrations, wars and victories,deeds of past heroes,chiefs and kings (Bascom 1965).

Akkuma yaada kanarraa hubachuun danda‟amutti afseenaan seeneffama yeroo darbee ta‟ee kanyeroon raawwii isaa as dhiyoo kan fakkaatuufi addunyaan keessatti raawwatus addunyaa har‟aatii kanwalfakkaatu akka ta‟edha.Seeneffamni kunis waa‟ee godaansaa,waraanaafi mo‟achuu,waa‟ee jagnoota darbanii,hoggantootaafi moototaa ta‟uu akka danda‟uudha.

### 2.2.1. Amaloota Afseenaa

Mataduree amaloota afoolaa jedhu jalatti amalloonni afoolaa akka waliigalaatti ibsa isaanii dabalachuun tuqamuuf yaalamaniiru. Mataduree kana jalatti garuu amaloota afseenaa dameewwan afoolaa kanneen biroorraa adda taasisantu kaa‟ama.Akkasumas afseenaan gosoota raagoo keessaa tokko akka ta‟eefi himamsa afaaniitiin beekumsa dhalootarraa dhalootatti darbu ta‟uu isaa gara oliitti kaafamuuf yaalameera.Afseenaa gosoota raagoo kanneen akka raagamtaafi durduriirraa amaloota adda isa taasisan qaba.Amaloota afseenaa gosoota raagoo kanneen

biroorraa adda taasisan keessaa tokko,afseenaan himamsa waa‟ee dhala namaa qofa kan dubbatuudha.Taateewwan raawwataman garuu kan dandeettii dhala namaatiin raawwatamanii olta‟uu danda‟u.Afseenaan seeneffamu kunis waa‟ee namaa qabatamaa hawaasa keessa jiraachaa tureefi kan hawaasa sana keessatti waan gaarii hojjatee yookiin goota ta‟ee waan addaa naannoo jiraatu sana keessatti kan mul‟iseef seeneffama.Yaaduma kana Dastaan(2015) irratti akkas jechuun ibseera.

Legends are also always about human beings,but can have magic or supernatural events.They are based on real people who are considered heroes in their environment.When ever one is talking about legends of heroes he is also talking about the place of living the heroes.The stories handed down to generations for many years(Dastaa,2015:141).

Yaada armaan oliirraa kanarraa hubachuun akkuma danda‟amutti afseenaa himamsa waa‟ee taatee namni raawwatuu qofarratti kan xiyyeeffatu ta‟uu isaati.Akkasumas waa‟ee nama goota ta‟ee hawaasa keessatti ta‟ii addaa hojjateef himamsa afaaniffaan akka dhugaatti qaama himuunis ta‟ee qaama dhaggeeffatuun himamuufi fudhatamu akka ta‟eedha.

Legend was normally local.The places, the persons, events and dates mentioned in the story were usually known to both the narrator and the audience. While some legends have wondered far a field,in most cases they are more likely to be associated with some local place or person if conditions are suitable.Name of mountain,lake,and village is associated with the person who was famous at timeimmemorial (Dastaa,2015:143).

Yaada armaan olii kanarraa hubachuun akkuma danda‟amutti afseenaan kan naannoo murtaawaa tokko keessatti ta‟uudha malee kan naannoo hundatti raawwatu akka hintaaneedha.Bakki, namni,taateeniifi yeroon afseenaantokko itti raawwatame qaamaa himuunis ta‟ee qaama dhaggeeffatuun kan beekamu akka ta‟edha.Afseenaa tokko tokkoimmoo raawwataan taatee sanaa dirree bahuun yookiin bakka duraatii deemuun bakka dhimmaaf deeme sanatti akkaataa isaaf mijateen raawwachuu danda‟a.Haala qabatamaa kanaas kan ibsu maqaan

gaarrenii,haroo,gandoota tokko tokkoofi maqaan naannoowwan tokko tokkoo maqaa namoota yeroo tokko naannoo tokko dhaqanii achitti taatee wayiiraawwataniin kan moggaafamee jiru ta‟uu isaatiifi akka yaadannoo namoota kanneenitti kan beekamu jiraachuu isaati.

Afseenaan akkuma akaakuu afoola kanneen biroo afaaniin waan daddarbuuf, amalli afoolarratti mul‟atu afseennarrattis mul‟achuu mala. Akka maddi toora Interneetii,http://www.quora.com jedhu ibsutti, amaloota afseenaa haala itti aanu kanaan kan ibsudha.

Legend is a narrative of human actions that are believed by the story teller and the reader/listener to have taken place in human history. It have a specific setting: a time, and a place. They often include beliefs and ideas of a culture.

Akka yaada armaan oliitti, afseenaan amala raawwii dhala namaa seenesssaafi dhaggeeffataa gidduutti kan seenessuufi seenaan isaa akka itti fufu kan taasisudha. Innis, yoomessa murtaawaa keessatti kan raawwatamudha. Akkasumas, dhimma amantaafi dhimmoota aadaatiin kan walqabatu akka ta‟uu danda‟udha.

> *Legends have flexible guidelines, and therefore, can begin with miracles that are believed to have really happened. Legends transform over time.Facts will change or be stretched, hyperbole will enter the plotline, and colorful details will remain and/or get more colorful. Legends evolve over the years and are kept fresh, lively and exciting. (http://www.quora.com)*

Afseenaan amala qajeelfama jijijjiiramuu qaba. Akkasumas, akka waan dinqisiifannaan guutamee dhugummaan akka waan raawwatameetti amanama. Kunis, yeroo gara yerootti kan ce‟udha. Haala kana keessatti dhugaan jijjiiramuu, gurra guddisuun, bifa miidhagina olaanaa qabuun amala dhiyaachuu qaba. Akkasumas, afseenaan baraa baratti haaraa ta‟ee akka jiraatuufi turu kan taasisu amala yeroo wajjiin walqabatuun kan mul‟atudha.

> *Legends read like folk tales but have a least a bit of historical truth. they combine a real event or real person’s unusual life story with the exaggeration and heroic actions that we associate with stores of heroes and great national events. Legends are different than myths because they portraya historical hero rather than one who is a god or goddess. (http://www.quora.com)*

Afseenaan amala akkaataa durduriitiin himamuu qaba. Ta‟us, hanga tokko seenaa dhugaa amala bu‟uureffachuu qaba. Lamaan isaaniiyyuu taateewwan yookaan seenaa jireenya nama dhugaa baramaa hintaanee gurraguddisaafi gocha gootawwanii seenaa goototaafi taateewwan jajjaboo biyyaatiin kan walitti hidhanidha. Akkasumas, afseenaan, amala seenaa goototaa baatee deemuu qaba. Raagamtaan immoo dhimma waaqolii xixiqqoo ta‟an irratti amala xiyyeeffachuu qaba. Dastaan (2015:141) akka ibsutti,

> *Legends are also always about human beings. But, can have magic or supernatural events. They are based on real people who are considered heroes in their environment. Whenever one is talking about legends of heroes he is also talking about the place of living the heroes. The stories handed down to generations for many years, jedha.*

Yaada kanarraa afseenaan waa‟ee dhala namaatiin kan walqabatudha. Darbee darbee taateeaddaa waan hinyaadamne yookaan humna uumamaan olii qabaachuu danda‟a. Akkasumas, dhimma namoota naannoo isaaniitti beekamoo ta‟anii bu‟uureffata. Kana jechuun, yemmuu waa‟ee goototaa sdubbannu waa‟ee baaka isaan keessa jiraachaa jiraniis dabalateetudha. Hamala afaaniin dhalootaa gara dhalootaatti daddarbuu qaba.

Walumaagalatti, amala afseenaa ilaalchisee yaadoleen gara garaa armaan olitti dhiyaachuun yaalameera. Afseenaan amala afoola biraa waliin qooddatu kan qabuufi dhuunfaatti kan ittiin beekamus kan qabudha. Afseenaan amala gocha dhala namaa kan seenessu, yoomessa murtaawaa keessatti amantaafi ilaalcha aadaa kan calaqqisiisu, amala jijjiiramaa dinqisiifannaan guutame, miidhagina waan qabuuf baroota darbee akka jiraachuu danda‟u, amala seenaan walitti hidhu qabaachuu, adeemsa afaaniin daddarbuu keessa seenaa goototaafi bakka jireenya isaanii daddabarsaa an dhalootaa dhalootatti dabarsudha..

Walumaagalatti amaloota afseenaa gosoota raagoo kanneen biroorraa adda taasisan keessaa afseenaan taatee waan qabatamaa yookiin waan akka dhugaatti hawaasa keessatti fudhatamu kan seeneffamu ta‟uu isaati.Akkasumas afseenaan taatee naannoo muraasatti taasifamu malee kan bakka hundatti hinraawwatamne akka ta‟e hubachuun nidanda‟ama.Qooddataan afseenaas nama

akka ta‟eefi namoota keessaammoo namoota goota ta‟anii hawaasa keessa jiraatan keessatti taatee addaa kanneen raawwataniidha.

### 2.2.2. Faayidaa Afseenaa

Afseenaan hawaasa bashannansiisaa ergaa bal‟aa afoola dabarsuu danda‟u keessaa tokkodha. Yaada kana bal‟isuuf hayyoonni afaaniis faayidaa afseenaa irratti yaada armaan gadii kennaniiru. Finnegan (1970: 315) Faayidaa afseenaan qabu akkas jechuun ibsiti.“…their principal characters are human, they tell of migrations,wars,victiories,deeds of past heroes,chiefs and kings…” jetti. Akka yaada kanarraa hubachuun danda‟amutti qooddataan afseenaa nama akka ta‟eefi ergaan isaan dabarsanis godaansa,waraansa,moo‟uufimo‟atamuu,du‟a gootota darbanii,qajeelchitootnifi moototni darban hojii akkamii akka dalaganiifi bu‟aafi miidhaa isaan hawaasa keessa jiraatanirratti qaqqabsiisaa turan maal akka fakkaatu kanneen ibsaniidha.Fakkeenyaaf mootota yeroo darbanii keessaa sirna bulchiinsa mootittii Akkoo Manooyyeefi mootii Giraanyi yoo fudhannee ilaalle, qooddattoonni isaanii nama akka ta‟aniifi sirna bulchiinsa isaanii keessatti immoo akkuma bu‟aa buusan miidhaas qaqqabsiisaa akka turan afseenaan ni hubachiisa.Akkasumas sirna bulchiinsa isaanii keessatti waraanni, godaansi, moo‟uufi mo‟atamuun, ajjeesunis akkuma jiru ajjeefamuunis akka ture afseenaarraa hubachuun ni danda‟ama.

Dastaan (2015:94) faayidaa afseenaan qabu akkas jechuun ibsa.”Legends play a vital role in the societies who use them.They use them to describe very famous person of the area,they trace back to their legends to tell name of their area.Therefore legends are serving communities as folk history” Jedha.Afseenaan hawaasa isatti dhimma bahuuf faayidaa guddaa qabaachuu agarsiisa.Hawaasichis nama beekamaa naannoo isaanii ittiinibsuuf itti gargaaramuu akka danda‟uufi akkasumas maqaa naannoo isaanii himuuf afseenaa ofiitti akka dhimma bahaniidha.Kanaaf afseenaan akka madda seenaatti hawaasa kan gargaaru ta‟uu isaa namatti agarsiisa.

Backer (1972) immoo faayidaa afseenaan qabu gama hojii isaaniitiin Addeessa. Afseenaan baratаа dhugummaan qorannoo gaggeessuu barbaadu tokkoof ragaa qabatamaa kennuuf kan gargaaru akka ta‟e ibsa.Maqaa qabatamaa bakka tokkoorratti qorannoo gaggeessuuf meeshaa qabatamaa barbaaduu akka qabnuudha.Akkasumas faayidaan inni aadaa hawaasaa keessatti qabu maal akka ta‟e ilaaluun barbaachisaa akka ta‟eefi kunis kan fayyadu ragaa argannu seenaqabeessa taasisuuf kan fayyadu akka ta‟edha.Kanaaf qorattoonni yommuu dirree bahan ragaa qabatamaa argachuuf dhalattoota naannoo sanaa qaamaan dubbisuun barbaachisaa akka ta‟e dha.Yaadni kun akkaataa armaan gadiittiin kaa‟amee jira.

Folk legends have a significant role in place name research,even for the student of facts about names.Any first rate study of place names should include legendary material,not only for its cultural value but also for its use in evaluating data for its historical worth (Backer,1972:373).

Walumaagalatti yaadota armaan olii kanarraa hubachuun akka danda‟amutti taatee yeroo darbe keessa hawaasaan raawwatamaa turaniifi hawaasarratti raawwatamaa turan qabatamaan kana jedhanii dhaloota haaraatti himuuf afseenaa hawaasichi itti gargaaramutti dhimma kan baanuudha.Kanaaf qorattoonni seenaafi qorattoonni dirree garagaraa ragaa qabatamaa argachuuf maanguddoota naannoo qorannoo irratti gaggeessanii dubbisuun filatamaa akka ta‟e kan agarsiisudha.

Hayyuun Campa (1995:1) afseenaan akkuma seenaarraa yeroo ammaa barannu baroota jireenya dhala namaa darban keessa taateewwan raawwatamaa turan, muuxannoowwan dhaloota darbanii maal akka ta‟e dhaloota ammaaf ibsuuf akka fayyadu ibsa.”In the early stage of man the teller of atale or legend had the same function in the society as the present day historian,that of saving the past from the oblivion by retelling events from it.” Afseenaa yeroo darban keessa namootaan seeneffamaa turerraa dhaloonni ammaa hubannoo caalu argachuun gara fuulduraatti hawwiifi ijaarsa isaa akka cimsatuuf kan gargaaru ta‟uu isaati.

Faayidaa afseenaan qabu Dastaan (2015) bakka gurguddaa lamatti qooduun ibsuuf yaalee jira.Isaanis faayidaa afseenaan gama seenaatiin qabuufi gama hawaasummaatiin qabu jechuun bakka lamatti qooda.Faayidaa afseenaa kallattii seenaatiin yoo ibsu, afseenaan himamsa afaanii waa‟ee bakka murtaa‟aafi yeroo murtaawaa keessatti taasifameeti.Addunyaa qabatamaa keessatti kan raawwatamaniifi bakki itti raawwatamanis ta‟ee yeroon raawwii adda bahee kan beekamuudha.Akka fakkeenyatti iddoowwan baay‟een Oromoo Tuulamaa keessatti argaman himamsa afaanii akka qabaniifi haalli uumama lafa naannoo sanaa himamsa akka qaban ibsa.Himamsi afaanii kun immoo seenaafi amantaa naannoo kanaaf faayidaa kan qabuudha.

Afseenaan madda aadaafi amantaa haala qabatamaa naannoo tokkooti.Oromiyaa keessatti ragaa barreeffamaa caalaa ragaa waa‟ee hawaasichaa, seera ittiin bulmaataisaa, amantaafi barsiifata isaa, kan argannu ragaa afaaniffaan daddarbaa as gaherraayi.Dabalataan hayyuu Campa (1965:4) wabeeffachuun walitti dhufeenya afseenaa fi seenaan qaban yoo ibsu;”…a legend begins with an actual happening and in the transmission process is embellished and reinforced to such an extent that it is taken as fact.This is in fact assort of an aid to history.”jedha.Yaanni kun kan agarsiisu, afseenaan hundee yookiin madda seenaa akka ta‟edha.

Afseenaan waa‟ee nama cimaa yookiin naannoo beekamaa tokkoo akka madda seenaatti qorattoota seenaa, qorattoota aadaa fi qorattoota fooklooriitiif akka madda ragaa jalqabaatti kan gargaarudha.Faayidaan afseenaan gama hawaasaatiin qabu immoo yoo ibsu,afseenaan hawaasa ibsuu keessatti akkasumas ragaa dhiyeessuu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta‟uu isaa nu hubachiisa.Namni tokko waa‟ee nama biraa ibsuuf yaada isaa ibsachuuf,ilaalcha ofii calaqqisiisuuf afseenaa akka isaan gargaarudha.Akkasumas sochii hawaasaa keessatti garaagarummaa saalaa ittiin calaqqisiisu.Miseensi isaanii yeroo darbe keessa maal akka raawwachaa ture itti ibsu.Fakkeenyaaf afseenaan olaantummaa dhiiraa qofa leellisu nijira.

Afseenaan dubartiin gad aantummaa kan qabduufi hawaasaa keessatti laaftuu akka taateetti seeneffamus akka jiru ibseera.Fakkeenyaaf sirna bulchiinsaafi siyaasa gaggeessuu keessatti dubartoonni akka gahumsa hinqabnetti kan seenessu ragaa qabatamaa hawaasa keessatti

jedhamuun walbira qabee afaaniffaa himamsa himamu dhiyeessuun ni danda‟ama.Afseenaan sirna bulchiinsa Akkoo manooyyeetiin walqabatu hawaasa keessa kanjiru yoo ta‟u, sirna bulchiinsa ishee keessatti hanqinoonni hedduun mul‟achaa akka turan ni seeneffama.Yeroo ammaallee afseenaan hojii yookiin gahee dhiiraafi dubartiin hawaasa keessatti qaban waliin madaaluun seeneffamu jiraachuu ibsa.

Walumaagalatti yaadota armaan olitti ibsamanirraa hubachuun kan danda‟amu afseenaan odeeffannoo hawaasa keessa jiru kan seenessuu kan dabarsu waa‟ee naannoo keessa jiraatu odeeffannoo kan kennu, qaroomina hawaasa tokkoo kan calaqqisiisu, Seenduubee hawaasichaa ibsuu keessatti, gahee dhiiraafi dubartii hawaasa keessatti maal akka fakkaatan kan ibsu, aangootti fayyadamuufi sirna bulchiinsaa keessatti dubartoonni maal akka fakkaatan, gowwummaafi abshaalummaa dubartiifi dhiiraa, yeroo darban keessa maal akka fakkaatan afseenaan hubannoo kennuun hawaasni ammaa akka irraa baratu kan gorsu ta‟uu isaati.

…legends serve the community as local providers of background histories.Names of the places such as…have their own legends behind.In the legends there are philosophy of ancient society practiced in the contemporary society.Whenever one wants to have some back grounds information on acertain area, village and community it is natural for him or her to consult legends.Therefore legends are sources of history and information on aparticular area (Dastaa, 2015:152).

Afseenaan gaggeessitoota siyaasaa yookiin mootiiwwan sirnoota darbanii ittiin qeequuf ni tajaajila.Yaadonni garagaraa bulchitoota biyya keenyaa kanneen yeroo darbanii wajjin walqabatee ni seeneffamu.Mootiin hiyyeessa miidhaa ture kan dureessa fayyadaa ture immoo akka ture,garee ofii qofa kanneen fayyadaa turan, garee aangoorra hin jirremmoo kan miidhaa turan akka turan afseenaan seenessu akka jiruufi cunqursaa kanas ibsuuf hawaasni afseenaa ofiitti akka dhimma bahu Dastaan (2015) akkaataa armaan gadii kanaan ibseera.

*There are issues that deal with the political leaders of the time elderly men and women are usingtheir local legends to describe political leadersof ancient time. In the mean time some one can analyze wether it works for today‟s leaders. Akoomanooyyee represents the cruelest leader of ancient political rule (Dastaan,2015:144).*

Bascom (1954) faayidaa fookilooriin gama hawaasummaatiin qabu kallaattii afuriin ibsuuf yaalii taasiseera.Kunneenis,"for amusement or escape mechanism,validating or justifying, pedagojical or educating and controlling," jedha.Bashannansiisuufi balaa tokko jalaa tooftaa ittiin bahan agarsiisuuf,waan hawaasni dhugeeffatu yookiin cimsee ilaaluun kan bakka kennuuf caalmaatti dhugeeffannoo isaa cimsachiisuuf,dirree barnootaa keessatti ittiin barsiisuufi wantoota naannoo isaa jiran ittiin to‟achuuf akka fayyaduudha.Waliin jireenya hawaasaa keessatti haalli ijaarsa hawaasaa yookiin gareen hawaasaa adda addaa jiraachuu afseenaarraa hubachuun kan danda‟amudha.Ijaarama hawaasaa kanas Dastaan (2015) akkaataa armaan gadiitiin bakka gurguddoo saditti akka qoodaman addeessera:

Legends provide hints about our social structure.Most of the characters in legends are poor who would either attend to the duties or orders conveyied by the rich or would just survive with their small harvest.There are also characters that live in middle, neither rich nor poor these three social classes are: The higher class, the medium class and the lower class (Dastaa, 2015:136).

Haalli ijaarama hawaasaas sadi akka turedha.Sadarkaaleen kunneenis:dureeyyii kanneen ajajanii bulchan,giddu galeeyyii kanneen hin ajajamneefi ajajuus hindandeenyefi jireenya giddugaleessa ta‟e kanneen jiraataniifi hawaasa sadarkaa gadi aanaarra jiran kanneen ajajamanii bulaniifi hojii dhuunfaa isaaniitiin kan jiraachaa turan akka jiran afseenaan kan ibsuudha.Walumaa galatti gama qabeenyaafi aangootiin kutaan hawaasaa sadi akka turan hubachiisuufi haala jiruufi jireenya hawaasaa keessatti ajajaan,ajajamaan,kan hin ajajamne,hiyyeessifi dureessi akka turan ragaa dhiyeessuuf afseenaan gahee guddaa akka qabu hubachuun ni danda‟ama.

Afseenaan hawaasa isa ijaarrateef faayidaa olaanaa qaba. Dhimmoota seenaa namoota bebbeekamoo ta‟an haala yeroofi bakkaan walqabsiisuun ittifufinsaan miidhagee tursiisuu keessatti ga‟een afseenaa salphaa miti. Finnegan (1970: 315) akka ibsitutti, "…their principal characters are human, they tell of migrations, wars, victiories, deeds of past heroes, chiefs and kings…" jetti. Akka yaada kanaatti, hirmaattotni ijoon afseenaa nama akka ta‟eedha. Dhimmi karaa afseenaa seeneffamus waa‟ee: godaansa, waraanaa, injifannoo, du‟a gootota darbanii moototaafi wa‟ee aanga‟oota olaanoo akka ta‟edha. Yaadni kun seenaa darbe keessatti gochi badaafi gaariin maaltu namaan raawwatame isa jedhu seenessuu keessatti gocha gaariirraa wanta gaarii ta‟e, gocha hammeenyaarraas hammina waan tokkoo arguun akka iraa baratan kan taasisudha.

Afseenni namoota bebbeekamoo bifuma kana hordofeen seenaa isaan daangaa biyya abbaa isaanii eeguufi tokkummaafi kutannoo isaan shira diinaa irratti agarsiisan ergaa dhalootaaf kan dabarseefi kan barsiisudha. Dastaan (2015:94) faayidaa afseenaan yoo ibsu,

„„„Legends play a vital role in the societies who use them. They use them to describe very famous person of the area, they trace back to their legends to tell name of their area. There fore legends are serving communities as folk history" jedha. Afseenaan hawaasni itti fayyadamu nama naannoo isaaniitti baay‟ee beekamoo ta‟an ibsuufi boodatti deebi‟anii afseenaa naannoo jireenya isaanii himuuf shoora olaanaa qaba. Haalli kun immoo, afseenaan namaafi naannoo jireenya isaa beeksisuu keessatti ga‟ee akka qabudha. Hayyuun Campa (1995:1) akka ibsutti, „„„In the early stage of man the teller of a tale or legend had the same function in the society as the present day historian, that of saving the past from the oblivion by retelling events from it."

Akka yaada kanaatti, afseenni faayidaa wanta yeroo durii raawwatamee darbe kuusuun taatee yeroo durii deebisee himuun yeroo har‟aas faayidaa yeroo darbee kan fakkaatu hawaasaaf ergaa dabarsuu danda‟udha. Haalli kun immoo, seenaan afseenaan himamu itti fufiinsa akka qabaatu kan taasisuufi haala yeroo duriifi si‟anaa walbira qabuun akka tilmaama taasisnuuf kan nu gargaarudha.

Akka Dastaa, 2015: 144) ibsutti, "There are issues that deal with the political leaders of the time….Elderly men and women are using their local legends to describe political leaders of ancient time. In the mean time some one can analyze wether it works for today‟s leaders,"‟ jedha. Akka yaada kanarraa hubachuun danda‟amutti, Yeroon walqabatee dhimmi gaggeessitootni siyaasaa akka jirudha. Haala bulchiinsaan walqabatee namootni umurii dheeraa jiraatan afseenaa naannoo isaaniitti beekamuun bulchiinsa isaanii durii maal akka ta‟e ibsu. Dhimma kanarraa immoo, namni hooggansi dur ture kan ammaatiif ni fayyadaa moo hinfayyadu kan jedhu akka xiinxaluuf oola.

Ittuma dabaluun, Dastaan (2015:136) Afseenaan caasaa jireenya hawaasummaa ibsuu keessatti ga‟ee qabaachuu ilaalchisee,

> Legends provide hints about our social sturucture. Most of the characters in legends are poor who would either attend to the duties or orders conveyed by the rich or would just survive with their small harvest. There are also characters that live in middle, neither rich nor poor….These three social classes are: The higher class, the medium classand the lower class, jedha.

Yaadni armaan olii kun, afseenaan akkaataa jireenya hawaasa keenyaa kallattii kan agarsiisudha. Caasaaleen hawaasaa kunis warra dinagdeen: olaanoo, giddugaleeyyiifi gadaanaa ta‟anidha. Haala kana keessatti hirmaattotni afseenaa namootni harka qalleeyyii dirqamaan warra sooreyyiin ajajamanidha. Isaanis, jiraachuudhaaf jecha ajajamu. Haala kana keessatti namootni aangoofi dinagdeen sadarkaa olaanaarra jiran aangoofi faayidaa isaanii eegsifachuuf jecha namoota harka qalleeyyiifi giddugaleessarra jiran kan hoogganan ta‟u. Gareen kun immoo, tattaafatanii dhiibbaa kana jalaa ba‟uuf mala fayyadamanii jiraachuuf sochii kan taasisan ta‟u.

Faayidaa afseenaa ilaalchisee yaadoleen adda addaa armaan olitti dhiyeessuun yaalameera.Faayidaa afseenaa kallattii gara garaan dhiyaatan kana, Dastaan (2015:131) bakka gurguddaa lamatti qooduun ibsee jira. Isaanis, ga‟ee seenawaa fi hawaasummaati. Faayidaa Seenawaa: Afseenaan waa‟ee seenaa bakka yookaan yeroo murtaawaa tokkoo kan seenessudha. Haalli kunis, addunyaa qabatamaa keessatti yeroofi bakka keessatti raawwataman qabu.

Akkasumas, afseenaan ka‟umsa waa‟ee aadaafi sona hawaasaa fi gandootaafi naannoowwanii kan seenessudha. Dhimmi kun immoo seenaafi afseenaa kan walitti hidhudha. Qorattootni xiinmaddaafi fookiloorii gara garaas kana ka‟umsa taasifachuun akka madda ragaa tokkoffaatti gargaaramu.

Faayidaa Hawaasummaa: Afoolli akka madda daddabarsituu: safuu, duudhaa, sona, amantaa, ilaalchaafi falaasama hawaasaa hundaati. Ilaalcha namootaa jajjabeessuuf, abdachiisuuf, sodaachisuuf, falaasamaafi iddoowwan seenawaa, akkasumas, haala jiruufi jireenya hawaasaa agarsiisu. Haaluma kanaan, afseennis, gooroo afoolaa ta‟uun seenaa, aadaafi ilaalcha hawaasaa afaaniin daddabarsa. Yaaduma kansa ifa taasisuun Dastaan (2015), haawaasni Oromoo Tuulamaa afseenaatti gargaaramuun koorniyaan walqabsiisee jireenya hawaasummaa keessatti gochaawwan gara garaa yemmuu calaqqisiisan mula‟ata. Afseenaawwan muraasni warri dhiiraa hawaasummaa keessatti olaantummaa akka qabaniifi dubartoonni immoo bulchiinsa siyaasaa keessatti hammina akka qabaniifi ga‟umsa akka hinqabne ibsuudha.
Walumaagalatti, afseenaan faayidaa sadarkaan jireenya hawaasaa maal akka fakkaatu, eenyutu eenyuun hoogganuu barbaada, eenyutu immoo dhiibbaa jiru ofirraa qoluun falmii gaggeessa kan jedhu kan seenaan walqabsiisee hariiroon akkamii jireenya hawaasummaa keessa akka jiru kan hubachiisudha.

### 2.2.3. Gosoota Afseenaa

Jechi afseenaa jedhu akka waliigalaatti maqaa kenname yoo ta‟es afseenaan dameewwan adda addaatti qoqqoodamuu danda‟a. Qorattoonni afaaniis afseenaaf ramaddii armaan gadii kaa‟u. Faqqadaa Azzazaa (1991:56, Okpwho 1992:181-182) wabeeffachuun afseenaa bakka lama gurguddootti qooduun ibsa.Isaanis afseenaa seenawaa (historical legend)fi afseenaa raagamta a(romantic or mythical legend) jechuun qooda. Afseenaa seenawaa jechuun afseenaa gochaa hawaasni salphaatti yaadachuu danda‟u seenessuudha.Xiyyeeffannoon isaa dhugaa jireenya hawaasaa keessa jiru taateewwan jiruufi jireenyaan walqabatan osoo itti hindabalin seenessuudha.Yeroon isaa yeroo ammaa yookiin yeroo dhiyoo kan darbe ta‟uu waan danda‟uuf

dhaggeeffattoonni mormuu akka hin dandeenyetti daandii qabate osoo gadi hindhiisin kan seenessuudha.

Afseenaan gosti lammaffaan immoo afseenaa nama seenessuuf bilisummaa guutuu kennudha. Kunis sababa gochi seeneffamus ta‟ee namni seenessu namoota turan waan ta‟eef dhaggeeffattoonni ragaa qabatamaa dhiyeessuun akka morman kan hin taasifneedha.Seenessaan waan hinamanamne osoo kaasee dhaggeeffattoonni gaaffilee shakkii kaasuun gaafachuun isaanii hin oolu.Haata‟u malee seenessaan tooftaa adda addaa kan mataa isaatti gargaaramee jalaa miliquu kan danda‟uudha.Tooftaalee kanneen keessaa akka fakkeenyaatti yeroon ammaafi kan durii tokkoo miti, namni ammaafi kanduriis tokkoo miti,wanti hunduu jijjiiramee jiraa,akka olkaa‟anitti itti hindeebi‟anii, jechuun dhageeffattoota miliquun ergaa barbaadamu tokko kan dabarsu akka ta‟e hayyuun kun ni ibsa.Dheerina yeroo irraan kan ka‟e seenessaan seenaawwan irraanfataman kan itti guutuudha.Gosti seeneffama kanaa gochoota yeroo ammaa raawwataman keessaa kanneen akka siyaasa garagaraa, muuxannoo jireenya yeroo ammaa, taateewwan adda addaa kanneen qabatamaan raawwatamaniin walfakkeessuun kan seenessuudha.

Kaayyoon gosa seenessa kanaa ofii isaanii akka waan gaarii hojjatanii fakkeessanii nama biraatti mul‟isuu, ofii isaanii mo‟ataa taasisanii mul‟isuu waanta‟eef, kallattii ofii barbaadaniin kan seenessaniidha.

Sababa kanaarraan kan ka‟e seenessan gosa isaa mo‟ataa taasisuun, gosa biraa dadhabaa taasisuun waan dhiyeessuuf gosti biraas yeroo seenessu kallattii ofiitti jallisuun waan seenessuuf kanneen biroo dadhabaafi mo‟atamaa taasisuun afseenaa seeneffamuudha.Kanaaf wanti seeneffamu kaayyoo namoota seenessaniirratti hundaa‟uun kaayyoo isaanii galmaan gahuuf kan seeneffamuudha.Bifaa fi amala waan seeneffamuu fedhiin nama seenessu sanaa kan daangessaniidha.Afseenaan gosa kanaa akka fakkeenyatti yoo kaafaman taateewwan waggaa soddoma dura raawwataman kanneen akka waraana Eertiraa,waraana Somaaliyaa,akkasumas taateewwan yeroo darban keessa mootota kanneen akka saabaa fi Solomoon, Kaaleeb, Yoodiit,

Tiwoodiroos, Yohaannis, Minilikiifi kkf yaadachiisuun kallattii adda addaatiin kaayyoo adda addaatiif kan seeneffaman akka ta‟aniidha

Dastaan (2014:82, Dorson 1972) wabeeffachuun, afseenaa bakka gurguddaa Afuritti qooduun ibsee jira.

1. Afseenaa Xiinmaddaa (Etiological Eschatological Legend): Ibsa dhalli namaa seenaa waa‟ee uumama addunyaa kanaa, taatee wantootaa, haalaa uumama naannoo, akkaataa uumama teessuma lafaa, haala uumamaafi jireenya biqilootaafi bineensota naannoo keessa jiraatu keessatti hubachuun seenessudha.

2. Afseenaa Seenawaa (Historical Legend and Legends of History Civilization): Qarooma seenaa: waa‟ee gootota biyyaa, taateewwan hawaasa naannoo tokkoo miidhan: diina, waraana, beela, dhiibbaa siyaasaafi dhimmoota seenaa durii keessatti raawwachaa turan kan ibsudha.

3. Afseenaa Dhugeeffannoo: (Supernatural Biengs and Forces or mythical legends): Afseena waa‟ee: namoota aanga‟ootaa, beektotaa yookaan sadarkaa jireenya hawaasaa olaanaa ta‟aniifi humniifi aangoon akka Waaqaan isaaniif kennameetti dubbatanii, Olaantummaa warra adii, dheekkamsa yookaan taatee badiinsaan maatii yookaan qabeenyarratti uumamuu kan seenessudha.

4. Afseenaa Amantii (Religious Legends myths of Gods and heroes): Seenaa waa‟ee ergamootaa, amantii jalqabaa, waa‟ee qulqullootaafi dinqiiwwan ajaa‟ibsiisoo mana sagadaa durii keessatti raawwatamaa turan kan seenessudha.Qoqqooddii armaan olii keessatti, afseenni xiinmaddaa kaatee yookaan madda waa‟ee uumamaa kan seenessu yoo ta‟u, afseenni seenawaa taateewwan qaroomina seenaan kan walqabatan seenessa. Afseenni dhugeeffannoo immoo, raagamtaafi afseenaa kan walitti hidhu ta‟ee gama tokkoon taatota kan namaa yoo dabalatu, gama biraan olaantummaa humna uumamaan olii akka jiruufi aangoon akka waaqaan kennamutti kanneen seenessanidha. Gama amantiitiin immoo, qooddattoonni isaa qulqulloota, ergamtootaafi Waaqatti fakkeeffamuun afseenaa seeneffamudha. Qorannoon kunis, akaakuu afseenaa keessaa afseenaa seenawaa bu‟uureffachuun afseenaa Afseenaa bakkeewwaan seenaa qabeeyyii Aanaa Giraar Jaarsoo qorachuurratti kan gaggeeffamudha.

Qorataan qorannoo kana ammoo qoqqooddiin Dorson(1972) qabiyyee lamaanuu akka ofkeessaatti qabatutti kan hubateedha.Kunis qabiyyeen jalqabaa qabiyyee raagamtaa kan ofkeessatti hammatu yommuu ta‟u, taateewwan yeroo darban keessa raawwataman kanneen akka:haala uumama addunyaafi xumura addunyaa,seenaa uumama meeshaalee,seenaa uumama biqiltootaafi bineensotaa akka ta‟aniidha.Haata‟u malee taa‟iiwwan kanneen keessatti qooddataan namas kan namaa oliis ta‟uu mala.Qooddataan isaa yoo nama ta‟e seeeffamichi afseenaa yoo ta‟u,qooddataanisaa immoo kan namaa olii yoo ta‟e seeneffamichi raagamtaatti dhiyaata.Kanaaf qooddii tokkoffaan qabiyyee lamaanuu kan ofkeessaa qabudha.Qabiyyeen itti aanu immoo qabiyyee afseenaa kan ofkeessatti hammateedha.

Bascom (1965) afseenaaf kenne fudhannee yoo ilaalle afseenaan seenaa himamsa afaaniitiin daddarbu akka ta‟eefi ragamtaa fakkaatee seenaa wantoota darbanii waa‟ee waraanaa,waa‟ee godaansaa,waa‟ee namoota gaarii dalaganiifi kanneen akka goototaatti ilaalamanii kan ibsu ta‟uu isaafi taateewwan yeroo darban keessa addunyaa har‟aan walfakkaatu keessatti kan raawwataman akka ta‟an ibsa.Qabiyyeen kunis waa‟ee diina ofirraa ittisuu, haala jireenya namootaa, waa‟ee jagnummaa kan ofkeessatti hammate waan ta‟eef qabiyyee afseenaa jalatti kan ramadama,Qabiyyeen sadaffaafi arfaffaan immoo qabiyyee raagamtaa jalatti ramadamuu danda‟u.Isaanis taateewwan aangoo namaa olii kan qabuun kanneen raawwataman, nama aangoo waaqaan isaaf kennametti gargaaramee raawwii tokko raawwatu,hojii namni amanuu hindandeenye kanneen dalaguu danda‟aniifi qabiyyeen arfaffaa immoo raagamtaa amantaa yookiin waaqaafi kan gootaakanneen amantaa kiristaanaatiin dura raawwataman kan ofkeessatti qabatu waanta‟eef afseenaa caalaa raagamtaa jalatti ramaduu danda‟ee jira.

Kanaaf, qorannoon kun qoqqooddiiwwan afseenaa armaan olitti ibsaman keessaa afseenaan iddoowwan Uummata Oromoo Salaalee keessaa kan Aanaa Giraar Jaarsoo afseenaa xiinmadda fi seenawaa jalatti kan ramadamuudha.Sababni isaas, afseenaan iddoowwanii kun seenaa iddoowwan qabaniifi taateewwan yeroo darbe keessatti iddoowwan kanatti raawwataman himamsa afaaniitiin dhaloota dhalootatti kan dabarsuu waan ta‟eef.

## 2.3. Tokkummaafi Garagarummaa Afseenaafi Seenaa

Afseenaan seenaa afaaniin himamu ta‟ee taatee dhugaa yookaan dhugaa hintaanerratti dhimma dhiyaatu ta‟uu danda‟a. Yaada kana ilaalchisee Lois Rhead (1921) akka ibsutti, „„„Although both history and legend recall past events, the key defference is tha while history is based on actual events and consists of factual basis, legend may not. This may not to say that legends are complitly false, ‟‟‟ jedha. Yaada kanarraa hunachuun akka danda‟amutti, seenaafi afseenaan taateewwan seenessuun kan walfakkaatan ta‟ee seenaan taatee dhugaarratti hundaa‟e of keessaa qaba. Afseenaan garuu, miti jedha. Kana jechuun, afseenaan guutummaatti soba jechuu miti.

Yaaduma kanatti dabaluun, amala isaanii irratti hundaa‟uun garaagarummaa akka qaban ibsa. Yemmuu seenaan odeeffannoo taatee dhugaarratti hundaa‟uun walitti qabame bu‟‟‟uureffamuragaan mirkanaa‟ee qabatamaa ta‟uun isaa fudhatamudha. Garuu, afseenaan seeneffama barsiifata dhugaa yookaan dhugaa hintaane ragaan osoo hindeeggaramiin akka dhugaatti odeeffannoo jiru ta‟uu mala.

Dhimma kanaan walqabsiisee Gonfaan (2008:21) irratti,

> *Afseenni gosa raagoo himamsa afaanii waa'ee namoota hawaasa keessatti sadarkaa olaanaarra jiranii ykn namoota aangoo qabanii kan ilaallatu ta'ee dhugaa yookaan soba ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, Abbaa Gadaa ,Abbaa Duulaa, Abbaa Bokkuu, Akkoo Manooyyee k.k.f ta'uu nidanda'a.Irra jireessaan haala bulchinsaa waliin walitti hidhannaa qaba. Kanaafuu, waa'een aangoofi waa'een namoota aangoorra jiranii yeroo raagama afseenaa jenna.*

Akka yaada kanarraa hubatamutti, afseenaan xiyyeeffannoo isaa Aangoo fi Sirna bulchiinsaa irratti. Kunis, bulchiinsa sirna gara garaa keessatti waa‟ee namootaa kan seenessu akka ta‟dha. Haala kana keessatti dhimmi nama seeneffamuu dhugaa yookaan soba ta‟uutu hubatama. Fakkeenya, Akkoo Manooyyeen sirna bulchiinsa dubartootaa keessatti bakka adda addaatti waa‟een ishee akka dubbatamudha. Yaanni kun immoo Akkoo Manooyyeen yeroo tokkotti bakka adda addaa jiraachuun ishee shakkii ta‟uu danda‟a. Sirna bulchiinsa Gadaa keessatti

immoo, Abbaa Gadaa, Abbaa Bokkuufi Abbaan Duulaa beekamaa ta‟uun isaa dhugaa beekamudha. Kunis, dhimma afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarbuudha.

Seenaan immoo, dhimma ragaa qabatama yookaan dhugaa irratti bu‟uureffachuun haala qabatamaa yoomessa dhugaa irratti hundaa‟udha. Kan darbe qofa osoo hintaanee, dhugaa qabatamaa amma jiruufi kan fuulduraallee akka ta‟e qorattoonni seenaa kan ibsanidha. Akka Wandun (2013:1) irratti ibsutti, „„„History is a branch of social science that deals with what human beings deed in the past. It studies the socioplolitical and economic development and cultural life of past, present and future societies. It depends on facts and adequate evidence,"" jedha.

Akkaataa ibsa armaan oliitti, seenaan damee barnoota saayinsii hawaasaa dalagaa dhalli namaa yeroo darbe keessatti raawwate qoratudha. Innis, waa‟ee siyaasa hawaasaa, guddina dinagdeefi jireenya aadaa hawaasa yeroo darbee, kan ammaafi gara fuulduraa akka qorachuu danda‟udha. Qorannoon seenaa kunis raga qabatamaa dhugaa irratti kan hundaa‟e ta‟uu akka qabudha. Yaadolee lamaan afseenaafi seenaa ilaalchisuu kennaman kanarratti hundaa‟uun seenaafi afseenaan tokkummaafi garaagarummaa qabaachuun isaanii kan mul‟atudha. Tokkummaan isaanii lamaan isaaniiyyuu dhimmoota yeroo duriin walqabsiisuun waa‟ee bulchiinsa, siyaasaa, ciminaafi hanqina jireenya hawaasummaa keessatti mul‟atan kan qeeqanidha. Lamaan isaaniiyyuu dhimmoota yeroo irratti hundaa‟uun gocha dhalli namaa raawwachaa ture kan seenessanidha. Kunis, gama siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaan kan mul‟atudha. Garaagarummaan isaanii immoo, afseenaan gosa raagoo irra jireessa dhimmoota bulchinsaafi aangoo yoo ta‟u hirmaattotni afseenaa dhala namaa akka ta‟edha. Kunis, dhimma dhugaa ta‟eefi dhugaarraa fagaate ta‟uun isaa haala keessatti shakkamu jiraachuu mala.

Afseenaan beekumsa hawaasni garee tokkoo waliin ijaarrate kan naannoo biraatti fudhatamummaan isaa ragaa qabatamaa irratti hinhundaa‟uun isaa barreeffamaan jiraachuu dhiisuu danda‟a. Kana jechuun, dhimmi afseenaan himamu afaaniin dhaloota daddarbaa turuu isaa hubachiisa. Seenaan damee barnootaa saayinsii hawaasaa, dhimmoota hawaasaa, dinagdeefi

siyaasaa raga qabatamaa irratti hundaa‟uun qoratudha. Dhimmoota hunda galeessa hawaasaa kan yeroo darbee, ammaafi gara fuulduraa dinagdee, siyaasaafi aadaa hawaasaa bal‟inaan kan qoratudha. Dhugaan jiru qabatamaa ta‟uun isaa yeroo gara garaatti sirreeffamuun seenaan karaa sirrii irraa akka hinjallanne taasisa.

Haaluma kanaan afseenaarratti qorannoo gadifageenyaa taasisuun dhimma hawaasaa afaaniin daddarbaa jiru gara barreeffamaatti jijjiiruun qabiyyeefi ergaan darbu akka keessaa hinhir‟anneefi itti hindabalamne taasisuun gara seenaatti fiduun kan danda‟amudha. Afseenni namoota bebbeekamoo Godina Shawaa kaabaa gama afseenaafi seenaan yoo ilaalamu, hanga ammaatti wanti barreeffamaan kana dura taa‟e waan hinjirreef seenaa qabatamaa namni kamiyyuu itti amanuu danda‟udha jechuun nama rakkisa. Akkasumas, seenaa miti jechuun rakkisaa ta‟uu mala. Sababni isaa afseenni seenaa afaaniin daddarbu waan ta‟eef qorannoo gadi fageenyaa namni gara garaa taasisuun barbaachisaadha. Ammaaf garuu, qorannoon kun seenaa jechuurra gama afseenaan yoo ilaalame gaariidha

## 2.4. Amaloota Afoola

“Afoolli amaloota gara gara qaba.Isaan keessaa warren bu'uura ta'an: hurruubummaa, jijjiirama, lufummaa, ummatummaa fi qindaa'ina,”Jechuudhaan ibsaniiru. Jaarraa W.fi Wasanee B. (2001:163)tokkoon tokkoon isaanii akka armaan gadiitti ilaalla.

### 2.4.1.Hurruummaa

Afoolli bareedina goonfatee miira dhaggeeffattoota tuquun ykn kakaasuun akkasumas, qalbiinamaa booji'uun kaayyoo isaa galmaan gahuu kan danda'u hurruubummaa ykn gochaan yoodhiyaateedha. Yaada kana ilaalchisee Zarihuun Asfaaw (1992:25), yoo ibsu, Afoolli gochaanmalee dhiyaatu ittoo soogidda malee qophaa'u waliin tokko yoo jenne gurra guddisuu hin ta'u.

Akka inni jedhutti, gocha malee kan dhiyaatu yoo ta'e miidhagina hinqabu. Miiraafi qalbiidhaggeeffattootaa harkisuufi booji''uus hindanda'u.Kanaafuu, akkuma dubbiin mammaaksaan bareeddu, afoollis gochaan bareeda.

### 2.4.2. Lufummaa

Adeemsi afoolli tokko dhalootarraa dhalootatti itti darbu lufummaa jedhama.Afoolli karaalamaan dhalootarraa dhalootatti daddarbuu danda'a. Haasaa afaaniifi gocha.Kanneen afaaniindaddarban: mammaaksa, hiibboo, walaloo, eebba, abaarsaafi kkf yoo ta'an; kanneen gochaandaddarban immoo: weedduu, geerarsa, dhiichisa, tapha ijoollee, geelloofi kkf dha. Kanneen gochaan dhalootarraa dhalootatti daddarban wantoota lamaofkeessaa qaban. Sochii qaamaafi kan gurraan dhagahamudha.

### 2.4.3. Uummatummaa

Uummatummaan amaloota afoolaa keessaa isa tokkoodha. Afoolli Oromoo kanuummata Oromooti. Afoolli akka kitaabaa abbaa barreesseen hinwaamamu.Uummata sanaan waamama.Sababni isaas, maddi afoolaa uummata waan ta'eef. Afoolli yeroo kamiyyuu garee barbaada.,akkasumas, amala hawaasummaafi nama walitti qabuu fedha. Uummanni karaalee adda addaan afoola keessatti qooda fudhachuu danda'a.Fakkeenyaaf, dhaggeeffachuun, jalaa qabuun, irratti hirmaachuun, sochii taasisuunifii kkf of keesstti qabta.Afoolli dimshaashaa haal walii gala of keessatti hammata.

### 2.4.4. Jijjiramummaa

Afoolli jijjiiramaaf baay'ee kan saaxilameedha. Sababni isaas, afaaniin dhalootarraa dhalootattiwaan daddarbuuf akkuma jirutti dabarsuun rakkisaa ta'uu danda'a. Kunis jechaan miidhaginakeessa irraa hafuu yookaan itti dabalamuu danda'a. Afoolaafi hawaasa gargar baasaniiilaaluunulfaataadha. Hawaasni tokko immoo diinagdee, siyaasaan, amantaan, teeknolojiifi haala jiruufijireenyaan jijjiiramuu wan danda'uuf afoollis jijjiiraamuu danda'a. Kana ilaalchisee Finnegan(1970:17) yoo ibsitu, "There are also the clases when the

performerintroduces valiation or orderto pieces or event totally nawsforms intermsof the ditailed word in structure, or the content."

Yaada kana irraa hubachuun akka danda'amutti, afoolli dhaloota tokko irraa gara dhaloota biraattikan daddarbu afaaniin waan ta'eef fageenya yerootiin kan ka'e qabiyyeefi buusaa isaarrattijijjiiramni uumamuu kan danda'u ta'uu nuuf mirkaneessaa.

### 2.4.5. Miidhagummaa

Afoollan Oromoo hunduu miidhagina mataa isaanii qabu. Kunis, afoolli tokko haala taa'e sanaanergaa isarraa barbaadamu sana dabarsuu dandeenyaan miidhagaadha jechuu dandeenya."Miidhagummaan haala afoolli sun miira sammuu ilma namaa hawwachuu danda'uundhiyaachuu isaa kan mul'isuudha." Jaarraafi Wasanee (2001:168) Waraabbii kana irraa kan hubannumiidhagummaan afoolaa hubatamummaafi qindoomina isaatiifis gahee guddaa qaba jechuudha. Kanaaf, miidhagummaan afoolaaadeemsa ykn karaa nama hin nuffisiifneefi yaada namaa rarraasuu danda‟uun ergaa barbaadamu dabarsuu irratti gahee guddaa kan tabatudha.

### 2.4.6. Qindoomina

“Afoolli tokko qindoomina qabaachuu qaba. Akka feeteedhaan kan uumamuu miti. Ergaa gadifageenya qabus akka inni dabarsutti afoola tolchu.Sababa qindaa‟ina isaatiin afoolli miidhaginaqaba jedhama.Kanaafuu, gurra dhaggeeffataatti nitola.”Jaarraafi Wasanee (2001:168) Yaadni barruu kanaa kan nu hubaciisu, amaloota afoolaa keessaa qindoominni miidhagina afoola sanaaf gahee guddaa akka qabudha. Dabalataan ammoo, dhaggeeffattoota ofitti harkisuufisfaayidaa qabaachuunihubanna. Kanaafuu afoolli haala barbadamuun qindaahee yoo dhihaate ergaan afoola sanaa akka hubatamu gochuu irratti gahee guddaa qaba.

## 2.5. Yaaxxinaalee Qorannoo Fookiloorii

Yaaxxinaalee fookloorii ilaalchisee Addunyaan (2011:58) hayyuu Zoltan (2005:255) wabeeffachuun, "Sakatta‟a barruu jalatti qabxiin dhiyaachuu qabu yaaxxina qorannoon sun irratti bu‟uuruudha. Dhimmikun karaa biraan qorannichaafdeeggaruudha," jedha.Akka yaada kanaatti gaheen yaaxxina qorannoo kaa‟uu qorannichi maal irratti daanga‟ee gaggeeffamaa akka jiru kan agarsiisuudha.Daayessi fookloorii garaa garaa yeroo adda addaafi beektota adda addaan bu`uureffamaniiru. Kan dhugoomsuuf hayyuun Dorson (1972) daayeessonni qorannoon fookloorii ittiin gaggeeffamu kanneen akka: Ideological Theory, Folk Cultural Theory‟,Contextual theory, Functional theory, perfomance theory, Cross Cultura Theory, Historical reconstructional theory, Psychoanalytical Theory,Oral Formulaic Theory, Structural Theory, Mass -Cultural Theoryfi Hemispheric Theory ta‟uu mala jechuun ibsa.

### 2.5.1. Yaaxina Aadaa Hawaasaa (Folk-cultural Theory)

Yaaxinni kun kan maddee qo‟atoota duudhaa kan ta‟an kanneen akka Iorwerth Peate, Donyoder fa‟ini. Kaayyoon fookloorii kanaas hubannoo aadaa fi duudhaa hawaasaa akka cimuu fi bu‟aan hawaasaa xiyyeeffannoo akka argatu taasiisuu dha. Akka yaaxiina kanaatti qo‟annoon hammayyaa ta‟e yaaxina qofa kan giddu galeessa godhate miti. Odeefannoo dirree kanneen waan seenaa durii, Waan durii irra deebi‟anii fayyadamu, xinsammu hawaasaa akkasumas gara faayidaasaattin waa‟ee fookloorii sanaa kan agarsiisudha. Kanaafuu, qoorannoon fookloorii waan aadaa, duudhaa, akkasuumas, qabeenya uummataa fi naannoo xiyyeeffannoo keessa galchuu qaba yaada jedhu agarsiisa.

### 2.5.2. Yaaxxina Seenawaa (Historical reconstructional theory)

Yaaxxinni seenawaan yaaxxinaalee qorannoo fookloorii jiran keessaa waa‟ee qaroomaa seenaa, waa‟ee gootota biyyaa, taateewwan hawaasa naannoo tokkoo miidhan, diina, waraana, beela, dhiibbaa siyaasaafi dhimmoota seenaa durii keessatti raawwachaa turan kan ibsudha. Daayeessi kun duudhaan haawaasaafi fooklooriin durii irra deebi‟amuun tajaajilaaf ooluu akka qaban kan kaa‟u dha. Akka yaada yaaxina kanaatti wantoota ammaaf kan bu‟ura ta‟e waan durii sababii ta‟ef, qorannoo fookloorii kan ammaas ta‟e kan durii qorachuuf wantoota durii dubatti deebi‟uun

ilaaluun barbaachisaa ta‟u isaati. Egaa gabaabumatti yaada kanarraa wantii hubatamu fookloorii bade tokko irra deebi‟anii lubbu itti horufis ta‟e kan amma argamu cimsuuf waan durii duubatti deebinee ilaaluun akka gaarummaa qabu dha. Kanaafuu, qorannoo fookloorii keessatti haala kana tajaajiilamuun bu‟aa qabeessa ta‟u isaa mul‟isa.

Kanaaf qorataanis yaaxxinaalee qorannoo jiran keessaa yaaxxina qorannoo kanaaf ni mijaata jedhee amanu, yaaxina Seenawaa (Historical reconstructional theory) fi Yaaxina Aadaa Hawaasaa (Folk-cultural Theory) jedhuun xiinxala Afseenaawwan bakkewwaan godina Shawaa kaaba Aanaa G/jaarsoo kan jedhuun kan xiinxalame jira.

## 2.6. Sakatta‟a Qorannoo Walfakkii

Mata duree qorannoo kana waliin qorannoowwan walfakkii kan ta‟an, qorannoon kan biros sakatta‟amanii jiru. Isaanis akka armaan gaditti dhiyaataniiru.Qorannoon kunis Mokonnin Gonfaa (2005), mata duree, Afseenaa Iddoowwanii Aanaa Dandii. Kaayyoon isaas,Afseenaa iddoowwan aanaa Dandii Qaacceessuu dha.

Qorannoon inni biro qorannoo kanaan wal fakkaatu immoo Tolosaa (2010),mata duree,‟Qaaccessa Afseenaa Dhagaa Dhaabbii Harmuufoo Sooleefi Iddoowwan Aanaa Tolee ‟irratti kan xiyyeeffatee dha.Kaayyoon isaas, Afseenaa dhagaa dhaabbii Harmuufoo Sooleefi iddoowwan Aanaa Tolee Qaacceessuudha.Qorannoo kana faana Afseenaa iddoowwanii Qaacceessuurratti walfakkaatu. Qorannoon.Seefuu Tsaaggayyee (2009).mata duree,‟Qaacceessa Moggaasa Maqaa Daa‟immanii fi iddoowwanii Aanaa Waliisoo iirratti kan gaggeeffameedha.
Qorannoon Maraa‟ol Moosisaa (2016) mata duree “Qaaccessa Afseenaa Dajjaazmaach Kumsaa Morodaafi Masaraa Isaa” jedhu tokkodha.

Qorannoon kunis afseenaafi hojii seenaqabeessa ta‟an, yoomessa masaraan kun itti hojjatame, masaraan maalirraa akka hojjatamuufi walitti dhufeenyi inni sirna bulchiinsa Gadaa Oromoo waliin qabu kan jedhurratti xiyyeeffatedha. Haata‟u malee, qorannoon kun immoo kan irratti xiyyeeffatu, afseenaa Oromoo: Godina Shawaa Lixaa Aanaa Midaa Qanyii irratti kan

xiyyeeffatedha. Qorannoowwan kana lamaan kan walfakkeessu afseenaa namootaa irratti gaggeeffamuu isaati. Haa ta‟u malee, qorannoon kun, qabiyyeen isaa afseenaawwan namoota bebbeekamoo aaanichaa tarreessuu, dhiibbaa sirni nafxanyaa uummatarran ga‟aa ture haala kamiin akka dhiyaate, haalli aangoo waliif dabarsuufi waraana gaggeessuu haala kamiin akka dhiyaate, faayidaan afseenaa haala kamiin dhiyaachuun qabiyyee isaatiin qorannoo kanarraa addadha.

Qorannoo Dabbabaa Hurrisaa (2010) qaacceessa bu‟uuraalee Afseenaa iddoowwan uummata Oromoo: xiyyeeffannoo Bulchiinsa Magaalaa Galaan, qorannoo Yirgadduu Indaalaa (2011) xiinxala Moggaasaa Afseenaawwan teessuma lafaa Aanaa Sabbataa Hawaas irratti kan xiyyeeffate, qorannoo Tolasa Tasfaayyee (20100 Afseensaa iddoowwan Seena-qabeessa Aanaa Tolee, qorannoo Iteenesh Toleeraa (2012) xiinxala Afseenessa Oromoota Finfinnee keessatti bakka jireenyaa isaanii irra buqqa‟anii jedhu fi qorannoo Lammaa Geetahuun (2011) qaacceessa ijaarsa eenyummaa haala qabtamaa moggaasa lafawwaan Oromoo Walloo warra qaalluu, warraa Baabboo jedhuu jedhuun tokkodha.

**Cimina**

- ✓ Qorannoon hundii isaa aadaa boonsaa moggaasa maqaa uummannii Oromoo durqabu akka ifatti bahuuf yaaliin godhame cimina gama lachuun mul‟atuu dha.
- ✓ Hambaalee hin socha‟an irratti kan xiyyeefatee ta‟uu isaa
- ✓ Iddoo Seena qabeeyyii irratti gaggeeffamu isaa
- ✓ Iddoo Seenaan isaanii dagatame irratti gaggeeffamu isaa

**Hannqinna:** Qorannoo gaggeeffame hundii isaa akaakuuwwan afseenaan gaggeeffamu dhabuu isaati. Kuniis:

- ✓ Afseenaa xiinmaddaa - dhalli nama seenaa waa‟ee uumama addunyaa kana, taatee wantootaa, haalaa uumama naannoo, akkataa uumama teessuma lafa, haala uumamaa fi jireenya biqilootaa fi bineessota naannoo keessa jiraatu keessatti hubachuun seenessudha.

- ✓ Afseenaa Seenawaa – Qarooma seenaa waa‟ee gootota biyyaa, taateewwan hawaasa naannoo tokko miidhan, diina, waraana, beela, dhiibaa siyaasa fi dhimmoota Seena durii keessatti raawwachaa turan kan ibsudha.
- ✓ Afseena dhuggeeffannoo – Afseenaa waa‟ee namoota aanga‟oota, beektotaa yookiin sadarkaa jireenya hawaasaa olaanaa ta‟anii fi humnii fi aangoon akka waaqaan isaaniif kennameetti dubbatanii, olaantummaa warra adii, dheekkamsa yookiintaatee badiinsaan maatii yookiin qabeenyaarratti uumamuu kan seenessudha.
- ✓ Afseenaa Amantii- Seenaa waa‟ee ergamootaa, amantii jalqabaa, waa‟ee qulqullotaa fi dinqiiwwan ajaa‟ibsiisoo mana sagadaa durii keessatti raawwatamaa turan kan seenessudha.Walumagalatti kanaan adda bahee gaggeeffamu dhiisu isaati.
- ✓ Hambaalee soca‟ani fi hin sochoone irratti walqixa gaggeessuu dhabuu
- ✓ Gosoota Afseenaa kam irratti akkaa gaggeefame adda baasuu dhabuu

## 2.7. Walfakkeenya Qorannoo kana Faana Qaban

Qorannoon Mokoniin (2005) mata duree Afseenaa iddoowwaanii, qorannoo Maraa‟ol Moosisaa (2016) Afseenaa nama, qorannoo Dabbabaa Hurrisaa (2011) qaacceessa bu‟uuraalee fseenaa iddoowwan uummata Oromoo, Qorannoo Yirgaduu Indaalaa (2011) xiinxala mogaasaa fi Afseenaawwan teessuma lafa Aanaa Sabbataa Hawaas, qorannoo Tolasa Tasfaayyee (2010) Afseenaa iddoowwan seena-qabeessa Aanaa Tolee fi qorannoo Lammaa Geetahuun (2011) qaaccessa ijaarsa eenyummaa haala qabatamaa mogaasa lafawwaan Oromoo walloo warra qaalluu fi warraa baabboo kan walfakkeessuu dha.

## 2.8. Garagarummaa

Qorannoon Tsagaaggayyee (2009) moggaasaa maqaa daa‟imaanii fi iddoowanii, qorannoo Tolasaa Tasfaayyee (2010) qorannoo dhagaa dhabbii, Afseena Magaaloota qorannoo Iteenesh (2012) fi qorannoo Dabbabaa (2011) Buchiinsa Magaala Galaan yoo ta‟uu kun isaa immoo Aanaa fi Godina ta‟uu isaati. Namoota qorannoo kana gaggeesse fi bara gaggeeffameen garagaarumma kan qabudha.

Qorannoon kun qorannoowwan olitti caqafaman waliin Qaacceessa Afseenaa mogaasa maqaa f iddoowwanii kan jedhuun walitti dhufeenya haa qabaataniyyuu malee, garaagarummaas ni qabu. Akkaasumas qorannoon kun ammoo Xiinxala Afseenaawwan bakkeewwaan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Godina Shawaa kaabaa (Salaalee) Aanaa G/jaarsoo irratti kan xiinxalamedha: Xiyyeeffannoo qoranoo Godina Shawaa kaabaa Aanaa G/jaarsoo kan jedhu irratti qorannoo Riqchaa Poorchuugaal, Holqa Deebiis yookiin dabiis,Holqa Irrechaa Malkaa Daannisa, Tulluu Salaalee yookiin Tulluu Jijjiir fi Abdarii Gurraa jijjiir irratti kan gaggeefame jira.

Walumaagalatti, qorannoo amma gaggeeffame kun bakeewwaan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii irratti ta‟ee hambaalee sochanii fi hin sochoone kanaan walqabate Afee isaanii adda adda walitti qabuun kan ibsamedha.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

Qorannoo kamiyyuu gaggeessuun dura, maaliif akka gaggeefamu, maal irratti akka gaggeefamu, maal irratti akka xiiyyeefatu fi mala akkamiin yoo fayyadame bira gahuu akka danda"u adda baasuun barbaachisaa dha. Haaluma kanaan qorannoon kun qorannoo aadaafi duudhaa hawaasa bu"ureeffatee dha.Qorannoon aadaa hawaasaarratti xiyyeeffatuu immoo gosoota qorannoo keessaa mala qorannoo akkamtaa (qulqulleeffataa) jalatti ramadama. Kanarraa ka"un mallii qorannoo akkamtaa kun filatamee qorannichi gaggeefame jira.

Ragaaleen qorannoo kanaaf barbaachisaniis Abbootii Gadaa, manguddota Oromoo, beektoota aadaafi hojjatoota waajiraalee aadaafi turizimii Godinafi Aanaalee waliin gaaffileen afgaaffii, marii garee, akkasumas dokkimantiin adda addaa akka sakatta"amu taassisuun kan funaanamu yoo ta"u, ragaan odeeffannoo argamu kunis jechaan ibsamee akka qaacceeffame hiiknii itti keennamu waan barbaadamuuf mallii kun filatame.Sababnii mallii kun filatameef qorannoo kana sirriitti ibsuuf mijataa waan ta"efi. Mala kana ilaalchisuun, (Yirgaduun 2011/2019, Dastaa 2002:113) Wikipedia wabeefachuun:

> *"The most common analysis of qualitative data is observer, impression.*
> *That is expel or by stander observers examine the data.Interperate it via*
> *forming on impression and report their impression."jedhe ibse jira.*

Dabalataanis, (Yirgaduun 2011/2019, Addunyaa 2011, Dastaa2002:113) mallii qorannoo akkamtaa haallii jiruufi jireenya hawaasichaa ykn amala hawaasa sanaa akkaataa fi bifa inni qabuufi akkasumas maal jechuu akka ta"e kan ittin xiinxalamuudha jedha. Itti ansuun, (Yirgaduun 2011/2019, Addunyaa 2011) hayyoota armaan gadii wabeefachuun akkasitti ibsee jira. Tum (2002), Sigh (2007) Dhimma kanas gaaffii "Akkamitti?" jedhu kaasuun bal"inaan qorachuuf haala mijeessa. Gaaffii kana deebiisuuf kan barbaachisu odeeffannoo akkamtaati (qulqulleefataa) ti. (Yirgaduun 2011/2019, Moon (2004:3) akaakuu odeeffannoo kanaa:

> *"Qualitative data is descriptive data from observation or*
> *unstructured interviews" jechuun hiikaan.*

Yaannii kun dhimma qorannichaa gadiifageenyaan xiinxaluuf isa bu‟uraa waan ta‟eef aniis gosa qorannoo keessaa akkan isa kana filadhu ta‟uu isaati.

## 3.1. Gosa/Saxaxa Qorannoo

Saxaxni qorannoo tokko kallattiin qorannichaa kan namatti agarsiisudha. Saxaxa qorannoo ilaalchise (Fileen 2013:64, Yirgaduun 2011:37, Victor 2009:303) yoo ibsan:

> *"The research design is a plan of action that allows the researcher to know (to paraphrase) where they came from, were they are and where they are going," jechuun kaa"a.*

Yaada kanarraa saxaxnii qorannoo tokko, qorataan garamiitti qorannicha geessaa akka jiru beekuuf isa gargaara. Yaaduma kana kan deegaruu, (Yirgaduun 2011:37, Addunyaan 2011:64) wabeefachuun yoo ibsu. "saxaxa qorannichii deebisuuf deemu, kaayyoo isaafi akaakuuwwan odeeffannoo argamuuti," jechuun kaa‟a.Yaada hayyoota kanaarraa akka hubannuutti saxaxnii qoranno, mala qorataan qorannicha ittin gaggeessu, akkaataa filannoo iddatootaa, meeshaalee odeeffannoon ittin guramuu maal maal akka ta‟e fi qaacceeffame ibsame jira.

Dabalataaniis, (Yirgaduun 2011:37, Addunyaan 2011:63, Fillee 2013/2019: 64) irratti yoo ibsan, qorataanis yaaxxinaalee qorannoo jiran keessaa yaaxxina qorannoo kanaaf ni mijaata jedhee amanu, yaaxina Seenawaa (Historical reconstructional theory) fi Yaaxina Aadaa Hawaasaa (Folk-cultural Theory) jedhuun xiinxala Afseenaawwan teessuma lafa bakkewwaan godina Shawaa kaaabaa kan jedhuun kan xiinxalamuu ta‟a.. kan ibsamus odeeffannoo akkamtaarratti yoo hundaa‟ee saxaxni isaas ibsaa akkamtaa (qualitative) ta‟a." jedha. Akka yaada barreessaa kanaarraa hubachuun danda‟amutti, hojii qorannoo keessatti saxaxa qorannoo adda baasanii beekuun barbaachisaa ta‟a. Qorannoo kana keessatti Xiinxala Afseenaawwan teessuma lafa bakkeewwaan Seenaa qabeeyyii fi Seenaan isaani dagataman Godina Shawaa kaabaa (Salaalee) Aanaa G/jaarsoo irratti maal akka ta‟e ragaan Abbootii Gadaa, manguddoota fi Waajiiraa Aadaarraa argamurratti hundaa‟un xinxalamanii jechaan ibsi itti kenname jira.

## 3.2. Kallattiiwwan Qorannoo

Fileen (2013/2019:64, Creswell 2009) wabeeffachuun yoo ibsu adeemsa saayinsii qorannoo keessatti kallattiiwwan qorannoo lama kanneen jiran yommuu ta‟u, isaanis kallattii qorannoo saayinsii uumamaa fi saayinii hawaasaati jedhu. Kallattiiwwan kunniin yaadiddamoota, saxaxaa fi malleen qorannoo mataa isaanii kanneen qaban yommuu ta‟an, malleen lamaan isaaniis wantoonni walitti isaan fidaniifi walfakkeessanis qabaachuu danda‟u jedhu. Qorataniis mala kayyeefata fayyadame gaggeesse jira.

## 3.3. Irraawwatama

Irraawwatama qorannichaa qorannoon tokko yeroo gaggeefamuu irraawwatama mataasaa qaba. Irraawwatamnii kunis namootaafi dhimmoota qorannoon irratti gaggeefamu dha. Kana ilaalchisee, Yirgaduun 2011: 28, Addunyaa (2011:64) yoo ibsan, "…namotaafi dhimmoota qorannoon sun irratti gaggeeffamu waan ilaallatuf kan irratti raawwatame gaalee jedhurraa adeemsa suphaatiin umame," jedhu. Haaluma kanaan irraawwatamni qorannichaa Xiinxala Afseenaawwan teessuma lafa bakkeewwaan Seenaa qabeeyyii fi Seenaan isaani dagataman Godina Shawaa kaabaa (Salaalee) Aanaa G/jaarsoo iraatti gaggeefame jira.

## 3.4. Tooftaa Iddatteessuu

Qorannoo gaggeessuu keessatti filannoo iddattootaa qulqullina qorannichaaf bu‟aan inni qabu murteessaa ta‟a.Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti qoratan tooftaa iddatteessu miti carraa fayyadamuun iddattoota kan filatu ta‟a. Kunis namoota odeefannoo sirriifi qabatamaa ta‟e keennu danda‟an adda baasuun qoratan ta‟e jedhe Abbootii Gadaa, manguddoota fi Waajjira Aadaa fi Tuurizimii Godina fi Aanaa Xiinxala Afseenaawwan teessuma lafa bakkeewwaan Seenaa qabeeyyii fi Seenaan isaani dagataman Godina Shawaa kaabaa (Salaalee) Aanaa G/jaarsoo sirritti beekan filachuun ragaan funaanname jira.

Tooftaa iddatteessu kana ilaalchisee, Jane (2003:78) yoo ibsu, "In non- probability sample, units are deliberately selected to reflect particular features of or groups with in thesampled population," jedha. Yaada kanarraa akkuma hubannu tooftaan miti-carraa kan itti yaadame iddattoo filachuuf gargaara. Haala kanaan qorannoo kana keessatti qoratan Abbootii Gadaa,

manguddoota fi Waajjira Aadaa fi Tuurizimii Godina fi Aanaa qorannichaa kanarratti odeeffannoo guutuu keennuu danda‟an kan gargaaramu ta‟a. Ragaa funaanu keessatti qoratan tooftaa iddatteessuu akkayyuu fi mala eeruu fayyadamuun ragaan barbaachisu hunda walitti qabate jira.

Iddatteessun akkayyoo fi eeruu fayyadamuun Abbootii Gadaa, manguddoota fi Waajjira Aadaa fi Tuurizimii Godina fi Aanaa Xiinxala Afseenaawwan bakkeewwaan Seenaa qabeeyyii fi Seenaan isaani dagataman Godina Shawaa kaabaa (Salaalee) Aanaa G/jaarsoo irratti kanneen odeeffannoo barbaadamu sirritti ni beeku jedhame itti amanamu itti yaaduun filachuu fi namoota kaayyoo qorannoo keenyaaf bu‟aa busuu danda‟an addatti filuun raga argachuuf qoratan gargaarama. Kana ilaalchisee, (Fileen 2013/2019:68, Yirgaduun 2011:28, Addunyaan 2011:67) yoo ibsan,"Iddatteessuu akkayyoon akaakuu iddatteessuu miti-carraa ta‟e qorataan tokko beekumsa dimshaashaarratti qabuurraa ka‟ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda‟u murteessu ilaala. Akka kaayyoo qorannichaatti odeeffataa yookaan deebistoota fiilachuu waan ta‟ef." jechuun kaa‟a.

Yaada armaan olii kana deegaruun, Scott and Deildred (2009:47) yoo ibsan,"purposive sampling in volves selecting people for our research who are available or important to the given study,"jedhu.Yaada kanarraa ka‟un qorattun akaakuu iddatteessuu miti-carraa keessaa iddatteessuu akkaayyoo ykn kaayyeeffataa fayyadamuun Abbootii Gadaa, manguddoota fi Waajjira Aadaa fi Tuurizimii Godina fi Aanaa filachuun ragaa irraa funaanuun akka qaaceessuuf kan itti fayyadame jira.

Walumaagalatti qoratan yaada armaan oliirraa ka‟uun qorannoo keessatti Abbootii Gadaa, manguddoota fi Waajjira Aadaa fi Tuurizimii Godina fi Aanaa sirritti beekan irraa ragaan funaannamu ta‟a. Kunis odeeffannoo sirrii ta‟e argachuuf gargaara. Akkaataa kanaan Abbootii Gadaa, Manguddoota fi waajjiraa aadaa fi Tuurizimii filatame kana keessa Abbootii Gadaa 5, Manguddoota jahaa (6) Ogeessoota waajjira aadaa fi Tuurizimii (7) irraa afgaaffiin, hayyoota (beektoota) saddeet (8) fi namoota naannoo afseena kana irratti hubannoo qaban afur (4) afgaaffi fi marii garee qopheessuun xiyyeeffannoon, hubanno fi

beekumsa Abbootii Gadaa, manguddoota fi Waajjira Aadaa fi Tuurizimii Godina fi Aanaa Xiinxala Afseenaawwan bakkeewwaan Seenaa qabeeyyii Godina Shawaa kaabaa (Salaalee) Aanaa G/jaarsoo irratti qaban filatamanii akka odeeffannoon irraa funaanamuu ta‟a. Walumaagalattii namoota soddooma (30) irraati qabatamaan kan guramuu yoo ta‟u hawaasa naannoo irraas yaadni dabalata fudhate jira.

## 3.5. Madda Ragaa

Madda ragaalee qorannoo jechuun odeeffannoowwan mata duree qorannoof taa‟an: namoota, manneen kitaabaa, muuziyeemii, wiirtuu aadaaalee, ardaalee jilaa, bakkeewwanii Seenaa fi aaadaa qabeeyyii madden irraa argamaniifi walitti qabamidha. Madden ragaalee kanneen filaachuudhaaf wanti murteessu ammo mata duree qorannoo fi kaayyoolee qorannoo, akkasumas malleen qaaccessa ragaaleeti. Filee (2013/2019:67) ibse jira.

Haaluma kanaan maddii odeeffannoo tokkoffaa fi lammaffaa Abbootii Gadaa, manguddoota, namoota hubannoo naannoo Afseenaa irratti qabanii fi Ogeessa Waajjira Aadaa fi Tuurizimii fi dokumaantii kanaan dura irraa fudhate jira.

## 3.6. Toftaalee Funaansa Ragaalee

Qorannoon tokko yeroo gaggaaffamu ragaan yookin odeeffannoo funaanachuun barbaachisaadha.Haaluma kanaan odeeffannoon qorannoo kanaa malleen hamamta afi akkamtaa hojiirra olchuun adeemsifama.Mallii kunis oddeefannoo keennitootarraa odeeffannoo barbaadaman argachuuf ni gargaaru jedhameetu filatama.Malleen kana keessatti odeeffannoon af-gaaffii, marii garee fi sakkaa‟ata dokumantii irratti xiyyeefatame gaggeefame jira.

### 3.6.1. Af Gaaffii

Saxaxa qorannoo beekumtaa keessatti afgaaffiin, gosa adda addaan, kallatti adda addaafi adeemsa adda addaan raawwata. Kaayyoon afgaaffii, odeeffannoowwan argamaan fi marii gareedhaan walitti qabaman mirkanneeffachuuf, fi waraabbii keessatti hin deebine deebisuuf

akkasumas, qaawwa gaaffii qorannoo hin deebine duuchuudhaaf faayidaa guddaa qaba. (Fileen 2013/2019:73) irratti yoo ibsu.

Afgaaffiin meeshaalee ittin odeeffannoo funaanan keessaa mala akkamtaati. Qoratan kun af gaaffii sababiin itti filatef hubannoo namoonnii waan tokkorratti qaban mala ittin ragaa argatan waan ta‟efidha. Keessaayyuu Afseenaawwan bakkeewwaan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Godina Shawaa kaabaa (Salaalee) Aanaa G/jaarsoo irratti qorannoon qoratamee taa‟e hin jiru waan ta‟eef qoratan Abbootii Gadaa, manguddoota, hayyoota, namoota hubannoo naannoo afseenaa irratti qabani fi Ogeessa Waajjira Aadaa fi Tuurizimii fi dokumantii ragaa kennamu irra yaadannoo qabachuun, Viidiyoo fi sagalee waraabuun ragaan funaaname jira.

### 3.6.2. Marii Garee

Marii garee irratti mata duree qorannoo kanaaf odeefannoo sirrii kan keennuu danda‟an Abbootii Gadaa, manguddoota, hayyoota, namoota hubannoo naannoo kana irratti qaban fi Ogeessoota Waajjira Aadaa fi Tuurizimii beekumsa ni qabaatu. Kanaafuu namoota kanarraa odeefannoon akka funaanamuu nita‟a. Kunis muuxannoo fi bekumsa jara kanaa qorannoo kana keessatti dhimma bahuuf gargaara. Kana ilaalchisee, (Yirgaduun 2011:29, Kotheri (2004:98) wabeeffachuudhan yoo ibsu,"Focused group interview is meant to focus attention on the given experience of the respondent…," jechuun kaa‟a. Marii kanas qoratan bakka giddu galeesa fi namoota kallattiin qorannoo sanaan hawaasa keessatti muuxannoo fi beekumsa cimaa qaban jahaa hanga kudha lamaa yeroo adda addaa bakkeewwan adda addaatti walitti fiduun odeeffannoo irraa walitti qabachudha. Filee 2013/2019:72).Yeroo mariin garee kun gaggeeffamu xiyeeffannoon qorata Xiinxala Afseenaawwan bakkeewwaan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Godina Shawaa kaabaa (Salaalee) Aanaa G/jaarsoo irratti raga barbaadamuu hundii fudhatame jira.

### 3.6.3. Sakkatta‟a Dokumantii

Qorannoo gaggeeffamuu tokko keessatti meeshaan funaansa raga barbaachisaa dha.Meeshaalee funaansa ragaalee kanneen keessaa immoo sakkatt‟aan dokumantii isa tokko yoo ta‟u, qoratan dokumantii adda addaa Xiinxala Afseenaawwan bakkeewwaan Seenaa

fi Aadaa qabeeyyii Godina Shawaa kaabaa (Salaalee) Aanaa G/jaarsoo irratti barreeffaman sakkatta‟un dubbisee qindeessun danda‟ame jira

## 3.7. Adeemsa Funaansa Ragaa

Adeemsa qorannoo kanaaf kan wantoonni barbaachisoo ta‟an odeeffannoo funaanu keessatti akkaataa ragaan itti funaanamu, akkaataa hirmaattoonnii raga itti kennaan, qaacceessa ragaalee, amanamummaa qorannichaa fi qindaa‟annii qorannichaa tartibaan akka dhiyyatu ta‟ee jira.

### 3.7.1. Haala Ragaan Itti Funaaname

Ragaan Abbootii Gadaa, manguddoota, namoota hubannoo naannoo Afseenaa irratti qabanii fi Ogeessa Waajjira Aadaa fi Tuurizimii fi dokumaantii funaanuu keessatti keessummaa odeeffannoo Abbootii Gadaa fi manguddoonnii kennanniif yaadannoo dhunfaa qabachuufi sagaleedhaan waraabudhaan ragaan akka funaanamuu ta‟a. Kunis odeeffannoon waraabame ragaaf akka taa‟uu barreeffamati jijjirame jira.

### 3.7.2. Akkaataa Hirmaattonni Ragaa Itti Kennaan

Hirmaattonni qorannicha Abbootii Gadaa, manguddoota, namoota hubannoo naannoo Afseenaa irratti qabanii fi hojjetoonni Waajjira Aadaa fi Tuurizimii irraa ragaa funaanuu osoo hin egaliin dura dhimma ragaan sun barbaadameef ibsi barbaachisuu akka hirmaatootaaf keenname ragaan hudii fudhatame jira.

Kaayyoo qorannichaarratti, akkaataa yaada isaani itti ibsan fi ragaa kennu keessatti Xiinxala Afseenaawwan teessuma lafa bakkeewwaan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Godina Shawaa kaabaa (Salaalee) Aanaa G/jaarsoo irratti akka bu‟ureefatani yaada kennannifi hirmaatootaaf ibsi gahaan karaa qoratatiin akka keenamuu taasifame jira.

### 3.7.3. Muuxannoo Dirree Aloolaa

Qorannoon dirree kan qorataan tokko iddoo qorannicha itti adeemsisu dhaquudhaan gaggeessuudha. Adeemsi kunis kan odeeffannoon qorannoo sanaaf ta‟urraa argamu (namoota,

fakkii, hambaa, aadaa hawaasichaa, Riqicha, Tulluu fi Holqoota fi kkf) bira dhaquun qabatamaan raga barbaachisu sassaabuun fayyadamedha. Haaluma kanaan qoratichis mata duree qorannicha mirkanneefame fudhate qaama dhimmi ilaalurraa meeshaalee ragaa funaanuuf barbaachisan, maallaqa barbaachisu, nama deeggarsa taasisu qabachuun bakkaafi yeroo namoota qorannicharratti hirmaataniin walarguuf guyyaa beellama bilbila iddoo san itti argamuun dhimman dhaqeef dhimmia Afseena itti himuun booda waan barbaaduufi sababan barbaadeef ibsee warraabbii fi suura eeyyamsiisee hojicha milkeesseera.

### 3.7.4. Meeshaalee Waraabbii

Qorannoo gaggeeffamu keessatti odeeffaannoo bifa adda addaan funaannachuun akkuma jiru amala odeeffannoo funaannamuu irratti hundaaʻʻuun meeshaalee adda addaa odeeffannoon ittiin funaannatanis ni jiraatu. Qorannichi fookloorii buʻʻuureffatee Aanaa Giraar Jaarsoo kutaa hawaasaa keessa Abbootii Gadaa, Hayyoota, manguddoota, Ogeessoota wajjira Aadaa fi Turizimii fi namoota naannoo afseena irratti hubannoo gaha qaban irraa funaaname waan taʻʻeef, meeshaaleen waraabbii sagalee fi suursagalee aloolaa qorannoo kanaaf filatame dhimma itti baʻʻamee jira.

Haala kanaan odeeffannoo Afseenawwan bakkeewwan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Aanaa Giraar Jarsoo walqabatan irratti afgaaffii, marii gareen fi sakkatʻʻinsa dokumaantii waliin taasifame meeshaalee waraabbii suura fi sagalee kanaan waraabuun dhimma itti baʻʻame jira. Dhumarratti waan waraabame fi suura irraa dhageefachuun waraabbiin isaa milkaaʻʻinaan akka raawwatamu taʻʻee jira. Ragaa waraabbames gara Filaashiitti jijjiirudhaan akkaataa duraa duuba isaatiin qindeessuun barreeffamaan qopheesse jira.

### 3.7.5. Naamusa Ogummaa

Qorannoo tokko gaggeessuuf haalli dhiyeenya qorataa murteessaadha. Milkaaʻʻina qorannoo taasifamuuf ragaan ijoo waan taʻʻeef qaama dhimmi ilaalu hunda biratti seera-qabeessaafi namusa qabeessa taʻʻee dhiyaachuun irraa eegama. Qoratichis, jalqaba nagahaa fi kaayyoo qorannoo itti gaggeefamuuf deemu itti himu fi ibsa gahaa afseenaa ilaalchise Afseenaa Aannicha fi

bakkeewwan Seena fi Aadaa beekamoo fi odeeffannoo fi namoota murteessoo yookiin filatamoo ta,an kan akka Abbootii Gadaa, Manguddoota, Hayyoota, namoota naannoo Afseena irratti hubannoo gaha qabanii fi raga yookiin dokumaanti dhimmi qorannoo sanaan wal qabatan ibsamefi jira.

Isaa booda Ogeessa waajjiraa dhimma qaorannoo kanaan wal ilaaluu waliin ta‟uun akkaataa dhiyaannaa fi qaama dhimmi ilaallatu hunda birati argaman akka mijatu ta‟ee jira. Qorataanis akkaataa duudhaa hawaasichaa fi namusa naannoo sana faana deemuun haala dubbii, uffannaa, aadaa nyaataa,dhugaati fi amantii isaanii kabajuudhaan odeefkennitoota wajjin waliigalee gammachuufi jaalalaan odeeffannoo barbaadu argachuu danda‟eera.Kana keessattti qorataan argannoo qorannoo isaa milkeessuuf odeefkennitootaan walitti dhufeenya gaarii uumate jira.l

### 3.7.6. Haala Qaacceessa Ragaalee

Qorannoo kana keessatti odeeffannoon karaa Afgaaffii, Marii Garee fi sakkatt‟insa dokumantiidhaan argaman adda baasuun cuunfamanii kahamanii jiru. Qorattichi Aanna filatame irratti odeeffannoo karaalee Afgaaffii, Mariigaree fi sakkatt‟insa argaman qoqqooduun ragaadhaan mirkaneessee qaaccesse jira. Haalumaa kanaan qorattichi odeeffannoo argaman karaa isaatiin kan qaaccesse karaa Abbootii Gadaa, hayyoota, manguddoota, namoota hubannoo naannoo Afseenaa irratti qabanii fi ogeesoota Waajjira Aadaa fi Tuurizimii irraa argame yaadannoo qabachuun waraabbii vidiyoofi sagaleen funaanaman xiinxalamanii, ibsii gahaan irratti kennamee akka hiikaman godhame jira.

Ragaan kun kan argame Maanguddootaa, Abbootii Gadaa, ogeesoota Waajjirra Aadaa fi Turizimii Aannichaa, hayyoota naannoo sana keessajiraatan mana fi iddoo tokkotti marii gareen deemuun kan funaanamee dha. Kana qofaas osoo hin taanee, namoota waa‟ee Afseenaa bakkeewwan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii naannoo sanaa beekan gaafachuun argame walitti qabuun ibsi gahaan kenname jira.

Addunyaa (2011:70-71) yoo ibsu, “Qaaccessi ragaalee akkamtaa yaada odeef-keennitootarra marii garee xiyyeeffatamaa, afgaaffii, xiinxala dokimantii, yaadannoo dirreefi kkf irraa argaman irra deddeebi‟anii dubbisuun ibsuufi hiikudha.” Qoranichi mala qaaccessa ragaalee

akkamtaa kan gargaarame yemmuu ta‟u, kunis ragaan akkamtaa dhimmoota qoranicha keessatti dhiyaatan hunda jechaan kan ibsamedha. Adeemsa qorannoo kana keessatti bu`aawwan qorannoo kanaa argachuuf qorataan ragaalee qaaccessuun murteessaa dha.

Qorataan kunis meeshaalee funaansa ragaa: afgaaffii, marii garee fi dokumatii Abbootii Gadaa, Manguddoota, Ogeessoota Wajjira fi Aadaa fi Turizimii, Hayyoota fi namoota naannoo afseena irratti hubannoo qaban irraa argame mala akkamtaatiin qaacceffame, afgaaffii, marii garee fi dokumatii argaman kanneen akka Afseenaa, Afee fi mata duree sana waliin deemuu danda‟aan kanneen keessatti bakkeewwan Afseenaa fi Aadaa qabeeyyii ta‟aani dhiyaatan tokko tokkoon haala duraa duuba isaanitiin bal‟inaan sakatta‟amanii qaacceffamanii jiru.

Walumaagalatti ragaan funaaname hawaasa Aannicha keessaa namoota filatamoo fi beekumsa naannoo kana irratti qaban irraa walitti qabame karaa guuttun ibse itti kenname jira.

## 3.7.7 .Haala Amanamuummaa Qorannichaa

Qorannoon kun amanamummaa guutuu akka qabaatuuf qoratan dursa hojjetoota Waajiira Aadaa fi Turizimii Aanaa G/Jaarsoo waliin walqunnamuun yaadoota adda addaa gaafachuu fi Abbootii Gadaa, manguddoota, hayyoota, namoota hubannoo naannoo Afseenaa irratti qabanii fi Ogeessa Waajjira Aadaa fi Tuurizimii fi dokumaantii adda addaa mata duree kanaan walqabatanii fi namoota beekumsa gahaa qaban 30 irraa karaa guutu ta,een fudhatame jira. Ragaan funaanamuus bifa sagalee, suuraafi viidiyoon akka waraabame ta‟ee jira. Kunis ragaan qorannicha qabataman gaggeefame qacceefame jira.

# BOQONNAA AFUR: HIIKAA ODEEFFANNOO

Boqonnaa kana keessatti ragaawwan mala afgaaffii, marii garee fi dokumatiitiin walitti qabamaan akkaata qabxiilee kaayyoo gooree jalatti kahamanirratti hunda‟uun qaacceffamanii jiru. Mata duree qaaccessa "Afseenaawwan bakkeewwan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Godina Shawaa Kaabaa: Xiyyeeffannoon Aanaa G/Jaarsoo" bu‟uura taasifachuun gaaffiilee afgaaffii, gaaffiilee marii garee xiyyeeffannoo fi ragaawwan karaa dokumantiitiin argaman barreeffama fi suuraawwan muraasan deeggaramanii dhiyyaatanii jiru.

## 4.1 Afseenaa Aanaa G/Jaarsoo

Aanaan G/Jaarsoo Naannoo Oromiyaa Godina Sh/Kaabaa keessatti yemmuu argamtuu, karaa kaabaatiin naannoo 3, karaa kibbaatiin Aanaa Yaayyaa Gullalee, Karaa Bahaatiin naannoo 3fi Aanaa Dabra Libaanoos karaa kibba lixaan Aanaa Dagamiin daangeffamtee argamti. Aanaan G/Jaarsoo magaalaa guddittii biyyatti Finfinnee irraa karaa gara Gojjaamiifi Gondar geessuu ykn gara Kaabaatti 112 km irratti yammuu argamtuu magaalaa guddittii Godina Fiichee keessatti kan argamtuudha.

### 4.1.1 Afseenaawwan Aanaa G/Jaarsoo fi mogaasa Aannicha


Haaluma armaan olitti ibsamuuf yaalametti, Afseenaan gosa Oromoo Godina Shawaa Kaabaa Aanaa G/jaarsoo jiraatu bu‟uura godhachuun iddoowwan moggaasaa fi afseenaa qabu.

Afgaaffii guyyaa 27/07/2015 (Obb.Dhugoomsa, Asteer, Mogoos,Addunya) waliin dhimma afseenaa fi mogaasa Aanaa Giraar jaarsoo jedhu irratti karaa afgaaffii, marii garee fi dokumantiitii kana duraa ilaaluun odeeffannoo akka funaanamu ta‟ee jira.Haaluma kanaan yaada kennamee irraa akka hubatamutti Afseenaa wantoota adda addaa irratti huda‟uun yoo ibsamu, kuniis maqaa nama, maqaa lafaa, aadaa, duudha, eenyumma, safuu, haala teessuma, gosa naannoo, dhiibbaa siyaasa fi amantatiin kan ibsamaniidha.

Afgaaffii guyyaa 20/07/2015 Obb. Fiqaaduu Tolasa waliin taasifame ilaalchise Mogaasaa iddoo bakkeewwan garagaara fi haala jiruu fi jireenyaa uummata afseenadha. Akkaasumas haali walitti dhufeenya hawaasa afseenadha. Kuniis yeroo gara yerooti afseenaan darbaa deema. Oromoon

Salaalee Afseenaadhan Oromoo beekamuudha (Asaffaa Tafarraa 2009, 2002). Keessayyuu gama, Artii, Goototа, Atileetoota, weelistoota haaloota garagaaran (Occation) sirnoota adda addaan haala itti dhufiinsa gaafa ilaaluu, yookiin taateewwa, sirna walitti dhufiinsa gaafa ilaaluu, taateewwan adda addaa ilaalee mogaasa adda addaa yookiin dhugeefannoo garagaara akka qabu ibsanii jiru yookiin immoo mogaasayookiin immoo barsiifata addaa addaa gaggeessa akka turee fi gaggeessa akka jiru ibsanii jiru

Afseenaa Aanaa G/Jaarsoo ilaalchisee, marii garee gaafa guyyaa (21/07/2015 Obb. Addunyaa Hordoofa, 27/07/2015 Dhugoomsa Nagaasaa) gaggeefamee irratti yemmuu yaada isaanii kennan, maqaan "Giraar Jaarsoo" jedhu Salaalee Aanaa G/jaarsoo Shabaalii fi warxuu iddoo jedhamuu keessa kan jiraatan keessa gosa Galaan yoo ta‟aan Galaan jechuun ilma hangafa Daacciiti (Tuulamani ilaan sadi sadi qaba). Isaanis: Bachoo, Daaccii fi Jiillee yoo ta‟an kana keessa Daaccii ilma hangafa Tuulamati akkasumas, Galaan ilma hangafa Daacciiti



Jidda Liiban Ada‟aa Aabbuu Warra Jaarsaa

Gaadula

Kura Gaaliyyii Keekuu -3 Arabsaa Dooyyoo

Amuuma Saalluu Idooroo Illammoo

Dubbannaa Eechuu Dabbatii Bisiraat

Raayyaa Wanbara Bonayyaa Busaa

Doyyoo **Aallee** **Tulluu Salaalee**

Abbichuu

Eguu- **Illammoo** Dhanqaa Bonayyaa Raasoo Ittayyaa Saqqoo Aannoo Dooroo Aannaa Bisirat

Yaada armaan olii kanarraa hubachuun akka danda‟amutti, uummanni Oromoo Magaalaawwanii fi gandoota baadiyaa tokko tokkoof afseenaan isaanii gosa oromoo naannoo sana jiraatu irratti hundaa‟uun akka mooggaasaafiafseenaa argachiisuu danda‟an yaada kanarraa hubachuun ni danda‟ama

## 4.2 Afseenaawwan Bakkeewwaan Seena fi Aadaa Qabeeyyii Aanaa G/Jaarsoo

Afseenaan kun bakkeewwaan seenaa qabeeyyii Aanaa G/Jaarsoo naannoo sanaa irratti hundaa‟uun afaaniin (himamsa afaaniitiin) dhalootaa dhalootaatti kan darbuu dha. Akka Godina Shawaa kaabaa Aanaa G/Jaarsootti bakkeewwan Seenaa qabeeyyii irratti hundaa‟uun himaman haala armaan gadiitii dhiyyaatanii jiru.

Afgaaffii guyyaa 20/07/2015 Obb. Fiqaaduu Tolasaa waliin gaggeefame keessatti wa‟ee afseena yeroo ibsan afseena jechuun waan baladha, jiruu fi jireenyaa uummaticha waliin kan walqabatuu yoo ta‟uu, haali jiruu fi jireenya uummata dhaloota dhalootati dabarsuudha.

### 4.2.1. Afseenaa Riqicha Poorchuugaal, Laga Guur fi Haala Naannoo

#### 4.2.1.1. Seenaa Jalqaba Riqichoota Addunyaa

Badirii Kabiirii (1990:4) Riqichi jalaqaba kan biyyaa lafaa, isaa uumaan hojjetdha. Kuniis Damee mukaa, Boortee galaanni ulee keessa darbe jedhu. Riqicha uumaa kan Laga Waabee irraa fi kkf yoo ta‟uu Riqichi inni lammaffan kan uummanni durii (primitive society) hojjatame. Isaan kanneen bakki itti argaman biyyaa Awurooppaa, Baabiloon, Chaayinaa fi Gibtsii (misiradha) kannee keessaa umurii dheeraa qabaachuun kan beekamu isaa biyya Ingilziitii argamu Shropshiredha. Umuriin isaa waggaa 10,000 hanga 20,000 ta‟uun beekamadha. Kanatti aansudhaan Riqichoonni baayy‟een umurii dheeroo qaban addunya kana irra akka jiran beekamoodha.

#### 4.2.1.2 Seenaa Jalqaba Riqichoota Itoophiyaa

Badirii Kabiirii (1990:4) Uummanni Itoophiyaa yeroo dheeraa jalqabee galaana ce‟aa kan turee daakuudhaani. Kuniis galaanichi yoo salphaa ta‟ee qofa ture. Badiirin James Brusii fi Dallaleenyi Tashooma (1990:1) wabeefachuun yeroo ibasan naannoo kanatti kan Oromoonni Mormooriin gahaa turaniidha.Kuniis

1ffaa. Qanqalloo lama qilleenssan guutanii muka baballaa walitti hidhuun galaana ce‟aa
akka turan himu

2ffaa. Eegee fardaa harkatti maratanii Fardaan galaana ce‟aa turan jedha

Kanatti ansuudhan kan beekamu Riqichi mukati. Riqichoonni galaana irraa muka dalga galchuun hojjetamaan kun naannoo kibbaa Itoophiyaatti sirritti kan baayy‟ee beekamaniidha.Imaltoonni Farajoota yeroo sana gara biyyaa keenya seenaan sirritti ibsu. Keessa‟uu Riqichoonni yeroo sana naannoo Jimmatti muka irraa hojjetamaan kan baayy‟een isaanii dinqisiisoo fi sadarkaa addunyatti kan beekamannii fi waliin dorgoomu kan danda‟aan ibsanii jiru.

Riqichoonni dhagaa yeroo duraaf Itoophiyaa keessatti kan hojjetaman walakkeessa Jaarraa 16ffaa keessa ture. Kuniis poorchuugaaloonni naannoo baayyinaan itti ijaaramaniis Magaalaa Gondii fi galaanna abbaayya (Abaay) giddutti ture jedhu. Ijaaramanni Riqichoota bifa kanan hamma yeroo Atsee Faasiil (6ffaa) keessaa akka itti fufee ni himama. Itti aansuun bara Nugusee

Sahayilaa Sillasees (1813-1847) Riqichoonni baayy‟een naannoo Maaraabeeteetti akka Ijaaramaan ni himama. Riqichoonni kanneen namicha biyyaa Giriik yohaannis kan ijaaramuun akka ni himama. Riqichoonni imaltoonni (trauellers) maqaan isaanii kiraaftii fi Herriis jedhamaan ni ibsu.

Haa ta‟uu malee Riqichi ammayyaa (Modern) kan Itoophiyaa keessatti ijaarameef mooticha goojjam Takalahayimanootiif jedhama. Ogeessi ijaare xaaliyaaticha maqaan isaa Counti Salimbenii jadhamuni. Barri isaas 1884-1885tti. Bara 1895 Riqichoonni walfakkaataan laga Zarafaat (Magaalaa Fiichee) irratti akka ijaarame seenaan ni ibsa. Ogeessitoonni Riqicha kana booji‟amtootaa Xaaliyaanii kanneen lola Adaawaa irratti Ioophiyaan qabamaniidha. Kan ijaarsise Raas Dargeedha. Ergaa Finfinneen hundeefamtee booda bara 1902 Raashiyaanoonni Riqicha dhagaa Laga qabbannaa irratti ijaaramani jiru.

Raas mokooniin ammoo iddoo amma maqaa isaatiin waamamu kanatti Riqcha ijaarsiise jira. Ogeessoonni yeroo san Jaarmanootan kan ijaaramedha. Riqichi Atsee Minilkii kan jalqabaa garuu kan ijaarame bara 1886 bara Oromoota Arsii injifatee Hararitti ce‟uuf qophii irraa tureedha. Iddoon isaas galaana Hawaasa irraa Ogeessi isaa gorsa waraanaa (Military adevisor) minilkiin kan beekamu biyyaa Swiidiini Alfred Ilgiidha. Gargaartoonni Ilgii amma Xaaaliyaaticha maqaan isaa Capueei jedhamudha.

### 4.2.1.3 Afseena Riqichaa Laga Guur/Riqicha poorchuugaal

Badirii Kabiirii (1990:4) Riqicha kana namoonni maqaa adda addaatiin waamu. Harki tokko Riqicha bupha jedhu, kuniis Riqicha buphaa irraa hojjetame waan ta‟eef jedhu. Namoonni bira Riqicha poorchuugaaloonni kan hojjete jedhanii amanu. Dhaabbanni Turizimii Itoophiyaa isaa Riqichaa Poorchuugaal ta‟u isaa kan jalqabaati. Wareen kun Riqichi kun Jaarraa 16ffaa keessa poorchuugaaloonni hojjeta jedhamet amanama. Gariin Riqicha Raas Dargee jedhamitti yaadu. Kuni immoo Riqicha Laga Guur jedhu sababni isaas Riqichi kun galaana yookiin laga Guur jedhamu irratti waan ijaarameefi jedhu.

Afgaaffii guyyaa 27/07/2015 Add. Asteer Tafaara waliin gaggeefame keessatti Riqichii poorchugaal iddoowwan hawwata turizimiifi madda galii Aanaan G/Jaarsoo qabdu keessaa isa

tokkodha yoo jedhan, Riiqichii kun magaalaa guddittii Finfinnee irraa gara Kaabaatti km105, magaalaa Godina Shawaa Kaabaa Fiichee irraa immoo km7 fagaattee A/G/Jaarsoo ganda Warxuu Maagaalaa Aanichaa Caagal keessatti laga Guur irratti kan argamtuu fi Jaarraa 16ffaa keessa maandisummaa nama lammii Porchugaaliin kan hojjetamedha. Moggaasnii maqaa isaas bu‟uuruma olitti xuqamee irraa akka ta‟ee kan seeneeffameedha. Haalli hojii Riiqichii Porchugaal hanqaaquu Guchii, nooraa adii, ciidii, dhagaa, mukaa, dhamaa Nugiifi k.k.fakkaatan irraa kan hojjetamee yoo ta‟u, bal‟inni isaa m3.2, oldheerinnii m10.50 fi dheerinni dagalee isaa m35dha. Maanguddonnii seenaafi naannoo sana tajaajilummaa isaa yemmuu himan, riiqichii kun osoo hin ijaarramiin dura bishaan laga guur ganna ganna rakkisaa waan ta‟eef haawasnii gandoota baadiyyaa sadii ol yeroo gannaas ta‟ee bona irra imaluun dhimma isaanii akka bahaataniifi ergamtonni biyya alaas imala isaanii milkeessuf karaa ittiin lagicha qaxaamuruuf ta‟uu isaa seeneessanii jiru. Kanarra darbee riiqichii kun yeroo ammaa hambaa nam-tolchee ta‟uun iddoo hawwata turizimiif gola galii ta‟e jira. Hawwatummaan isaas tajaajilummaa isaarra darbee bara inni itti hojjatameefi wantoots irraa hojjetamee ta‟uu isaa hundaaf ragaadha. Riiqichii kun dirree galii, seenaa qabeessarra darbee dirree carraa hojiillee ta‟ee jira. Kunis bara 2003 irraa eegalee dargaggoonni naannoo ganda Warxuufi magaalaa caagal hojii dhabeeyyii baay‟inni isaanii 16 ta‟an IMX aanichaa jalatti gurmaa‟uunii Waldaa Daddaraaroo jedhamuun moggaafatanii turistoota biyyaa alaafi keessaa simachuun daawwachisurratti kan argamaniidha. Naannoo riqicha kanatti bareedina haala teessuma lafaa dabalatee bineensonni akka jaldeessa abbaa daabee (chilada Baboon) jedhaman biyya keenya keessatti qofa argamu. Finca‟aa laga guuriifi simbiroonni gosa adda addaa kan argamaniidha. Dargaggoonni kunis galii adda addaa argachuudhaan mootummaadhafiis madda galii galchaa jiru.

Aanaan giraar iddoo hawwata turizimii qabduu keessaa Finca‟aan Laga Guur isa ajaa‟ibaati. Iddoon argama isaas Magaalaa Finfinnee irraa Km.105, Magaalaa Godinaafi Aanaa Fiichee irraa km.7 gara keessatti kallattii harka bitaatti km.1 ½ fagaattee karaa Bahaan ganda Warxuu, Liixaan Ganda Iyyataa Daannisaa, Kaabaan Ganda Kotichoo Safanee, Kibbaan Aanaa Dabra Libaanoosiin marfamtee kan argamtuudha.Moggaasnii maqaa ishees baatii Gannaa ykn roobnii hamaa yemmuu roobee iddoon finca‟aa kanaa galaana waan ta‟eef ni guuta. Namootas ta‟ee beelladootaafi bineensota ce‟uuf yoo jedhan kan fudhachaa ture ta‟u isaa seeneeffama. Lagnii

kun ganna sanatti ce‟uufi ceesisuuf yoo jedhan jalaa guuree isaan rakkisaa ture. Moggaasni maqaa Finca‟aa kanaallee jecha ***"Guuree"*** jedhuurraa **"*Guu*r**" jedhamee hawaasuma naannoo sanaatiin itti mooggaafame. Haalli hawwatumaa Finca‟aa kanaa haambaa umamaa ta‟ee dhagaa qarsaan marfamee bishaan taliilaan waaqatti ol kan keessaa burquudha. Daawwataan toora kana dhufee qilleensa sana abbuqachaa, haala teessuma isaa ajab jechaa, bineensota kanneen akka jaldeessaa waliin taphachaa, sesseeqaa, bosona naannoo sana marsee jiruu ilaalaa ollaawwan isa bukkee jiran holqa Dabbis, Riqicha Poorchugaaliitti imalaa bashannanaa wanta barbaaduu mara qor qalbiin irraa funaannataa dadhabnaan Paarkii Itiyoo Jarmaniitti goruun shaa shambaa jedhanii kan galaniidha. Waldaan Daddaraaroo turistiifi keessummonni naannoo kana dhufan imalaaf akka hin rakkanneef karaa iddoowwan kana geessuu daandii itti baasuun cirracha itti uwwisuun haala mijataa taasisanii jiruu.

Iddoon kun turistiif mijataa waan ta‟eef yeroo ammaa kanatti hambaa qabeenya umama ta‟ee tajaajiluun turistii biyya alaafi keessaa irraa galiin Aanaa Giraar Jaarsoof daawwachistoota Waldaa Daddaraaroon sassaabbamaa kan jirudha.



**Suuraa Riqicha Poorchuugaal bara 2014 fi 2015 Qorataan fudhatame**

Afgaaffii guyyaa 20/07/2015 waliin gaggeefame ilaalchise waa‟ee Riqicha poorchuugal yoo ibsan dur keessa yeroo waranna Kiristannaan haayilaandi kingidamii fi Ayyimeed Giraanya jidduti waranni waan tureef Warri kiristannaa kun laga guur karaa ittiin ce‟an dhabnaan ijaarame.Yeroo sana garee lamatu ture. Gareen kirstaan haayilaandii kun warra poorchuugaliin yoo deeggaramu, warri Giraanyi immoo warra Turkiin deeggarama. Warri kirstaanhaayilaandi kun Liibneedingiiliin Laga ittiin ce‟eef hojjetan jedhama.

Poorchuugaaloonni immoo namicha Kirstoofooldaagama jedhamuun loltoota Poorchugaaliin hoganamudhan akka hojjetamu taasise jedhama.Akka afoolati waan baayyeetu jedhama,kuniis buphaa irraa, daara irraa, buphaa guchii irraa, daakuu qamaddii irraa, noora fi daakaa irraa yoo ta‟uu, faayidaan inni kenna jiru immoo irraan ce‟uu fi iddoo hawwata Turizimiif tajaajila guutu kenna kan jiruudha.Kuniis bara 2000 irraa eegalee dargaggoonni kudha jaha (16) irratti gurmanii faayida argaacha hojii beeksisa hojjecha kan jiraniidha.kanaanis namni dhunfa fi mootumma bu‟aa gudda irraa argaacha kan jiraniidha.

Afgaaffii guyyaa 27/07/2015 Add. Asteer Tafaraa ogeessa waajjira aadaa fi Turizimii Aanaa Giraar Jaarsoo waliin gaggeefame keessatti waa‟ee Riqichaa poorchuugaal ilaalchisee Riqichi Poorchuugaal kan hojjetame Jaarraa 16ffaa keessa yoo ta‟uu innis warra poorchuugaaliin kan hoojetamedha. Riqichi kun wantoota akka daakuu qamaddii, buphaafa irraa yoo ta‟uu tajaajila irraa ummanni gara tokko gara bira ittiin deemuuf kan hoojetameedha.

Afgaaffii guyyaa 27/07/2015 Add. Birqee haayiluu ogeessa waajjira aadaa fi Turizimii Aanaa Giraar Jaarsoo waliin gaggeefame keessatti waa‟ee Riqichaa poorchuugaal ilaalchisee Riqichi poorchuugaal warra poorchuugaaloota kan hojjetame yoo ta‟uu, innis wantoota akka noora adii, qaamaddi, buphaa, dhagaa fi muka irraa kan hojjetamedha. Sababni isaa immoo namoonni karaa ce‟aan waan dhabaniif yeroo sana hojjataan. Riqichi kuniis tajaajila irraan ce‟uuf akka kennuuf hojjetame.

Afgaaffii guyyaa 27/07/2015 Obb. Dhugoomsa Nagaasaa ogeessa waajjira aadaa fi Turizimii Aanaa Giraar Jaarsoo waliin gaggeefame keessatti waa‟ee Riqichaa poorchuugaal ilaalchisee Riqichi poorchuugaal, maqaa kana kan argate naannoo Jaarraa 16 keessa yoo ta‟uu innis naannoo caagal iddoo laga Guur jedhamuti daandii Gojjam deemu irraa meetira 600 fagaatee kan

argamjuu ta‟ee wantoonni inni irraa hojjetame dhukaa midhanii, hanqaquu arageessa, biyyoo noora, muka fi dhagaa irraa walitti dabluun kan hojjetamedha.

Riqichi poorchuugaal iddoon inni irratti hojjetame matan isaa hallayyaan marfamee qarree irratti dhagaa uuma fi uumama nama hawwatu, haali isaa hanqaquu fakkatun dabalame ulaa sadii irratti kan hojjetamedha. Haali teessum naannoo sanii fi finca‟aa laga Guur waliin fakkiin isaa baayy‟ee hawwata Turizimiif mijaata kan ta‟eedha.

Hambaalee hin sochoone keessa isaa tokko fi haali oguma/ kalaqa isaa yeroo sanii ittiin hojjetame baayy‟ee baayy‟ee kan nama dinqisisuu fi iddoo artistoonni fi Turistoonni biyyaa keessa fi alaa itti bashanaanna adda addaatiif gara sana deemuun sammu isaani gammachisaniidha.

Riqichi poorchuugaal yeroo warannna Ameed Giraanyi fi warranna kistanoota jiddutti bara 1813-1847 jiddutti karaa ittiin socha‟aan dhabnaan itti fayydamuuf kan hojjetameedha.Riqichi kuniis wantoonni inni irraa hojjetame Buupha, daakuu qamaddii, dhaama Nugii, Noora, dhagaa fi muka kan of keessa qabu yoo ta‟uu, haali hojii isaa fi iddoon inni itti hojjetame kalaqaa artiin midhagee, iddoon inni irratti hojjetme mataan isaa hanqaquu killee uumama waan fakkatuuf baayy‟ee hawwata fi kan nama aja‟ibsisudha.

Ragaan Waajjira Aadaa fi Turizimii Godina akka agarsisuti Rqichi buphaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Giraar Jaarsoo Ganda Warxuu iddoo Caagal jedhamu daandii Finfinnee Gara Gojjam deemu irraa kara harka mirga yookiin immoo Fiichee gara Finfinnee yeroo imalaan karaa harka bittati argama.

### 4.2.1.4 .Maqaalee Riqicha Poorchuugaal/Riqicha Laga Guur

Mogaafamni Riqicha poorchuugaal mogafama Maqaa Afur (4) tti qoodama. Kuniis

1. Riqchaa Raas Dargee
2. Riqicha Buphaa
3. Riqicha Laga Guur
4. Riqicha poorchuugaal jedhama.

Riqichaa Raas Dargee jedhamee maqaan kun kan kennameef Jaarraa 19ffaa keessa yoo ta‟uu, kuniis namoonni akka odeeffannoo kenaanitti dhuma Jaarraa 19ffaa keessa Raas Dargeen Teessoo isaa naannoo shunkurtii Mika‟eeli gara Gadaamii D/Libaanoos sababa babal‟inafa Amantaan walqabatee irraan waan deemaniif isaantu hojjechise jedhu.

Riqicha buphaa jedhame kan mogaafameef bara durii keessa riqicha ijaaruuf kan akka simintoo waan hin jireef warri poorchuugaaloota yeroo gara biyyaa keenya sababa lola Amanta Riqicha kana Zaayita Nuugii, Daakuu qamaddii, biyyoo Nooraa, bupha guuchii, muka fi dhaga irraa hojjetamedha.

Riqichi guur kan jedhameef Riqichi kun Laga Guur jedhamu irratti waan hojjetameef Riqicha Guur jedhanii namoonni waamu.Itti dabaluun Lagni guur lageen sadii gara sanatti kan yaa‟aan yoo ta‟uu isaanis Lagaa Daannisa Aanaa Giraar jaarsoo ganda qonaan bula gaara keessa yoo ta‟uu, lagaa Waraabeessa fi Laga wasaarbii Aanaa Waacaalee irraa kan dhufudha.

Laga kana irratti Riqichoonni lama kan jiran yoo ta‟uu inni tokko bara 1928-1933 yeroo xaaliyaanoonni gara biyyaa keenya galan irraan ce‟eef kan hojjetame yoo ta‟uu, kuniis namoota gamoojjii keessa jiratanii fi badda jirataaniif tajaajila irraan ce‟eef akka kennuuf kan hoojetamedha jedha.

Riqichi poorchuugaal sababni jedhameef immoo hojiin isaa Jaarraa 16ffaa jalqaba ture. Sababni Riqichi kun hojjetameef immoo yeroo lolaa Ameed Giraanyi fi lola kirstanna jidduti Nuguusa Atsee Galadiyoos gargaaruuf jecha irraan akka ce‟aan tajaajila akka kennuuf kan hojjetamedha.

Badirii kabiirii (1990) qorannoo gaggeesse ilaalchise Riqicha jechuun mi‟a kamiyyuu irraa hojjetamudha. Fakkeenyaaf muka, sibilaa fi dhagaa irraa ta‟ee iddoo tokko qaxxaamuruuf kan nama gargaaruu yoo ta‟u, iddoon kun galaana, haallayyaa, daandii konkoolataf mijaata miti.

### 4.2.1.5 Teesuma Riqichichaa

Badiirin Kabiirii (1990) Riqichi kun Aanaa Giraar jaarsoo Ganda qotee bulaa Warxuu Abbaayyii Lagaa Guur dhuma isaa irratti argama. Karaa guddaa Finfinnee dhufu iddoo Fiichee fi D/Libaanoos addaan ba‟uu irraa meetira dhibba Shan (500) fagaateeti gara keessatti mul‟ata.

Namni Riqicha kana irraa eejete gara bahaa ilaale ganda Sharar, Dahanaa fi Roggee Hookkooti daawwata. Gara harka mirgaatiin caagaltu jira. Gara harka bitaatiin immoo Tulluu abbaayyi fi Kaabii Dallaa Holqa Dabbisitti ijaarameetu mul‟ata. Iddoon Riqichaa kan daangeese kan argamu gammoojji Shararii fi baddaa Warxuu Abbayyii waan ta‟eef qilleensa badda darree waan qabuuf hedduu namatti tola. Finca‟aan laga Guur kan Riqicha buphaa jala darbee hallayyaa meetira dhibba caaltu Laga Shararitti (ganna-ganna) dhangala‟uu naannoo sanaaf miidhagina adda kennefi jira. Kanaafuu, iddoon kun haara iddoo hawwata Turizimii ta‟ee daawwattootaaf baayy‟ee harkisa jira.

### 4.2.1.6. Ijaarsa Riqichichaa

Badiirin Kabiirii (1990) yeroo ibsa kennuu ijaaramni Riqichaa kana ilaalchise yaada lama gurgguddoo walfalleesitu jira jedha.

**1ffaa.** Inni tokko poorchuugaaloonni Jaarraa 16ffaa keessaa ijaare kan jedhu fi dhaabbanni Turizimii Itoophiyaa kanuma kan ibsu fi barruuleen hedduun Turizimiin barreffaman (shakkii) tokko malee Poorchuugaloota akka ijaarame ibsu

**2ffaa.** Inni 2ffaan immoo barruun maqaan One to two days from Addis Ababa Bara 1980 barreeffame ibsu keessatti suura Riqichaa fi kaartaa naannoo sanatti Riqicha kan ijaaree poorchuugaalootan Jaarraa 16ffaa keessa ta‟uu isaa ibsa. Haa ta‟uu malee madda yaada kana barruulee kanneen eessa irraa akka argatan hinibsamene. Barreefamni Turizimii rakkoo kana qabachuu ibsu.

Yaada Poorchuugalootatu Riqicha kan ijaare ta‟uu isaa Badiirn Dallalanyi Tashooma Wabeefachuun kan ibseedha. Ibsi isaa kan armaan gaditti ilaaluun ni danda‟ama.

> From Sketchs of other bridges built after
> The portugues influence of the 17th century
> The Dabra libanos Bridge seems to share
> The construction techinical of the perood
> But when interviewed swefal of the elders
> Who lived in the area insirted that the bridge

Was built by Ras Darge…..(Dallalany:1980)

Kana yoo ilaale dhugadha Dallalanyi Tooftaan Riqichi Laga Guur itti ijaarame kanneen Riqichoonni Goondoritti itti ijaarama walfakkaata ta‟ee malee Riqicha kan ijaare Poorchuugaaloota hin jenne. Maddi walfakkanya Riqichootaa kanneen isaan hundinuu ogeessoota (Architeet) biyyaa Awurooppaa ijaaramudha. Akka ibsa Obb. Lamma Illihuutti Riqichaa laga Guuriis kan ijaare Poorchuugaalootumma, garuu yeroo ijaaran bara Raas dargeeti jedhan.

Kan nama ajaa‟ibuu garuu hayyoonni qorannoo fi dhaabbanni Eegumsa Itoophiyaa Riqichaa kanaafuu kan beekan hin fi akka galma‟uu fedhii qaban hin fakkaatu FKN, Piroofeeseer Richard Pankhrust Seenaa Riqichoota Ioophiyaa baayy‟ee barreessanii jiru. Akkaisaan made De Coppet Tuqanii ibsanitti Riqichi Dhagaa irraa hojjetaman Itoophiyaa keessatti Finfinnee fi Abbaayya (Laga Abbaay) qofa irratti ijaaraman jedhu. Haali kun piroofeeseer Pankhrust waa‟ee Riqicha kana beekuu dhabuu isaanii dhaabbata Turzimii kaasuun isaa ni mul‟ata.

Haa ta‟uu malee, Badiirin haasaa isaanii keeessatti jedhan piroofeeseer Pankhrust hayyuu Riqicha Laga Guur kana qorate Obb. Incamphels wabii godhachuun Riqichi kun Jaarraa 19ffaa keessa akka hojjetame Afaan guutuun nuuf ibsan jedhan.

Badiirri ibsa isaa keessatti maddi Obb. IanCamphels ammoo namtica Fiteeraarii Nabiyaa Lu‟uu jedhamu kan dokumaantii yeroo Riqichi ijaaramu of harkaa qabanii irraa turee jedhu.

Walumagalatti dhaabbanni Turizimii fi waareen barruu isaanii dubbisan malee, hayyoonni Seena Itoophiyaa fi Ogeessoonni qorannoo hambaalee Itoophiyaa Riqicha kana Poorchuugaloonni 16ffaa fi Jarraa 17ffaa keessa ijaarame kan jedhu kana itti amanaan hin fakkaatan. Gama biratiin Manguddoonni naannoo sanatti dhalatanii guddatan waa hojjetamuu Riqichaa kana ofitti amanuun dubbatu. Akka himimsa isaaniitii Riqicha kan hojjete Raas Dargeedha jedhu. Bakka Bu‟aa Raas Dargee ta‟ee kan hojjetu amma dhalata Salaalee ajaajaa Abdii Badhaasaati. Abdiin ogeessummaanis kan hojjecha akka turee ni himama.

Badiirin (1990) Obb. Dasee Hulluuqaa wabeefachuu yeroo ibsu Raas Dargeen yeroo ajajaa Abdiin harka isaa niitiin Riqicha isaaniitiin Riqicha ijaaran haada mudhii isaatti hidhaatee akka

hin kufneef dhaabbatanii hojjetana jedhu. Ogeessoonni (mandisoonni) garuu Farajoota akka turan mnaguddoonni ni himu. Akka ibsa Obb. Lammaa Illuhuutti, Farajoonni kanneen Poorchuugalootaa fi Giriikoota turan jedhu. Isaan kana keessa nama tokko Bishaan laga qallaatiin yookiin salpha ta‟een nyaatame akka du‟ee ni himama. Bakkii Awwaalcha isaa iddoo Raas Daargeeti akka ta‟ee Taayyee Balliyuu yoo ibsan Riqicha kana kan ijaaree Raas Daargeedha jedhu. Kanaaf, immoo ani ragaa barreeffamaatiin qaba jedhu ibsa isaanii keessatti. Xaalayaan kiyya kun kan Raas abbaan isaa bakka Raas daargee ta‟ee warraa Riqicha jaara tureef galaa (sinqii) ittiin ajajee fi manguddoonni kanneen yeroo dubbatan warreen akka ijaa (eye witneess irraa akka dhagahaan sirritti ibsu. Kana jechuun Riqichi kun kan ijaarame tarii walakkeessa Jaarraa kudha Salgaffaa (19ffaa) second half of… keessa kan jedhuti geessa.

### 4.2.1.7. Sababa Ijaarsa Riqichaa Laga Guur/Poorchuugaal

Badiirin Kabiirii (1990) Durdur yeroo dheeraaf Oromoonni naannoo san jiraataa turan Laga Guur kana yeroo ganna gannaa ce‟uuf isaan rakkisa yoo turuu, kuniis dhagaalee gurguddaa uumaa kan amma Riqichi kun irratti bu‟uureeffame kana irra muka dalgaa galchuun irraan ce‟aa akka turan manguddoonni ni himu.

Kuniis booda Raas Dargeen naannoo sana dhufee qubatee jedhama. Mooraa waraanaa naannoo Holqa Dabbisitti hundeesse. Booda xiqqoo turee mana isaa naannoo Tulluu Shuunkurtitti jedhamu jedhamutti ijaarate mana Amantaa naannumma sanitti shuunkuritti Mika‟eelii jedhamutti ijaaratee jedhu.

Magaalaan Shunkurtiin qubsuma ganda Guddaa “Magaalaa” taatee. Holqi dabbisiis iddoo kuusaa midhaanii fi meeshaa waraanaa guddaa ta‟ee tajaajila kennu jalqabe. Gabaabatti, iddooleen gurguddoon lama wal maditti uumaman jechuudha jedhu. Dabraa Libanoosii fi qubsumni mooraa waraanaa raas daargee lagni Guur kana lameen jidduu ganna-ganna waan guutamuuf rakkoo guddaa uumaa ture. Fkn

- ✓ Yeroo ganna-ganna Taaboota ceesisuuf
- ✓ Dabraa Libaanoos (Takliyyee) muuduun
- ✓ Afeerraa gibiraa kan D/libaanoositti qophaa‟u gaggeessuun

- ✓ Waraana Raas Daargee kan kuma baayy‟eetti lakkaawamu, geejjiba isaanii waliin karaa bobbaasuun baayy‟ee rakkisaa waan tureef kan biraas Riqichi ijaaramuuf sababa kan tureedha jedhu. Keessumma immoo erga ergama tokko lagaa Guurichi Liiqa dabtaraa Hoogannaa Raas Daargee kan Afeeraa Dabara libaanoositti qindeessuu moora Raas Daargee fi D/Libaanoos jidduu deddeebi‟u tokko galaanan fudhatame jedhu.

### 4.2.1.7.1 Sababa Hundeefama Magaalaa Shunkurtii

Afgaaffii guyyaa 20/07/2015 (Obb. Mogoos Kumee, Badrii Kabiirii) waliin gaggeefame ilaalchise yeroo ibsan hundeefamni Magaalaa Shunkurtii Fiichee waliin kan hundeefamteedha jedhan. Yeroo Saayeefuu Sihailee Sillase Fiichee hundeessuu Obb. Lassi Ibsaa Daargeen immoo shunkurtii gara Fiichee galuuf warra Sandaafaa Aagaa waliin waranna guddaa gaggeessa waan turaniif naannoo sanitti magaalaa kana akka bu‟uureesse himu. Manguddoonni kun immoo Shunkurtituu dursa hundeefame jedhu. Haa ta‟uu malee bu‟uurijalaqaba kan iddoolee lamneenuu sababa sadiif amma toora Jaarraa 15ffaa qancaree turee hin olee jedhu. Sababoonni kanneen:

- ✓ Waraana cimaa Oromoonni Daargee fi Saafuutti godhaa turan
- ✓ Saayeefuun wanadaga/ gammoojii (Serant) isaatiin bara 1860 du‟uun
- ✓ Daargeen Jaarraa 13ffaa (1568-1855) harka Atsee Teediroos turuun haara Tulluu Aanaa Mooraa mana Raas Daargee irra eejeetanii yeroo bitaa fi mirga ilaalan dhuugumattu qunsumti ganda guddaa naannoo sana akka ture Tuuliin kaasii ganaa gamana taajjitu namatti himti.

Keessa‟uu Mooraan Raas Daargeen kan nama dinqissiisu Diigamni darbii mana fi moora loonii haaras gudduma eegumsa naannoo sana turee namatti mulisa.Hundeefamni kun amma bara 1935-1936tti akka ture manguddoonni biyyaa ni ibsa. Abbarraa Zallaqaa kan waa‟ee Fiichee fi naannoo sana barreesse Magaalaan Shunkurtii akka waan mooraa Waraana ilmaan Raas Kaasaa Abarraa fi Wandaasanitti ibsa. Dhugadha jarri akka qumsuma waraanatti amma tokko achi turanii jiru. Haa ta‟uu malee nama naannoo sana daawwateef iddoon sun achi waraana yeroo murtaa‟ee qofa achitti ijaarame akka hin ta‟initti ifaatti mula‟ta.

Hunda caalaa immoo manguddoonni bara xaaliyaanii turan kan ijan isaaniin argan himan qubsa miti. Magaalaa shunkurtii yeroo Abarraa du"uu sana dura akka turte ofitti abdiin ni hima. Walumagalatti akka ibsa manguddootatii fi xiinxala Seenaa barreeffame yemmuu ilaalu qubsumti Magaalaa kana yoo xinaatee xinnaate yeroo hundeeffama Fiichee (1871) akka turee fi yeroo lola Adaawaa 1895 barbaachisumma isaa dabala akka deeme ifaati mul"ata.

### 4.2.1.8. Tooftaalee Riqichi Laga Guur Itti Ijaarame

Manguddoonni (Baazaazinoo Baayyanna, Nugusee Suyyum, Boggaalaa Waaqjiraa, Taayyee Baharuu, Taayyee Balliyuu) yeroo ibsan Laga Guur yeroo dheeraaf muka irraa dalga galchauun irraan ce"aa akka turan ibsinee jira.Kun immoo Raas Daargeef kan hin mioofne turee.Mala biraa barbaaduun dirqama itti ta"ee jedhu.Raas Daargeen bifa haarawaan ijaaran Riqichaa kan ijaaruuf murteesse jedhu. Iddoon inni filatee idduma duraan uummanni itti gargaaramaa turee sana iddoon kun sababa lamaaf filatame jedhu.

1ffaa. lagichi bakka sanaan ni qalataa (dhiphata)

2ffaa. Dhagaalee gurguddaa uumama tolfamatu bakka sana jira waan ta"eef jedhu

Dhagaaleen kanneen Riqichaa kana irratti ijaaruuf baayy"ee mija"aa ture. Haa ta"uu malee, dhagaaleen uumaman turan sanii fi Riqicha kana walqabsiisuun baayy"ee rakkisa ture. Yeroo hedduu yaalamee akka diigame manguddoonni ni himu. Kan Farajoonni kanaan dura ijaarees ni jiige jedhu.deebi"anii Farajoonni Finfinnee irraa fidanii Ijaarsisan jedhu. Tooftaan booda irratti bu"uura Riqichaa fi dhagaalee waliin qabsiisun ijaarame jedhu manguddoonni;

- ✓ Obb. Taayyee Baharuu yoo ibsan Ashaawaa, nooraa, buphaa fi dhama nuugitiin walitti qabsiisanii jedhu
- ✓ Obb. Boggaalaa Waaqjiraa immoo Ashaawaa, buphaa, nooraa fi qamaddii walitti qabsiisanitti jedhu
- ✓ Obb. Taaddasaa Birruu, immoo Ashaawaa, kobota buphaa guuchii (ostric egg) fi nooraani jedhu
- ✓ Obb. Taayyee Balliyuu dabalataan yeroo ibsan buphaaan ijaaran jechuu hin dandeenye jedhu. Haa ta"uu malee manguddoonni hedduun yaada buphaan irraa hojjetame kan jedhu

kana akka deeggaraniidha..Obb.Taayyee Balliyiluu garuu dura Abaashoonni buphaa fi kbotaan ijaaruuf yaalanii dinaan farajoonni simintoon ijaaran jedhanii ofitti amanuun dubbatu. Kuni immoo yaada akka salphatti bira darbanii miti. Fakeenyaaf Riqicha amma yoo ilaalan kan namatti mul‟atu nooraafi Ashaawaadha malee noora miti jedhu.

Inni biran kan rakkisa turee gooboolee (arcs) miila Riqichaa kan bishaan jala darbaan tolchuu ture. Isaa immoo kobota jalatti Tuulanii muka gaatiraa fi birbiraa irraa naqaani ijaaran jedhu. Mukeen kana fageenya hamma irraa naannoo Dagamii fi Alii Dooroo irraa qonaan bultoota akka fichisiisan ni himama. Mi‟aa barbaachisa kan biraa fakeenyaaf Ashaawaa gammoojii Hookkoo irra fidaa akka turan akka turanii fi nooraa fi sophee laga shararitti qubsiisan jedhama. Itti gaafatamaan dhiyyeessaa humna hojjetootaa (qotee bultootaa) yeroo sana Riqichaatti hojjechaa hojjechisuu ajaja Abdii Badhaasaati turee jedhu. Lafti Riqichi irratti ijaarame kuni hallayyaa bililee gubbaa waan ta‟eef baayy‟ee sodaachisa ture. Warri ijaarsa kana irratti hirmataan Haadaa hidhatanii(mudhii isaanii) warri kun immoo yookiin warri hafaan immoo haadaa sana qabanii akka isaan tiskaan himama. Tooftaa kana yeroo duratiif kan hojjetoota agarsisaan Raas daargeedha jedhu.Raas Daargeen ajajaa Abdii waan baayy‟ee jalataniif akka najala hin midhamne galanii ittisa turan jedhu manguddooni.

### 4.2.1.9 . Haala Riqicha Laga Guur Amma Irraa Jiruu

Waajjirri Aadaa fi Turizimii Go/Sh/Kaaba, BATO fi Abbaa Taayitaa Hambaa Fedeeraala (2014) keessa waliin ta‟uun supha jalqabsisuuf Riqichi Laga Guur yeroo amma kana namni ijaaree caalaa kan uumaan achi ture fakkaata. Midhagina isaa nama laaleef caalaa kan turan keessa uuman badhafamtee baayy‟ee (Daraan) nama kan hawwatudha.Qaamni Riqichichaa karaa guutu ta‟ee tilmaame jira

- ✓ Dalgeen dheerinni (qaxamuurri bishaanii) irraa saantii meetira Afuurtamii Afur (44) yoo ta‟uu
- ✓ Ballini karaa namni irraa deemuu meetira sadii (3)
- ✓ Bishaan irraa olfageenyi meetira kudhani (100) karaa keessaa dheerinni meetira jaha(6) dagaalee uuman turaniidha.
- ✓ Karaa namni irraa deemu mirgaa fi bitaa tunaa darbiitu tarreetti ijaarra.

Utubaaleen kannen yeroo dheeraa dura amma muddii namaa akka olka‟an ni himama. Haara garuu irraa jijjiiganii dhumu gahee jira. Riqicha walkkeessa miila Afran isaa irra sabataalee (taribunes) anmni lama irra dhaabbachuu danda‟aan ta‟uu qaba.Sabataaleen kanneen iddoo Suuraa irratti ka‟uuf tolfamte jedhama (obb.Tayyeen Baayiluu) Riqichichi haara nama fagoo ilaaleef boortee (rocks) uumaan fakkaata.

### 4.2.1.10 Eegumsa/Kunuunsa Riqicha Laga Guuriif Godhame

Akka manguddoonni argaan ibsanitti Riqicha kanaaf yeroo tolfame/hojjetame eegalee amma yeroo xaaliyaanitti kunuunsi cimaatu godhamaafi ture. Xaaliyaaniin akka dhufeetten iddoolee sadiin (3) (D/Libaanoos, Magaalaa Shunkurtii fi Goda dabbis) diiguuf aggaammate Dabra libaanoositti amantoota kuma hedduutti lakkaawwamu ni gate jedhama.

Qubsuma magaalaa Shunukurtii fi caambii Ilaan Raas kaasaa ni bittaneesse.riqichi Laga Guur yeroo sanaa eegalee eegumsa dhabe. Sana dura garuu Riqichi yeroo ganna ganna qofa bu‟aa kenna ture. Bona bona waardiyaan eegama. Uummanni naannicha Raas Daargee fi geejjibni isaanii karaa sana irraa deemun baayy‟ee dhoowwaadha ture. Booda irraa Raas kaasaaniis akkasumatti tiskaa akka turan himu.

Xaaliyaaniin booda Raas Kaasaan Finfinnee irratti galan. Qubsumti anam nagii qabuu (beekkamaa) naannoo sannani fagaate. h/Sillaseenis xiyyeefannoo itti hin kennine jedhama. Riqichi buphaas ilma abbaa dhabe taheeti hafe. Haaras Riqichi Laga Guur eegumsa tokkoolee dhabe hafe Bonaa fi ganna namuu akka fedhetti irraa burraaqa. Waa‟ee kana ilalchisee manguddoonni biyyaafi dargaggoonni baayy‟ee gaddaa turani, bara 2000 - 2014 gaafatama tureen baajata karaa abbaa Taayitaa eegumsa hambaa federalaan qabame turee Waajjirri Aadaa fi Turizimii Godina naannoo waliin ta‟uun calabasii gaggeessa akka jiru hubanne jira.Kaba malee erga xaaliyaaniin karaa Finfinnee Goojjam deemu Gurraacha (Asfaaltii) dirriirse “Riqicha olii/Riqicha Xaaliyaani ijaarame booda namoonni filannoo waan argataniif yaaliin warri biyyaa of irraa ka‟uudhan Riqicha eeguuf godhama turee xiqqacha dhufe. Kan biraa immoo amma bara 2004tti namni Riqicha kana daawwatoota biyyaa keessa fi alaa daawwachisu hin jiru. Galii rqicha kanaas abbaab qabeenya itiyoo Jaarmaan Paarkii jedhamu agarsisa itti fayydama yoo ture Bara 2004 dargaggoonni waldaan gurma‟uun galii argachuu jalqaban.

### 4.2.1.11. Hanqinnoota/Rakkoolee Mulʾʾataan

- ✓ Riqicha buphaa akka hin jenne asxaan buphaan ijaaramu isaa amma irraa hin mulʾʾatu
- ✓ Riqicha poorchuugaal akka hin jenne poorchuugaal hojjechuuf argaan nutti qabnu quubsa miti.
- ✓ Akkasumaas Riqicha Raas daargeen Ijaare jechuuf ragaan nuti qabnu odeeffanoo qofa
- ✓ Riqicha Laga Guur jechuuf morkii tokkolee hin fidu. Garuu yeroo amma Riqicha lamatu laga kana irraa jira (kan Xaaliyaaniin ijaaree fi kan qorataa jiru). Kanaaf maqaan kuniis rakkina qabachuu hin oolle.
- ✓ Riqichi kun yeroo gabbaba keessatti ijaarsi isaa karaa qorannoo fi qoʾʾannoon yoo suphaan isaa hin gaggeefamne kufuu dandaʾʾaa
- ✓ Hawaasa fi dargaggoota achii irratti waldaan guramaan irraa komiin jira waan taʾʾeef furmaata yeroo gabbaba barbaada.

### 4.2.1.12. Yaada Furmaata Riqichaa Laga Guur

Maqaa Afran jalqabaa, Riqicha Buphaa, Riqicha poorchuugaal fi Riqicha Raas Daargee kanneen handhura qorannoo keenyaati. Furmaanni inni lammata maqaa kanaa furmaata eenyuutu riqicha kana ijaare, yoom ijaare, maal irraa ijaare fi maaliif iaare jedhuugf fi yaaliin qorannoo kana yaada olitti kaʾʾee kanaaf deebii laatudha. Garuu qorannoo kanaan deebii deebii gahaa kennuun nama rakkisa. Maaliif yoo jenne yeroo Riqichi ijaarame murteessuuf hirmaannaan teeknoolojii murteessadha. Kuni immoo dandeetti murtii kennu keenya alaa waan taʾʾeefidha. Kanaafuu, ammaaf maqaan Riqichaa kana Riqichaa Laga Guur osoo jedhame furmaata taʾʾuu dandaʾʾaa jedheen amana.Wantoonni inni irraa hojjetame odeeffannoo kennitoota hunda fi dokumantii kanaan dura qopheefame keessa Nooraa, Dhama Nuugii, Buphaa Guuchii, muka, Dhagaa, Ashaawaa fi qamaddii kirratti waliigalame jira.Bupha Guuchii kan jedhu yeroo durii keessa akkuma beekkamu Salaalee mukeen kan beekamu fi Abdarii fi naannoo maneen Amantaa kanatti baayyinaan argama waan taʾʾeef uummata ajajja kennuun walitti qabsisa kan turaniidha. Fakkeenya muka isaa naannoo Dagamii fi Alii Doora irraa uummata fusiisani hojjecha akka turan munguddoonni himanii jiru.

Dabalataan mootummaa baajata ramaduu qofa osoo hin tanee Riqicha bira naannoo sanitti kan nama fi horiin irraan boba‟uu ijaaruu fi eegumsa, hojii kunuunsa, beeksisuu fi qorannoo adda addaa gadifageenya irratti akka gaggeefamu gochuu qaba. Hawaasni immoo galii irraa argamuu qusannoon itti fayydamu fi eegumsa taasisuu qaba.

Yaadni olitti ka‟ee kana irraa wantii hubatamu haala itti diina lafa Oromoo Toofatalee adda adda fayyadamuun mana Amantaa hundeessun maqaa Magaala yookiin immoo Tulluu Ganda Guddaa jedhamu kana ofitti fidee kiyyaa as ture jedhe boruu mormuu fi seena kanaan dura turee balleessa as gahee hubatame jira. Inni bira Seena Magaala Shunkurtii kana qaamni kamiyyuu qo‟annoo fi qorannoo gadii fageenya Faars-hambaa kan jedhamu naanno sana waan ta‟eef dhaloonni boru qorannoo adda irratti gaggeesuu qaba.

Sababni isaa dur keessa Oromoonni akka Warra Ashee Ruufoo, warra Aagaa Buchulee fi warrii Badhaasa Gudda qabsoo guddaa taasisa Raas Daargee gara Fiichee akka hin qubaneef waraana gadii ittisa waan turaniif, naannoo Faaras hambaa jedhamu kanaan Fardaan Xiichanii yookiin ari‟anii achiin yeroo gahaan Warri Daargee immoo naannoo santti dagaa yookiin kaabii isaa jedhamu hojjechuun Fardi utaalee akka hin dhabneef hojjetame jedhama. Oromooniis Farda isaanii achuma dhabuun yookiin hidhuun gara lolaa deemu jedhama. Kanaaf Oromoon ammam akka diina waliin qabsoo taasisa ture ifa. Dhaloonni haara immoo tokkummaa ummudhan qabeenya, Seenaa, duudha, fi eenyumma ummaticha eeguu, kunuunsu fi beeksisuun dhaloota boruun ga‟uun dirqama.

### 4.2.2. Hoomaa Jaldeessoota Ganda Warxuufi Naannoo Caagal

Jaldeessonni kun kan argaman Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Giraar Jaarsoo Ganda Warxuu keessatti kan argaman yoo ta‟uu magaalaa guddittii Finfinnee iraa immoo tilmaaman km. 105 irratti kan argamaniidha.Jaldeessonni kun gamtaan waan jiraataniif naannoo finca‟aa laga guurifi Riiqicha Porchugaal birattii baay‟atanii argamuun ija turistootaa ofiitti harkiisuun galii kan argamsiisaniidha.sababnii isaas sanyii jaldeessa kanaa biyya keenya keessatti qofa waan argamuufidha.Naannoon ganda kanaa gaarreen, holqaan, bosonaan waan marfamtee jirtuuf Jaldeessi immoo yeroo baay‟ee gaarreen, bosonawwan iddoo jireenyaa isaanii waan ta‟eef naannoo kanaa gonkuma hin bittina‟aan gurmuu gurmuun horanii baay‟achuun kan jiraataniidha.

Jaldeessonnii gurmuun waan jiraataniif akkuma namaa amala waliin jiraachuu diinaafillee humnaa ol yoo ta‟eellii dabarsanii wal hin kennan. Namattis kan madaqaniidha.Nyaata isaanii funaannachuuf yemmuu lafa qonnaafi toora sanattii yaa‟aanii ta‟aniifi deeman baay‟ee kan nama hawwataniidha.



Suuraa Jaldeessoota Bara 2015 Qoratan Fudhatame fudhatame

Walumagalatti jaldeessoonni kun qabeenya hambaalee socha‟aan keessa tokko waan ta‟aniif sababa nyaata, waraanan naannoo tokko gara birati sochii taasis danda‟uu. Akkasumas namoonni badii adda addaa irraan ga‟uu danda‟uu waan ta‟eef kunuunsi naannoo kanatti gama Bosona fi nyaata haali itti mijeesfamu fi turstoota mijeefamuun galii akka argamsisu qaamni kamiyyuu gahee isaa irraa eegamu bahaachu qaba. Naannoo kana irratti yeroo amma sababa qonnaa fi babbalifanaan nyaanni isaan akka barbaadanitti argachuu hin danda‟aan waan ta‟eef, kuni immoo jijjirama yeroo barbaada waan ta,eef hawaasni fi mootummaan waliin ta‟uun irratti hojjechu qaba.

## 4. 2. 3.Holqa deebiis (dabbiis)

Afgaaffii 27/07/2015 Dur.Siifaan Fallaqaa waliin gaggeefame irrtti, Holqa dabbis akka miidhaguufi nama hawwatuu kan isa taasisee haala seenaa isaafi umama isaa hallayyaan marfamee gidduu waan jiruuf yeroo ilaalan baayʻʻee kan nama harkisuudha.

Seenaan holqa kanaa yemmuu ibsamuu moggaasnii maqaa isaa jecha Afaan Oromoo ***Deebiis*** jedhuu irraa kan moggaafameedha. Iddoofi argamnii holqa kanaa wanta hamaa jalaa dhokachuufi dayeeffatanii ofirraa deebisuuf kan mijatuudha. Haa taʻʻu malee bakki isaa gammoojjii waan taʻʻeef hawaasni achi jiraatan immoo afaan amaaraa kan dubbatan yoo taʻʻuu ***deebis*** jechuuf ***dabbis*** jedhanii waamaa turan kanuma buʻʻuura godhachuun dhaloonni duubaa dhufaniis maqaa kana akka dhaalaatti fudhachuun ***Holqa Dabbis*** jedhanii waamaa turan. yoona kanas kanumaan kan beekkamuudha.Iddoon argama Holqa Dabbis Aanaa Giraar Jaarsoo kallattii magaalaa Caagaliin Ganda Warxuu Caagal jedhamuu keessattidha. Holqi kun jaarraa 16^ffaa keessa tilmaaman bara 1528 keessa Porchugaaloonni yemmuu biyyatti gargaarsaf akka daʻʻootti achii keessa qubachuun meeshaa waraanaa feʻʻatanii dhufan hunda holqa kana keessa qotanii awwaallachuun keessoon holqichaa daayeeffachuuf baayʻʻee kan tolu waan taʻʻeef jireenya isaanii asuma keessa akka kaabbitti fayyadamuun iddoo dhokannaafi jireenya isaanii taasisatan. Porchugaalonnii kun akkuma qeʻʻee isaaniitti ilaaluun holqa umama isaa kana ammayyeessuun seensi balbala holqichaa tokko ture. Isas karaa bitaafi mirgaan dhagaafi killee guchiitiin miidhagsanii kan hojjetan ture. Kana malees holqi kun foddaa afur kan qabuu yoo taʻʻuu foddaa kanaaniis wanti hamaa ykn dinnii yoo isaaniitti dhufeellee asiin ilaaluun diina isaanii fagoottii arguuf kan itti tajaajilamaa turaniidha.Kana malees, holqichii tilmaaman dheerinnii isaa meetira 40, balʻʻinni isaa immoo meetira 150 ni taʻʻa jedhamee tilmaamama.

Holqi umamaa kun baayʻʻee balʻʻaa waan taʻʻeef porchugaaloonni haala mijeeffachuuf jecha kutaa kutaa itti godhatan. Baayʻʻinni kutaa kanaas kutaa galmaa malee garaa keessatti shan gara alaatti afur walii gala kutaa kudhan qaba. Kutaawwan kana keessas kutaa ciisichaa, nyaata itti bilcheessan, kutaa teessumaa, meeshaafi kutaa miidhaanii qoqqodanii tajaajilamaa turan. Kutaalee kanas yemmuu hojjetan biyyeefi dhagaa walitti makanii akka hojjetan taʻʻu isaa yoona kana kan mulʻʻatuudha. Kutaa midhaanii isaanii kana keessatti gootaraa yookan kuusaa

miidhaanii lafa keessa awwaaluun afaan isaa qofa mul‟isuun kan itti tajaajilamaa turaniidha. Akka hafteen muka argamee ibsuutti balballii kutaaleefi seensa isaa muka gaattiraa irraa kan hojjetamee ta‟uu isaa ni mul‟isa.Holqicha keessa ummamumaan bishaan burqaa lamatu jira. Bishaan iddoo biraa barbaacha hin deeman dhugaatiifis ta‟ee wanta barbaadan hundaaf burqaadhuma kana tajaajilamaa turan. Burqaa inni tokko hin dhumuus hin goguus harrallee kunoo bishaan guutuu qabatee kan jiruudha. Naannoo burqaan kun jiruu Baaxiin holqichaa yookan dhagaa isa gubbaarrafi maddii maddiin isaa bishaan qarruu coobsa. Keessi holqa kanaa baay‟ee dukkana‟aa waan ta‟ee dungoo yookan ibsaa baatirii qabachuun kan keessa adeemaniidha.

Haa ta‟u malee haawasnii keenya seenaa porchugaaloonnii meeshaa waraanaa holqa kana keessa lafa qotuun ol ka‟aan sana dhaga‟aan meeshicha fudhachuuf jecha kutaaleefi iddoo isaan sisirreessan sana wanta awwaalamee fudhachuun diiguun kan balleessaniidha. Dur Haawasnii naannoo sana jiraataa ture meeshaa jarreen kanaa qabaachuusaanii daawwachistonnii naaf heeranii jiru. Jaarraa $19^{ffaa}$ keessa Itoophiyaan weerara Poorchugaaloonnii jalaa erga bahaanii holqa Dabbis keessa meeshaa isaanii hunda achumatti dhiisuun erga galanii booda holqa kana keessa kan jiraatee *essuma Miniliik* $2^{ffaa}$ *Raas Dargee* kan jedhamuudha.

Sana boodaafi yeroo ammaa kana Holqi Dabbis akka Hambaatti ta‟uun tajaajila tuurizimiin tuuristii biyya alaafi keessaa harkisuun qe‟eefi saanduqa kuufama galii Aanaa Giraar Jaarsoo ta‟uun tajaajilaa jira. Holqi Dabbis Hambaa akka Godinaafi Aanaatti malee Oromiyaatti galmaa‟ee kan hin jirree waan ta‟ee lakkoofsaa addaa hin qabu.Holqa Kana keessa bineensota kanneen akka waraabessaa, shimbira halkanii, Xaddee, Sardiida, Jaldeessaafi kanneen kana fakkaatan ni jiru. Holqi Dabbis Yeroo ammaa kana Riqicha Poorchugaaliitti aanee sadarkaa gaariirra waan jiruuf dargaggoonnii waldaan irratti gurma‟aanii hojii Daawwachisummaan hojjechuun tooftaa kanaan carraa hojii uumuun ofiifis ta‟ee aanaa kanaaf galii ol‟aanaa galchaa kan jiraniidha. Walumaagalattii Holqi Dabbis iddoo hawwata turizimii umamaafi nam tolchee ta‟uun turistoota biyya alaafi keessaatiin yoona kana kan daawwatamaa jiruudha.



**Suuraa Holqa Dabbis**

Badirii Kabiirii( 1990) Waa‟ee Holqa Dabbiis ilaalchisee Obb. Baazaazinoo Baayyanna Jimmafi Boggaalaa Waaqjiraa wabeefachuun yoo ibasu holqi dabbiis (Goda) uumaan kan tolfameedha.Holqi kuniis toora kiiloomeetira tokko Riqicha Laga Guur irraa fagata yoo jedhan Holqi kun Oromoota dur yeroo dheeraaf itti fayyadamaa akka turan ni himama jedhan.Akka ibsa Obb. Boggaalaa Waaqjiraatti Qaroominni yeroo san naannoo sana jiraata turan tifkatoota fi qonaan bultootadha. Guyyaa guyyaa loon tiksuufi qonna irra oolani galgala loon mooraa Holqicha gubbartti ijaaramte fi itti galchanii ofii holqatti galuu (keessaa sa‟uu daa‟imanii fi dubbartoonni) Uffaanni dhiiraa fi kan dubartii yeroo sana waluma fakkaataaaaaa ture jedhu. Dhiira fi dubatiin yeroo sana qoodiinsi hojii (laboor division) adaan hin qaban ture. Yeroo dubatiin didda deemtu yookiin imaltuu dhaqtuu dhiirri Aannaan dhiiba (raasa) jedhama.Jireenya uummata keenya kan yeroo sanaa keessaa dhagaan daakuufatu mul‟ata. Kana malees immoo bara duuli amaatee manguddoota, daa‟imaan fi dubartii achitti baqachiisu jedhama. Holqa kana akka filatamu kan godhe yookiin taasise madda bishaanii qabaachuu isaati. Bishaan kun ganna fi bona hin citan. Maddiiti immoo bishaan Taliilawwaan hedduun waan turaniif namoonni kanaa isaa akka xabalatiis itti fayydamu yookiin gargaarammu jedhama.

Holqa kanatti karaan nama geessu Riqichaa Laga Guur erga ce‟aanii booda garree irraa darbuun allayyaa gara mirgati dhiisuun hanaga kiiloomeetrii tokko erga deemame booda gara harka

mirgan gadii galcha daandiin isaa. Kuniis daandiin isaa tokko qofa waan ta‟eef diina haalaluuf namatti yoo tolu, ofirra eeguuf waan mijaa‟uuf Godinni kun jaalatamadha.

Holqa kana yeroo duraaf Saba Amaarati yookiin naafxanyaati kan agarsise namichaa maqaan isaa waaqee mootii jedhamudha.(Sabluu).Waaqee mootii holqa kana Sidaamatti yookiin diinati agarsiisuu isaatiif qofaa jedhame akka Oromootan ajjeefame ni himama. Haa ta‟uu malee Daargeen gara Shunkurtii kana dhunfataan holqa kana keessaa Oromoota yaasanii ofii isaatiif itti fayyadama akka turan manguddoonni ni himu.

### 4.2.3.1. Bu‟aalee Holqa Dabbis yookiin Holqa Deebis

- ✓ Kuusa midhaniif meeshaa waraanaa turee
- ✓ Galma keessummoonni adda addaa itti afeeramaan ture
- ✓ Mana hidhaa namoota beebekamootiis ture. Fakeenyaaf, Iyyaasuu, Raas Mikaa‟eel (Iyyaasuu Mahammed Alii Abbaa Bullaa) holqa kana keessaatti hidhama akka tueedha. Iyyaasuun Fiicheetti akka hidhamuuf gara Salaalee yeroo fidan dursa holqa kana keessatti hidhama akka tureen ni himama.

Liij Iyyaasuun garuu yeroo hangamiif akka Fiichee Salaaleeti hidhame manguddoonni nuuf himuu hin dandeenye.Tarii amma mana hidhaa isaa hanga yookiin guyyaa Raas Kaasaan Finfinneeti Cidha qabu waan ta‟eef, yeroo gar asana deeman Mootiin Gojjam bulchuu xalayaa barreessun eegdootan akka gadiilakkifamu waan jedheef, mana hidha kana baasanii gara Ejeersa kaa‟oo gara Aanaa Yaayyaa Gullaalleen gara Abaay yokiin Mormooriin yeroo gahaan daldatoonni Salaalee irraa sangoota bittanii gara Finfinnee osoo deemanii LiijIyyaasuu gara Goojjam deemu arganii tura. Isaaniis finfinnee gahanii sangoota ofii gurgurratanii iddoo Cidha warraa Raas Kaasaa kana nyaata kaadhachuuf karra dura osoo ta‟aa jiranu, Abbaan Daamisee Damxee cidha keessa gadi bahee ijoollee isiin eessa irraa dhufatan jedhan. Isaaniif Salaalee irraa jedhan. Liij Iyyaasuun isiin bira jira hin jenne jedhaan. Isaaniis akka carra ta‟ee argaan waan ta‟eef hidha irraa hiikanii gara Goojjam deema osoo jiru arginee jedhaniin itti himaan jedhama. Yeroo kana Abbaan Damisee Daamxee mootii H/Sillase birati ol deebi‟ee akkana jechuun maseenqoo isaa itti gadiisa:

Afee.1. Yee beelawut cooma anjeeteen beelaanyi

Yeexeexawut Xeejjii hoodheen qoorxeenyi

Indeemiin arigee kee hoodhee laatifaawu yeroo jedhu (Shimallis Adaal)

Abbaan Damisee mootiin H/Sillase akkamitti Nugusa fuduraa dhaabbate kana dubbataa jedhanii ajjeesuu qabdan jedhee ajaaja yoo dabrsan, innis lakkii anii isaniif miti soorgoo fi sookoon wa‟ee LiijIyyyaasu mana hidha salaalee baasu dubbaachu kiyyaa gaafa jedhu, h/Sillaseenis dhiifama taasiseefi loltoota gara sanitti akka qabamu taasisuun erga qabanii booda gara Harar geesuun gaafa Maacoo duulu ajjeese deeme jedhama.

Dajjazmaach Taayyee Guullallaat kan jedhamaan holqa kana keessatti akkuma LiijIyyaasuu fi Raas Mikaa‟eel yeroo dheeraaf akka hidhama ture ni himama.Namoonni biraas baayy‟ee holqa kana keessatti akka hidhama turan ni himama. Keessi holqichaa iddoo baayyeetti bireeda yoo ta‟uu, kutaa hundinuu qabdoo yookiin (qulfii) furtuu qaba ture. Heeyyama Raas Daargee fi bood irraas heyyama Raas kaasaa malee hin bannaman turan.

## 4.2.3.2. Kutaalee Holqa Dabbis Yookiin Deebbis

Hirmaanni kutaalee kanneenii akkaakuu (Ayyaanaa) mi‟aa achi keessa kaayyamuu irratti kan hunda‟ee.Fakeenyaaf:

- ✓ Kutaa qawwee fi madaafaa
- ✓ Kutaa Daammaa fi dhadhaa
- ✓ Kutaa baaqqeelaa, xaafii fi qamaddii kkf ture

Iddoolee kanneen ammalee balbalaa irraa yaa cacaabu malee akkuma qoqoodama isaati jira. Holqi kun amma yeroo xaaliyaaniin Itoophiyaa Cabseette galtuuti (1928-1933)tti bu‟aa gurguddaa kennaa ture. Xaaliyaaniin ijifannoo dirree lola ammayyaa qabatee waan nuu caaleeteef yeroo kana Raas Kaasaa fi Mootichii H/Sillase fiichee dhufee kan akka Abbiichuu fadhaan Waraana akka dhabuu qaban yoo marsisuun isaan yoo didaan ofii isaanitiif Raas Kaasaa fi Mootichii H/Sillase waliin gara biyyaa Ingiliizitti baqataanii Fiicheetti immoo ijoolleen Raas Kaasaa (Abarraa fi Wandasan) dhiisanii deeman.

Abarraa fi Wandasan human Waraana xaaliyaanii dura dhabbachuu hin dandeeny turee uummanni aarii Sirna malkanyaa irraa qabuun Holqa cabsee dhidhaan achii keessatti kufame jiru hunda saaman jedhama.

Xaaliyaaniis yeroo sana naannoo sana dhuftee qawwee achi keessa jiru sammatte jedhama. Hogganaa Waardiyaa holqichaa kan ture Obb. Waaqjiraa Jimahoo qabee hallayaa Dabbis irraan rarrasee meeshaa awwaalame himi jedhaniin jedhama. Jaarsiis himu didaan luka isaa cuupheen jajjee lakkise jedham. Jaarsi sanumaan dhukkubsatee du‟ee. Yaaliin Feetaawaararii Alamuu Ejeersa, Zawudee Abba Fardaa fi HMokoniin Asanuu holqicha awwaaluuf godhan hin dandamne. Manni Raas Kaasaas ni diigame, Qubsumti Magaalaa Shunkurtii ni diigame jedham.

### 4.2.3.3.Eegumsa Goda Dabbisiif Godhama Turee

Hogganaan waardiyaa Dabbis kan yeroo Raas Daargee nama waaree mootii jedhamu turee kan jedhu ni jira jedhama. Yeroo Raas Kaasaa Waaqjira Jimahoo akka ture mirkanneesine jira jedhan. Yeroo ganna- gannaa lagni baayy‟een waan guutamaniif namoonni waardiyaaf filamaan fagoo irraa dhufuu hin dandeenye waan ta‟eef namootuma naannoo holqa qubatan sanatu tiska akka ture himama. Yeroo bona-bona garuu namoonni holqicha tiskan iddoo garagaaraa irraa dhufan.Fakeenyaaf Aanaa Darraa, Boorana, Gindabarat fi kkf hunda irraa ni dhufu. Yeroo tokkotti namoota soddamatu (30) eega namoonni kun ji‟a ji‟aan wageeddaru jedhama naannoo eegumsa galma kantti. Gareen tokko sa‟ati digdamii Afur (24) eega. Yeroo waardiyoonni walgeeddaran guyyaa sa‟atii sagalittii wal jijjiru. Gareen tokko torbaan tokko walitti itti fufiinsan tiska yookiin eega. Guyyaan kamisaa kan waardiyoonni itti waldeeddaran waareen fagoo irraa dhufan kanneen onkoloolessa irraa amma Waxabajjiitti wal geeddaraa tiska akka turaan manguddoonni raga ba‟uu.

Holqi Dabbis Kaabii kiiloomeetira tokko caaluun marfame argama. Kaabiin kun dura lafa irra ol amma dhaabbii nama ni dheerata. Kaabiin kuniis bifa addatiin kaabame. Fakeenyaaf aalfaa Ejeersa fi gaartiraa qarri isaanii gama alaatii deeisanii kaabichatti nqauun diina halaalatti fannisee akka hamisuu ti godhamee tolfame jedhama.

Akka ibsa Baazaazinoo fi Nugusee Suyyuum jedhanitti kaabiin kun bifa kanaan hojjatamuun bala Fardaa kan Oromoonni Daargeetti adeemsisaa turan ittisuuf (Taayee Bulliti fi Boggaalaa Waaqjiraa) ibsanii jiru. Akka Obb. Abbarra Zallaqaa lola kana ilaalchisee ibsutti: Daargeen akka mana hidhaa Atsee Teediroos bara 1868tti bahetti minilkiin Salaaleetti filatame. Haa ta‟uu malee Waraana yeroo dheeratuu isaa mudate Waraanni lola Fardaa Oromoo kan abbootii biyyaa Ashee Ruufoo, Nagawoo Gammadaa (Xumannoo) fi Badhaasa Guddaan Hogganamu yeroo dheeraa fi isaan falama turaan (Abarraa 19:4) tti ni ibsu.

### 4.2.3.4. Haala Qabiinsa Kanaan Dura, Amma fi Boruu

Holqi Dabbis akkuma beekamu hmabaalee hin sochoone waan ta‟eef, haali qabiinsa isaa yeroo durii bishaaniin akka hin nyaatamne fi diini itti hin galee uummata keenya eege kunuunse fi eegumsi isaaf taasifamee turee waan gaarii yoo ta‟uu, yeroo amma garuu kunuunsi, daawwachuu fi galii argamsisuu irratti akkasumas qo‟annoo fi qorannoo gadifageenya gaggeefama hin jiru waan ta‟eef, dhaloonni boru Afseena Holqa kan karaa guutun eegumsa, kunuunsa, hojii beekisuu fi qorannoo fi qo‟annoo adda addaa taasisuun fayyadamummaa hawaasa itti fufsisuun dhaloota boruuf madda galii fi bakka daawwii taasisun kaayyoo qabsayoota keenya galmaan ga‟uu qabuun dhamsa keenya.

Walumagaltti yaada armaan oliii kana irraa wantii hubatamuu hambaalee kun tajaajila yeroo gammachuu gaddaa, beela, hiyyumma fi waraana adda addaa uummanni keenya achii keessatti tajaajila guutu akka argacha turee fi dhalata Oromoon diinatti makamuun qabeenya kana akka dabsee kenne nutti mulise jira. Kanaa waan ta‟eef dhaloonni haara immoo eegumsa fi kunuunsa taasisuun yoo danda‟ame ibsaa galchuun turstoonni naannoo holqa kana akka turaan taasisuun galii wal irra hin cinne gochuu qaban dhamsa kiyya. Beektoonni immoo qorannoo gadii fageenya irratti taasisuu qabu.Sababni isaa akka kanaan durati itti fufsisuuf jijjiramni waan jiruuf hubannoo hawaasicha cima deemu qaba.

### 4.2.3.5 .Jijjirama Holqa Dabbisiin Wal-qabate Jiruu

Holqa kun uummata Oromoo, mootummoota yeroo sana LiijIyyaasuu, Mikaa‟eel fi namoota beekam oo yeroo sana qabsoo gaggeessa turan akka daajanna ofiiti yeroo gammachuu, gaddaa, yeroo beela, hiyyumma fi waraana adda addaa holqi kun nama bakka bu‟ee waan itti deemu hunda irraa ittisa turee seenaan ni hima. Tajaajila holqi kun kenna turee namoonni Seenaa, Abbootiin Gadaa, manguddoonni fi Ogeessoonni Waajjira Aadaa fi Turizimii holqi kun kanaan dura eegumsi isaa karaa adda ta‟een human hidhateen eegama kan turee yoo ta‟uu, yeroo amma immoo eegumsa miti nama isaa daawwatu dhabee akka jiru qorannoo kanaan bira gahaame jira.

Holqi kun jijjirama kanaan dura irraa tajaajila kennuun fi yeroo amma adda ta‟ee jira waan ta‟eef iddoo duriitti deebisuuf, qaamni naannoo sanii eegumsa, kunuunsa, beeksisaa fi qorattootaf deeggarsa barbaachisa ta‟ee gochuu. Mootummaan immoo gama isaan eegumsa, kunuunsa fi hojii beeksis fi gama baajatatiin haala mijeessuun akkaasumas daandii gara holqa kana geessuuf haala mijeesuun naannoo kana irraa carraan hojii uumame madda galii walirraa hin cinnee taasisuu.

Walumagalatti iddoon kun akka beekamu bulchiinsi Aanaa Giraar Jaarsoo fi Waajjirri Aadaa fi Turizimii Aannicha deeggarsa adda addaa barbaaduun iddoon sirritti bakka duritti akka deebi‟uuf hojii beeksisa, manneen barnoota, mana hojii mootumma fi qorattoota irratti hojjechuu hojii supha holqa barbaachisuu karaa oguma isaa durii eegateen hojjechuun bakka duritti deebisuun hambaalee addanya keessatti akka galma gochu

### 4.2.4 Holqa Ganda Bolloo (Holqa Waraabeessaa)

Afgaaffii guyyaa 27/07/2015 Add. Asteer Tafaara waliin gaggeefame irratti, Holqi ganda bolloo yookan waraabeessaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Giraar Jaarsoo Ganda Iyyataa Daannisaa keessatti kan argamuu yoo ta‟uu, iddoolee hawwata Turizimii Aanaa G/Jaarsoo qabduu keessaa kan biroo holqa ganda Bollooti. Holqi kun magaalaa guddittii Godinaafi Aanaa G/Jaarsoo irraa immoo 12km fagaatee argama. Holqi kun yeroo durii irraa eegalee bineensonni garaa garaa keessaa kan jiraataniifi osoo misoomee iddoo hawwata turizimii bu‟aa gaarii kennu keessaa isa tokko ta‟uu kan danda‟udha.

Holqi kun yeroo durii mootummaan xaaliyaanii Itoophiyaa yeroo weerarttu akka holqa waraanaatti gootonni biyyatti kan itti fayyadamaa turan ta‟uu abbootiin seenaafi maangudoonni naannoo sana jiraatan naaf eeranii jiru. Holqi kun keessa isaa karaa dheeraa kan nama imalchiisu ta‟ee sababa bineensoota adda addaatiif keessa seenamee ilaaluudhaaf baay‟ee kan nama sodaachisuudha. Akkasumas naannoon holqa kanaa qabeenya namoota dhunfaan kan daangeeffameedha. Moggaasnii maqaa isaallee naannoo sana bolloon waraabessaa baay‟inaan waan jiruuf moggaasa maqaa Holqa Bolloo Waraabeessaa akka argatee maanguddonni kan himaniidha.



Suura Holqa Ganda Bolloo

#### 4.2.4.1. Haala Qabiinsa, eegumsa fi Jijjirama Holqa Bolloo Isaa

Ibsa yookiin yaada Holqi Bolloo haali irraa jiruu akka durii ta‟uu baatuus, amma ta‟ee gaariidha. Eegumsi isaa amma tokko gaariidha. Sababni isaa hawaasa naannoo fi qabeenya hawaasa naannoo sana waan jiruuf karaa guutu ta‟een kunuunsuun ni ulfata. Jijjiramni jiru, Bosona qaba waan ta‟eef Bineesoonni baayyinaan wal horani jiru. Kun immoo ofitti damaskuun galii akka argamsisuu keessatti hanqinni fi bu‟aan isaa hin baramne waan ta‟eef, qorannoo adda addaa gaggeesuu gaafata. Hanga qo‟annoo fi qorannoo gadii fageenya geggeefamti hawaasni naannoo eegumsa kunuunsa taasisuu qaba.

### 4.2.5 Irreecha Laga Daannisaa/Laga Waada

Langi Daaniisa Godina Shawaa Kaabaa (Salaalee) Aanaa Giraar Jaarsoo Ganda Giraar Gabaar keessati yoo argamu Magaalaa Finfinne irra Km 116 yoo ta‟uu Magaalaa Fiichee irraa Km 4 fagaate kan argamudha.

Afgaaffii guyyaa 19/08/2015 Mangguddoo Kabaddaa Tasamaa waliin gaggeefame Lagni daannisa maqaa kana durii irraa eegalee kan qabu yoo ta‟uu, malkaa Ireecha kana garuu Kurraa Jiddaa Seera Gadaa Shananii, Seera, Bokkuu Shananii, Seera Alaanga Shananii, Seera tuma waaqa, Seera malkaa fi Tulluu kan tumeef ta‟uu isaa himani jiru. Eessa booda jedhan hawaasni hundi iddoo tuma, iddoo waada, iddoo safuu waaqa, iddoo galata waaqayyoof itti galacha, iddoo qunnaa itti tumatanii fi araari itti bu‟uu ta‟ee tajaajila kennaa akka jiruu fi iddoo irreecha beekama ta‟ee dhaloota dhalootati darba as gahee jira jedhan.

Dirribii Damisse (2012:74) irratti yeroo ibsan immoo Irreecha (Irreessa) jechuun marga (Coqorsa) dardaaraa yookiin baala jiidhaa maqaa galata Waaqatiif bakka murtaa‟e tokko kaa‟udha. Waaqa nagaa namaa kenne, Waaqa marga kana magarse, Waaqa biqiltoota sana daraarse mallattoo fuulduratti jiruuf abdii kennaa jiru galateeffachuuf Birraa irreeffatama. Irreechi Yeroo baay‟ee malkaa yoo qaxxaamuran, ededa bishaanichaatti fi burqaa irratti irreeffatama.

Tulluun guddaa fi muka guddaa jalatiis ni irreeffatama. Borootti, balbala irratti, karra irratti, iddoo fi oyiruu keessattis ni irreeffatama. Haala guutudhan yeroo irreeffatan, dura margaa fi daraaraa irreeffatu, as irratti waan nyaatamu keessaa xiqqoo ni daddarbu, waan dhugamu ni dhibaafatu, kana gochuun, waan waaqni namaa kenne keessaa mata-deebii yookiin qananiisa waaqaa deebisanii waaqaa kennuudhan waaqa galateeffachuudha jedhan.

Afgaaffii gaafa guyyaa 24/07/2015 Abbaa Gadaa Isheetuu Ayyaala, Abbaan Gadaa Balachoo Simee afgaaffii 24/07/2015 waliin taasifameen, Ireechaa jechuun gosa margaa keessaa tokko ta‟ee naannoo tokko tokkoo fi akka Aanaa keenyaatti maqaan marga kanaa‟‟*'Saardoo''* jedhamuun kan beekamuudha. Irreechii ykn Saardoon kunis kan kabaja qabuu fi yeroo baay‟ee kan margu lafa gaaraa iddoo bosonni hedduun itti argamutti. Waan kana ta‟eef yeroo durii irraa

eegalee Malkaa fi Tulluutti isa qabachuun Oromoo ittiin Rabbii kadhataa akka turan maanguddoonni fi Abbootiin Gadaa ibsanii jiru.

Afgaaffii gaafa guyyaa 27/07/2015 Dur.Siifan Fallaqaa waliin gaggeeffame irrarti, Irreechi biyyattiif dirree sassaabbii turistiifi madda galii turizimiiti. Irreechi mallattoo araaraati. Irreecha jechuun marga jidhaafi ilillii keelloo ykn daraaraa keelloo waaqaaf aarsaa kaffalamuudha. Sabni oromoo safuufi hodaan kan buluudha. Kanuma bu‟uura godhachuun fulbaana keessa yemmuu daraaraan keelloo daddaraaruu marga jiidhaafi ilillii ykn daraaraa keelloo qabatanii malkaatti ol yaa‟uun uumaa isaanii kadhachaa, galateeffachaa malkaa sanatti gadi jedhanii *"Ishoo yaa waaq kan baranaan na gessee egereenis na gahii!" jechuun* irreessa harka lameenitti qabatan sana bishaaniin wal qunnamsiisuun erga irreeffatanii booda marga ykn jiidha qabatan sana hora irratti dhiisanii kan deemaniidha.

Ililliin birraa ykn keelloon birraa qofa dhootee mul‟atti. Sababuma kanaan "*abaaboon masqalaa"* jedhamtee beekkamti. Yeroo irreeffannaa malkaa qofa jiraatti waan ta‟eef irreecha malkaa marga jiidhaa qofaan irreffatama. Hawaasni tokko tokko hanqina hubannoo dhabuun irreechi aadaa osoo hin taanee amantiidha. Jedhanii fudhatu. daandii kanaanis yoo deemne uumaan ala jiruufi jireenyi, guddinni dhala namaa dhaloota irraa dhalootatti taasisaa dhufe aadaadhaan kan marfameedha. Sirni waaqeffannaatis aadaa keessa jira waan ta‟eef irreechi sirna aadaa waaqeffannaa keessaa isa tokkodha.Uummanni oromoo durii jalqabee aadaa eenyummaa isaa irrechaan ibsata. Kanaaf maddi waaqeffannaa aadaa waan ta‟eef irrechiis asuma keessatti hammatama.

Haa ta‟u malee namoonni ilaalcha sirrii irreechaaf hin qabne hedduudha. Oromoon mukatti, bishaanitti, jinnitti amana jechuun aadaa saba qulqulluu osoo hin beekiin dubbatan hedduutu jira. Sirnii irreechaa garuu duudhaafi safuu ummanni oromoo yeroo dheeraaf qabatee yoona gahee yoo ta‟uu aarsaa, ebba, galata waaqaafi moggaasa maqaa daa‟immanii kan of keessatti hammatuudha.Kana malees iddoo harkisa turistii miliiyoonaan lakka‟amanfi madda galii waa maraati.




Suuraa  Irreechaa MalkaaAanaa Giraar Jaarsoo Bara 2014 Qorataan fudhatame

Afgaaffii guyyaa 20/07/2015 Obb. Fiqaaduu Tolasaa waliin gaggeefame ilaalchise waa‟ee ireechaa Malka yeroo ibsan irreechi sirnoota garagaara qaba. Inni biro sirna irreefannaa yoo ilaalee (public ritual) ta‟ee osoo hin tanee waanti adda isaa godhu namni dhunfaan rakkoon yoo

isaa akka maatiti isaa qunname mana isaa “borooti irreefata yoo irreefatu, kuniis gara bahaa Biftuuti marga jidha” qabate akkas jedha:

Afee.2. “Yaa waaqa abbaa kiyyaa naaf tooli
Yaa waaqa haadha kiyyaa naaf tooli
Yaa waaqa sanyi warra kooti naaf tooli
Yaa waaqa kallachaa warra kooti naaf tooli
Yaa waaqa ateetee kooti naaf tooli
Yaa waaqa caallee kooti naaf tooli
Yaa waaqa uuma ganama naaf tooli
Yaa waaqa utubaa malee dhabbate

Jechuudhan waaqa isaa uume waggatti yeroo lama malkaa fi Tulluuti bahee galata waaqaaf galcha. Malkaa fi Tulluu alaa immoo mana isaati gara bahaa Biftuuti garagaaree kaadhata.Kuniis adda isaa taasisa.Ireechi Oromoo waliigala Irreecha Hora Finfinnee fi Hora Arsadee yoo ta‟uu, kan biro immoo Oromoon gosa (clan) isaa waliin iddoo jiruti,malka fi Tulluu naannoo isaa jiruti kabajaa. Irreecha Oromoo Tulluu yookiin iddoo isaa dhiyyoo ta‟eeti abbaan malka/Tulluu saniin hoganname kabajaa.

Malkaa Daannisa/Laga Waada walqabatee ilma Igguu Abbuu keessa Aliin isaa tokko. Akkasumas Illamuu, Dhanqa, Bonayya,raasoo, Itayyaa, Saqqoo, annoo, Doroo, Anna yoo ta,an akka Aanaa Giraar jaarsooti illamuu fi allee naannoo malkaa daannisa fi Tulluu Salaalee kanatti kan kabajaniidha.Sababni Oromoo irreecha kabajuuf:

Afee.3. Boruu ganna nagahaan nuu baastee
Awwaraa bonna nagahaan nuu baasidha

Irrechi Malkaa immoo goginsi yeroo uumame malka deemani/dhaqani

Afee.4. Farda luugamuun
Kallacha daa‟ima qabsisuun
Jaartiin Jifiree qabee waliin
Bishaan walittoi faacasuun
Isgoo abeet, Isgoo qabeet
Waaqa uuma gannama abeet jedhu

Abbaan laga sun meeshaalee Buulukoo uffaata, eebboo yoo qabatu haati mana immoo caallee fi ulee siinqee ishee waaqayyoo garaa qulqulluun yoo kaadhatan osoo isaan mana hin gahiin rooba jechuudha.

Afgaaffii gaafa guyyaa 20/07/2015 Obb. Mariid Nugusee waa‟ee Irreecha Tulluu Salaalee ilaalchise Tulluu Salaalee kana irraa irreechi kan gaggeefamu yoo ta‟uu, Tulluun kuniis mukeen akka gatira, adaddii, dhagaa fi agamsaan yoo argamu, kuniis jalqaba dhagaa irratti ireefatu,itti ansuun immoo adaddi irratti ireefatama, booda dhuma irratti gatira irratti ireefatama. Horii immo lafti uruufti waan jiruuf achi irratti qaluun waaddi fooni nyaachuun xumurama.

Guyyaa masqala immoo taphoonni adda addaa waan jiruuf, foon nyaatanii galu. Mallaqni foon horii kun ittiin bittamu kan walitti qabu immoo gosa Allee kana yoo ta‟uu, dur keessa qarshii lama (2) turee, amma immoo qarshii shan (5) itti jijjirame.

Afgaaffii gaafa guyyaa 21/07/2015 Obb. Dhugoomsaa Nagaasa waliin taasifame Ireechi akka Aanaa Giraar Jaarsooti Malka Daannisa fi Tulluu Salaaleeti ayyaana qaamee fi ayyaana Masqalaati kan gaggeefamu yoo ta‟uu akka Aadaati Waxabajjii dhuma midhaan facaafame erga raawwate booda buqaayaan midhani margee gaafa uruufa mul‟achu jalqabe, caabbiin akka hin rukkunneef Re‟ee bittanii ganda Allee Salaalee kunbalinni isaa Waantaa digdami tokko (21) gara heek.841 (Dhiiba Sadeeti fi afurtami tokko) qaba jedhan. Re‟een kunis dangan lafa kanaan yoo marfamu namoo nni Re‟ee kana baatanii deeman hin dubataan amma iddoo kaatee geeche qalamtuti.Dur keessa dabare dabareen wal irraa fudhanii baatuu amma garuu mallaqan baachisuu eegalan.Yeroo Re‟een kun naanooftu Re‟een dhufa jirti jedhanii walitti lallabu uummani gandicha. Yeroo kana kan Farda qabu fardan, kan lafoo immoo lafoo isaatiin duuka deemanii walgargaarun gooxii gooxiti dabrsanii booda iddoo dura kaatee sana erga geeche qaluun achumati nyaachuun xumurani galuu. Kuniis ganni rooba cimaa, bakkakaa cimaa, caabiin ganda sana akka hin rukkunneef jecha waaqayyoof galata nuuf yaa ta‟uu jechuun iddoo Boorinee jedhamti qaluu. Iddoon safara jedhamu naannoo sanati mootummaa Dargii uummata walitti qabuun rakkoolee adda addaatiif akka saxilamne taasise jira.

Walumaagalatti akka qorata tokkotti rakkoowwan jiraniis hubachuun xiinxaaleen dhaloonni duubaa dhufaniis ta‟ee maalummaa qabeenya umamaafi haambaa hin beeknee akka irraa

baratuufi qaamnii dhimmi kun ilaallatummoo akka Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Giraar Jaarsootti fi Godina nu waliin ta‟uun bakka furmaata argachuu qabutti wal haa tumsinuun jedha.

### 4.2.5.1. Taateewwan Irreecha Laga Daannisaa/Laga Waada

#### 4.2.5.1.1 Taateewwan Laga Silmii Raas Dargeen Walqabatu

Afgaaffii guyyaa 25/07/2015 Obb.Lammaa Taakaluu, Shimallis Adaal waliin taasifamee keesssatti Sababni maqaa lama ta‟eef maqaa gaafa mogaafamu haala naannoo, taatee waan tokko, muka, laga, rakkoolee, gammachuu fi gaddaa k.kf ta‟uu danda‟aa. Inni 1ffaa Mukti Daannnisa baayyinaan laga sanitti waan argamuu, 2ffa immoo Lagaa Waada sababni jedhameef yeroo saayilee sillasse fi Raas dargee sana Oromoo Salaalee weeraruuf jecha karaa maraabitee gadii seenaani naannoo Silmii jedhamuu gaafa gahaan Warri Atsee Abisoo jedhamaan Oromoo karaa michuu taasifataan dhabnaan Intala isaanii Oromoota naannoo sana jirataaniif kennaan yookiin akka kaadhimataan godhan. Mucayyoon tuniis abbaa mana kanaan waliigaluu diddanii jenaan jaarsi biyyaa ta‟ee loon kennaniif. Ammas lammata jaarsa biyyaati himatanii jaarsi biyyaa loon murteesaniif. Sadaffaa gaafa himatu Warri Oromoo kun arii keessa galanii maali warri silmii tuun gadii nama hin gadhistu gaafa jedhaan naannoo sun laga Silmii jedhame mogaafame jedham.

#### 4.2.5.1.2 .Taateewwaan Ganda Goonboolti Uumame

Afgaaffii guyyaa 25/07/2015 Obb.Lammaa Taakaluu, Shimallis Adaal waliin taasifamee Warri Badhaasa Guddaa dubbiin diina yookiin warra Raas Dargee itti baayy‟atee jennaan naannoo Ganda Silmii kana gadhiisuudhan gara ganda Goobool jedhamuti yeroo ol dhufanii haala naannoo fi milkii horii ofii ilaala osoo deemanu milkii arganne jedhanii qubataan jedhu.

Itti fufee gaafa naannoo mana jireenya warra Haadha Abunee Pheexiroos yookiin Warraa Badhaasaa Guddaa kana gahaan Oromoonni loon fudhatanii achii yeroo gahaan “Sangaan akka malee Goobee waan ta‟eef, Cisse ka‟uu didde jennaan milkiin nuuf tolee kana booda mana keenya asitti ijaarana jedhanii mana ijaartan”. Naannoo kanatti muka Odaa fi qilxuu argataan jedhama. Isaa boodaa waaqayyoo kiyyeen kun keessani jedhe mul‟ata isaa nutti agarsisee waan ta‟eef Abdarii naannoo sana milkiin ilaalatanii akkaasumas “Sangaan keenyaas Goobee cisse kan

jedhu irraa iddoo kanatti araagalftaan jedhama. Booda irra warri Nafxanyaa yookiin garee Raas Dargeen hogannamu yaalii karaa fuudha fi heeruma, jaarsummaa fi warannaa gaggeessun gaafa achi gahaan "Mogaasaa Sangaan Goobee jedhuu irraa gara Ganda Goonboolti" jijjirame jedhu.

Ammaas warri nafxanyaa yookiin gareen Raas Dargee durfamu kuni gaara yookiin qarree Ganda Goonbool jedhamu kana akkatti ol bahaan dhabnaan dubbartoota shamaranii mimidhagduu filannoo taasisuun gara loltoota warra Oromoo kanatti ol eergan. Loltoonni Oromoo kun immoo dubbartoota/qarree kana fudhatanii gara dubbati ol dabrsanii gara lola biyyaa eeguti deebi‟aan jedhama. Dubbiin ammas ta‟uu dinaan karaa mana Amantaa, Abbootii Gadaa fi namoota beekamoon jaarsummaa Oromoota waliin gaggeessun jalqaban jedhu.



Mana Warra Haadha Abuna Pheexiroos Naanoo Ganda Goobolti Bara 2015 Argamuudha.



Abdaari Warra Abuna Pheexiroos Isaa 1ffaa Naannoo Gandaa Goobolati Bara 2015



Abdaari Warra Haadha Abuna Pheexiroos/Warra Baadhasaa Guddaa Naannoo Gandaa Goobolati Bara 2015

### 4.2.5.1.3.Taateewwan Laga Waada/Laga Daannisa

Jaarsumman kuniis Lagaa Daannisa/Lagaa Waada kanatti yoo ta‟amu rakkoo jiru hunda himadha lagni kuni kana booda iddoo waada Oromoota fi Warra Amaaraa/Nafxaanya/diina fi Oromoo itti waada jedhamu waan ta‟eef jedhanii gaafa midhaa irra gahee himataan Raas dargeen akka jedhe:

Afee.5. Leefichee leefichee lee miin teerefenyi
Idee miin arigee kee hoode laatifawu jedhe

Kana jechuun lolaan yaalii gonne ta‟uu dinaan, karaa soddooma deene ta‟uu dinaan karaa dubartoota mimidhagduu deemnaan ta‟uu didde ani bu‟aa tokoyyuu hin argane yaadumaan dhama‟ee jechuudha.

Afgaaffi guyyaa 27/07/2015 Obb. Dhugoomsa Nagaasa waliin gaggeefame ilaalchise Ireechi yeroo lama yoo gaggeefamu kuniis gaafa caamsa jahaa (6) fi ayyaana masqala booda kan geegfamudha. Tulluu Salaalee garuu gaafa qaamee tokko (1) fi Caamsa guyyaa (6) kan gaggeefamudha.Kuniis dur keessa irrechi arfaasa keessa gaggeefama. Amma garuu gaafa qaamee Fulbaana 1 gaggeefamuun isaa naannoo Tulluu kanatti uummaticha kan isaa gadhisanii kan ofii fudhachisudha. Itti dabaluun gubbaa Tulluu kana dhiibaan Amanatii fi Siyaasa waan jiruuf uummanni akka barbaadet gaggeessu hin dandeeny.

Irreechi arfaasa kun Oromoon achi irratti waaqa isaa kan kaadhatuuf, waaqayyoo galataa galchuufi, Roobni yeroon akka roobuu, nagahaan akka jiratuu, jaalala fi tokkumma uummaticha eeguu fi meeshaaleen ulfoon Kallachi, Caaccuu, Siiqee, Bookuu fi Marga jidhaa qabatanii waaqayyoo kaadhatanii irraa argachuudha. Ammaa garuu yeroo bara haara fi gubbaa isaati kaadhachuu dhiisuun gara jalati kaadhachuu eegalan.

Waa‟een Tulluu fi Afseenaan Tulluu kana irratti qorannoo fi qo‟annoo addaa addaa karaa adda ta‟een sirritti hojjatmuun hubannoo uummaticha cimsu, sababni isaa immoo Oromoof bakka guddaa, Seenaa addaa,duudha, eenyummaa ummaticha fi milkii gudda akkasummas uummanni yoo rakkaatee kaadhatee irraa argata waan ta‟eef, rakkoolee biyyaa qunname irra argatu waan ta‟eef sirritti kunuunsi fi eegumsi taasifamufi qaba. Uummanni naannoo sana jirataan yoo seeri jalatee yookiin rakkoo fi lolii uumame adaara Tulluu Salaalee yoo jedhame safuudha. Yoo kun cabe garuu Seeri fi Safuun Tulluu Salaalee gadii hin dhiisu. Tuman Tulluu kana gadi hin dhiisu,

hin ofkaalan jechuudha. Kanaaf qaamni dhimmi kun ilaaluu hundii qorannoo fi qo‟annoo irratti gaggeessu qaba.Maqaan Salaalee kun qorannoon dhiyyaate deebii osoo argatee gaaffiin uummanni yeroo dheeraf gaafacha turee waan ta‟eef.

### 4.2.6 .Tulluu Salaalee

Ragaan waajjira Aadaa fi Turizimii akka ibsuti Aanaan G/Jaarsoo iddoowwan hawwata Turizimii fi Seenaa qabeessa qabdu keessaa tokko Tulluu Salaaleeti. Seenaan Tulluu Salaalee karaa lamaan kan seeneeffamedha. Inni tokko Tulluun Salaalee moggaasa kana kan argatee gosa Oromoo lamaan "*aaleefi Illaamuu"* jedhaman yeroo durii keessaa yeroo horii tiiksan rukkina bosonaatiin wal arguu waan dadhabaniif *eessa jirta?* jedhanii wal gaafannaan tokko Aara aarsee jennaan tokko immoo muka yaabee aara argee bakka jirtuu *sii argeera* jechuun yookan immoo *silaalee* waliin jechuun jechii salaalee jedhu mogga‟uu isaa maanguddoonni naannichaa seenaan beekan ni dubbatu. Inni lammaffaamoo ijoollee saglan Igguu keessaa Illaamuun akkuma madda walaabuuti dhufeen *"Tulluun kun Tulluu Kiyyaa fakkaatti, Tulluu Silaaleeti. Kanaafuu jalatti boqachuun qaba."* Jedhee jalatti boqatee. Achumaanis achumatti horee hidda bal‟ifachuu naannuma sana jiraachaa ture jedhama. Garuu kamtuu dhugaa akka ta‟ee seenaaf haa dhiisnuu jedha dokumatiin dubbine.

Walumaagalatti moggaasni Tulluu Salaalee jecha *Silaalee* jedhurraa akka moggaafamee kan agarsiisudha.Yeroo ammaa kana moggaasni maqaa Tulluu kanaa yookan *Salaaleen* maqaa oromoo Godina kana keessa jiraataniin bakka bu‟a. Dabalataan Tulluun kun uumamaan gubbaa isaatti lafa diriiraa gugsii fardaaf oluu, haroofi Tulluu Ujuubaf ykn Waaqeffanaaf oolu qaba. Garuu umamnii kun yeroo ammaa kana umama isaa eggatee hin jiru. Gaarri kun tilmaamaan magaala Godinaa kan taatee Fiichee irraa gara Kibba Lixaatti daandii Gullallee deemu irratti km. 18 fagaatee Aanaa G/Jaarsoo *Ganda Illaamuu Arjoo Salaalee Zoonii Salaalee* keessatti kan argamuu yemmuu ta‟u olka‟iinsi isaa sirrii irra galaana olii met. 450 fi bal‟inni isaa Hek. 502 kan uwwisuudha jedha dokumantiiin waajjira Aadaa fi Turizimii Aanaa G/Jaarsoo guyyaa 28/07/2015) kan dubbifame irraa.



Suuraa Tulluu Salaalee

Afgaaffii Jechi Tulluu Salaalee jedhu jecha lama irraa kan walitti dhufee mogaafame yoo ta‟uu kuniis jecha birsaga shan qabu ta‟ee, maqaa Tulluu fi salaalee jedhun kana mogafameedha. Jechi Tulluu jedhu lafa sababa olka‟iinsa uumame ta‟ee haala naannoo saniin wal bira qabuun dheerina waan qabuuf mogaasa hawaasa naannichaan kan kennamufidha. Jechi salaalee jechu immoo maqaa gosa yookiin immoo hawaasa naannoo sana jirataan ilmaan Igguu Abuu kan ta‟ee Illamuu fi Alleen kan mogaafaedha. Dabalataan qabeenya naannoo sana fi sanyii gosa naannoo Godina Shawaa kaabaa (Salaalee) jedhu kan mogaafamedha. Hiika isaa bali‟naan armaan agditti kan ibsamudha.

Afgaaffii guyyaa 27/07/2015 Obb. Dhugoomsa Nagaasaa waliin waa‟ee Tulluu Salaalee ilaalchise naannoo kana kan jiratuu gosan Ijoollee Igguu Abbuu keessa Illamuu, Allee, Jaarsoo fi Oromoota sababa jiruu fi jireenyaaf fakkeenyaf Oromoon ilma shan (5) qaba. Ilma Gudeddaa, ilma meelacha, ilma Boojuu,ilma koluu fi Guddifacha naannoo kana kan jirataniidha.Oromoota jiran keessa immoo akka hangafumati gosa Oromoo Salgan (9) jiran keessa Illamuu dursa bahanii Tulluu kana irratti korma kan qaluu isaa.

### 4.2.6.1. Tulluu

Kabaaja Oromoon Tulluuf waliin walqabsiisee qabu guddadha.Sababni isaan Tulluu kabajaniif immoo Waaqani waa malee uumama kaan irra ol dheeressee/caalchisee hin uumne jedhani waan amananiif. Kanaaf, Oromoon Tulluutti ol bahee waaqa kadhatu gara Waaqaatti ol akka dhihaatetti waan amanamuuf gaaratti olbahee kadhachuu filata.

Akka Aadaatti Tulluu jalatti yookiin irratti gochuu lagatu ni jiru: Isaanis Sagalee guddaa dhageessisuu fi muka irraa muruunorkadha. Sababni isaa jinniitu achirra jira jedhanii akka Aadaatti waan amananiifidha.Birhaanuu Taakkalaa (2013:227-228)

Afgaaffii guyyaa 20/07/2015 Obb. Mariid Nugusse waliin gaggeefame keessatti Tulluu jechuun gaara gudda dheerina qabu yoo ta‟uu, ballini lafa Tulluu Salaalee kun waantaa shan (5) yoo ta‟uu kuniis waantaan tokko 1 gara heek.40x5= heek.200 (dhiiba Lama) waliigala naannoon Tulluu Salaalee (heek.dhiiba lama) kan ta‟uudha.

Afgaaffii gaafa 12/08/2015 Obb. Maammoo Badhiyyee waliin taasifamee keessatti wa‟ee Tulluu yoo ibsan Tulluu jchuun lafa jiran keessa maqaa isaa irraa yoo kannee lafa olka‟aa, baayy‟ee dheerinaan tulluuwwaan jiran keessa maqaa gudda fi beekamti qabudha jechan. Hawaasa keessati maqaan Tulluu gaafa ka‟ee dheera fi gudda ta‟uu isaa namati mul‟isa. Tulluun kuniis baayy‟ee beekama fi iddoo ardaalee jilaa adda adda itti argamuudha. Oromoo uummata gudda waaqa isaa uume Tulluu ol dheera fi malkaa inni uume irratti bahee waaqayyoof galata galcha jedhan.Kuniis Kallachaa, Caaccuu, bookuu fi siiqee isaa qabatee Tulluu lafa ulfoo seerii fi heerii tumameef irratti ol bahee waqaayyoo isaa uumamef galata galacha.

Naannoo Tulluu kana dur keessa bosonni, bineesooni, mukeen fi idoon ardaalee adda addaa baayyinaan kan argamuu yoo ta‟uu jidduti immoo uummatuman akka manca‟uu ta‟ee amma garuu mootummaan xiyyeeffannoo itti kenne haala gaariin kunuunfama jiraachuu isaati.

Afgaaffii guyyaa 12/08/2015 Obb. Lammaa Daasuu ganda Arjoo Salaalee waliin ibsana keessatti Tulluun kun Tulluu Seena qabeessa, gudda, Aadaa Oromoo, duudha, eenyummaa Oromoo mul‟isuun kan as gaheedha. Tuluun kun karaa gaarii fi bareeda ta‟een kabajama turee bara mootummaa Dargii irraa eegalee xiqqachaa kan tureedha. Qabeenyummaan Tulluu kana kan

Obb. Xaagaa Dadhii yoo ta‟uu ta‟uu Sirni Dargii akkuma angooti dhufeen uummaanni naannoo sana duula gaggeessun Bosona fi Bineessota achi keessa yoo balleessan yeroo amma immoo:

Afee.6. “Amma yeroon isaa gahee, qabsoon isaa gahee
Gadaa badanii gadaa Galaanii
Oromoon amma uumaa ganama sanitti nuuf deebi‟ee jira”

Kuniis Oromoon amma Aadaa, duudha, Seenaa fi eenyummaa gannamati deebi‟ee waan ta‟eef akkasumaas seera fi heera gannama karaa srina Gadaa fi sadarkaalee Gadaa gaggeefachu dhiise jala yoo bade, uuma fi uuamamni harkaa badhee diina jalati kufuu jechuudha. Amma immoo Seenaan isaa karaa adda ta‟een qoratama jira waan ta‟eef, mootummaa fi uummanni tumsa barbaachisu taasisuu qabadha.

Tulluun kun kunuunsi biyyoo isaa, Bosona isaa Bineesoota fi ardaalee jilaa isaa yeroo amma karaa Mootummaa fi uummataan amma ta‟ee hojjetama kan jiruu yoo ta‟uu, uummanni naannoo kana Tulluun kun seenaa qabeesa waan ta‟eef Galma Aadaa ijaaraachuuf fedhi fi hawwii guddaa waan qabuuf mootummaa fi qaamooleen adda addaa dhimma kana irratti hojjechuu barbaadan deeggarsa nuuf osoo taasisee jedhan. Sababni isaa uummanni naannicha kunuunsa fi eegumsa ardaalee jilaa fi Tulluu kanaa tumsa guddaa taasisuun waliigaltee taasifachuun namni waliigaltee kana cabse argame hanga qarshii dhiiba saditti (300) wal adabuuf murteefatanii jiru.

Afgaaffii guyyaa Dr.Dajjannee Gishee (30/09/2015) Oromoon Tulluu irratti waaqeefachuu fi Manni Amantaa Tulluu irratti mana Aamantaa ijaaruu ijaaruun walqabte yoo ibsan seera uumama boqonna 13 fi kaakuu moofaa W.L irratti waaqaaf galata galchuu, waaqayooti ol hiquu fi fakkeenya waaqayyoof fudhaachuu akka ta‟ee nuuf himani jiru.

Afgaaffii guyyaa 12/08/2015 Obb. Lammaa Daasuu ganda Arjoo Salaalee waliin ibsan Tulluun kun mootummaa darbee keessa maqaa “Awurajjaa Salaalee” jedhamuun waamama ture, yeroo amma sababa quubsa tokko malee Shawaa kaabaa jedhame akka jijjirame akka uummatati Tulluu Salaalee kun akka awaalame hafe naaf gaaffiidha yoo jedhan Godnni kun Salaalee ta‟uu qaba yoo jedhan, kana immoo mootummaas ni gaafanna, garuu seenaan Tulluu kana yoo ibsan

Afee.7. Dubartiin ilmoo dabdee Tulluu jijjiir kaadhanii argatu
Dhiiri yoo maaseene Tulluu jijjir kaadhatanii irra argatu

Hoori /qabeenya yoo dhabaan abdarii fi Tulluu jijjiir
Yoo rakkoon ummata qunname kaadhatanii irraa argatu
Waaqayyoo yoo roobu baatee bonna Tulluu Jijjir kaadhatu
Namni yoo erga dabrfachuu barbaadee Tulluuti ba‟uun dhamsa
Diini yoo isaanitti dhufee Tulluuti ba‟uun dhamsa
Rakooleen adda adddaa yoo isaa qunname Tulluu oldheerati ba‟uun dhamsa
Namni yoo akka tasa wal ajjeese Tulluuti ba‟uun dhamsa yookiin immoo
Meeshalee ulfoo daami‟aam fi farad qabatanii warra gosati lallabu

Kana jechuun gaariis, badaafis Oromoon Tulluuf iddoo guddaa qabaachu isaa kan namati mul‟isuufi uumaa fi uummama gannama yaadachuun duudha, Safuu, Aadaa fi eenyummaa isaa dhaloota dhalootati dabarsa kan as gaheedha. Itti dabaluun waanti armaan olitti mul‟atee kun yoo hiikamu ilmoo yoo dhabaan waaqayyoo garaa qulqulluun kaadhatanii kanirraa argatan ta‟uu, yoo rakkoon isaan qunname, yoo namni wal ajjeese dhiiga isaa ol qabu, kan jiru waliin nyaate karaa akka waldabrsuu gochuu fi nageenyaa ummaticha karaa safuu, aadaa, duudha fi eenymmaa isaanii xumuruu kan anmati agarsisudha.

Afgaaffii gaafa guyyaa 12/08/2015 gaggeefame keessatti Obb. Katamaa Damisee ganda Illamuu Arjoo Salaalee yoo ta‟aan Afseena Tulluu Jijjiir/Abdarii Tulluu Jijjiir, Abdarii Gurraa loloo yoo ibsan namni Gurraa loloo Caancoo jedhamu iddoo kana jiraacha kan tureedha jedhan. Tulluu jijjiir kan jedhameef naannoo Tulluu kana guba Abdariin gurraa loloo jedhamtu turee. Mukti isaa muka gurraa waan ta‟eef abdarii gurraan maqaa loloo caancoo fudhatee abdarii gurra loloo jedhame. Loloon maqaa manati. Mukti gurraa kuniis yeroo mursa booda irraa foxooquun iddo lamati bahee margee jedhama. Gosni loloo caCaancoo kun lamanitu kullaa maranii kadhannoo isaanii itti fufan.

Sababni Tulluu Jijjiir jedhameef namoonii jiruu fi jireenya isaa gaggeesuu keessatti namni rakkoo/yaaka dalagee jedhama.Uummannis walgahanii marii taasisani namni rakkoo kana uume sooqani dadhabnaan abba itti taasisu/godhuuf kakkuu uummata taasisuuf Abdarii Gurraa Loloo irratti beelama qabataan. Guyyaa beelama kanaas uummata naannoo sana hunda walitti qabanii akkuma aadaa, duudha, Safuu fi eenyummaa isaani ganamati Tulluu jijjiir irrati walgahanii eebifatanii nama yaaka hojjete kana waamanii haala kanaan:

Afee.8. Dursa gosaan nama yaaka kana hojjete qorannoo gaggeessan

Isaa booda yaaka kana hojjete moo hin hojjenne yoo jedhu

Dhuga Tulluu kanatti eeyee,dhugaa Abdarii Tulluu Lolooti eeyyee

Eega hin hojjenne jeete qaama kiyyaa keessaa gara alaati

Qaama kiyyaa isaa alaa immoo gara keessati yaa jijjiru jedhi kaakadhu jedhaniin jedhama

Namichi kun yaaka hojjechu isaa osoo beeku haala kanaan yoo kaakatu qaamni isaa keessa gara alaa, qaamni isaa alaa immoo gara keessati yoo jijjiramu kana irraa ka‟uun hawaasni naannicha Abdarii jijjiir/Gurraa jijjiir/ Gurra loloo/Tulluu jijjiir jechuun mogaafame. Tulluun jijjiir isaa dhiira turee gara dubartiti jijjiire waan ta‟eef Tulluu jijjiir jedhame mogafame jedhama.

### 4.2.6.1.1 Shanaan Loloo Caancoo

Loloo Caancoo Ijoollee sha, Farda shan fi karaa Farad shanii qaba.kuniis haala armaan gadittiin ibsamu:

1. Makoo Loloo Caancoo
2. Bulloo Loloo Caancoo
3. Duubee Loloo Caancoo
4. Birraa Loloo Caancoo fi
5. Goondoloo Loloo Caancoo jedhamaan.

Loloo Caancoo naannoo Salaalee kanatti nama baayy‟ee beekamadha. Loloo Caancoo naannoo Tulluu Salaalee kana jiratu yoo ta‟uu, innis Ijoollee Shan (5), Farda Shan fi Karaa Farda shani nama qabudha. Loloo Caancoo ijoollee shan qaba waan ta‟eef, naannoo Tulluu Salaalee kanatti karaa Farda shanii boba‟suu qaba. Loloo Caancoo ijoollee isaa shananifuu Farda Shan bitte yeroo duula yookiin yeroo diini gara Salaalee dhufuu kenneef jedhama.

Loloo Caancoo Salaalee keessatti baayy‟ee baayy‟ee beekama waan tureef, rakkoo fi diina yeroo hunda Salaalee qabachuf yaalii adda addaa gaggeessa turan waan ta‟eef, Salaaleef karaa Farda Shanii baase lolaa turee jedhama. Ijoolleen loloo Caancoo kun duula yoo deeman Tulluu kana bahanii Abdarii Gurraa jijjiir yookiin Abdaarii Loloo Caancoo irreefatanii yoo deeman lolaa kamiyyuu mo‟anii galuu malee mo‟atamnii hin beekan jedhama. Yeroo biyyaa/qiyyee maatii galaan irreefatanii galu.Tulluun kun iddoo ardaalee jilaa fi iddoo kabajaa ta‟ee uummata naannichaaf Aadaa , Seenaa, duudhaa fi eeenyumma ummaticha asiin kan gaheedha.

Asaafa Tafaraa 2014 beekumsa waan Ayyaana ilaalchisee waa‟ee Ayyaantuu ayyaatutuu beeka. Beekumsi ayyaana haala armaan gadii kanaan:

Afee.9. Ayyaani mallattoo waaqati
Mukti Ayyaana qaba
Namni Ayyaana qaba
Lafti Ayyaana qaba
Tulluun Ayyaana qaba
Malkan Ayyaana qaba

Kuniis wantii hundii laguu fi laganna qabaachu waan waaqayyoo uuma fi uumama ganamaan uume kaadhatanii kan irraa argatanii fi ayyaana qabaachu isaati.

Yaadoota armaan olitti dhiyaatan kana yoo ilaalee addunya kana irratti haali lafti itti uumame sababa Voolkanoon gadii bu‟aa, sulula, gaara, Tulluu, haroo, Laga fi malkan uumamuun isaa ni beekama. Akka biyya keenyatis iddooleen adda addaa kanumaan walfakkatu. Godinni Shwaa kaabaa Salaalee isaan kana keessa ishee tokko. Kuniis uumama dachee, gaarreen, Tulluuwwan, laggeen fi malkaan adda addaan kan uumamteedha. Aanaan Giraar Jaarsoo haali teesuma lafa ishee irraa kan ka‟ee lagee, Tulluuwwaa fi Malkaan jiran baayy‟ee kan nama hawwatu fi midhaginaaf illee baayy‟ee karaa adda ta‟een turistoota biyya alaa harkisuu keessati gahee gudda kan qabudha.

Kanaanis Oromoo waan kaadhatee kamiyyuu irraa hin dhabuu jechuudha. Waaqayoo uummanii Tulluu fi Malkaa irratti tokkumman bahee yeroo kaadhatu yerumma sana isaa dhaqaba. Naannoo kanatti akka hangafa fi quxuun ijoollee Igguu abbuu kan ta‟aan Illammuu fi Allee jedhaman naannoo kana jiru waan ta‟ee maqaa Tulluu kanatiin dargaggoonni Waldaa Tulluu Jijjiir jedhamu mogaafatanii hojjecha jiru. Sababni maqaa kana immoo Seenaa, Duudha, Afaan fi eenyummaan isaanii akka hin dagatameef jecha maqaa Seena qabeessa kanaan dhaloota dhalootati dabarsuuf, yookiin yaadaachuuf kan mogaafateedha. Kuniis Tulluun kun nama milkeessa waan ta‟eef jedhamnitti maqaa isaan mogafatanii jiru.

Tulluun jijjiir sababa ulfoo, maqaa gudda fi kabaja guddaa qabuuf jecha guddina argchuu fi hojiin jijjiramu ni dandeenya jedhanii maqaa kanaan mogafame jira.

Uummanni naannoo Tulluu kana jirataan gaafa ayyaana caamsa guyyaa jaha (6) gaafa Tulluu Jijjiir/Abdarii Loloo Jijjiir erga eebban jalqabanii booda awaara bonna nagahaan nuu baastee sanyii fi biyyoo, booru ganna nagahaan nuu baasi ati yaa Tulluu Jijjiir jechuun haala armaan gaditti ibsaatu:

Afee.10. Si kaadhanna si sagannaa yaa waaq abeet
Waaqumti hoori si saganna yaa waaq abeet
Waaqni hangafa si kaadhanna yaa waaq abeet
Waaqumti xiqqaa si kaadhanna yaa waaq abet
Yaa jijjiir loloo si kaadhanna yaa waaq abeet
Waaqumti maaddii si kaadhanna yaa waaq abeet
Waaqumti malka si kaadhanna yaa waaq abeet
Nuu dhagahii si kaadhanna yaa waaq abeet

Waaqumti Tulluu jijjiir/Tulluu loloo si kaadhaanna yaa waaq abeet jechuu waaqa isaan uume sagalee tokko fi laphee tokkoon Tulluu jijjiir/Tulluu loloo Jijjiir kaadhachuun waan barbaadan argatu.

Afgaaffii guyyaa 27/07/2015 Obb. Dhugoomsa Nagaasaa waliin gaggeefame ilaalchise iddoo Seenaa qabeeyyii Aanaa Giraar Jaarsoon qabdu keessaa tokko kan ta‟ee Tulluu Salaalee isaa guddadha. Waa‟ee Tulluu Salaalee kabaja durii haala duudha Oromoo gannama eegateen deema hin jiru, waan ta‟eef kun qaamni dhimmi ilaaluun xiyyeeffanoo adda itti kennamu qaba yoo jedhan Tulluu Salaalee jechuun Tulluu guddadha, akka Oromichi durii duriyyoon eegaa kabaje asiin gaheen, ulfina isaati hin deebi‟nee jechuudha. Hanga yoonatti Tulluun kun maqaa Godina kana ittiin waamsisudha. Tulluun kun gosa Oromoo Salaalee naannoo Godinnicha keessa jiran maqaa isaan kan waamamaan yoo ta‟uu, namoonni dhalata Godinnicha ta‟aani gara bira jirataan, namoonni biro yoo argaan kun salaalticha kana jechuun lafa Salaalee irraa dhufee jechudha.

Tulluun kanaaf Oromoon gaafa maqaa baasuu lafa ka‟ee miti, hiikoo mata isaa qaba, haala yeroon walqabsisu danda‟aa, hawwii gara fuuladuran walqabsisuu danda‟aa, haala qabatama naannoon hiikoo mata isaatiin, gammachuu fi rakkoolee isaa qunnameen ta‟uu danda‟a, fakkaati naannnoo isaatiin, milkii fi uummatichaan walqabsiisuun yoo magaafamu, seenaan isaa waa

lama(2) irraa kan mogaafameedha. Tokkoffaan durii keessa Tulluun kun bosonaan uwifamee argama waan ta‟eef, gosa naannoo kana jirataan keessa keessaa ijoolleen Igguu Abbuu Sagal (9) jiraan keessa, Illamuu fi Allee gara kaabaa fi kibbaan waldaayyeefatanii jiratu jedhama.

Lafti kun baayy‟ee bosona fi Tulluun kun guddaa waan tureef, sababa kanaan lafti kuni fi Tulluun kun baayy‟ee guddaa irraan kan ka‟ee oboolaan kun Illamuu karaa kaabaa gaditti yoo hafuu Allee immoo Tulluu Salaalee kana karaa kibbaa ol bahee sa‟ati dheeraaf erga turee booda Obooleesi isaa kun yaadoo keessa jira, Allee garuu muka ibda qabsisee araa arsuu eegalee, yeroo kana Illammuu immoo yaa Alle yaa Allee eessa jirta yoo jedhu, innis si ilaalan jira, si argaan jira, si hubadee jira, yoo waliin jedhanan kana irra ka‟uun Tulluu Salaalee jedhame mogafame. Kun adeemsa/dhawataa keessa gara Salaaleeti jijirame jedhu. Lammaffaan immoo karaa bira Salaaleen gosa ilmaan Bareentuu keessa gosa karrayyuu keessa mna kudha tokkoffadha. Salaaleen kun ilmumma Oromooti.

Oromoon Aanaa Giraar jaarsoo keessa jiraan Ilmaan Igguu Abbuuti. Ilmaan kun immoo Madda Walaabuu irraa ka‟anii lafa jidha fi badhee barbaachaaf jechaa madda Walaabuu ka‟ee lafa mijataa gara kana yeroo dhufaan lafa badhee kana argataan. Isaa booda deemsa ji‟aa sadii booda naannoo Tulluu kana gahaan Tulluun kun Tulluu kiyaa fakkaati, Tulluu salaalee fakkaati waan ta‟eef, asuma turuu qabana jedhanii yoo turaan, tulluun kun kan Salaalee fakkaati kan jedhu irraa ka‟uun Tulluu Salaalee jedhame mogaafame jedhama.

Garuu kutaan bulchiinsa Godina kana illee Awurajjaa Salaalee jedhamee waamama turee. Gosa Oromoo Tullama kaabaa Shagaar kana Salaalee jedhanii yoo waamaan kun immoo Aanalee Godinnichaa jidduti olka‟iinsa guddan kan argamu fi lafa wal-qixee handuraa Godinnicha Aanaa Giraara Jaarsoo Ganda Illamuu Arjoo Salaalee keessati yoo argamu Tulluun kuniis baayy‟ee olka‟iinsa waan qabuuf, achirraa dhabbatanii, Shagaar arguun ni danda‟ama. Karaa bira immoo, Gojjam, meetaa fi kutaa Salaalee hunda arguun ni danda‟ama. Kana waan ta‟eef Godinni kun maqaa Tulluu kanaan mogaafamu qaba jedhame maqaa Tulluu jedhamu kana bira dhiisun Salaalee Awurajjaa/Salaalee jedhame hanga bara 1983 ti ittiin waamama turee jechuudha.

Tulluun kun iddoo ulfoo fi ardaalee jilaa bira darbee uummata Godinnicha beeksisuu fi Seenaa, duudha, Afaan Aadaa fi eenyummaa isaa karaa ittiin dhaloota dhalootati dabrsudha. Salaalee

waan hedduun beekama. Isaan keessaa Gootota akka B/J/Taaddaasa Birruu fudhaachuun ni danda‟ama. Gootonni kuneen immoo mirga isaanii fi Oromoota fi Oromiyaa eegsisuuf illee akkaasumas mirga biyyaa kana kabaachisuuf illee gootonni lubbuu isaanii itti waareggaman heddudha.Fakeenyaaf Taaddaasa Birruu mirga barbaachuu fi mirga ofiin of bulchuu uummataa Oromoof mana bahee "Namni kamiyyuu baraachuu qaba namni baratee gaaffii mirgati gaafata" jedhe nama qabsoo cima gaggeessa ture. Kanaanis walqabatee akkas jedhan:

Afee.11. Salaalee yaa biyyaa gaara
Biyyaa muluu biyyaa Taaddee
Ofii xuqnee nama hin geenyu
Hin dhiisnu kan nuu barbaade" jedhu

Kana jechuun Gooroon isaa Geerarsa yoo ta‟uu, kuniis lafti Salaalee lafa gaara fi goototaaf mija‟aa ta‟uu isaa fi Oromoo nama jaalata , hammata kan nama hin xuqne yoo xuqaan garuu kan nama gadii hin dhiifne geerarsati fayyadamuun gootota maqaa kaasun gootumma isaa fi ol‟antummaa isaa himata.

Afgaaffii guyyaa 27/07/2015 Obb. Dhugoomsa Nagaasaa waliin gaggeefame keessatti Tulluu Salaalee Oromoof iddoo ulfoo, iddoo Seenaa qabeessa, lafa Afseenaa, iddoo duudha, Safuu, eenyummaa uummata keenya dhaloota dhalootati dabarsa as gaheedha. Naannoo Tulluu kana irratti waan baayy‟een yoo argamu kuniis irraa keessa fi keessa isaati Abdarii, iddoo irreecha fi burqa, gaazii adii, mukeen, lafa qonnaa fi Farda kaachisuuf iddoo mijataa fi olka‟insa isaa irraa kan ka‟een iddoo midhagina fi ulfoo fi iddoo kaadhannoo itti gaggeessan kan qabudha.

Kutaan qaama Tulluu kana immoo bishaaniin marfamee kan jiruu fi bishaan Tulluu kana irraa jiru xaaliyaanitu mooyyedhan dhuuche malee yeroo tokkoon Godinnicha dhiquu danda‟aa jedhu. Yaadni innin bira immoo bishaan osoo hin tannee Gaazii Adii uumama waan ta‟eef, midhaa uummata irraa ga‟uu danda‟aa kan jedhuu fi qabeenyicha dhoksuuf ta‟uu danda‟aa kan jedhu waan jiruuf qorannoo gadii fageenya kan barbaadhudha.

Afgaaffii guyyaa 21/07/2015 Obb.Girmaa Asafaa waliin gaggeefame ilaalchise Tulluu Oromoof bakka gudda, hujubaa,iddoo awwalcha, iddoo Safuu, duudha, iddoo ulfoo,iddoo kaadhatanii irraa

argataniidha. Oromoo fi Tulluun adda hin ba‟uu jedhan.Uummanni Salaalee Tulluu fi Malka akka qabeenya yookiin ilmoo isaati ilaala.

Afgaaffii guyyaa 21/07/2015 Obb.Dibbabaa Laggaasaa waliin gaggeefame keessati dur keessa yeroo Lagni guute, horiin bade, rakkooleen tokko uummata qunname, Yeroo sirna Guma, tiskeen looni Daraabaa galaan, Uummanni sababa lagani guute addan citaan yookiin walitti dhufu diddani naannoo Fulbanna yookiin Masqalaa akkasumas guyyaa Daamaara Tulluu Salaalee kana irraa bahanii ibsa waaqati ol qabuun agarsisuu jedhama.Tulluun kuniis baayy‟ee ol fagoo waan ta‟eef, karaa Meetaa, Darraa, Sulultaa, Warra Jaarsoo hanga Finfinneeti waan mul‟atuuf isiin ilaala jira jedhanit ibsa masqalaa yookiin Daamaara masqalaa baasuu jedhama.
Kuniis biyyii nagahaa ta‟uu isaa agarsisa jedhan.

### 4.2.6.1.2. Wantoota Naannoo Tulluu Salaaleeti Raawwatamu

#### 4.2.6.1.2.1. Eebba Tulluu Salaalee

Akkuma beekamu Oroomoo uummata uuma fi uumama isaa gannama hiriba yoo ka‟uu waaqayoo gahaan akka isaa olchuu, galgala immoo nagahaan akka isaa bulchuu fi biyyii nagahaa, mootummaan nagahaa, hooriin nagahaa, aatiin naghaa fi qabeenyii isaa nagahaa akka ta‟uuf eebbaan waaqayyoof galata galacha. Tulluu Jijjiir/abdarii Tulluu jijjiir kana irraatti Caamsa guyyaa jaha (6) fi qaamee haala armaan gadittiin eebbifatu:

Afee.12. Waaqni nagahaan nuu bulchee nagaha nuu olchuu… yaa olchuu
Hamma addaan nuu olchuu ............................................ yaa olchuu
Dabbii sababi nuu olchuu........................................yaa olchuu
Tola waliin nuu olchuu.............................................yaa olchuu
Biyyi keenyaa biyyaa nagahaa nuuf yaa ta‟uu ……yaa ta‟uu
Tulluu jijjiir kabajana kabajaa nagahaa nuuf yaa godhu ….yaa godhu
Keessuumoota keenya nagahaa nuuf yaa godhu…..............yaa godhu
Jijjiir kanadhanna nuuf yaa guddisu ....................................yaa guddisu
Xinnaan keenyaa nuuf yaa guddatu…............................yaa guddatu

Guddaan keenyaa nuuf yaa buluu… ............................yaa buluu

Dhugaan Tulluu nuuf yaa ta‟uu ..............................................yaa ta‟uu

Dhaarti sululaa nuuf yaa ta‟atuu ...................................yaa ta‟atuu

Fardaa korraa keessa nuuf yaa bulchuu…....................yaa bulchuu

Dhalatii okoolee keessa nuuf yaa bulchuu… ............... yaa bulchuu

Korma nuuf yaa kuusu… ................................................ yaa kuusu

Dhaltii nuuf yaa kuusu… ................................................ yaa kuusu

Jabiin nuuf yaa maartuu… .............................................yaa maaratuu

Biyyaa keenya nagahaa yaa godhu .................................yaa godhu

Biyyii keenya hundii nagahaa yaa ta‟uu… .....................yaa ta‟uu

Biyyii keenya nagahaa yaa himatu ................................. yaa himatu

Kan rooban jibaan nuu yaa baasuu… ............................. yaa baasuu

Kan camaan jibaan nuu yaa baasuu… ............................ yaa baasuu

Abraasa nuuf yaa roobuu… ............................................ yaa roobuu

Roobee dabasoo yaa magarsu….......................................yaa magarsuu

Dabasoo sa‟aa yaa danda‟uu… ....................................... yaa danda‟uu

Sa‟anii abbaa yaa danda‟uu… ..........................................yaa danda‟uu

Ilmi abbaa yaa beeku....................................................... yaa beeku

Abbaan ilma yaa beeku….................................................yaa beeku

Intalii haadha yaa beektu… ............................................. yaa beektu

Haati intala yaa beektu….................................................yaa beektu

Waa jenne hanqanne hammatuun nuu hanqatu................ yaa hanqatu

Goorma gooba, qoodala afaan nagahaa............................nagahaa

Ani jedhe waaqni Igguu yaa jedhu… ............................... yaa jedhu

Waaqni kurraa Jiddaa yaa jedhu ...................................yaa jedhu

Waaqni jahaan galaan yaa jedhu ................................... yaa jedhu

Waaqni Finca‟aan Tullama Sadeeni yaa jedhu… ......... yaa jedhu

Waaqni maaccaa yaa jedhu… ........................................yaa jedhu

Waaqni raayyaa yaa jedhu…......................................... yaa jedhu

Waaqni Ittuu yaa jedhu...................................................yaa jedhu

Ani kanumarrattiin xumura maaran yaa baduu…............yaa baduu

Kan Falatee yaa da‟uu..................................................yaa da‟uu

Moorticha waaqayyoo harka isaaa yaa muruu…............ yaa muruu

Gadaan quufa fi Gabina

Barreefama armaan olii kanarraa akkuma hubatamu Oromoo yeroo hojii, nyaata, dhugaati, qonnaa, cidhaa, irreeffanna Tulluu, Irreefanna malkaa fi Jaarsumma akkasumaas hojii kamiyyuu osoo hin eegaliin dura waaqa isaa uume fi ardaalee jilaa isaaf waaqayyoo gosa iddoo hunda jiru maqaa dha‟uu seera abbaa fi haadha, kan ilma fi dubartii waamudhan galata waaqaaf galchuun hojii hunda eegalu. Dabalataan qabeenya isaa, maatii isaa, gosa isaa, diina isaa, guddaa fi xiqqaaf waaqa isaa uume yaadaachuun, akkasumas dhugaan Tulluu yaa ta‟atuu, dhaari sululaa nuuf yaa ta‟uu jechuun oldheeina Tulluu waaqayyooti dhiyyachu isaan walbira qabee waaqa isaa kaadhata.

### 4.2.1.2.2 .Korma Tulluuti Qaluu

Korma jechuun Oromoo birati Sa‟a dhalchuu danda‟uu yookiin cinaan isaa keessa hin bannee yookiin hin tumanee jechuudha. Kuniis waan guutu waaqayyoof kennuun guutu waaqayyoo irraa fudhaachuudha. Arsaa guutu waaqayyoof yoo kennite waaqa waan kaadhataan hunda nama kenna jedhanii amanuu.

### 4.2.6.1.2.3. Dhugeefannoo Re‟ee/Hoolaa Marsaa Naannnoo Tulluu Salaalee

Afgaaffii 27/07/2015 (Obb.Mariid Nugusee, Dhugoomsa Nagaasaa,Xaafaa Laggaasa ) waliin gaggeefamee keessatti dhugeefannoon naannoo Tulluu Salaalee yookiin ganda Illamuu Arjoo Salaalee kanatti gaggeefamu waxabajjii keessa midhan facafamee yookiin sanyii bahee yookiin sanyiin facafamee erga margee booda Re‟ee marsa gaggeessuu. Re‟ee marsa jechuun uummanni ganda tokko keessa jiratu qonnaa isaa erga xumuree booda sanyiin qotee Oomishaa gaarii fi ganna nagahaan akka ba‟uuf jecha mallaqa waliiti buufachuun Re‟ee kana biitanii daanga ganda sana guutu kan ittiin marsaniidha.

Re‟een marsa dur keessa Salaalee keessatti beekamadha.Re‟ee kanaas bittuuf uummani itti yaadanii mallaqa Re‟ee kana qarshii tokko,lama, sadii, Afur, shan jecha akkuma jireenyi dabala dhufeen itti dabalacha waliiti qabaacha deemu. Mallaqni kun gatii Re‟eef olla. Amma garuu

nama Re‟ee kana baatuuf ni hirama. Dur jalqabee garuu Re‟een kun iddoo waltajjii lafa tokko gaafa kaatee, namatu baataa. Namni Re‟ee kana baatuu amma namni bira irraa fudhuti hin dubbatu. Namnnooni lafa garuu waliiti gooxii gooxiti lallabuun Re‟een marsa dhufte walitti dabrsa jecha walitti lallabuu. Yeroo tokko tokko immoo namni Re‟ee kana baatu fardan ni deema.

Re‟een kuniis bakka yookiin iddoo duran geeche sana erga geeche booda namoonni naannoo sana walitti dhufanii waaqayyoo kana awaara bonna nagahaan nuu baaste booru ganna naghaan nuu baasii kan roobaan jibban, kan aduun jibaan jala nuu baasii, maatii keenyaa, loon keenya, biyyaa keenya, Tulluu fi malkaa keenya nuu eegi jedhanii qalanii nyatanii galuu.

Raawwii Re‟ee marsa kana booda ganda dhugeefannoo kana gaggeesse keessatti rakkoo tokko malee Oomishinni midhanii fi nageenyi waa hunda karaa guutu ta‟een argama.Gandi kun rakkoo tokko malee qabeenyi isaa hundii osoo waa tokko hin tannee eegamaaf.

Gandoota Re‟ee marsa kana hin gaggeesine keessatti midhan isaanii cabin, loloon, midha adda addaatiin, rooba hammaan fi rakkoolee adda addaa kan isaan qunnamudha.

### 4.2.6.1.2.4. Dhugeefannoo Re‟ee fi Fannoo/Masqalii Waliin Marsuu

Afgaaffii 28/07/2015 (Obb.Galaan Dadhii, Xaafaa lagaasaa) waliin gaggeefamee keessatti waa‟ee Re‟een marsa kun erga gaggeefamu jalqabe Gadaan isaa hin beekamu, amma garuu Fannoon waliin deemu jalqabe. Kuniis dhiibaaf yaa ta‟uu, fayyidaa uummatichaaf yaa ta‟uu waliin gaggeefamuu jalqabe.kuniis namni Amantaa Ortodooksi ta‟ee itti waan akka Irreecha, Booranticha fi ateetee ni gaggeefata. Rakkoon hanga ammati nuu qunname yeroo tokko tokkoo waan Aadaa, Duudha, Safuu, Seenaa fi Eenyumma uummatichaan walqabatu irratti dhiiban ni mul‟ata kun sireefamu fi hubannoo hawaasa cimsuun murteesadha.

Afgaaffii guyyaa 27/07/2015 Add. Asteer Tafaraa ogeessa waajjira aadaa fi Turizimii Aanaa Giraar Jaarsoo Tulluu Salaalee haali mogaasa isaa yoo ilaale oboollayyan lama Allee fi Illamu kan jedhamaan wal dhabanii gaafa Tulluu kana iiarrti wal barbaadaan inni tokko isaa tokko waame jenaan si argee jira, si ilaalan jira kan jedhu irraa Tulluu Salaalee mogaafame.

Yaada olii kana irraa wantii hubatamu hawaasni keenya iddoo fi yeroo kamiyyuu maatiin isaa gosni isaa, firri isaa,qabeenyi isaa fi biyyi isaa nagahaa akka ta‟uuf yeroo hunda halkani fi guyyaa waaqayyoo isaa uume kadhata yookiin galata waaqayyoof galcha. Uummanni ganda Illamuu Arjoo Salaalee kun waqtilee re‟ee yookiin hoola marsa gaggeessu kun fulduri isaa ganna waan ta‟eef boruu ganna, midhaan keenya, hori, nama fi gandi sun nagahaan akka jirataniif hoola kana kadhatanii qalu. Fannoon waliin yoo deemu uummanni ganda sana mormii tokko malee humni isaa itti dabalame nuu eega kan jedhan qabu.Kuni immoo dur hoola yookiin re‟ee qofa haara maliif jalqabame kan jedhuuf qo‟annoo fi qorannoo gadifageenya irratti gaggeessu waan barbaachisu fakkaata.

## 4.2.6.1.2.5. Ilaalchaa Tulluuf Gama Amataan Jiruu

Afgaaffii gaafa guyyaa 27/07/2015 Obb.Girmaa Asafaa Luuba Mana Amantaa waan ta‟aaniif waa‟ee uumama dachee fi Tulluun haala itti hiikan Tulluu Wangeela Maatiyoos fuula 5-7 irratti waaqayyoo Tulluu irratti “Barumsa Tulluu” barsisee jedhan. Tulluutti yoo ol bahan kallatti hundaan arguun akkuma danda‟amu Amantaa fi fi beekumsaan yoo ol guddatan kallattii hundaan ilaalun ni danda‟ama. Kuniis kan dhiyoo, kan fagoo, kan mullatu fi kan hin mullanne (deep observation) jedhu.

Qabeenya isaa dadhabaanhabatee midhaan isaa ilaalee deebi‟ee deema.Namni abshalii immoo qabeenya isaa bira gahe haala isaa saaqee dhibee qabaatee ilbiisallee yoo qabaate, aramaallee ilaalee dafee tarkaanfii fudhachuuf isaa gargaara. Namni dadhabaan osoo qabeenya isaa garuu ilaalee deeme osoo hin argin yookiin dhibeen yookiin ilbiisan miidhamu danda‟aa waan ta‟eef bu‟aa argachuu qabu osoo hin argatiin hafa yookiin ni hafa.

Tulluun irraa namni dhabate kallatti hunda‟an diina isaa miidhuuf dhufu arguu danda‟aa. Maatiyoos 6:16 Raajichi Elisaan gargaaraa isaatiin kan nu wajjin jiru ni caaluu jettee hin sodaatin jedheen .Biyyoota Sooriyaa fi Isra‟eel gidduutti lolli waan tureef mootin biyya sooriyaa Waraana erge Elisaa qabanii gara isaantti akka dhiyeessaniif erge Elsaanis yaa waaqayyoo ija isaa bani jedhee kadhate ijii isaa keessoo yoo banamuus ergamoota waaqayyoo isaan wajjin jiran argee tasgabaaye jedhama.

Warren isaa qabuu dhufan ija isaanii jamse Magaalaa Samariyaan gahe nyaataf dhugati kenne isaan gaggeesse jedhu.mootonni durii akka biyyaa keenyatti Masaraa isaanii Tulluu Inxooxxoo

Maraam….Finfinnee irraa hundeefamuun isaa waan hunda to‟aachuuf akka ta‟ee ifa. Amantaan jirachuun kabajaa fi uumama hundaa ol kan ta‟ee gara waaqatti kan nama geessu fi isa wajjin jiraachuu kan nama dandessisu ta‟uu ibsuuf manni Amanta Tulluu irratti ijaarama.

Afgaaffii gaafa guyyaa 27/07/2015 Obb.Girmaa Asafaa Ogeessa qonnaa waan ta‟aaniif waa‟ee uumama dachee fi Tulluun akka Aadaati durii irraa eegalee haala itti hiikamu yoo ibsan gama Aadaan nama wal lolee araarsuuf, kan walajjese, guma nama wal ajjese nyaachisuuf walitti araarsuu fi tokko gochuuf uummanni Oromoo Tulluu irratti vahe waaqa kadhata. Yoo roobni roobuu dide Tulluutti bahee waaqa kadhate yaa waaqa Tulluu kana uumte jedhee kadhate waan kadhates ni argata jedhan.
Hawaasni keenya yeroo rakkoon isaa qunname lallaban erga dabarfachuuf Tulluutti bahanii walitti dabarsuu. Yeroo bilbili hin jirretti namni yoo du‟e Tulluu Salaalee irraa lallabanii fufaa Gindabaratitti achi gara meettaa Roobitti achi gara maraamii cabaree (Aanaa Kuyyuu) achi warra jaarsoo achi gara Aanaa H/Abboote achi gara Aanaa Darraatti keessa waliin ga‟uun erga qaban dabrfacha turan jedhu. Obb. Giramaa Asafaa “Guyya tokko anuu erga deeme lagni natti guutee jennaan walitti lallaba dabarsani mana nama akka bulee dhagahan maatiin kiyya jedhan”.

Afgaaffii gaafa guyyaa 27/07/2015 Obb.Girmaa Asafaa Ogeessa qonnaa Saayinsiitti priinsiipilii misooma sululaa keessatti hojiin misoomaa kamiyyuu Tulluu gubbaadhaa kaasee gara gadiitti kan hojjetamu fi miila jala yookiin walakka buunee hojii yoo jalqabne lolaan gubbaa dhufu hojii hojjetame ni balleessa. Gubbaa qabee gara gadiittii yoo hojjetame garuu humni bishaanii cabaa waan deemuuf hojiin keenya itti fufiinsa ni qabaata. Hojiin misoomaa ballinaan hojjetame turee jira. Kuniis Bosonni debbee jira, Burqaan maddee jira jedhan.

Mogaafama maqaa gaara Salaalee maqaa Godinatiin moggafaafamee jira. Godina kana maqaa Salaalee jedhamuun beekama waan ts‟eef, hurufti Salaalee balla akka ta‟ee gaarri Salaalees balla waan ta‟eef gubba isaa Fardeen gulfsiisuun Aadaa, Seenaa, Duudha fi eenyumma isaa agarsiisa turee. Maqaan Salaalee jedhu kun kan argame namni Tulluu kana irratti bahee yeroo lallabu Siilaalee, siarge kan jedhu irraa dhufe adeemsa keessa Salaalee jedhame jedhu.

Godinni kun yeroo dheeraaf maqaa Salaalee kanaan yoo beekamu yeroo Shawaa kifle Hagar jiru Awurajaa Salaalee jedhame beekame kuta biyyaa (Godina akka jechuu) Aanaa olitti kan jiru moggaasa turedha jedhan. Shawaan kun yeroo qoqqoodamu Shawaa Kaabaa, Shawaa Kibbaa, Shawaa Lixaa fi Shawaa bahaa jedhame Godina adda dabalatee mogaafame waamama yoo turuu, Caasaa manni Amantaa keessatti hanga ammatti "Kutaa Lallaba mana Amanta Salaalee" jedhama. Kuniis hanga haarati maqaan kun hin jijjiramne. Kan karaa Bulchiinsas Jaarraa 20ffaa keessa bara 1994 akka jijjiramedha Seenaan kan ibsu.

Teessoon masara Mootummaa Gondor fi Gojjam yeroo ture keessatti gara Finfinnee yoo dhufu Fiicheen karaaarra waan taateef waan baayyee keessa turtee jirti. Hundeeffamaniis Finfinnee dursiti kuniis Finfinneen bara 1886 yoo ta‟uu Fiicheen immoo 1881 hundoofte jedhan.

Ergan isaan nutti qabaniis jedhan maqaan Godina Salaalee jedhu kun osoo gara Salaaleetti deebi‟ee nama baayy‟ee biratti fudhatama ni qabaata. Seenaan Uummata Oromoo karaa sirri ta‟een barreeffame hin turre waan ta‟eef osoo qoratamee seeraan irra deebi‟ee barreeffame gaariidha.

### 4.2.6.2. Salaalee

Afgaaffii guyyaa 20/07/2015 Obb. Mariid Nugusse waliin gaggeefame keessatti jechi Salaalee jedhu ijoollee Igguu abbuu keessa gosa Allee fi Illamuu bakka kan bu‟uudha.Maqaa Salaalee fi Shawaa kaabaa jedhu uummatichaf kamtu filatamadha gama bu‟aadhan kan jedhuuf immoo osoo sirni bulchiinsa kun hin jalqabiin "Awurajjaa Salaaleen" beekama. Yeroo sirna Dargii Salaaleena Jiruu jedhama.Booda immoo bara 1983 as Shawaa Kaabaa jedhame bulchiinsi isaa Dabra Biran ture. Booda gar asana naannoo Amaarati sululta hanga warra jaarsooti Salaalee taasisan.Maqaan kun osoo salaalee deebi‟uu qaba jedhan.

Sababni isaa Salaalee kan jedhu kun kan ittiin beekamu maqaa guddaa, dhageeti gudda, uummata jalatama, amala qabeessa, uummata ogumma qabu, naman waligaluu, yoo xuqqan garuu nama hin dhiisu jedhan. Salaaleen sirban, Atileetootan, Fardan, gootota akka B/J/Taaddaasa Biruu, H/Maraam Gamaddaa, Agarii Tulluu, F/Alamuu Ejeersa, Muluu Asanuu,

F/Jimaa Sanbatee fi Waaqee Dibboo faan ni beekamu.Afwalaloo isaa gaafa ilaale haala armaan gadittiin ibsamu:

Afee.13. Yaa Salaalee yaa salaalee biyyaa xoosinyiin daraaree
Naan dhufaa karaan walallee jedhu

Kana jechuun namni/gosni/lammii isaa kan gara biro jiru salaaleef jalaala qabuuf ibsuuf naan dhufa hojii fi karaa walallee jechuun qabeenya naannoo sana xoosinyitti qabaachuun afwalalooti fayyadamuun yeroo ibsatudha. Karaa bira immoo biyyaa jaalala, biyyaa urgooftu, biyyaa goota fi waan hundanuu sibra jira, naan dhufe si deeggara jechuudha. Itti dabalu si bira dhufuuf karaan rakkoo ta‟ee yookiin walirraa fagannee, si jaaladheen karaan dhufuu dhabe jechuun dhamsa isaanii afwalalooti fayyadamuun waliif dabarsuu.

Afgaaffii guyyaa 20/07/2015 Obb. Fiqaaduu Tolasaa Waliin taasifame keessatti Salaalee kan ittiin beekamu qaba. Kuniis akkuma addunyatti uummanni addunyaa kana mallattoo ittiin beekamu kan qabu yoo ta‟uu Oromoon Salaalee akkuma Oromoo Godina biro waliin walfakkat heddu qaba. Keessatu Salaalee waan addaa inni qabu (Particulary) Salaalee aadaa sirboota isaa, haala bulchiinsa isaa yeroo gammachuu, yeroo gadda, yeroo rakooleen garagaara yookiin wantoota isaa qunnamaan/muudatann sirboota adda addaa itti fayyadamun ogummaa artii tokko malee ofumaa isaatiif ogeessa jedhan. Akka fakeenyati yoo ibsinu:

Afee.14. Salaalee ofii isaa waa ilaalee bula
Yoo waa qeequu fedhii isaa sirban qeeqaa
Yoo waa arbsuu fedhii isaa sirban arabsa
Yoo waa balaleefachuu fedhe sirban balaleefata
Yoo waa jajuu fedhi isaa sirba jajaa
Yoo waa xiqqeessu fedhii isaa sirbanaan
Yoo waa guddisu fedhe sirban guddisa
Yoo waan sirbaan dabarsuu barbaadee sirban dabarsa
Yoo biyyaa gadhisu barbaade sirban hima
Yoo biyyaati galu barbaade sirban hima
Yoo rakkoon isaa uummataaf dabarsu barbaade sirban dabarsa

Yoo waliin qabsoo gaggeessu barbaade waliin qabsoo taasisa

Yoo jaalachuu barbaade sirban itti hima

Yoo ofitti qabu barbaade sirban itti hima

Yoo gaaffi dhiyyeessu barbaade walaloon itti hima" jedhu. Kun immoo Oromoo biroo irra waan adda isaa taasisudha.Kuniis akkana jechuun rakkoo isaa muudate ibsaacha ture:

Afee.15. Sibahee biyyaa sibahee yoo muujaan olla sita‟ee

Yoo hantuuni daboo sibahee

Yoo argisni olla sita‟ee

Yoo kaannisni daboo sibahee

Ati yaa Amdee Abarraa maaf qotee maasa lagarra

Si arguu ayyaani warra jechaa biyyaa isaanii gadhiisani deeman.

Ammas Oromoon Salaalee kun iddoo deemanitti gaafa dubbiin itti ta‟uu diddu akkas jecha gara Salaalee deebi‟an:

Afee.16. Beenu gala Salaalumatu

Nuu jibaanis alaalumatu

Biyyaa asheenii shuburra

Biyyaa dubarii gunfura jechaa biyyati deebi‟aan.

Kana jechuun uummata xiqqii hin dandeenye gootummaan beekamu fi uummata ejjenoo gudda fi kutannoo qabu qabaachuu isaa namti agarsisa. Karaa bira yaabatu Fardan uummata beekamudha. Sababni isaa lafa diriira fi horsiisa loonni fi Fardeeniin beekamdha. Fardii immoo Oromoo birati iddoo gudda qaba. Fardii Seera qaba, guyyaa yaabatamu qaba.Kuniis gaafa duudha, gaafa duula, gaafa du‟aa, gaafa cidha, gaafa guma baasuu fi waaqni gaafa roobuu didde Fardi iddoo gudda qaba.

Afee. 17. Beenu gala Salaalumati

Biyyaa garbuun sinnara marguu

Biyyaa midhaan sinnara marguu

Biyyaa jiraan barbaada qabu

Biyyaa du‟aan awwaala qabu

Beenu gala salaalumati

Na jibitee alaalumati

Beenu gala salaalumati jedhan

Kuniis Salaalee gosa isaati dhufee iddoo gaafa itti ta‟uu diduu geerarsa gooroo fayyadamuun lafti Salaalee maal akka magarsuu walbira qabuun gara biyyaa gala hin tannee jedha gaafa gara biyya isaa galuuf garaan isaa ka‟ee nitti agarsisa.

Ammaas itti fufuun akkana jedhe:

Afee.18 . Salaalee yaa biyyaa itti gala nyaatanii

Waajjiin gala yoo warri nuun loluu baatanii jedhan

Yaadni armaan olii kana yoo ilaalee Salaalee hunda simata, nama jaalata, waan hunda qaba yoo, ta‟uu, erga deeme hiriyaa waan goodhateef, maatii fi gosni yoo nuun loluu baatee si fudheen gala waliin jiranna jechuudha.

Afee. 19. Salaaleeti galanii shuguxii malee maa hidhatanii

Magaalee jalatanii dhukkuba laphee maa himatanii jedhu

Salaalee lafa goota lafti ishee mijatuu waan taateef uummata rakkoon yoo jiratee meeshaa miti si waliin du‟uu yookiin immoo erga biyya baatee maaliif rakkoo si qunname himata jechuudha.kuniis Afwalaloo gootumma fi jaalala wal bira qabuun wa‟ee Salaalee yeroo ibsaniidha.

Afee.20. Yaa Salaalee yaa Salaalee biyyaa xoosinyiin daraaree

Naan dhufaa karraan walallee

Gooroo isaa sirba jaalala biyyaa Salaaleef qaban yoo ta‟uu, haala biqiltuu naannoo Salaalee jiruti fayyadamuun biyyaa urgooftuu fi jaalatamtudha, garuu siif yaadu hin hin dagannee haalatu naaf mijaachu didde malee yaadan si waliinaan jira. Salaalee waan nama ta‟uu qabdi, biyyaa bareedu, dhukkubni hin jiru jaalala malee rakkoon bira hin jiru jechuudha.

Afee. 21. Alaayyaa calanqoo keessa bookisaa jaldeesi

Yaa jalduu kallachaa waaqa nuuf kaadhu jabbeesi

Burree yaa gadidduu boosen maaliif si elmatii dhiite didduu jedha

Geerarsa dhadhannoo yoo ta‟uu, kuniis alaayyaan caanqoo Aanaa H/Abootee irraa fageenya km 25 kan deemsisu baayy‟ee ulfata waan ta‟eef haali Salaalee keessa turee fi jiru yeroo ilaaluu uummanni goonni kun gadheen qabamu isaa fi qabeenya isaa nyaacha jirachuu, namni dadhabuu

isaa waan hubateef uumaa fi uumama ganamati akkasumaas kallachaa Oromootiini waaqa nuuf kaadha jabeessi jechuun itti iyaata jiraachu isaa namati agarsisa.

Afee.22. Tuun biyyaa baatee
Tuun biyyoo taatee
Jirtuu yaa ijoollee Salaalee
Tuun daawee taatee
Maal waayya yaa ijoollee salaalee jedhan

Haala biyaa ilaaluun afwalaloo gaddan guutameti fayyadamuun akkamitti iddoo ganamati deebina namni keenya waa hundaan qabamee jira, fali isaa maali warri jirtaan jedhe gaafata.

Asaafa Tafaraa (2014) beekumsa Oromoo ilaalchise Oromoo waan waloo waliin beeku shan ta‟uu isaa innis beekumsa waan waaqa, beekuma waan lafa, beekumsa waan ayyaanna, beekumsa waan safuu fi beekumsa waan cubuuti.

Afee. 23. Dachee nagahaa bultee
Dachee badhaatu koo
Sirra hooree nyaana
Sirraa bulee yaafnaa
Sirraa qonnee nyaana
Jaalii kee bishaanii
Irrii kee midhanii
Jiiraa keenyaa ni baata
Du‟aa keenya ni nyaata
Yaa walqixeesitu too
Hiyyeesa jeetuu hiyyeessa abba citoo
Kun sooreessa jeetuu sooreesa abbaa shittoo
Yaa walqixeesitu too dachee nagahaa bulte jedha.

Sona fi duudha Oromoon waliin qabu karaa beekunsa isaa afwalaloo fayyadamuun haadha fakkeese safuu dachee, galata dachee, jiruu fi jireenyi dachee malee akka hin tannee, amala namummaan waa‟ee uuma fi uumama sirban, Geerarsa fi walalooti fayyadamuun wa‟ee biyyaa fi hariiroo uuma fi uummata yookiin dachee yeroo ibsataniidha. Jaalala fi walqixumma agarsisuu isaati.

Inni bira haala qabanna shimaala Salaaleeti. Salaalee birati shimaali ol‟antumma guddaa yoo qabatu, keessayyuu akka obooleessati ilaalama. Kanaas yoo kaawoo jechuun ibsu:

Afee.24. Adee kormii kormii
Shimaali Obooleessa
Namarraa dheesitii Oromi jedha

Kana jechuun haala naannoo yookiin horii naannoo isaanii jiruun wal bira qabuun gaafa lola namni yoo nama gatee shimaali amma gaafa cabuti diina nama irraa akka obooleessati namarratti rukkuta. Shimaali salaalee birati mallattoo guddaa yookiin (symbolic siginfance) qaba. Yeroo gammachuu, gadda, rakkoolee adda addaa, halkaan diina ofirraa itisuuf, tapha goobee, laga ce‟aan, bineesoota ofirraa ittisuuf, yoo namni isaa reebaa ta‟ee ittiin qolachuuf, shimaala kana akka goota yookiin akka mallattoo addati ilaala. Itti dabaluun tooftaalee adda addaa (making of defence) godheeti fayyadama, kanaaf shimaala of harkaa hin dhabuu. Shimaali iddoo ol‟annoo qaba jechuudha.

Afgaaffii guyyaa 12/08/2015 Obb. Maammoo Badhiyyee waliin gaggeefame ilaalchise dhiiba uummata Salaalee irraa gahee yoo ibsan, keessatu mootummoonni darbaan aadaa, duudhaa, safuu fi eenyumma oromoo kana xiqqeessa fi dhiibaa adda addaa irratti gaggeefama ture. Bara Mootummaa Dargii abdrii dhiisa, kallachaa, caaccuu fi siiqee gubaa jechuun uummatichi dhorkama ture. Itti dabaluun afgaaffii guyyaa kana keessati dhiibaa ture yoo ibsan akkakkayyuu maammoo Badhiyyee kan ta‟aan Lichannoo Nagawoo nama waggaa 60 maqaan isaa sirri miti jedhame karaa mana Amataa kirstinna cuphame /kirstinna ka‟eedha. Guyyaa kirstinna kana:

Afee.25. Namoota iddoo lamati adda qooduun
Kuni ol waaltaa A‟aab
Kuni gadii immoo walda silassee jedhanii kirsitinna kaasan

Yaada armaan olii kana irraa waanti hubatamu Aadaa isaan hordoofan, duudhaan, Safuun fi eenyummaa uummaticha tokkummaan kadhannoo isaa gaggeessu dhiisani kan ofii isaanii, Afaan Aadaa, eenyummaa, duudhaa ofii akka barbaadanitti itti fedhu isaanii namati agarsisa.Dabalataan immoo iddoo lamti qooduun isaanii dhiira fi dubartiin adda qooduuf yeroof maqaa dhiira fi dubartii gareen mogaassu isaanii namti mul‟isudha.

Afgaaffii guyyaa 12/08/2015 Obb. Mogoos Kumee Salaalee keessatti Saahila Sillaasee bara 1848-1864 fi Hayila Molokot itti fufuun akkakayyuun H/Sillase niiti seefuuti. Waldaa Mika‟eel Sillase kan jedhamu Teediroos bakka bu‟aa kiyyaa naannoo Shawaati jedhe gara salaalee yeroo ergu innis Taboota Mika‟eela 1847-1860tti ganda gaara iddoo amma Fiichee gama jedhamu kanatti akka hundeefamu taasisan. Booda gaafa minilkii Maqdaala bade ilmi Warqituu alaayati darbatamu isaa dhageeche Angoo kaasuun mana hidha galchaan minilkii gantuudha jedhanii Raas dargee bakka yoo buusan, kuniis amma Waldee Mika‟eel Taboota Goorgisi dhabbuti ijoolleen Saahila Sillaasee gara Fiicheeti ol hin banne jedhama. Iddoo Angoocaa Sillasee jedhamuti bakka Addigee jedhamu Atsee Teediroos Abeetoo Seefuu fi Dargee Angooca Sillase fudhatee gara duuba deeme jedhama.

Haati haadha H/Sillaasee akkayyoon H/Sillaasee baafannaa kan jedhamtu niiti H/Sillaaseti jedhan. Baafanaan Seefuu gaafachuu deemtee liiji Iyaasuun immoo mana hidha akka gadhiifamu yoo taasifamu eenyuutu gadhiise dhimicha eenyutu beeka jedhanii yoo marii taasisan obooleetiin Gadaafaa Huluuqaa kan jedhamtu afwalaloo fayyadamuun akkanna jetee:

Afee. 26. Bishaan karraa dura baaci hin gootanii
Baaci nuuf hin gootanii maaloo
Silla dubbiin hin ollee biyyanna
Qeesootummaa ta‟ana shaaki gootanii jedhan

Dadhannoo kana irraa wantii hubatamu gooroon afwalaloo kana dhadhannoodha. Kuuniis bishaan naannoo isanitti argamuti fayyadamuun qeesoota kana hin ajjeestani jetee. Sababni isaa Gadaafaan Huluuqaa kun guyyaa eegumsa kana dabareen kan isaa waan ta‟eef lijii Iyaasuu gadhiisu isaaf itti gaafatamuumma kan isaati ni ajjeesu waan ta‟eef, dursatoo dubbii kana yookiin rakkoon uummata keenya kan nuuti fidee karaa Qeesotati waan ta‟eef dursa jalqaba yookiin tarkanfii fudhadha jechuu isheet.

Afgaaffii guyyaa 28/07/2015 Obb. Addunyaa Hordoofa waliin taasifamee keessatti Afseenaa Salaalee yoo ilaalee Minilkii fi Abbaa Dakaar kan jedhaman waliin loloota qabu turee, lola isaanii kana Goobani Daacii jidduu seene araara buuse waada itti tume akka lammaffa wal hin lolee yoo taasisu, Minilkii waada diige loluu eegalee. Abbaan Dakaaris waranna yoo eegaluu

Goobannaa Waada isiniif tumame miti maaliif lola bantee jedhe yoo gaafatu, eeyyee karaa Aadaa, duudha, Seena, eenyumma ummaticha eegateen waada nuuf tumte jirta, Minilkii garuu karaa lafa jala waranna ijaarate nuu warranna jira yoo jedhuun, akkuma Abbaan Dakaar jedhe minilkii Abbaa Dakaar ajeechisise jedhama.

Yeroo kana Goobannaan warra gosa isaa kan ta‟aan Baalee, Arsii, Shanaan Gibee fi Wallagaati nadhaqaba jedhe ergatee jedhama. Isaaniis acumati ofdanda‟aa jedhaniin jedhama. Minilkiis loltoota fi Meeshaa warannaa fudhatan kanaan Goobanna marsa ollan jedhama. Goobanni waadati amanee jira. Maalif yoo jetaan minilkii Nugusumma kiyyaa amana fudha waliin yaa hojjennu jedhe waada karaa kallachaa fi eebboo akkasumaas Siinqeen waadan tumataan waan ta‟eef Gobanni immoo yeroo sana balabataan buluu waan ta‟eef, Minilkii kanaan akka itti fufuu hin barbaaduu, balabtumman kan argame Sirna Gadaa cite iddoo tokko tokkoo haftee irraa waan ta‟eef, akka Oromooti akkana jedhu:

Afee.27. Ilmii Abbaa malee
Dubartiin dhiirsa malee
Ilkaan hidhii malee hin bareedu jedhu

Kana jechuun kabajanii waliin malee tokko tokkoof midhagina, da‟oodha, safuu fi kabajaa jechudha. Gooroon isaa afwalaloo afaniin dhaloota dhalootati darba wal tumsuu, wal ijaaruu fi tokkummaa uummaticha barsisaa haara gaheedha.

Ammaas Goobannan waliigaltee minilkii waliin uumaniis innis ani mootumma ati immoo ajaaja human waranna taata jedheeni waliigalaan jedhama. Erga waliigalanii booda minilkii loltoota isaa fudhate gara Walisoo yoo deemu nuu gabaara jedhe yeroo gaafatu hin gabaaruu jedhaniin jedhama.

Minilkiis Oromoota naanoo kanatti lola itti bannee jennaan warri maacaa, jalduu fi warri walisoo loltoota minilkii akka malee taasisanii Uffaata duukanna fi nyaata loltoota baasoo isaanii akkuma jiruti irraa fudhatan.Innis gara Shawaa galee jedhama. Yeroo mursa booda of ijaaruun Goobanna ajaaja waranna taasise gara lola yoo deebi‟uu, warri Walisoo, jalduu fi wallagaa immoo uummanni arganii ammas minilkii dhufee jira gaafa jedhaniin inni garuu Goobanna waan ta‟eef gosa isaa kana warannee gara gaara yaasee jedhama. Namni gaara kan dheefuuf lola fi bishaan jala waan ta‟eef, lola keessatti fardi gaara hin ba‟uu waan ta‟eef, arranni Goobanna kun gara Shawaa galee jedhama. Ammas xiqqoo turanii yeroo sadaffaaf gara waranna kan yoo

deebi‟an Uummnni naannicha ammas waranni dhufe jedhanii waliiti himu yoo eegalan akkana jedhaan jedhama:

Afee. 28. Uummaniis kamtu dhufe
Gaara baasadha moo
Daara baasaatu dhufee jedhe jedhama toora bara 1886 keesaa

Kuniis gaafa daaraa baasa lolii salphadha, jarrii onnee hin qabdu ni mo‟ana, kan waan fidee lola soddate nuuf kenne deemu, arjoome deemu jedhanii afwalaloo afaanii kanatti fayyadamuun gaafa gaara baasa immoo lolii keessa beeksi keenya waan ta‟eef, toofta barbaanna jechuudha.Waranni warra maacaa kun baayy‟ee cima turee jedhama, garuu human ol itti ta‟ee warra cabuuti darbaan jedhama.

Salaalee itti fufuun bara 1775-1808 Asaffa Wasan bara 1808-1813 tti Wasan Saggad, bara 1814-1847 tti Saahila Sillaasee, bara 1848-1864tti Hayila Molokot, Minilik II bara 1865-1913 tti , bara 1914-1916 tti Liji Iyyaasuu, bara 1917-1922 tti Zabdituu Fi Tafarii Makonnin waliin bulchan, 1923-1966tti Hayila Sillaasee/Tafarii Makonnin/, bara 1967-1983tti Mangistuu H/Maariyam, bara 1984- hanga sirna Iyyaadigiitti /ADWI/TPLF, yeroo Badhaadhina rakkoolee adda addaa isaa qunnama ture, afeeti fayyadamuun oguma afaanii kan kalaqa fi barreefamati akkasumaas kan kalaqa hin tanneeti fayydamuun gammachuu, gadda isaa, beela, hiyyumma, gootummaa, xiqqachuu, guddachuu, aadaa isaa, Afaan, duudha fi eenyummaa isaa afeeti gargaaramuun haala armaan gadittiin ibsata:

Afee.29. Kee maal yaa Dajjaazmach galataa
Warri shanii guyya guyyaa sobeet kakkaata
Halkan halakaan re‟ee Oromoot qalata jedhan warri Salaalee

Kana jechuun gooroo afwalaloo kana dhadhannoo/mormuu uummata yoo ta‟uu guyya guyyaa mootummadhan Agarrii ni qabannna bakka inni jiru qofa nutti hima nutti mootummadha sifanna jira, jedhaniiti kakkaatu halkaan uummata kan saamee samsisuu isaanuma shanii/minisha keessanii foon nyaacha kan jiru isaanuma warra shaniiti. Dabalataan Sirni H/Sillasee Dajjaa Galataa akka koomandii poostiin Salaalee bulchuu mormuu isaanii namatti agarsisa.

Re‟ee uummata maqaa Agaariin uummata saama jira, kinnoo jedhuun Agariin shiftaadha, hattudha uummanni akka jedhuuf, horii uummata qalanii nyaacha buluu. Uummanni kun rooroo jibe jannaan haala kanaan afwalalooti fayydamuuf rakkoo keessa jiru ibsate.

Afee. 30. Atii yaa Gammadaa cubaata
Dajjaazmach galataa maskootiidhan si hubata jedhan

Kuniis bara 1950 keessa Dajjaa Galataa nama rakkoo qabu, kan Sirna isaa fi H/Sillase galmaan ga‟uuf hojjetu fi isaa irratti hojjetu adda baase ni beeka, si ilaala jira, guyyaa tokko tarkaniif ni fudhata jechuudha.

Afee.31. Atii yaa dajjaa Galataa
Shanichi sobeet kakkaata

Warri si waliin hojjecha jiraan sobanitti malee si waliin hin jiranii sirana kee hin fudhanne jedhanii karaa waayya jala itti hima jiraachu isaaniti.

Afee.32. Maasa gama aramnaanii
Kan gamanna furaa baasee
Danyaa gudda gabaraanii
Inni Xiqqaan ijaa baase
Maal waayya yaa H/Sillase jedhan

Kuniis Salaalee itti fufuun waa‟ee shannicha himatani yookiin iyyaanno dhiyyeefatanii dadhabnaan mootummaan olii yoo jiraate olitti iyyaannoo dhiyyeessu fi bulchaa xiqqaa beeksisnaan ta‟uu yoo diduu, inni gudda kan caaluu ta‟ee argamuu isaa irraan kan ka‟ee haala naannoon walbira qabuun ol iyyaachu uummata namati agarsisa.

Salaalee sirna H/Sillae kana mormuun yookin Angoo irraa kaasuuf jecha akkanna jedha:

Afee. 33 Diima bookii kootu yaa diima bookii
Diima mokoniin yaa Tafarii
Si nyaata leencii mogoorii jedhan

Kana jechuu isaa gooroo afwalaloo sirba kaawooti fayyadamuu bifa fi sanyii H/Sillasetti fayyadamuun gooni si fonqoochu si dhufati jira mogoor keessa jedhanii itti hima turan.H/Sillasenis Salaalee waan soddatuuf jecha Salaalee waan sirbee dhaggeefadha jedha jedhu.Salaalee lola gaafa eegale akkana jedhan:

Afee.34 Sanbuu ijaa barbaaree

Ijaa kutee jarjaaree

Kana jechuun lola seene amma diina mo‟atuti jarjaaree ijaa isaa baleesse jechuudha. Kara bira gootumman Sanbuu ijii isaa barbaaree fakkaata waan ta‟eef walbira qabuun ibsa itti kennaan

Afgaaffii guyyaa 20/07/2017 Obb.Muluu Haayiluu Ogeessa Waajjira Aadaa fi Turizimii Godina Shawaa kaabaa Waliin gaggeefame keessatti waa‟ee Salaalee ilaalchise maqaan Shawaa kaabaa jedhu kun osoo gara Salaaleeti jijjirame kan jedhu fi waa‟ee salaalee yoo kafnee sirbi isaa, gootmmaan isaa, fardeen Salaalee, Atileetoota fi Weelitoota Salaalee fi fudhaa fi heeruma akkasumas karaa Aadaa, duudha, Safuu fi eenyummaa isaa mormachuun asiin gahee namati mul‟ata.

Fakkeenyaaf sirba Salaalee keessati karaa afseena yoo ka‟uu:

Afee 35 Lafti Salaalee hundii dhagaa yoo ol kaasan sirbatu jira
Lafa Salaalee keessatti dhagaan yoo buqqifame sirbatu jira jedhu
Lafa Salaalee yoo dhagaa kaasan sirbi jala bahaa jedhu

Kana jechuun immoo Oromoon kalaqaa fi mul‟ata fuldura fi kan darbee milkii ilaaluun uummata addunyaa kanaan kan adda isaa taasisuu kan akka Sirna Gadaa qabachuun isaa beekama.Uummanni salaalee uummata Oromoo keessa tokko waan ta‟eef yeroo gammachu, gadda, hiyyuuma, rakkooleen isaa mudhataan kalaqaan sirbi inni baase buluu mootummaa kan soddachisu ta‟ee.

Afgaaffii guyyaa 21/07/2015 Obb. Dibbabaa laggaasaa waliin gaggeefame ilaalchise Salaalee jechuun gosa yookiin Ijoollee karayyuu kudha lama (12) keessa kudha tokko (11) ta‟ee maqaa biyyaa osoo hin tannee maqaa gosa ta‟uu isaati. Oromoo Salaalee kun dur Gadaan bulaa turee. Kuniis Odaa tokko jalatii seera tumachuun akkasumas seera waarabatee galee Odaa naannoo isaa jiruti uummataaf lallabuun hanga bara 1868tti haala kanaan walbulacha turan.

Afgaaffii guyyaa 20/07/2015 Obb.Mogoos Kumee hayyuu Seenaa kan ta‟aan waa‟ee Salaalee yoo ibsan Salaaleen maqaa gosati.Gosa Oromoo Karrayyuu keessa Salaalee gosa tokko jedhan. Jaarraa 15ffaa keessa Goondit Warri jedhamu iddoo kana qubataan. Tulluun Tulluudha, gosni Salaalee kun immoo dhibayyuu Tulluu kana irratti bahaa turan. Salaalee maqaa gosati kuniis Tulluu kana irratti kennaa fi kaadhannoo achi irratti gaggeessa malee maqaa Tulluu yookiin

biyyaa miti jedhan.Walumagalatti Salaalee Jaarraa 15ffaa keessaa ilmaan karrayyuu kun naannoo kanatti Waaqayyoo ni galateefatu.

Salaalee bara 1935 of danadaʺee akka jiruu fi booda mootummaa H/Sillasee keessa Shawaati akka makamu taasisee malee isaa dura Salaalee ture. Yeroo Sana daangan Salaalee hanga Jirruuti yoo taʺuu, karaa lixaa immoo Laga Mogoor fi Abaay yookiin Mormoor gahaa. Bara 1886 Raas Goobanaan Shawaa jala galche. Salaalee lafa badda irraa yoo jiraatu, uummata jabaatadha. Salaalee 1853tti Salaaleena Maarabitee yoo jedhamu, yeroo kana immoo Dajjasmaach Galataa Qorichootu bulchaa turee. Salaalee yeroo baayyʺee uummata komaandipoostiin bula turee. Kuniis uummanni isaa jabaa waan tureef, Mootummaan Salaalee maal sirbe, maal jedhe jedhu shakuun dhageefadha jecha turee jedhama.

Uummnni kun uummata lola waan tureef soddatamadha. Bara Taklaymaanoota, lineedingiil Amanataa babalʺisuuf warra hojjecha turee. Naannoo kuniis Aanaa Giraar Jaarsoot turee kana jechuun Giraariyaa jedhama. Maqaan kuniis mana Amantaa Taklayimanoota keessatti barreefame jira. Salaalee lola farad (Infentary) uummata beekamudha. Bara Maacoo fi bara lola Adaawaa fudhaachuun ni danadaʺama. Salaalee qofti ajaaja Daajjasmaach Abarraa waliin Xaalaiyaanii ariʺanii jiru. Kuniis gurmaʺanisa Raas Kaasaa waliin taʺuun naannoo Tabeen qubataan. Waashaa Tabeen jedhamu kun magaalaa Maqaalee irraa km 25 yoo taʺuu iddoon kun Waashaa Raas Kaasaan yeroo kana loltoota Salaalee keessa tursiise jedhama.

Biyyaa kana ijaaree tursisuu keessatti Salaalee gahee gudda uummata taphateedha jedhan. Salaalee harka kenne hin beeku, biyyaa keenyaa Itoophiyaa kan jechisiisee Salaaleedha. Kuniis B/J Taaddaasa Birruu, Atileetoota akka Abbabaa Biqilaa fudhaachuun ni dandaʺama. Abbichuu fi Magarsa Badhaasaa faan uummata kana keessatti jabaa waan taʺeef xiyyeefannoo mootummaa jala galee jedhama.

Uummanni kun sababa kanaan gara Baalee,Arsii, Harargee fi Wallagaati qubaacha fi qabsoo gaggeessa tureen walqabte Afeewwan armaan gadii dhiyyatanii jiru:

Afee. 36 Salaalee yaa biyyaa itti gala nyaatanii
Waajjiin gala yoo warri nuun loluu baatanii

Afee 37. Salaalee yaa biyyaa koo yaa biyyaa Tulluu biyyaa Gammadaa
Kan jalataan daamumaa kan jibbaan qiraarii qalata

Afee .38 Salaalee hin iyyaani Mana gurgudda santu gubaate

Anaan maal godhi jetta kan sirraa bareedutuu nafudhate

Afee .39 Yaa burqaa Salaal jala talal talal goote makookodinni
Adaara yaa hiriyaa naan loolte jette naan hin hoodini

Afee.40 Yaa burqaa Salaal jala to‟‟an hin dhumuu jaldhiisan malee
Karaa ganda shagituu deeman hin dhumuu kaachisaan malee

Afee.41 Salaaleeti ol ofanii Hoolota maasee gugurraa sanii
Shibboo irraa maranii harka Agarii mushurraa sanii

Afee. 42 Salaaleen baahafanii baranaa Salaaleen baahafanii
Yaa waaqi naan ajjeesinni bakkuma gaara koon gahafanii

Afee.43 Salaaleeti olhofanii hooloota maasee gugurraa sanii
Shibboo irraa maranii harkaa suyyume mushuura sanii

Afee.44. Salaal jala maraani maali yoo salaal jala maraani
Silla du‟‟uti hin haftu maali yoo waatadara galani

Afee.45. Salaal jala ta‟‟anii jala sa‟‟aa bubbeen nama teechisuu
Afuura shagee dhabee rabbit beeka waan nadhageechisu

Afee.46. Salaalee ba‟‟uu malee barana salalee ba‟‟uu malee
Yaa waaqa naan ajjeesini bakkuma garaa koo ga‟‟uu malee

### 4.2.6.2.1. Mogaasa Waliigala Tulluu Salaalee Jedhuuf kenname

Jechi Tulluu Salaalee jedhu jecha lama irraa kan walitti dhufee mogaafame yoo ta‟‟uu kuniis jecha birsaga shan qabu ta‟‟ee, maqaa Tulluu fi salaalee jedhun kana mogafameedha. Jechi Tulluu jedhu lafa sababa olka‟‟iinsa lafan walqabatee uumamu ta‟‟ee haala naannoo saniin wal bira qabuun dheerina waan qabuuf mogaasa hawaasa naannichaan kan kennamufidha. Jechi salaalee jechu immoo maqaa gosa yookiin immoo hawaasa naannoo sana jirataan ilmaan Igguu Abuu kan ta‟‟ee Illamuu fi Alleen kan mogaafamedha. Dabalataan qabeenya naannoo sana fi sanyii gosa naannoo Godina Shawaa kaabaa (Salaalee) jedhu kan mogaafaedha.Kanaanis walqabatee hawaasa naannoo Salaalee jirataan yookiin immoo Tulluu Salaalee kanaan walqabatee wantoonni Afseenaan isaa ibsaan waan bayyyeen jirachuu isaa namanti kan agarsisudha.

Irreechaan Irreeffatamuu kan eegalame akka gaafannoo gaggeessinee fi manguddoo biyyaa kan ta‟an afgaaffii (24/07/2015 Obbo Gammadaa Maangashaa, Abbaa Gadaa Waddajjoo Baqqalaa) waliin taasifamee yeroo nuuf ibsanitti, dur-durii Oromoon iddoo itti jiraatuu irraa sababa walitti bu‟insa/lola/ nama maqaan isaa *"Ammaawaayii"* jedhamuun uumameen ka‟e jedhu. Yeroo kanaatti meeshaan waraanaa kan isaan fayyadaman *Farda, Gaachana,Gooradee fi Waraana* qofa waan tureef miseensa isaanii waliin biyyaa abbaa isaanii gadhiisuun walaabuu ka‟uudhaan laga waabee kutanii/qaxxaamuranii/ deemuuf yaalan. Yeroo kana lagnii waabee waan guutee ce‟umsa dhorkeef dhaabbatanii kadhaa eegalan. Akkana jechuun kadhaate,

Afee. 47 "*Yaa Rabbi biyya Abbaa kootti diinaan qabamee du'uufin jira,*
*Malkaa, Tulluus, Uumama maraa kan uume si'i, malkaa kana*
*qoodii na ceesisi"* jedhe.

Waaqnis malkaa sana bakka lamatti hiruun ni ceesise. Isa booda miseensonnii fi horiin isaa martuu ni ce‟an. Innis baay‟ee gammade. Oromtichiis malkaa kana ergaa ce‟ee callisee miti kan deeme. Dachaa dachaan deddeebisee eebbisuun malee, yeroo eebbisu kanas akkana jechuun"yaa malkaannana ati Malkaa seeraati, malkaa kadhatanii sirraa argatan ta‟i, kabajamii, sitti haa irreeffatani," jedhee eebbisee erga xummureen booda deemsa isaa itti fufe. Halkanii fi guyyaa, qorraa fi aduu osoo hin jenne, osoo deemanuu ammas laga /malkaa/ Hawaas gahan. Lagichis akkuma laga Waabee, itti guutee ceesisuu dhorke. Laga Awaashis/Hawaasis/ akkuma laga Waabee kadhatee ce‟e sanatti kadhachuun erga ce‟ee booda, akkuma laga Waabee eebbisee deemetti, laga Hwaaasis eebbisee bira darbe.

Deemsa isaa osoo addaan hin kutne ittuma fufe. Osoo deemanuu caffee gahan. Caffee geenyaan waan dadhabaniif xiqqoo ni boqotan. Loon isaa dheedanii, bishaan isaanii akka garaa isaanitti dhuganii quufanii, burraaqanii, mari‟atanii jaalalaan wal-arraabuu eegalan. Loon isaa erga ilaalee booda baay‟ee gammade. Sana booda akkana jedhe,""Yaa iddoonnana dur-maqaan kee caaffee jedhama,,har‟a garuu maqaan kee *Dambal* haa ta‟u, ati loon kiyya akka quubsitee dambalaliiste kana, dambalaali jiraadhu, Maqaan kee durii caaffeenis haa hafu, Dambal siin haa jedhan, jedhee maqaa haaraa moggaasee, eebbisee biraa deeme.

Itti aansuun erga Caffee Dambal dabree booda Tulluu/gaara Qooqa gahe. Loon isaas gaara gubbaa fi jala dheeduun quufani gabbatan. Namoonni isa waliin turanis ija mukaa kanneen akka burtukaanaa, Soowwee, Zayituuna, Maangoo, Koshommii, Paappayaa, Abokaadoo, Loomii fi kan kana fakkaatan nyaachuun quufanii gammadan.

Gaarichas ni faarse, ni eebbise, Akkas jedheen,""Tulluu milkii ta"i, Tulluu quufaa ta"i, kan itti kadhatanii irraa argatan ta"i, sitti haa irreeffatan. Akka namoota koo kan na duraa beela"an, loon na jalaa qooqan, qooqa naa kaafte, amallee gaara yeroo mara qooqa kaastu ta"i, biyya qooqaa ta"i, jedhee eebbisee darbe. Erga gaara Qooqaa darbee booda Odaa Nabee gahe.

Baay"ee waan dadhabeef achi taa"uun boqatee, loon isaas boqotanii aduu cabsatanii muka jala ta"aan. Muka kanas akkana jechuun eebbise.

Afee.48 *"Yaa mukannana ati muka miti, ati muka Odaa dha.*
*Gannaa Bona lalisi, dagaagii jiraadhu, muka kabajaa ta'i,*
*iddoo araaraa si jala taa'an, kan kadhatanii sirraa argatan ta'i,*
*jaari, umrii dheeradhu,"jedhee eebbisee bira darbe.*

Akka afgaaffii gaafa guyyaa (24/07/2015 Abbaa Gadaa Isheetuu Ayyaala, Manguddoo Taddaassa Nagawoo ) yeroo waliin taasifame nuu ibsanitti Malkaa fi Tulluutti irreeffachuu fi kadhaan kan eegale yeroo sanaa jalqabee yoo ta"u, sababiin isaas kanuma armaan olitti tarreeffame kana jedhu. Innis yeroo Oromtichi sababa lolaatiin biyyaa bahee deemu malkaa itti guute kadhatee, dhaabsisee ce"ee eebbiseen, "Sitti haa Irreeffatan" jedhee, Tulluu/Gaara/ fi Odaa jalas taa"ee waan quufeef, aduu cabsateef eebbisee, irreecha sana irreeffachuu eegalee, kanaaf irreeffatamuu qaba jedhu.Irreechas kan irreenfatan yeroo lama yoo ta"u, innis Malkaa fi Tulluu ta"uu nuuf ibsan. Malkaatti birraa booqaa yoo irreenfatan, Tulluutti immoo caamsa keessa jedhu. Birraa ganama bahuun kan irreenfatamuuf yeroo godaansaa sun Ganna waan eegaleef. Sana irraa ka"uun dhoqqee qoorfatanii yeroo Oromoon martii itti wal arguu danda"u jedhanii yaadu. Achii erga gahanii booda waaqa/Rabbi/ofii Kan ganna balaqqee, lolaa fi bakakkaa isaan lage galateeffachuuf/galateeffataaf/ irreeffannaa isaanii adeemsisu.

Tulluutti kan yaa"anii irreeffataniif, Waaqa Tulluu kana uumte, sa"aa nama, xinnaa guddaa keenya nu jalaa osoo hin hir"isne ganna nagaan nu baasi, rooba laafaa nagaa nuu roobi, midhaan

nagaan nuuf magarsi, nagaan gahii ittiin nu soori jedhanii, kadhatanii, galateeffatanii adda deemu jechuun maanguddoon kun ibsa bal‟aa nuuf godhanii jiru.Sababni guddaan irreeffannaa ibsuma bal‟aa armaan olitti kaa‟ame kanaaf yoo ta‟u, bu‟aan isaallee isaanuma tuqaman kana.

Afgaaffii guyyaa 20/07/2015 Obb. Fiqaaduu Tolasaa waliin taasifame keessati Tulluu Salaalee kan jedhu haali mogaafame Oromoon naannoo sana jiraatan obboolaan naannoo Tulluu Salaalee kana jiraatan keessa inni tokko Tulluu kana irraa yoo ba‟uu inni tokko gara gaditi hafa. Naannoon Tulluu kana bosonaan uwifame waan argamuuf inni inni tokko araa ibda gubbaa bahee arsee inni gaditi o itti yoo lallabu araa ibda kana ilaali kootu yoo jedhuun innis silaalan jira, siargeen jira yoo jedhun kana irraa ka‟uudhan maqaan Tulluu Salaalee jedhu kan argameedha.Kuniis lafti Salaalee jedhu kun kibbaan naannoo Inxooxoo, kaabaan warraa jaarsoo, akkaasumas hanga Darratti lafa jidduu kannatti kan argamudha. Gababumati faayidaan inni uummatichaaf qabu yoo ilaalee dhimmi Salaalee jedhamu kun guutuma Oromiyaa keessa yoo deemte maqaa Salaalee jedhu kanaan kan beekamudha. Namni naannoo Salaalee kun gaafa Godina biro fakeenyaaf Baalee, Arsii, Harargee, Wallaaga Jimma fi Illuu Abbaa Boor gaafa deeman waan ittiin beekaman qabu. Kuniis wantoota akka sirba, shimalaa fi Gootumman mallattoo salaaluma fi wantoonni akka aadaawwan kun walitti dhufanii mallattoodha.Beekumsi kun beekumsa xabboo hawaasati. Beekumsi kun hawaasni kiyya jedhe ittiin of waamu, of beeksisuu, eenyuma isaa keessatti calqisiisuudhan yookiin mallattoodha

Inni bira Shawaa kaabaa jedhamee beekamu kun sirna bulchiinsa maqaa sirnoonni ittiin of bulchuuf itti fayyadaiidha. Kan sirni bulchiins of naa ta‟aa jedhe mogaafatee akkaata ittiin hawaasicha bulchuu danda‟uun ittiin waamudha malee kan uummani eenyumma isaa keessatti agarsiisu miti.Oromoon Salaalee bakka barbaadee deeme eessa dhuftee yoo jedhaniin Salaaleen dhufe jedha malee Shawaa kaabaa kan jedhu sirnoonni mootummaa sirna bulchiinsa yeroof itti fayyadaman keessatti yoo ta‟uu, amuma sirni bulchiinsa mootummaa jijjiramu waliin kan jijjiramudha.Fakeenyaaf bara mootumma H/Sillase keessa Salaaleenaa jiruu Awurajjaa yoo jedhamu bara Dargii immoo Shawaa Kiflahaagaar jedhama.

Booda irra Shawummaa guddaa kana Shawaa kaabaa, Shawaa kibbaa Lixaa fi Shawaa bahaa jedhamanii yoo mogaafaman kan Shawaa Kaabaa jala jiruus Shawaa kaabaa jedhanii itti

fayyadama yoo turan booda irraa Shawaa bal‟aa kana adda hiranii bulchuuf mootumoonni itti fayyadamaniidha. Sun beekumsa Xabboo hawaasa ta‟ee uummanni ittiin of waamudha. Irraa caalaan isaa garuu kan ittiin of waamu isaa Salaalee jedhu Aadaa, duudha fi eenyumaa hawaasicha agarsisaa waan ta‟eef karaa lamaan ilaaluu dandeenya. Tokkooffan (Etic View) hawaani waan jedhu fi hawaasni maal jadha kan jedhu fi karaa eenyumma hawaasni ittiin of isaa karaa ittiin ibsu, maalummaa isaa karaa ittiin of calaqsisuu danda‟uu of beeksisu danda‟uu, karaa bira immoo waan ittiin naannoo isaa ittiin of ibsudha.

Inni biro immoo (Etic) warri alaa hawaasa bulchuuf mootummas ta‟uu danda‟aa, warra bulcha jiruus ta‟uu danda‟aa, kamtuu bu‟aa qaba kan jedhuuf qorannoo guddaa barbaada. Lamanuu fakkeenya yookiin waan walmadaala ta‟ee ilaaluu fi karaa beekumsa xabboo hawaasni sirridha, mootummanis karaa isaaf ta‟een biyyaa bulchuuf caaseefama dirirrifaten sirri ta‟uu danda‟aa. Kanaaf murtiin isaa gaafa iddoo tokkoti fidne ilaaluu irraa caalaan hawaasicha maal jedha kan jedhu fi kam nuuf waaya, kamtuu nuu ibsa, kan alaa moo kan mootummaan jedha jechuf raga fi fedhii hawaasichaan kan murteefame ta‟uu isaati.

Afgaaffii guyyaa 20/07/2015 Obb. Mariid Nugusee waliin gaggeefame keessati wa‟ee Tulluu Salaalee yeroo ibsan oboolaan lama Jiruu irraa deemani naannoo Tulluu Salaalee kana yeroo gahaan naannoon Tulluu Salaalee Bosonaan uwifame argama waan ta‟eef, inni tokko Tulluu Salaalee kana gubaa baheen araa arsaa isaa ilaali kootu jedhe achi gubaa yoo ga‟uu waldhabni jenaan eessa jirta yaa Allee jedheni yoo itti lallabu inni tokko si ilaalan jira kootusi ilaalan jira,araa ilaali kootu si argee yoo waliin jedhan isaa kana irraa ka‟uun si ilaalan jira kana irraa Salaalee fi Tulluu Salaalee jedhamu uumame jedhan.Naannoo Tuluu Salaalee kanati warri Xaagaa Dadhii, Baadhiyee Garbee fi Maamoo Haadha‟aa jedhamaan ganda Salaalee Allee jedhamu kan argaman yoo ta‟uu kun immoo uummata naannoo sana qubatanii hojii ogummaa adda addaa hojjechuuf warra gara kana dhufanidha. Ballini lafa Tulluu Salaalee kun waantaa shan (5) yoo ta‟uu kuniis waantaan tokko 1 gara heek.40x5= heek.200 waliigala naannoon Tulluu Salaalee (heek.dhiiba lama) kan ta‟uudha. Lafti kun warra Xaagaa dadhii gosa Alleeti, iddoo kana irratti kabajani ayyaana abdari ni gaggeefama.Gaafa qaamee tokko kormi ni qalama. Bifti isaa gurrachaa, diima fi magaalii kuniis karaa harka bittan qaluu. Gaafa ayyaana masqala immoo dullacha qaluu karaa harkaa bittati qaluu.

Afgaaffii gaafa guyyaa 12/08/2015 Obb. Maammoo Badhiyyee kan jedhaman gosa naannoo kana ta‟‟anii latiinsi isaanii Allee yoo ta‟‟an wa‟‟ee Afseenaa Tulluu Salaalee ilaalchise Allee maddaa walaabuu irraa loon qabatee, kallacha, caaccuu, haati mana immoo jalloo fi gaaddii/goga loon qabatanii sa‟‟anii isaanii yoo ciisee achuma bula osoo deemanuu, yoo sa‟‟anii isaani ka‟‟ee walumaan deeman.Deemsa yeroo ji‟‟aa sadii (30) booda naannoo Tulluu Salaalee kana gahan. Isaaniis naannoo Illamuu iddoo jechamu gahanii kormii isaanii ciise.Isaaniis naannoo sana duukanna fi daasi ijaaratanii achuma turan.Gaafa bultii sadii (3) Allee gaara kana yookiin Tulluu Salaalee kana irraa yoo bahu, Illamuu immoo gara gaditti hafe.

Ijoollee Igguu Abbuu kana keessa Allee “Tulluun Salaalee kun kiyyaa fakkaati” waan ta‟‟eef guba isaa bahee waan fakkaatu ilaaluuf deema. Illamuu inni turaan ilaaluu deeme isaa dhabee jechama. Yeroo kana Illamuu “yaa Allee yaa Allee eessa jirta” jedhe isaa waamu eegale. Allee immoo yeroo kana “ibda qabsisee gaara gubadha, arii ni mul‟‟ata” waan ta‟‟eef deebii isaaf yoo kennuu “si ilaalan jira, si argaan jira kootu” jedhee yoo deebi‟‟suuf si ilaalee, siargee jedhuu kana irraa maqaan Tulluu Salaalee jedhu mogaafame jedhu.

Allee fi obbooleessi isaa Illamuu waliin ta‟‟uun qabeenya hambaalee uumama naannoo Tulluu Salaalee iraatti argamuu Sakkatta‟‟uu eegalan. Naannoo Tulluu Salaalee kanairraa Abdiirri fi Burqaa guddaa argataan.Isaa booda Allees Abdarriin kun kiyyaa loon keenya milkii nuuf tolanii jiru, naannoo kana qubanna jedhanii Beenchaa hidhate kabajauu eegale jedhama. Naannoo kana yoo ilaalan gara gadii ammaas abdarrii biratu jira. Allee Bookuu fi Kallachaa isaa, haati mana immoo Siiqee, eelmtuu fi gaaddii ishee qabatee kabajuu fi waaqayyoof galata galchuu eegalaan jedhu.

Kabajani Ayyaana Tulluu Salaalee kana irratti gaggeefamu guyyaa masaqalaa daamaraa irraa eegalee Abdarii gubaa irratti yoo kabajamu aduu qaamee immoo gaafa bultii shanii (5) korma bituun, daamma, dadhii fi farsoo warri dhiira meeshaalee akka halbee korma, kallachaa, bookuu fi ulee yoo qabatan, dubartoonni/ haatii maatii/ haatii siiqee siiqee ishee, caacuu, qabee, daboo qabatanii uummanni Abbootii Gadaa waliin margaa jidha qabatanii haala armaan gadii kanaan Abdarii kaadhatu:

Afee.49. Abdarii gurraa lolo marsuun
Yaa waaqayyoo si kadhanna abeet
Yaa waaqayyoo si saganna abeet
Waaqumti Gadaa shananii abet
Waaqumti Bookuu shananii abet
Waaqumti Alangee shananii Abeet
Yaa waaqa caaffee tuma abet
Yaa waaqa caaffee dongoora abet
Yaa waaqa karrabark abet
Yaa waaqa kenne abet
Yaa waaqa badhaasa abet
Yaa waaqa siin sagadaa abet
Yaa waaqa Illamuu abet
Yaa waaqa Allee abet
Yaa waaqa kurraa abet
Yaa waaqa Jidda abet
Siin sagadaa abet jechuun kaadhatu

Kaadhannoo uummata naanoo kana yoo ilaalee Aadaa isaa, eenyumma isaa, duudha, safuu isaa fi ulfawwaan Oromoo gannama balbalaa isaa fi hangafa isaa maqaa dha''uun kadhannoo waloo/tokkumma uummatichaa waaqayyoo kan isaa asiin gahee fi gara fuladurati akka isaa eeguuf galata waaqayoof Tulluu oldheera kana irratti ba''uun waaqa isaaf galata galchu. Hawaasni kun eenyummaa isaa karaa ittiin turisisuu danda''uun dhaloota isaa Afseenan walitti karaa dabrasniidha.

Kaadhanna kana booda abbaan abdarii korma fi duulacha qalanii madha dhiyyeesuun eebifatanii nyaatanii gara mana isaanii galu. Guyyaa kana waaqayyoo yoo roobuu diddee ni rooba jechuudha.

Afgaaffii guyyaa 27/07/2015 Obb. Dhugoomsa Nagaasaa waliin gaggeefame ilaalchise Afseena iddoo seenaa qabeeyyii Aanaa Giraar Jaarsoo jedhu irraa ka''uun yoo ibsan jechuu kun jecha lama Giraari fi Jaarsoo irraa mogafame. Kuniis inni tokkooffan Giraar jedhu naanoo hariiroo fi Hospitaalaa Fiichee kana mukti qorree qabu laftoo fi goorran baayyinaan kan aragamu waan

ta‟eef Giraar jedhame. Mukeen kun immoo Abdarii Warraa Ashee Ruufoo kan tureedha. Iddoon Hospitaalii itti ijaarame kun Abdarii warraa Ashee Ruufoo ta‟ee iddoo ulfoo, safuu, Seenaa, Dudhaa, Aadaa fi eenyummaa ummaticha/jilli adda addaa itti dhalooata dhalootati darba dhufeedha. Inni Lammaffaan immoo Jaarsoo kan jedhu kun Kitaaba Seenaa Oromoo hanga jaarraa 16ffaa (1996:130) irratti Tuullamaa gosa Jillee jaha (6), Goona 12, guusa 5, looya 3, Waarre 3, siiba5 fi Gindo 7 qabu keessa ilmaan Goona kudha lama (12) Jaarsoo, Aannoo, Naannoo, maaliyu, Gurra, Akaakilee, Waayyu, Saaphansa, Abboono, Niinni, Beerre fi Nyurgo jedhaman keessa isaa tokkodha. Gosni Oromoo Jaarsoo kun akkuma gosa Oromoo isaa kanni naannoo hariiroo fi naannoo Fichee kana jechaacha iddoo ardaalee jilaa kanatti Jaarsummaa, wantoota garagaara raawwaacha kan tureedha. Maqaa Aanaa Giraar Jaarsoo jedhu kun mogafamni isaa iddoo ardaalee jillaa maqaa kukeeni kana fi gosa naannoo kana jiraniin walitti fiduun kan mogafameedha.

Haa ta‟uu malee Aanaa Giraar Jaarsoo jedhu kana keessa ilmaan Oromoo kurraa Jiddaa ijoollee sadii (3) jiraachuun isaa ni beekama. Kuniis Amuumaa, Dubbanna fi Raayyaa yoo ta,an Dubbannaan –Heeban immoo Abbuu ilmaan Abbuu immoo Igguu yoo ta‟an Igguu immoo Ijoollee Sagal (9) qaba. Isaaniis Illamuu, Dhanqaa, Bonayyaa, Raasoo, Ittiyyaa, Saggoo, Aannoo, Dooroo fi Aanoodha. Gosni Oromoo kun lamanuu hanga ammatti Aannicha keessatti kan argamaanidha. Akka Aanaa Giraar Jaarsooti yeroo eebba fi hangafuma kan dhiyyataan gosa ijoollee Igguu Abbuu kanadha. Jechi Giraar Jaarsoo jedhu kun jecha lama irraa walitti dhufee kan ijaarame yoo ta‟uu, kuniis seera Afaaantiin yoo ilaalee jecha birsaga Gi-raar Jaar-soo Afur (4) qabaudha.Jechi kun muka naannoo kana jiru fi gosa kana jiru walitti fiduun kan mogafamee eenyummaa uummaticha asgahee ta‟uu isaati.

Itti dabaluun maqaan Salaalee jedhu ijoolleen karrayyuun qabu kudha lama keessa salaalee tokko ta‟uu isaa fi garuu Tulluu Salaalee kan jedhamee ijoolleen Igguu Abbuu keesaa Illamuu fi Alleen wal-qabatee kan mogaafame ta‟uu isaa himani jiru.

Afgaaffii guyyaa 20/07/2015 Obb. Mogoos Kumee waliin gaggeefame keessatti Jaarraa 15 keessa Goondit warri jedhamaan Waranna gaggeessa bara 1775-1808, Asfaawu Wasan bara 1808-1813, Wasan Saggad bara 1814-1847tti, Saahila Sillasee bara 1848-1864, Hayila molokot

bara 1865-1913 minilik II jedhamaan Aanaa Giraar Jaarsoo toora Hariiroo iddoo ulfoo Ashee Ruufoo Abdarii gaafa argaan "ee‟ee yee amliikoo boota‟aa yeemanoo" gaafa jedhan/kan eenyuti gaafa jedhanii gaafatan "Giraaruu yee Jaarsoo naawu"jedhanii deebi‟asaniif jedhama. Kana jechuun Laftoon/Abdariin kan Jaarsooti yoo jedhaniin kana irraa ka‟uun maqaan Aanaa Giraar Jaarsoo jedhame mogaafame. Obb.Mogoos Kumee dhimma Salaalee ilaalchise Salaalee maqaa gosa ijoollee karayyuu kudha lama qabu keessaa Salaalee tokko ta‟uu mirkanneessani jiru.

Yaada armaan olii kana irraa waantii hubatamu babalifanna Amataan wal-qabatee Warannaa gaggeefama tureen uummaticha of jalati bulchuuf jecha, iddoo waaqeeffanoo fi ardaalee jilaa bakka Safuu, bakka Seenaa, duudha fi eenymmaan uummaticha itti calaqisifama turee qabeenya Warra Ashee Ruufoo yookiin gosa Jaarsoo kan turee eenyutu itti waaqeefataa jedhanii gaafachuu irraa mogafamu isaa namati mul‟isa.

Itti dabaluun Sababa lafa Oromoo, Amantaa, duudha, Safuu, Afaan fi eenyummaa isaa gara ofitti jijjiru kanaan walqabatee lolii guddan Fiichee kaase Ulaa Humoo kaase Abootee fi kuyyuu hanga Gojjamtti lolaa cima loltoota, Ashee Ruufoo, Gammadaa Nagawoo, Badhaasa Guddaa fi akkasumas Tasamaa Waamiin kan hogannamuun gaggeefama turee yoo ta‟uu Tasamaan loltoota fudhatee Gojjam waranna walakka senne yoo loluu Oromoon Salaalee akkas jedhe oguma afaanii fayyadamuun:

Afee.50. Qarqaraan lolii jennaan keessa gadii baatee yaa Tasamaa
Tasamaan ilma Waamii kana hafee waamii jedhan

Kana jechuun ergamni itti kenname diina jalqaba irraa to‟achaa of jala galcha akka deemu itti yoo kennamu gootummaa isaa human olta‟ee warannaa walkkaa yoo seenuu qarqaraan lolii jennaan jidduu seente loltoota ficiista jechudha. Kan waranna irraa hafee nuuf deeebisi ni ijaara jechuudha.

Bara armaan olitti ibsamee irraa eegaluun Oromoo Salaalee gama Amantaa, Aadaa, duudha, Seenaa fi eenyummaa isaa akka jijjiruuf hojii adda addaa irratti hojjecha turan. Fakkeenyaaf uummata walitti qabanii mana Amantaa Goorgisi jedhamu yeroo jalqabaaf Fiichee naannoo mana sirreessa amma kanatti erga ijaaraniifi booda asitti buluu yookiin amanuu qabdu jedhaniin. Uummanni immoo marii taasisuun nutti nama keenya hujuu keenyatti awaalana mana Aamataa

isaanii kanatti immoo warqee yookiin muka muree geessina jedhani yoo murteefatan isaanis shakkii keessa galanii ummata walitti qabanii marisisuu egalaanii jennaan hawaasni afwalaloo fayyadamuun akkanna jedhan:

Afee.51. Gaatiraan Ballaa Ballatuu Muka

Kirtanaan maali yaa Dargee Dubbadhu dhugaa jedhan

Kana jechuun dhiiba gama nafxanyaan Amantaa, Aadaa, duudha, Seenaa,Afaan fi eenyummaa isaan irraa gahee ilaalchise oguma afaanitti fayyadamuun Gooroon isaa mormuu yoo taʼʼuu, haala dhiiba Amanaata yeroo saniin muka naannoo isaa jirutti fayydamuun, waan uuma fi uumama gannama dhiisne maal guyyaa keessa nutti fidan dubbadha dhuga jiru, iftoominaan nutti hima jechuu isaanitti.

Kuniis uummanni kun waan uuma fi uumama gannamati osoo waaqa isaaf galata galche irraa argcha osoo jiru guyyaa keessa waan inni hin beekne itti dhufe.

#### 4.2.6.2.1.1. Yaadoota Salaalee Maqaa Gosa Taʼʼuuf Dhiyyataan

Jechi Salaalee jedhu namoonni karaa adda addaan itti fayyadama turuu fi itti fayyadama jiraachuun isaa ni beekama. Kuniis Salaalee maalirra dhufe kana jedhuuf seera Afaanii keessa yoo ilaalee jecha tokko taʼʼee birsaga isaan immoo Sa-laa-lee jedhe Birsaga sadii kan qabudha.

Karaa bira hayyoota adda addaa, manguddoota, Abbootii Gadaa,Ogeessa Waajjira Aadaa fi Turizmii, kitaaboota fi midiyaa hawaasan Salaalee maqaa Gosa taʼʼuu isaa wantoota akka buʼʼurati ilaalamu qaba haala armaan gadittiin yaa ilaalu:

2. Kitaaba Taboor Waamii (2006:73) Yeewaganna Dirsaatoochi innaa Seenaa Dhugaa jedhu keessatti Salaalee ijoollee karayyuu kudha lama 12 keessa sadarka 2 fi kaartan irra kahee jira
3. Midiyaa Hawaasa (5/03/2015) hidha Latiinsa Oromoo Booranaa fi Baarentuu jedhu keessatti karayyuu Barentuu ilmaan 12 qabu salaalee kudha tokkoffaa (11) jira.
4. Kitaaba SeenaaOromoo hanga Jaarraa 16ffaa (1998:137) gosni Oromoo Bachoo hanga Abbayyaa bahaan gammoojjii Jamaa eʼʼee Gojjamii fi Agawoo hanga gaʼʼuti gosa qubatee jirudha jedha.

5. Obb. Dhugoomsa Nagaasaa (27/07/2015) Ogeessa Waajjirra Aadaa fi Turizimii Aanaa Giraar Jaarsoo yoo ta‟aan Salaalee maqaa Gosa ilmaan karayyuu kudha lama (12) keessa 11 ta‟uu isaa yoo himanii jiru. Sababni isaa Oromoon jalqaba naannoo Gojjam kan Oromoo turee, booda Oromoon sababa Waraana, tifkate fi Sirna Gadaa tumachuuf hanga madda Walaabuti deeme ture. Booda seer hunda tumate waarabachuun Illamuu fi Allee kan jedhaman bakka Tulluu Salaalee jedhamu gaafa gahaan Allee naannoo kana ilaaluun Illamuudhan Tulluun kun Tulluu kiyyaa fakkaati iddoo kana turuu qabna jedhe achuma turan jedhu. Ijooleen kunis Ilmaan Igguu Abbuuti. Isaanis guyyaa Sadii booda Allee ani Tulluu kiyyaa kana gubaa baheen ilaala, ati immoo booda kootu jedheni gaafa Tulluu kana irraa ba‟uu, Illamuu immoo inni turan barbaada isaa yoo deemu, lafti isaa baayy‟ee bosona waan ta‟eef, "Yaa Allee yaa Allee eessa jirta" jedhe yoo lallabu Allee immoo "aarra kana ilaali kootu yoo" jedhuun Illamuus "si ilaalan jira, si argeen jira" jedheen jedhu.Kana irraa ka‟uun yeroo booda gara Tulluu Salaalee jedhame jijjirame jedhan.
6. Obb. Mogoos Kumee (20/07/2015) Hayyuu Seenaa kan ta‟aan immoo Salaalee ilaalchise Salaalee maqaa gosa ijoollee karayyuu kudha lama qabu keessaa Salaalee kudha tokko (11) ta‟uu himanii jiru.Itti Dabaluu Salaalee jechuun Uummata, ummata soddatamadha, uummata gudda jedhan.
7. Obb. Dibbabaa Laggaasa (21/07/2015) Hayyuu yoo ta‟aan jechi Salaalee jedhu dur keessa Salaalee guyyaa Daamaraa yookiin masqalaa daamooti fudhate Tulluu Salaalee kana irra ba‟uun ibsaa masqalaa yoo ibsuu Uummanni Oromoo iddoo bira kan naannoo Sulultaa, Meettaa, Darraa fi naannoo isaa jiratu ibsa ilaalanii "Salaalee Allee ibsa ibse" si ilaala jira, jedhanii ibsa ofii qaban baasan jedhu.Kuniis biyyi nagaa ta‟uu, boruu ganna nagahaan ba‟uu, gara ifati ba‟uu,biyyi nagahaa ta‟uu isaa fi milkii adda addaa ilaaludha jedhan.Fakkeenya Afee yaada kanaan walqabtee jiru yoo ilaale:

Afee. 52    Salaalee ibsaa ibsuu maal kan salaalee ibsaa ibsuu
Keessaan warri akkami keenya akka looniti nama tiskuu

Kana yoo ilaalee gooroon isaa afwalaloo yoo ta‟uu, gooreen isaa immoo afwalaloo ittisuu yookiin to‟achu ta‟ee, kan hawaasa,saala addaan hinbaasuu, garuu salaalee biyyaa iftoomina/biyyaa ifaa/ jaalatama ta‟ee gosa keenya moo kan birooti, ani jaalala isaaniin qabame

garuu nuu dhorka jiru, haali keessa jiru sirri miti, osoo jaalanuu nuu gadhiisuu hin dandeenye, nuu eega jiru, gara barbaadanitti nu ergacha jiru.

Afee.53 Salaal gubaa taa‟eetan ibsa si ibsa
Na fudhadhu galii jabileen si tiska

Afeen kun Afwalaloo Gooroo yoo ta‟uu kuniis Gooreen isaa Afwalaloo jaalala ta‟ee, Salaalee uummata guddaa fagooti mul‟atu waan ta‟eef waa hundii ifadha, waan hundii siif gala, rakkachan jira kootu duukana keessa jirta, ana bira hundu guyyaa fakkata, rakkoon hin jiru, ani sijaaladhee waan ta‟ee yoo ta‟uu baatees jabileen eega, ni hora jedhudha.Gammada, buraqa jechudha.

8. Addunyaa Hordoofa (20/07/2015) Waa‟ee Seenaa Salaalee yeroo ibsan keessatti namoota qabsoo gaggeessa turan keessaa kan akka Ashee Ruufoo, Ochee Goobanna fi Barruu Salaalee kaasaanii turan. Birruun maqaa namati. Burruun kan Salaaleeti. Kuni immoo wantii nuti agarsisiuu maqaa gosa ta‟uu isaati. Fakeenyaaf Loon Boorana, Gootuma Waloo, Gootuma Karayyuu, Gootota Salaalee, Yaabatu Fardeen Salaalee, Annaan Salaalee, Weelistoota Salaalee jedhama. Kunis Maqaa Gosa ta‟uu isaa namati agarsisa jedhan.
9. Mariid Nugusee (20/07/2015) Waa‟ee Tulluu Salaalee yeroo ibsan “**Allee Salaalee**” ballini lafa isaa waantaa digamii tokko (21) jedhanii yeroo ibasn jiruu. Allee immoo Ijoolee Iguu abbuu Sagal (9) keesaa Allee fi Illamuu naannoo Illamuu Arjoo Salaalee kana keessatti argamu.
10. Taaddaasa Nagawoo (20/07/2015) waa‟ee Tulluu Salaalee yeroo ibasan jecha Tulluu Salaalee jedhu eessa dhufee, kan eenyuti yoo jennuun Salaalee kan Alleeti jedhan. Kuniis warri dinni gara Fiichee kanatti ol ba‟uu jedhii waan soddataniif Afaan Amaariffaa fayyadaamun “Salaalee Allee” yookiin “Salaalee jiraa” jedhanii gaafacha turan jedhama.
11. Taaddaasa Nagawoo (20/07/2015) Salaalee Nagawoo jedhan. Kuniis qabeenyuma isaa kan Oromoo fi maqaa gosa ta‟uu isaa argsisa jedhan.
12. Dhaabbanni adda addaa gara soddooma ta‟am maqaa shawaa kaabaaa jedhu dhiisuun Salaalee fayyadama jiru hanga ammatti Fkn. Amanta Lallaba Salaalee
13. Dabalataan Tulluu Salaalee keessa jiraan yoo ilaalee Muxii Galaa-kan jedhu ilmaa Jiddaa Galaan fi Abbichuu Galaan ijoolee galaani.Tulluu Adaalgee fi Tulluu Alii dheera fudhachu ni danda‟ama.Dabalataan yaadni kanaan walfakkaatu:

- ✓ E‟hee Giraar yeemanoo jedhu irra –Yee Jaarsoo naawu-Giraar Jaaarsoo
- ✓ Dhaaraa irraa kan jedhu -Aanaa Daaraa
- ✓ Mana Daadhii Mi‟aa jedhu irra-Magaalaa Miqaawaa
- ✓ Ganda Goobee jedhu irraa –Goonbool
- ✓ Holqa Deebis jedh irra gara dabbis
- ✓ Salaalee Jiraa jechuuf gara Salaalee Allee
- ✓ Xiichee jedhuu irraa gara Fiichee
- ✓ Faachise jedhu irraa gara Fiichee
- ✓ Faachi jedhu irraa gara Fiichee
- ✓ Hiike jedhu irraa gara Fiichee
- ✓ Beelada Fiichee jedhu irraa Fiichee

Waliigala yaada armaan olitti hayyoota, Abbootii Gadaa, Ogeessoota Waajjira, kitaaboota adda addaa irraa raga argamee yoo ilaalee sababa Afseenaan kanaan dura turee karaa guutun barreeffamu, himamu, qorachuu, Siyaasa , haala dinagdee fi hawaasummaan baayy‟een isaan karaa guutun dhaloota dhaloota darbuu dhabuun isaa ni mul‟ata. Qorannoon kun akka agarsisuti Maqaa Tulluu Salaalee jedhu yoo ilaalee odeeffannoo kennitoonni Tulluun gaara ol dheera, Safuu, duudha, Aadaa, Seenaa fi eenyummaa uummaticha eege asiin akka gahee qorannoo kanaan hubatame jira.

Dabalataan qorannoon kun akka agarsiisti yaada olitti dhiyaate kana irraa wanti namati hubachisu maqaan Salaalee jedhu maqaa gosa Oromoo karayyuu keessa tokko ta‟uu isaa wantoonni olitti akka ragaati kahamaan kun fi Afeen uummaticha kan mirkanneesudha.

Jijjirama yookiin mogaasa maqaalee wantoonni sababa ta,an immoo yaad-rimee tokkoof moggaasni adda addaa jiraachuu isaa fi moggaasni kenname yaad-rimee san guutumaa guutuuti ibduu hanqachuu isa. Kun sababa adda addaan ta‟a.

- ✓ Waallaala-yaad-rimee san osoo sirritti hin hubatin moggaasuu (ignorance)
- ✓ Moggaasa biro itti quufuu dhabuu (dissatisfaction)
- ✓ Kunimmoo antu caalaadhan of guddisuu, of Tuuluu,kkf.Kun sababa lamaan. Tokko moggaasa haarawaa baasnii beekamuuf,tokko immoo moggaasa namni biro baase sababaan kuffisu, oddeeffannoo dhabuu yookiin dhibaahuu:odeeffannoo soqanii baasuu

dhissudhaan moggaasa jiru dhiisanii akka ofirraa-baasaa waan biraa moggaasuu.(Asafaa Tafarraa, 2009)

### 4.2.6.3. Shanaan Tulluu Salaalee fi Shanaan Oromoon Waloon Qabu

Alamaayyoo Hayilee (2006/2014:255, Asafaa Tafarraa 2009, Asmarom 2000, Luba Tafarraa 1999:3, Gammaachuu Magarsaa 2023) waan Shan ilaalchise karaa guutu ta,een yoo ibsan, kitaaba Sirna Gadaa Oromoo Tuulamaa keessatti Shanacha kan jedhamu jecha Shan jedhu irraa kan maddedha. Shan Aadaa Oromoo keessatti iddoo gudda qaba.Kuniis haala armaan gadittiin ilaaluun ni danda‟ama.

- ❖ Waaqayyoo Dursa Yayyaba Shan Uume
- ✓ Samii
- ✓ Lafa
- ✓ Aduu
- ✓ Bishaan
- ✓ Urjii
- ❖ Shanan Loloo Caancoo
- ✓ Makoo Loloo Caancoo
- ✓ Bulloo Loloo Caancoo
- ✓ Duubee Loloo Caancoo
- ✓ Birraa Loloo Caancoo fi
- ✓ Goondoloo Loloo Caancoo jedhamaan naannoo Sal
- ❖ Farda Shan
- ✓ Abbaa Bulloo
- ✓ Abbaa Dammaa
- ✓ Abbaa Gurracha
- ✓ Abbaa Odollchaa
- ✓ Abbaa Booraa
- ✓ Abbaa magaal
- ❖ Karaa Farda Shanii

- ✓ Karaa abbaa Bulloo
- ✓ Karaa abbaa Dammaa
- ✓ Karaa abbaa Gurrachaa
- ✓ Karaa abbaa Odollchaa
- ✓ Karaa abbaa Booraa
- ✓ Karaa abbaa Magaal

- ❖ Bokuun Gadaas shan jedhama
- ✓ Bokkuu Kallachaa
- ✓ Bokkuu Biifaa
- ✓ Bokkuu Dinqaa
- ✓ Bokkuu Roobaa
- ✓ Bokkuu Horaati
- ❖ Waraanni seeraaf ba‘‘uu fi alangaan tumaaf qabatamus Shan
- ❖ Gadaan miseensa Shan qaba
- ✓ Gadaa Meelbaa/Beelbaa
- ✓ Gadaa Birmajii
- ✓ Gadaa Duuloo
- ✓ Gadaa Michillee
- ✓ Gadaa Roobalee
- ❖ Aadaa Oromoo keessati Lakkoofsi Shan akka seerati fudhatama
- ❖ Karra Finfinnee Shanaan
- ✓ Karra Qirixii (Karra gara kaabaatti geessuu)
- ✓ Karra Qoree (Karra gara Jimmaatti geessuu)
- ✓ Karra Alloo (karra gara walloo geessuu)
- ✓ Karaa Qalluu (karra Qaallitti/Karra gara bishooftuu geessuu)
- ✓ Karraa Gafarsaa (Karra gara Ambootti geessuu
- ❖ Damee yookiin Hortee Oromoo Shanan (5)
- ✓ Maccaa fi Tuulamma
- ✓ Ituu fi Humbana
- ✓ Raayya fi Asaboo

- ✓ Sabboo fi Goona
- ✓ Sikkoo fi Mandoo
- ❖ Odaan Oromoo Shanaan
- ✓ Odaa Nabee-G/Shawaa bahaa Aanaa Aqaqii
- ✓ Odaa Roobaa-G/Baalee
- ✓ Odaa Bultum-G/Harargee Lixaa
- ✓ Odaa Bisil-G/Shawaa Lixaa
- ✓ Odaa Bulluq- G/Horroo Guduruu
- ❖ Caffeewwan Oromoo Shanan
- ✓ Caffee Booranaa
- ✓ Caffee Maccaa-Tuulamaa
- ✓ Caffee Arsii
- ✓ Caffee Gujii
- ✓ Caffee Ituu-Humbaanaa
- ❖ Beekumsa Oromoo Waloo Shanan
- ✓ Beekuma  waan Waaqa
- ✓ Beekumsa waan Lafaa
- ✓ Beekumsa waan Ayyaanaa
- ✓ Beekumsa waan Safuu
- ✓ Beekumsa waan Cubbuu
- ❖ Ulaan dubartii shanii
- ❖ Qaamni miira keenya shan
- ❖ utuubawwan Amantaa shanii
- ✓ Icitti Fooni
- ✓ Icitti Cuupha
- ✓ Icitti du‘‘a ka‘‘uu
- ✓ ICitti fudha fi heeruma
- ✓ Icitti Tokkuma
- ❖ Dhiiri gaafa dhaltuu Shan ililchuu
- ❖ Eebbi Oromoo Shan

- ❖ Oromoon Jaarsummaa Shaniin Ta‟aa
- ❖ Mootota Shanaan Gibee (Jimma**)**

### 4.2.6.4. Torbaan Ashee fi Oromoo waloon qabuu (7)

Immabeet Hayilee (5/08/2014) Obb.Alamuu Adaree wabeefachuun waa‟ee Burqaan Torban Ashee haala kamiin asitti argamuu danda‟e? Ashee Ruufoo Saboo kan jedhamu bara durii Godina Salaaletti yeroo ammaa Ganda Torban Ashee naannoo laga gololee jedhamu jiraachaa turuusaa himama.Iddoon kun yeroo ture keessa Hariiroo Xoosinyii jedhameetis nibeekama.Qoteebulaa lafa ballaafi horii hedduu kan qabu naannoo sanatti baayyee beekamaa kan ta‟eedha. Abbaa ijoollee torbaa ta‟uus, ni himama. Ijoolleen kunis, Abbaayyee Ashee, Gammadaa Ashee, Yeelluu Ashee, Isseeyii Ashe, Taatuu Ashee, Misgaanuu Ashee, Fiqaaduu Ashee jedhamuun beekkamu.Asheen akkuma ijoollee torba qabu faradoo torba,waantaa torba qaba jechuun maanguddoonni dubbatu.Kun kan ibsus ummanni Oromoo sanbata torbaniin dhuftu”Torbii Sambataa” jechuun leellisuun lakkoofsa torba kanaan jaalatu.Yoo sagadan sanbatarra oolchu “Waaqa torbii sanbataa nuuf dhagahi” jechuun kadhatu haaluma kanaan ijoolleen Ashee Ruufoo, burqaleen bahan, faradoonni lakkoofsi isaanii torban kanaan fakkeeffaman jechuudha.

Kana malees, Ashee Ruufoo nama garraamiifi qulqulluu kanWaaqaaf bulu Waaqeffataa ta‟uusaa maanguddootan himaa kan turaniidha.Namni kun uummataan jaalatamaafi abbaa abdaarii, angafa biyya sanaa,nama seenaa guddaa qabuudha. Bartokko hongee ta‟e, Asheen horii hedduu waan qabuuf bishaan obaasuuf baayyee rakkata ture.Horiinisaas baayyee ittimar‟atanii taa‟ii ka‟ii isa dhowwan.Innis yeroo dheeraaf naannoo jireenyasaa irraa fagaatee guyyaa sadi jala bultii deemuun obaasa.Baayyee waanrakkateef Waaqatti harka olqabee dugdaan gadi ciisee qabee “YaaWaaqayyo horiin koos dheebotee du‟uuf deema anis deemee dadhabee yookan nadhoosi yookan burqaa naaf dhoosi” jedhee Waaqa kadhate. Waaqnis kadhaasaa dhagahee burqaa torba dhooseef kanarraa ka‟uun maqaasaatiin Burqaa Torban Ashee jechuun moggaafame.

Harrallee iddoon sun kabajamee jiraachuusaa nidubbatu. Kanarraa kan hubatamu akka waliigalaatti Oromoon Waaqeffataa ta‟uusaa, kadhatu Waaqarraa arggachuusaa dur irraa kaasee Amantii ofii qabuun buluu qulqqullummaan, gameessummaan, Waaqatti dhiyaachuun waan barbaadan argachuun kan danda‟amu ta‟uusaa hubachiisa. “Yaa Waaqayyo akka nagootu godhi” jechuun Waaqatti of kennuun abdii guddaa Waaqayyo nama uumerraa kadhatanii argachuu akka danda‟an saboota biraatifillee fakkeenya ta‟uu kan danda‟an ta‟uu nama hubachiisa.Karaabiraan immoo “Anis deemee dadhabee, Horiin kootis deemee dadhabee” Yaadni kun yoo ilaallu namni duursa waan isarraa eeggamu hojjetee yoo humnasaatii olta‟e gara Waaqatti iyyachuu akka qabu ergaa guddaa namaaf dhaama.Waaqnis dhamaatii namaa argee duub deebii gaarii kenna jechuudha. “Namni hin xaara itti guutaan Waaqa”jedhu maanguddoonni.Haalli kun dhaloota kanaaf waahedduu barsiisa.Kunis namni jalqaba gaarummaafi qulqullina qabaachuu;itti aansuun amma lubbuun nama jirtutti fooyya‟uuf ifaajuu;ifaajee sana Waaqni akka eebbisuufwaammachuu yaada jedhu of keessaa qaba.Uummanni Orommoo waan raawwatu hundaaf hiika mataasaa danda‟e kennuun dhalootaittin barsiisu.

Garuu, uummata kanaaf maqaa hedduutu kennama.Warra qaalluu,warra seexanatti bulu,warra mukaafi gaaratti bulu jechuun waan hinjirre namarra kaa‟uun baramaadha.Haata‟umalee, Oromoon Tulluus bahu Malkaas bu‟u Waaquma tokkicha kadhata; iraayis niargata.Seenaan Ashee Ruufoos yoon dhagahu kanumatu irraa hubatama.

Maammoo (2010:162) uummanni Oromoo maal akka waaqeffatuu Waaqeffannaan isaatis maal akka ta‟e akkasiin ibsa.‟Waaqeffannaa jechuun Amantii Waaqa tokkotti amanuuti” jechuuun ibsa.Dabaluunis Ayyaana kadhachuufi dirreettis waaqeffachuu ni ibsa.Haaluma kanaan hawaasni Torban Ashee Waaqa tokkotti baroota dheeradhaaf amanaa turuusaanii amantiin adda addaa yeroo dhiyoo dhufuusaatifi aadaafi amantiin Oromoos kanumaan baduusaa odeeffannoo oliitti eeraman irraa nihubanna.Haalli Waaqeffannaa uummata kanaatis seerafi iddoo qaba. Seerri yeroo Waaqeffannaan gaggeeffamuu, gaggeeffamuun duraafi booda gochoota raawwatamuu qaban hordofuun raawwachuudha.Kunis haalan odeeffadheen seerri Waaqeffannaa duraa Waaqaaaf ulfina keennuudha. Ittti aansuun Waaqa galateeffachuufi kennaa Waaqaf kennuudha.kunis namoota seera guutaniin kan gaggeeffamuudha.Seerri kana yoo ta‟u, iddoon

uummanni Oromoo seera kana guutan immoo Tulluufi Malkaatti ta‟ee dhuunfadhaan immoo mana ofiitti ayyaana ofii kadhachuun raawwatu.

Odeef kennaa keessaa maanguddoo Mootummaa Daadhiifi dargaggoo Habtaamuu Bilaattaa guyyaa (7/08/2014) Seera Waaqeffannaa keessatti Oromoon Tulluutti bahee Malkaa bu‟ee Waaqa kadhata.Haalli itti Waaqa kadhatus angafa duursa itti aansanii quxusuu ta‟a.Abbaan barbaade seera guutu hindanda‟u.Namni seera guutu abbaa Qunnaa jedhama.Abbaa qunnaa jechuun nama Waaqayyorraa kadhatee waan addaa argate; kan burqaan dhooteefi Ayyaantuudha.Kanaaf,Ashee Ruufoo angafa abbaa iddoosanaa ta‟uuf Waaqayyo file ta‟usaa himu.Iddoon gandi Torban Ashee irratti waaqeffatan Tulluu Milkii jedhamuun kan beekamuu ta‟uu fi Malkaan immoo iddoo bishaan bal‟aan jiru ta‟ee naannoonsaa magariisa kan ta‟e Malkaa laga Daannisaa jedhamu bu‟uudhan Waaqeffachuusaa himaniiru.

Akka maanguddoonni ibsanitti Tulluun guddachuun fakkeenya Waaqni guddaa ta‟ufi ijaan ilaalan sodaachisaa ta‟uusaati.Tulluunis ijatti ulfaataafi guddinni isaa dadhabbii hedduun kan bira gahamuudh.Waaqayyos namni cubbuurraa fagaatee, gaarummaan dhadhaabbatee Waaqa bira gaha.Karaa biraan naannoo malkaan jiru jiidha hindhabu. Jiidhni quufa, ilaaluunsaa nama gammachiisa; bal‟inni isaa Waaqayyo garaa bal‟achuun fedhii ilmaan namootaa guutuun jiraachisuusaa ibsa.Malkaatti kan xuraaye niqulqqullaa‟a; namni Waaqatti boohes cubbuusaatirraa bilisa ta‟a. Tulluufi malkaan iddoo wacni namootaa hinjirre irraa bilisa sammuun namaa akka haaromufi waan gaarii yaadu nama taasisa. Kadhannaa Waaqaf yeroo dhiyeessanis qalbiin namaa nisassaabbama. Haaluma kanaan uummanni Oromoo malkaattifi Tulluurratti Waaqeffata, waan hojjetu hundaaf hiikaa itti laachaa argannoo mataasaatti fayyadamaa jiraata. (Madda afgaafii guyyaa7/08/2014 obboo Tsaggaa Taaddassaa irraa argametti gaafii waa‟ee naannoo kanaa hawaasni haala kamiin ibsaa, weeddisaa ture?) jedhuuf yeroo adda addaa bifa adda addaatin ibsachaa turan kunis afaanumaan darbaa ture.Hedduun waan dagatameef kanuma yaadachuu danda‟an akkas jechuun himan.

**Afee (2).**

Yaa bishaan Torban Ashee
Too‟an hindhumuu jallisan malee

Qa‟een warra keessanii

Deeman hindhumuu kaachisan malee.

#### 4.2.6.4.1. Burqaan Torban Ashee Bakka Ulfooti

Immabeet Hayilee 17/08/2014) Abbaa Gadaa Balaachoo Simee wabeefachuun waa‟ee Nuqa Torban Ashee irraa akk odeeffadhetti ulfoo jechuun ulfina Oromoo kan agarsiisu.Ulfoon kallacha,Caaccuu,Callee,kan ittiin Waaqa kadhatan yoo ta‟u, kan itti fayyadamnu immoo iddoo ulfootti.Iddoo ulfoo jechuun iddoo seerri Waaqaa itti guuttamu, iddoo qulqulluu,Tulluufi Malkaadha.Tulluufi Malkaan iddoo itti namniifi Waaqni waliin dubbataniifii waldhaggeeffataniidha jechuun ibsaniiru.Haluma kanaan,Naannoon Torban Ashee iddoo ulfoo kan jedhamu. Dur iddoon Burqaan dhohe kun kabaja addaa kan qabu, kan saffeeffamu ture.Sababni isaas iddoo Waaqayyo nama qulqqulluu kanaaf waan ajaa‟ibaa hojjeteefi.Jechuun ibsaniiru.Akka yaada kanaatti Burqaan Torban Ashee kun burqaawwan kaaniin kan adda ta‟u kadhannaa addaatin waan ta‟eef iddoon sunis ulfina akka argatu taasifama.

Iddoo ulfoo kanas akkasiin faarsu.

**Afee (3).**

Ulfoo ulfaattuu, qulqulleettii.

Calleef caaccuu, kallachaaf siiqqee

Maanguddoof jaartii kessummeessituu.

Ulfoo ulfittii nuuf jiraadhuu.

Gaaddisa kee nurra bulchi.

Akkuma Ashee du‟aaf jireenyaan nu simadhu.

Uumaan kee fuulasaa nutti haanaannessu.

Kabajni kee baraan haajiraatu.

Hamaa kee lafti baqaqee haanyaatu

- ❖ Oromoo birati guyyoonni Torbaan maqaa qabu
- ✓ Hojjaa duraa (Wixata)
- ✓ Hojjaa lamaanii yookiin lammaffoo (kiphxata

- ✓ Roobii (Roobii)
- ✓ Kamisa (kamisa)
- ✓ Jimmaata (jimaata)
- ✓ Sabata (sanbata dura/xiqqaa)
- ✓ Dilbata (Sanbata guddaa)
- ❖ Namni gaafa du‟ee amma guyyaa torbati hin galuu jedhu
- ❖ laguu dubartii guyya torba booda galm galuu
- ❖ Qoricha aadaa hubaa qoonqoo iddo torba kutuu
- ❖ Fudha fi heeruma raawwachuuf abbaa torba lakka‟uu
- ❖ Waaqayyoo Tutuuba torba irra nama uume jedhu Amantaan
- ✓ Bishaan irraa
- ✓ Biyyoo irraa
- ✓ Ibida irraa
- ✓ Qilleensa irraa
- ✓ Jiraatumma
- ✓ Qulqulleeti
- ✓ Afurawaa
- ❖ Torbaan kanaan walqabate
- ✓ Namni Bineesaa ajjeese Laga Torba ce‟ee falachuu qaba jedhu
- ✓ Namni nama ajjeese gabaa torba, laga torba fi guyya torba jedhu
- ✓ Ardiileen Addunya Torba
    - Afrikaa
    - Awurooppaa
    - Eeshiyaa
    - Awutiraaliyaa
    - Ameerikaa kaabaa
    - Ameerikaa kibbaa
    - Antartikaa/Artitiika

- ❖ Tapha ijoolee keessati Torbaab naannoo sanbata jedhu
    - Torbeen tokko guyyaa torba ta‟uu isaa
- ✓ Mana yeroo ijaaramu Torban booda (1) immoo abbaa mana fi haati mana tokko ta‟uu isaa
- ✓ Baayyina samii=7
- ✓ Baayyina dachee=7
- ✓ Balballi jahannam=7
- ✓ Ka‟abaa yeroo =7 naanna‟u
- ✓ Safaaf marwaa gidduu yeroo =7
- ✓ Ijoollee salaatatti amanta =7ajaju
- ✓ SuuratulFaatihaan keeyyata=7 qaba
- ✓ Darbannaan Dhakaa Hajjii yeroo=7 darbatama
- ✓ Guyyaa gaaddisni hin jirre namoota =7tu gaaddisa Arshii rahmaan dhaabbata
- ✓ Humna =7 irratti sujuudu
- ✓ Daa‟imni yeroo dhalatu guyyaa =7tti haqiiqaan irraa baha
- ✓ Daa‟imaaf maqaan guyyaa =7 moogafamaaf jedhu

Walumagalatti (Dr.Gammachuu Magarsa, Alamayyoo Haayilee1999, Asmarom Lagasse 1973) guyyaa shanii fi guyyaa torba yoo ilaalee akka beekumsa, duudha, Safuu Oromoo fi mana Amantaati yeroo ibasan uumama dachee, uumama nama, uumama waa hunda fi Oromoof walaabu iddoo lamati hiramu isaa inni gara olii qaamoolee ulaa shanii fi kan gara gadii immoo torba ta‟uu fi Oromoon malkaa mormoor iddoo lamati hiramuufi isaan walqabata jedhu.

Kanaaf, namni kamiyyuu qabeenya biyyaa keenya waan ta‟eef, eegu, kunuunsu, hojii beeksisuu fi qo‟annoo fi qorannoo gadifageenya irratti gaggeessuun dhaloota dhufuuf karaa guutu ta‟een dabarsu. Itti dabaluun kuusa adda addaa keessa galchu, dhaabbata addunya kan ta‟ee UNSCO akka galma‟uu gochu.

### 4.2.7 Rammaddii Afseenaa Gamaa Dameewwan Fookilooriin

Haaluma armaan olitti ibsamuuf yaalameen dameewwan Fookiloorrii (Dorson:1972) yeroo ibsu haala armaan gadittiin karaa adda taʻʻeen rammaddii isaa ibsee jira:

| Wanta Aadaa (Material Culture) | Duudhaa Hawaasaa (Social fok Custom) | Artii Sochii Hawaasaa (Performing Folkart) | Ogafaan (Oral literature) |
|---|---|---|---|
| Riqichaa Poorchuugaal<br>• Holqa daabiis<br>• Holqa Bolloo | • Irreechaa Tulluu Salaalee<br>• Abdarii Tulluu jijjiir/Tulluu Salaalee<br>• Reʻʻee/Hoola Marsa<br>• Irreecha laga Daannisa yookiin laga Waada | • Geerarsa waaʻʻee goodansa salaalee<br>• Afwalaloo<br>• Afee | Seenaa Tulluu Salaalee<br>Hidha dhaloota<br>Aanaa giraar Jaarsoo |

### 4.2.8 Mogaasaa Maqaa

Afgaaffii guyya 28/07/2015 Obb. Addunya Hordoofa, Urgee waliin gaggeefamen mogaasni maqaa akkuma beekamu armaan litti waan baayyʻʻee kaasuun keenya ni beekama. Kunnis Oromoon maqaa yoo mogaasuu haala naannoo isaati waan argamu muka, Tulluu, Laga, horii, milkii, gadda, gammachuu, rakkoolee, taatee adda addaa fi walitti dhufeenya wantoota irraa kaʻʻuun kan mogaafamudha. Kuniis Tulluun lafa yoo taʻʻuu sababa Voolkanoon olkaʻʻiinsi irraa kan kaʻʻee maqaa kennamaaf waan taʻʻeef, Salaalee garuu maqaa gosa taʻʻuu fi dhiisu danadaʻʻaa.

Garuu Illamuu gosa tokko, Allee gosa tokko, Illamuu kan jedhu aanaa Kuyyuu keessa birritti jira, Warra Jaarsoo keessa iddoo Laga Aqaaqoo jedhamus jiru. Itti Dabaluun Gojjam keessas jiru, Salgan Igguu Abbuu keessa tokko yoo taʻʻaan mogaasa maqaa iddoo adda addaa ilaaluu danadeenya.

| La kk. | Maqaa durii/ Maqaa sirri | Maqaa guyyaa | Madda jijjira/maal irraa dhufee | Hiika isaa/sababa isa |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Ganda gaara | Fiichee | Faachise, Xiichee, Fiichoo, jabaate, lola hiikate, maqaa bineesa Fiichee, fuudha fi heeruman hiikan, Kutaata, fumaata argate | Yeroo lola Raas dargee keessa uummanni Salaalee naannoo Fiichee fi hariroo jirataan kun waltajjii isaan waaman didee kana irraa jedhu, inni bira fudhaa fi heerumma wal hiikan jedhu irraa jedhu |
| 2 | Tulluu Salaalee, Tulluu Jijjiir, Gurraa Jijjiir | Gaara Salaalee, Tulluu Salaalee | Maqaa gosa, Tulluu, gosa Orommo Illamuu fi Allee irraa | Uummata gudda ol sagalee gudda qabsoon beekama, gootummaan beekama jechuudha. |
| 3 | Silmii | Ganda Silmii | Waliigaluu dhabuu dhiirsa fi niitii irraa ka‟an ka‟ee | Na qabatee na gadhiisuu didde, nati marmtee, ciccitee |
| 4 | Faraas Hambaa | Ganda Warxuu | Iddoo dhabbii Farda fi Sirna Bulchiinsa Raas dargee iddoo sanitti Mana amanta shukurtii hudeessuu fi daanga lola | Iddoo Fardii dhabbatu, iddoo seenaa qabeessa hin sochoone jedhuudha. |
| 5 | Qarree Gohaa | Gatsiyyo on | Jechaa afaannicha walalluu irra ka‟an ka‟ee fi lafa fi nama jijjira deemu | Sagalee Nama fi wantoota yeroo olka‟ee dhageesisuu gaara gama fi gama gahee yeroo sagaleen achi fi as deebi‟uu irraa umamu isaa |
| 6 | Shararoo | Dabaraa Tsigee | Gara amantati jijjiru,ofitti jijjiru | Fardi Shaararee, Gulufee kan jedhu irraa argame |
| 7 | Waacaalee | Wacaalee | Jabina Sagalee fi laafina sagalee itti yaadani jechoota dheeressu dhiisuu fi gababssuu | Hunda ol ta‟uu, caalaanii argamu |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | | | irraa | |
| 8 | Muka Ulee | Muka Qulee | Itti yaadani hiika isaa beeku dhabuu fi sagaleen dubbachiftu fi dubbifama wal jifuu isaa | Uleen muka qala yoo ta‟uu quleen hiika hin qabu. |
| 9 | Mana dadhii Mi‟aawaa | Magaalaa Miqaawaaa | Hiika jecha walalluu fi Sagaleen yeroo waljifuu fi | Jechi mi‟aa jedhu manni dadhii magaalaa Alaltuu keessati beekamaan waan jiruuf namoonni Afaan hin beekne gara miqaawaati jijjiran |

### 4.2.8.1. Mogaasaa Maqaa Aanaalee fi Magaaloota Bara 1964 keessa

Addunyaa kana irratti biyyi, naannoo, Godinni, gandi fi Gooxiin kamiyyuu maqaa of danda‟ee akka qabu beekamadha. Akka byya keenyati kun beekama yoo ta‟uu, akka Godina Shawaa Kaabaa (Salaaleeti) bara Mootummaa H/Sillasee keessa bara 1964 Godinnichi maqaa "Yee Salaaleena naa meerabitee Awurajjaa Gizaat yoo jedhamu bara kana Bulchaan Godinnicha Dajjaazmaach Galataa Qorichoo yoo ta‟uu baayyina Aanaalee (9) kan hundeefame jirudha.

| Lakk. | Maqaa Aanaa | Maqaa Magaalaa |
|---|---|---|
| 1 | Insaroo | Lammii |
| 2 | Waacaalee | Muka Xurii |
| 3 | D/Libaanoos | D/Tsigee |
| 4 | Yaayyaa Gulaallee | Fittaal |
| 5 | G/Jaarsoo | Fiichee |
| 6 | Dagam | Hambisoo |
| 7 | Kuyyuu | Gabara Gurrachaa |
| 8 | Abootee | Ejeere |
| 9 | Warraa Jaarsoo | Qarree Gohaa/Gatsiyyoon |

### 4.2.8.2. Iddoolee Seenaa Qabeeyyi Aanaa Giraa Jaarsoo

Akkuma beekamu biyya kamiyyuu keessati iddoon seenaa qabeeyyi fi seenaan isaanii hin beekamiin biyyaa kamiyyuu keessa jiraachu danda‟aa. Akka Aanaa Giraar Jaarsooti iddooleen Ardaalee jira, Holqoota, Riqichoota, Tulluuwwaan, Caaffeewwaan, Abdariiwwan fi malkawwaan jiran akka armaan gaditti dhiyatanii jiru.

### 4.2.8.3. Maqaalee Malka/Lageewwanii Aanaa G/Jaarsoo

| Lakk. | Maqaa Durii | Godina | Aanaa | Ganda |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Malka/Laga Warabeessa | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Dooyyuu |
| 2 | Malka/Laga Daannisa | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Ganda Giraar Gabaar |
| 3 | Malka/Laga Guur | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Warxuu |
| 4 | Malka/Laga Bowaa | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Ginoo Aanoo Bonayyaa |
| 5 | Malka/Laga Dhanqaa | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Giraar Gabaar |
| 6 | Malka/Laga Silmii | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Ganda Silmii |
| 7 | Malka/Agamee | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Giraar Gabaar |

### 4.2.8.4. Maqaalee Holqaa Aanaa G/Jaarsoo Jiranii

| Lakk. | Maqaa Durii | Godina | Aanaa | Ganda |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Holqa deebiis/Daabiis | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Ganda warxuu |
| 2 | Holqa Ganda Bolloo | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Ganda Iyyaata Daannisa |
| 3 | Holqa Marditii | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Ganda kooticho Safannee |

### 4.2.8.5. Maqaalee Tulluu Aanaa G/Jaarsoo Jiranii

| Lakk. | Maqaa Durii | Godina | Aanaa | Ganda |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Tulluu Salaalee | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Illamuu Arjoo Salaalee |
| 2 | Tulluu/Gaara Boolloo | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | |
| 3 | Tulluu Ilmoo Salaalee | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Illamuu Arjoo Salaalee |
| 4 | Tulluu Gooba | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Arjoo Gidayyoo |

### 4.2.8.6. Maqaalee Abdarii Aanaa G/Jaarsoo Jiranii

| Lakk. | Maqaa Durii | Godina | Aanaa | Ganda |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Abdarii Goobol | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Ganda Goobol |
| 2 | Abdarii Qilxuu | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Ganda Amatoo Kiroo |
| 3 | Abdarii Sadeen Amatoo | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Ganda Amatoo Kiroo |
| | | | | -Ganda Taaddaasa Tufa<br>-Ganda Dirree (Namni kaadhannoo isaa dhabee) |
| 4 | Abdarii Dirree Dooyyuu | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Ganda Dirree Dooyyuu |
| 5 | Abdarii Torban Ashee | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Ganda Torban Ashee |
| 6 | Abdarii Warraa Maallee Roobaalee | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Ganda Boonayyaa |
| 7 | Abdarii Tulluu Jijjiir/Abdarii Gurraa Jijjiir | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Illamuu Arjoo Salaalee |
| 8 | Abdarii Shunkurtii | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Ganda Warxuu |

### 4.2.8.7. Maqaalee Amantaa Aanaa G/Jaarsoo Jiranii

| Lakk. | Maqaa Durii | Godina | Aanaa | Ganda |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Gabr‟eelii Gidayyoo | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Arjoo Gidayyoo |
| 2 | Shunkurtii Mika‟eelii | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Warxuu |
| 3 | Maraamii Ejeersa kaa‟oo | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | |
| 4 | Goorgisii | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Ganda Warxuu |
| 5 | Gabrakistoos | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Torban Ashee |
| 6 | Sillassee Saggoo | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | |

4.2.8.8. Maqaalee Riqichoota Aanaa G/Jaarsoo Jiranii

| Lakk. | Maqaa Durii | Godina | Aanaa | Ganda |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Riqichaa Gunfuraa | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Ganda Shabal Dagaa |
| 2 | Riqichaa Laga Guur | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Ganda Warxuu |
| 3 | Riqichaa laga daannisa | | | |
| 4 | Riqichaa | | | |

4.2.8.9. Maqaalee Caafee Aanaa G/Jaarsoo keessa Jiranii

| Lakk. | Maqaa Durii | Godina | Aanaa | Ganda |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Caafee Uwisoo | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Giraar Gabaar |
| 2 | Caafee Laga Waade | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Illamuu Arjoo Salaalee |
| 3 | Caafee Laga Alaltuu | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | |
| 4 | Caafee Uruufa Caangee | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Illamuu Salaalee |
| 5 | Ganda Caafee | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Ganda Warxuu |

4.2.8.10. Maqaa Salaalee Warra Mogaafate Jiruu

| Lakk. | Maqaa Durii | Godina | Aanaa | Ganda |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Yuunivarsittii Salaalee | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Fiichee |
| 2 | Mana Maxxansaa Salaalee | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Fiichee |
| 3 | Mana Qorichaa Salaalee | Sh/Kaabaa | Fiichee | Fiichee |
| 4 | Hoteelaa Salaalee | Sh/Kaabaa | Fiichee | Fiichee |
| 5 | Waldaa Liiqii fi Qusanoo Salaalee | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Fiichee |
| 6 | Rizoortii Hoteelaa Si-laalee | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Fiichee |
| 7 | Yuuniyeenii Biftuu Salaalee | Sh/Kaabaa | Fiichee | Fiichee |
| 8 | Waldaa Annaan Salaalee | Sh/Kaabaa | Fiichee | Fiichee |
| 9 | Mana Lallaba Amantaa Salaalee | Sh/Kaabaa | Fiichee | Fiichee |
| 10 | Tulluu Salaalee | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Illamuu Arjoo Salaalee |
| 11 | Tulluu Ilmoo Salaalee | Sh/Kaabaa | G/Jaarsoo | Illamuu Arjoo Salaalee |
| 12 | Hawwisoo Salaalee | Sh/Kaabaa | Fiichee | Fiichee |
| 13 | Gootota Salaalee | Sh/Kaabaa | I/Hunda | Kan Uummata |
| 14 | Atileetoota Salaalee | Sh/Kaabaa | I/Hunda | Kan Uuummata |
| 15 | Weelistoota Salaalee | Sh/Kaabaa | I/Hunda | Kan Uummata |
| 16 | Fardeen Salaalee | Sh/Kaabaa | I/Hunda | Kan Uummata |
| 17 | Giduugala Aadaa Oromoo Salaalee | Sh/Kaabaa | Fiichee | Fiichee |
| 18 | Visit Salaalee | | | FBI |
| 19 | Salaalee intercept | | | FBI |
| 20 | Sagalee Uummata Salaalee | | | Midiyaa |
| 21 | Fiichee Salaalee | | | FBI |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 22 | Bubbee Salaalee | | | Midiyaa Irraa |
| 23 | Waldaa Guddina Salaalee | Sh/Kaabaa | | Fiichee |
| 24 | Waldaa Walgargaarsa Salaalee | Sh/Kaabaa | | Sulultaa |
| 25 | Mana Jaanboo Salaalee | Sh/Kaabaa | Fiichee | Fiichee |
| 26 | Salaalee yaa biyyaa koo | | | FBI |
| 27 | Obsitu Shawaa Salaalee | | | FBI |
| 28 | Teka Ze Selalie | | | FBI |
| 29 | Nafyaad Salaalee | | | FBI |
| 30 | Tasfayyee Mangistuu Salaalee | Sh/Kaabaa | Fiichee | Diida Heexoo |

### 4.2.8.10.1. Sababoota mogaasa Maqaa

Mogaasni maqaa kan kennamuu Ayyaantuun, karaa maatii, firaa, mootummaa, hiriyyaa, mana murtii,abbaan ofii kennuu fi gosan kan kennamudha.sababni isaa immoo akka armaan gaditti ilaaluun ni danda‟ama.

- Milkii ilaalachuun
- Milkii gara fuula dura
- Milkii booda
- Taatee waayyii
- Gammachuu argatan
- Rakkoolee isaan qunname
- Milkii karaa Aadaa
- Milkii Karaa Duudha
- Maqaa alaa dhagahaniin
- Gosa bakka buusuuf
- Yaadannoof
- Hiriyaa ilaalanii
- Ollaa Ilaalanii ta‟uu danda‟aa

# BOQONNAA SHAN: CUUNFA, ARGANNOO FI YABOO

## 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun qaacceessa afseenaawwan bakkeewwaan Seena Godina Shawaa Kaabaa irratti kan gaggeefame yommuu ta‟uu, qorannoo kana bu‟aa qabeessa taasisuf qorataan Afseenaawwan bakkeewwaan seenaa qabeeyyii Aanaa Giraar jaarsoo irratti xiyyeeffachuun qorate yookiin gaggeese dhiyyeesseera.

Qorannoon kuniis "Afseenaa bakkeewwaan Seenaa qabeeyyii Aanaa giraar Jaarsoo irratti kan xiyyeefatedha". Qorannoon kuniis iddoo Seenaa qabeeyyii Aanaa Giraar Jaarsoo keeaatti beekamoo ta‟aan, hiika isaa fi mogaasa afseenaan isaa Oromummaa waliin qabau, adda baasu fi mogaasa amma fi kan durii maal akka fakkaatu, iddooleen afseena kun maal irraa akka jiranii fi dhiibaa gama kanaan uummatichaarraa gahee fi bakka Seenaa qabeeyyii kana irraa geessisan maal akka turee, odeeffannoo manguddoota, Abbootii Gadaa, beektootaa fi Ogeessoota waajjiralee adda addaa irraa argame xiinxaluun hiikni akka itti keennamu ta‟ee jira.

Haaluma kanaan ragaan funaaname akkaataa itti hiikamanii fi qaacceeffaman boqonnaa afur keessatti suuraan deeggaramuun ibsamee jira. Kaayyoon qorannoo kanaa akka galma ga‟uuf qorataan mala qorannoo "Akkamtaa" kan fayyadame yoommuu ta‟uu iddattoo filachuu irratti akaakuu iddatteessuu miti –carraa keessa iddatteessuu „Akkaayyuu" fayyadamuun abbootii Gadaa, beektoota, manguddoota fi Ogeessoota waajjira adda addaati. Annichaa keessa afseenaa bakkeewwan seena qabeeyyii Aanaa Giraar Jaarsoo ta‟an Riqichaa Poorchuugaal, Holqa deebiis, Holqa bolloo, Irreechaa Laga Daannisa fi Tulluu Salaalee irratti hubannoo gahaa qaban jedhee filachuun afgaaffii fi marii garee taasissuun suuraa fi vidiyyoon waraabame ragaan argame hiikame, ibsii karaa guutun itti kennamu fi xiinxalamuun dhiyaate jira.

Qorannoo gaggeefame kana keessatti afseenaan bakkeewwan seena qabeeyyii Aannichaa haala kamiin akka mogaafame, taateewwan, haala teessuma lafa, jijjirama mul‟ate, wantoota naannoo sanitti baayyinaan argaman, afseenaan iddoolee kanaan walqabataan, mudannoo iddoolee sana fi dhhiba adda addaa gama siyaasa, dinagdee fi hawwasummaan mul‟atan waan irraa gahee kan agarsiisudha.

## 5.2. Argannoo

Qorannoo gaggeeffame kana keessatti odeeffannoo Abbootii Gadaa, Manguddoota,Beektoota fi Ogeessoota irraa walitti qabame xiinxaluun hiikni itti keenname jira. Xiinxala fi hiikni raga argame kun kaayyoo qorannichaa irratti hunda‟uun yaada argannoo irraa gahame jira. Kuniis qorannoo kana keessatti akka argannoo qorannichatti akka ta‟uu ta‟ee jira.

Kanuma bu‟uura godhaachuun xiinxallii fi hiikni ragaalee qorannoo kanaa qabxiiwwan armaan gadii qorannoo kanaan ifa ta‟ee jira.

- Afseenaa gaggeefamee ilaalchise haali mogaasa Aanaa Giraar Jaarsoo fi afseenaan teessuma lafa isaa maqaa gosa/sanyii hawaasa Aannicha fi muka naannoo sanii dur keessa iddoo ulfoo ta‟ee irratti hunda‟uun mogaafamu isaa adda bahee jira.
- Afseenaa bakkeewwan Aanaa G/Jaarsoo baayy‟een isaa gosa Oromoo naannicha jiraatu irratti hunda‟uun kan seeneffame ta‟uu isaati.
- Afseenaan bakkeewwaan Aanaa Giraar Jaarsoo Aadaa, Duudha, Seenaa, Afaanii fi eenyummaa uummaticha kan agarsiisuu ta‟uu isaa
- Afseenaan bakkeewwan Aanaa Giraar Jaarsoo lafa, mukeen, gosa fi duudha irratti kan xiyyeefate ta‟uu isaa
- Afseenaan bakkeewwaan Aanaa Giraar Jaarsoo kan ta‟ee Salaalee kan jedhu maqaa gosa/Sanyii Oromoo ta‟uu isaa bira gahaame jira
- Afseenaan bakkeewwan Aanaa Giraar Jaarsoo kan ta‟ee Tulluun Salaalee maqaa bira Tulluu Jijjiir/Gurra Jijjiir loloo Caancoo akka jedhamu bira gahaame jira
- Afseenaa bakkeewwan Aanaa Giraar Jaarsoo keessaa Tulluun Salaalee maqaa Oboolaayan lama irraa mogaafame kan jedhu ta‟uu isaa
- Dabalataan Oromoon naannoo sana jiraacha turaan guyyaa Daamaara/ayyaana masqala ibsa masqalaa Tulluu kana irraa bahaanii waan ibsaniif, naamoonni naannoo biro immoo si ilaala jira, si argeen jira kan jedhu irraa ta‟uu isaa bira gahame jira.
- Afseenaa bakkeewwan Aanaa Giraar Jaarsoo baayy‟een isaa Afeen Aannichaan walqabatuu fi dhugoomsu dhaloota dhalootati darba asgahuu isaam mirkaneefame jira

- Afseenaan bakkeewwan Aanaa Giraar Jaarsoo keessa Tulluun Salaalee/Tulluun Jijjiir irratti loloo Caancoo ijoollee shan, Farda Shan fi daandii/karaa Farda Shanii waan qabuuf, yeroo duulaayookiin rakoon biyyaa qunname Tulluu kana irratti ireefachuun duula/lola sana mo‟anii galu, yeroo galaniis irreefanna taasisuun gara mana akka gala turaan qorannoo kanaan bira gahaame jira.
- Torban Ashee Ruufoo nama ijoollee torba, burqa turban wal-qabate jiru kan loloo Caancoon walbira qabuun qorannoo kana keessati, Oromoon naannoo aanaa Giraar Jaarsoo jirataan Aadaa, duudha, safuu fi eenyummaa isaanii qabsoo gaggeessa eeganii, kunuunsanii, kabajacha as ga‟uu isaanii qorannoo kanaan bira gahame jira.
- Afseenaa bakkeewwaan xiinxalame keessatti mul‟atan mogafamaa Tulluu Salaalee fi kan biroon walqabatee gama Afaaniin hiika galumsaa fi xiinqooqaa qorannoo gadii fageenya kan barbaadudha.
- Afseenaawwan bakkeewwaan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Aanaa G/jaarsoo walqabate Riqicha laga guur maqaalee gara afurii kan qabudha.
    - ✓ Inni Riqicha poorchuugaala Jaarraa 16 ffaa keessa fi dhuma Jaarraa 19 suphan taasisfamu fi sababa poorchuugaaloonni gargaarsa waraanaf gara biyyaa keenya yeroo dhufan isantu ijaare kanaaf maqaa isaaniin mogaafame kan jedhu, Liqacha Laga guur, sababa laga guur irratti ijaarameef, Riqicha buphaa sababa hanqaquu Guuchii ijaaramee fi fakkiin isaa sadeenu hanqaquu waan fakkatuuf, Riqichaa Raas Daargee sababa Magaalaa shunkurtii erga hundeessani gara gadaamii itti deddebuuf jecha waan ijaaraniif maqaa isaanitiin mogaafamu isaati.hanga ammati maqaa afuriin kan waamamudha.
    - ✓ Holqa Dabbis yookiin debbis tajaajila adda adda kenna akka turee fi namoota beekamoo kan akka liij Iyaasuu, Raas mika‟eel faa achi keessati hima akka turanii fi yeroo waraana immoo manguddoota, daa‟iman fi haadhoole achi keessati baqqacha akka turan qoranno kanaan bira gahame jira.Holqi kuniis kutaalee adda addaa sadii fi eegumsi isaa namoota soddooman eegama ture yeroo amma garuu suphaaf haali irraa jiru akka rakkoo ta‟ee hubatame jira.

- ✓ Holqa Bolloo Ganda Iyyataa Daannisaa kun yeroo durii mootummaan xaaliyaanii Itoophiyaa yeroo weerarttu akka holqa waraanaatti gootonni biyyatti kan itti fayyadamaa turan ta‟uu abbootiin seenaafi maangudoonni naannoo sana jiraatan naaf eeranii jiru.yeroo amma garuu kunuunsa kan barbaadudha.
- ✓ Jaldeessonni kun gamtaan waan jiraataniif naannoo finca‟aa laga guurifi Riiqicha Porchugaal birattii baay‟atanii argamuun ija turistootaa ofiitti harkiisuun galii kan argamsiisaniidha.
- ✓ Irreechi Malka Laga Daannisan walqabatee sababa dhiiba siyaasa, amanta fi diinatiin adda cite turee waggaa sadii as kabanji isaa kan eegalee yoo ta‟uu ammas karaa guutun bakka durti akka deebi‟uuf namni kamiyyuu gahee isaa ba‟uu qaba.
- ✓ Tulluu Salaalee odeeffannoo argameen walqabatee jechi Tulluu jedhu iddoo ulfoo, kabajama, bakka safuu, duudha, dhiiba‟uu itti gaggeefamu fi Abdarii Gurraa jijjiir irratti Loloo Caancoo abbaan ijoollee shan, Fardaa sha fi karaa Fardaa shnii qabu Tulluu kana irrati kadhannoo gaggeessa yoo ta‟uu, maqaan Tulluu kanaas Tulluu Jijjiir, Gurraa Jijjiir fi Tulluu Salaalee akka jedhamudha.
- ✓ Jechi Salaalee garuu ilma karayyuu kudha lama (12) keessa kudha tokko (11) yoo ta‟uu, odeeffanoo argameen ibsaa Tulluu kana irratti ibsuun, Allee Tulluu irraa bahee obbooleesi isaa Illamuu dhabee jennaan eessa jirata yaa Allee yoo jedhu si ilaalaan jira, si argee jira jecha jedhu irra, Tulluu Salaalee Allee irraa fi Tulluun kun kiyaa fakkaati kan jedhu irraa akka argame qorannoo kanaan biragahame jira. Wantoota naannoo Tulluu kantti gaggeefamuun walqabate Irreecha caamsa 6 fi gaafa qaame yoo gaggeefamu, kanuman walqabte dhuggeefanoo akka re‟ee/hoola marsa kan jirudha

- Faayida afseenaawwan bakkeewwaan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Aanaa G/jaarsoo Holqi debbis yookiin dabbis, Riqichi Laga Guur, Holqi Bolloo, Hoomaa Jaldeessoota, Ireechi Laga Daannisa, Torban Ashee,Tulluun Salaalee fi dhuggeefannoo tokko tokko faayidaan isaan kennaan kuusa midhaniifi meeshaa waraanaa ,Galma keessummoonni adda addaa itti fi afeeramaan, mana hidhaa namoota beebekamoo, iddoo Seena, duudha, eenyumma, Afaan, bakka ulfoo, iddoo dhibayy‟uun adda addaa itti gaggeefamu fi waaqayyoof galata

itti galchaan akka ta‟ee qorannoo kanaan bira gahame jira. Akkasumas iddoo hawwata Turizimii ta‟ee galii argamsisa kan jiru ta‟uu isaati. Madda beekumsa, barnoota, qo‟annoo fi qorannoo akkasumas duudha,Seena,safuu fi eenyumma uummaticha dhaloota dhalootati dabaruuf nama akka faayadu hubatame jira.

- Beekumsi hawaasni afseenaawwan bakkeewwaan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Aanaa G/jaarsoo walqabate beekuma waan Aadaa, duudha, Amantii, Guyyaa, Sirna Gadaa, Jireenya addunya, uumama nama fi dachee, ardiilee addunya, Eebba, jaarsumma,Oguma Oromoo, biyyaa eegu, nama eeguu, bulchiins eeguu akka nama barsiisuu qorannoo kana ilaalame jira.
- Walumagalatti qorannoo afseenaa bakkeewwan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Aanaa Giraar Jaarsoo gaggeefame kanaan walqabate bakki hundii isaa bakka Seena, duudha, Safuu fi eenyumma fi Oguma Oromoo kan of keessa qabu ta‟uu hubatame jira.

## 5.3. Yaboo

- Waajjirri Aadaa fi Turizimii Aanaa Giraar Jaarsoo fi Bulchiinsi Aanaa Afseenaa bakkeewwan beekamoo kana qaama dhimmi ilaaluu waliin ta‟uun eeguu, kunuunsu, beeksisuu fi maxxansan uummata biran ga‟uu qaba.
- Dabalataan Waajjirri Aadaa fi Turizimii qaama dhimmi ilaaluu waliin ta‟uun qorannoo fi qo‟annoo gadi fagoo ta‟ee irratti gaggeessun qaama dhimmi ilaaluuf akka dhiyyatu gochu
- Afseenaan bakkeewwan Aannicha sababa makamu Aanaalee Godinnicha fi Godinnichi yeroo gara yerooti Godina biro waliin walitti dabaluun Afseenaan, Aadaan, duudha, Afaan fi eenyummaa uummatichaa tursiisuuf, qaamni kamiyyuu gahee isaa gama qo‟annoo fi qorannoon akkasumas hojii beeksisu, eeguu fi kunuunsun irraa kan eegamu ta‟aa.
- Afseenaan Oromoota Annicha qorannoon deeggaramee barreeffamatti jijjirame yoo ta‟ee baayy‟ee gaariidha.
- Afseenaan Aannicha dokumanteeriin dhugaa ta‟ee hidhata Oromoo gannama fi ardaaleen jilla Aanaa Giraar Jaarsoo agarsiisuu yoo qopha‟ee gaariidha.
- Gama Artii, fiilmii fi diraamaan dhimma afseenaa Aannicha ilaaltuu ijaa fi gurra uummataaf yoo dhiyyaate gaariidha.
- Ilaalchaa Oromoon Afseenaa bakkeewwan yookiin ardaalee Jilla Aannicha karaa iftoomina qabuun akka eeguu, kunuunsu fi beeksisuun qaamni mootummaa fi miti mootummaa deeggarsa wal irraa hin cinnee osoo taasiisif badiinsa irraa ni baraarama jedheen amana.
- Dhiibbaa gama Amantii, siyaasa fi ammayyuummaatiin raawwatameen afseenaan bakkeewwaan jijjiraman adda bahanii osoo barreeffamanii irratti hojjetamee.
- Afseenaa fi maqaan jijjiramu fi dagatamuun eenyummaa, Aadaa, duudha, Afaan, Seenaa fi Artii jijjiruu waan ta‟eef, sababa qaroomina fi teeknoolojiitiin afseenaan bakkeewwaan Seena qabeeyyii akka hin jijjiramne hawaasni akka eegatu hubannaan osoo laatamee gaariidha.
- Dhaabbanni soddooma ta‟uu maqaa Go/Sh/kaabaa jedhu dhiisuun maqaa Salaalee kanatti dhimma bahaa jira waan ta‟eef, qorannoo gagggeesafme kuniis yaadni jiru kamuna

mul‟isa waan ta‟eef, mana mareef Godinnichaaf dhiyyate akka murtaaf qaamni kamiyyuu tumsa gochuu qaba.

- Walaumagalatti qaamni hawaasa kamiyyuu hin hubanne hubatee Aadaa, Seena, duudha, Afaan fi eenyummaa isaa amma harka qabuu fi dagatame jajjabeessee dhaloota haaraf akka dabarsuu osoo ta‟ee bayyeessa.
- Itti qorannoo afseenaa bakkeewwan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Aanaa Giraar Jaarsoo gaggeefame kanaan walqabate bakki hundii isaa bakka Seena, duudha, Safuu fi Eenyumma fi Oguma Oromoo yoo ta‟uu, waa shanaani fi Waa torbaan akkasumas Tulluu Salaaleen walqabate jiru, qorattoonni, dhaabbiilee adda addaa, waajjirri Aadaa fi Turzimii naannoo qorannoo agdifageenya gaggeessuun dhaloota dhufuuf dabrasu qaba.

## Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa. (2011). Akkamtaa.Yaadrimee Qorannoo Hujoo, Finfinnee: Oromiyaa.

Alamaayyoofi Alamituu. (2010).”Seensa Afoolaa”.Kan hin maxxanfamne (Yuunivarsiitii Jimmaa)

Alamaayyoo Hayilee. (2007). Sirna Gadaa Siyaasa OromooTuulamaa.Finfinnee:Birhaninaa Salaam.

__________________,(2011).‶Seenaa Ardaalee Jilaa Oromoo Tuulamaa” Galaan:kan hin maxxanfamne.

Asaffaa Tafarraa. (2004).Theorizing The Present Towards The Oromo Literature.Jaarsoo Waaqoo‟s poetry.Finfinnee:Brannaa printing Enterprise.

Asafaa Tafarraa. (2009). “Eela”.Finfinnee, Oromiyaa.

Asafaa Tafarraa. (2002/2015). “Ethnography of Resistance Poetics.Power and Authoity in Salale Oromo Folklore and Resistance culture” (Indiana University).

Backer, Ronald L. (1972).The Role of Folk Legends in place Name Research.The Journal of American Folklore. Published by American Folklore Society.

Bascom,W.R.(1965).Four functions of folklore.The study of Folklore.Burkley:printice – Hall,Inc.

Badrrii Kabiirii. (1990). Qormaata Iddoo Seenaa Qabeessa: Kan hin Maxxanfamne.

Birhaanuu Taakkalaa. (2013). Laguu fi Lagannaa Oromoo. Finfinnee, Oromiyaa.

Dabbabaa Hurrisa. (2011). “Qaaccessa Bu‟uuraalee Afseenaa Iddoowwan Uummata Oromoo” Kan hin maxxanfamne (Yuunivarsiitii Finfinnee)

Dastaa Dassaalany. (2009).Bu‟uura Qorannoo.Finfinnee: Dhaabbata Maxxansa Meeggaa

Dasaalany Labataa. (2oo6).” Xiinxala Moggaasa Maqaa Dhunfaa Daa‟immanii Aanaa Waayyuu uqaa,”Yuniversiitii Wallagaa Qorannoo Digiirii2ffaa guutachuf ( hin maxanfamne)

__________________(2015) ‶A Functional Study Of Tulama Oromo Oral Prose Narratives” (Unpublished PhD Thesis).68

Dirribii Damissee. (2012). Ilaalcha Oromoo. Barruu Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo, Finfinnee.

Dorson, M.R.(1972).Folklore and Fokllife:An introduction.Chicago:The University of Chicago press.

Dundes Alan.(1965).The Study of Foklore.Endle Wood Cliffs: N. J. Prentice-Hall,Inc.

Finnegan, R.(1976).Oral Literature in Africa.Oxford: Oxford University Press.

Filee Jaalataa. (2016).Beekumtaa Oromoo.Raajii: Finfinnee.

Filee Jaalataa. (2013). Beekumtaa Oromoo.(maxxansa lammaffaa).Finfinnee.

Immabeet Shallamaa. (2011). "Qaacceessa Jijjirama Moggaasaa Maqaa Ammayyaa Daa‟imman" Kan hin maxxanfamne (Yuunivarsiitii Finfennee).

Iteenesh Toleeraa. (2012). "Xiinxala Afseenessa Oromoota Finfinnee keessatti Bakka Jireenyaa". Kan hin maxxanfamne (Yuunivarsiitii Finfinnee).

Lammaa Geetahuun .(2011). "Qaaccessa ijaarsa Eenyummaa Haala Qabatamaa Moggaasa Lafawwaan Oromoo Walloo Warraa Qaalluu fi Warra Baabboo".kan hin maxxafamne (Yuunivarsiitii Finfinnee).

Maraa‟ol Moosisaa. (2009). "Qaaccessa Afseenaa Dajjaazmaach Kumsaa Morodaa fi Masaraa Isaa".kan hin maxxanfamne (Yuunivarsiitii Finfinnee).

Mangesha Riqitu .(1970).Oromo Folktales.England:London University Press.

Misgaanuu Gulummaa.(2011).Dilbii.Bu‟uura Afoola OgafaanfiAfwalaloo Oromoo:Finfinnee

Okpewho, I. (1992). African Oral Literature. Back grounds, Character and Continuity. Bloomington: India University Press.

Seefuu Tsaggaayee. (2008). "Xiinxala Moggaasa Maqaa Daa‟imanii fi Bakkeewwan Aanaa Waliso"Yuniversity Finfinnee: Qorannoo Diigrii 2ffaa Guutachuuf. (kan hin maxanfamne)

Sisaay Kabbadaa. (2010). "Afseenaa Namoota Bebbeekamoo Aanaa Midaa Qanyii". Kan hin Maxxanfamne (Yuunivarsiitii Finfinnee).

Sumner, Cloude. (1996).Oromo Wisdom Literature.(volume.III) Folktales Collections and Analysis. Addis Ababa:Gudina Tumsa Foundations. StateBoston: Houston Milton Company.

Tolasaa Tasfaayyee. (2010). "Afseenaa Iddoowwan Seena-qabeessa Aanaa Tolee".kan hin Maxxanfamne (Yuunivarsiitii Finfinnee).

Dabaleewwan

Dabalee "A"

Gaaffiiwwan Afgaaffii Maanguddootaa fi Abbootii Gadaa Aanaa Giraar Jaarsootiif dhiyaatu.

Kolleejjii Saayinsii Hawaasaa fi Namoomaa Muumee Barnoota Afaan Oromoo, Ogbarruu fi Qunnamitti

**Hubachiisa**

Kaayyoon gaaffiilee kanaa Yuunivarsiitii Salaalee Sagantaa Barnoota Digrii Lammaffaatti, Qorannoo "Afseena bakkeewwan seenaa fi Aadaa qabeeyyii :Xiyyeeffannoo Aanaa Aanaa G/Jaarsoo" jedhuuf qofa kan oolu ta‟a.

**Qajeelfama**

Gaaffiilee armaan gadii haala qabatamaa magaalaafi muuxannoo keessan itti dabaluun akka naaf deebiftan kabajaan isin gaafadha.

1. Afseenaan Maali?
2. Afseenaan bakkeewwan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii maalirratti hundaa‟uun himama jettu?
3. Afseenaan bakkeewwan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii sirna akkamii qaba jettanii Yaadduu?
4. Afseenaan bakkeewwan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii uummata Oromoo waliin walitti dhufeenyi isaan qaban akkamitti ilaalama?
5. Dhiibbaa Bulchiinsaa tiin Afseenaan bakkeewwan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii jijjiirrame ni jiraa?
6. Waa‟ee Afseenaa Tulluu Salaalee maal maaliin beekama?
7. Riqicha poorchuugaal eenyutu hojjete, maaliin hojjetame,maaliif ?
8. Aanaa Giraar Jaarsoo jechuun maali maalirra dhufe, yoom hundeefame? Eenyutu hundesse?
9. Wa‟ee holqa poorchuugaal bara kam hojjetame eenyutu hojjete ? maaliif hojjetame?

## Hirmaattota Afgaaffii

| Lakk | Maqaa oddeeffanoo kennitoota | Saala | Umurii | Bakka jireenya | Guyyaa | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Balachoo Simee | dh | 67 | G/G | 21/07/2015 | A/Gadaa |
| 2 | Isheetuu Ayyaala | dh | 64 | Fiichee | 21/07/2015 | A/Gadaa |
| 3 | Taaddaasa Nagawoo | dh | 70 | Fiichee | 21/07/2015 | Manguddoo |
| 4 | Mogoosa Kumee | dh | 61 | Fiichee | 21/07/2015 | Manguddoo |
| 5 | Dafaruu Turaa | dh | 56 | Fiichee | 2707/2015 | Hayyuu |

## Dabalee „B‟

Gaaffiilee Marii Garee Xiyyeeffannoo Maanguddootaa fi Abbootii Gadaa Aanaa G/Jaarsoo aarsoo dhiyaatu.

Gaaffiilee Afgaaffii Maanguddootaafi Abboottii Gadaa Aanaa G/jaarsooitti dhiyaatu.

Kaayyoon gaaffiilee kanaa Yuunivarsiitii Salaalee Sagantaa Barnoota Digrii Lammaffaatti, Qorannoo "Afseena bakkeewwan seenaa fi Aadaa qabeeyyii :Xiyyeeffannoo Aanaa Aanaa G/Jaarsoo" jedhuuf qofa kan oolu ta‟a.

## Hubachiisa

## Qajeelfama

Gaaffiilee armaan gadii haala qabatamaa magaalaafi muuxannoo keessan itti dabaluun akka naaf deebiftan kabajaan isin gaafadha.

1. Afseenaawwaan bakkeewwan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Aanaa G/Jaarsoo beekaman maal maal fa‟adha?

2. Afseenaawwan bakkeewwan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Aanaa G/Jaarsoo keessatti argaman hawaasni faayidaa maal akka ibsuu fi maal irraa argataan?

3. Beekumsi hawaasni afseenaawwan bakkeewwaan Seenaa fi Aadaa qabeeyyii Aanaa G/Jaarsoo ibsuu/agarsiisu sirni, afoolli adda addaa hiika isaa fi hariiroo mogaasni lafaa Oromummaa isaanii waajjin qabu agarsiis maal maaltu jira?

## Dabalee "C" Hirmaattota Marii Garee Xiyyeeffannoo

| Lakk | Maqaa oddeeffanoo kennitoota | Saala | Umurii | Bakka jireenya | Guyyaa | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Addunya Hordofaa | dh | 57 | Fiichee | 21/07/2015 | Hayyuu |
| 2 | Simee Garaddoo | dh | 48 | Fiichee | 21/07/2015 | Ogeessaa |
| 3 | Taaddaasa Nagawoo | dh | 70 | G/Jaarsoo | 21/07/2015 | Manguddoo |
| 4 | Mogoos Tulluu | dh | 54 | Fiichee | 21/07/2105 | Manguddoo |
| 5 | Dibbabbaa laggaasa | dh | 63 | Fiichee | 21/07/2015 | Hayyuu |
| 6 | Fiqaaduu Tolasaa | dh | 38 | Fiiche | 20/07/2015 | Hayyuu |
| 7 | Mariid Nugusee | dh | 43 | G/Jaarsoo | 20/07/2015 | Ogeessa |
| 8 | Muluu Haayiluu | dh | 36 | Fiichee | 21/07/2015 | Ogeessa |
| 9 | Abdiisa Dilalleessa | dh | 34 | Fiichee | 21/2015 | Ogeessaa |
| 10 | Dhugoomsa Naggaasa | dh | 33 | G/Jaarsoo | 27/07/2015 | Ogeessa |
| 11 | Asteer Tafarraa | Du. | 38 | G/Jaarsoo | 27/07/2015 | Ogeessa |
| 12 | Birqinaash Haayiluu | Du | 39 | G/jaarsoo | 27/07/2017 | Ogeessa |
| 13 | Siifaan Fallaqaa | du | 28 | G/jaarsoo | 27/07/2015 | Ogeessa |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 14 | Gannat Muluu | du | 29 | G/Jaarsoo | 28/08/2015 | Hayyuu |
| 15 | Zalalam Xaa‟oo | dh | 46 | Fiichee | 28/08/2015 | Ogeessa |
| 16 | Boggallaa Waaqjiraa | dhi | 78 | G/Jaarsoo | 28/08/2015 | Manguddoo |
| 17 | Daasee Hulluqaa | dh | 90 | G/jaarsoo | 28/08/2015 | Manguddoo |
| 18 | Hawaasoo Nagawoo | dh | 80 | G/jaarsoo | 28/08/2015 | Manguddoo |
| 19 | Dirribaa Fayyisoo | dh | 78 | Kuyyuu | 28/08/2015 | Ayyaantuu |
| 20 | Lammaa Illihuu | dh | 80 | G/jaarsoo | 28/08/2015 | Manguddoo |
| 21 | Taaddaasa Birruu | dh | 60 | G/Jaarsoo | 28/08/2015 | Manguddoo |
| 22 | Taayyee Baharuu | dh | 90 | G/Jaarsoo | 28/08/2015 | Manguddoo |
| 23 | Taayyee Balliyuu | dh | 80 | G/jaarsoo | 28/08/2015 | Manguddoo |
| 24 | Baazaazino Bayyannaa | dh | 60 | G/jaarsoo | 28/08/2015 | Manguddoo |
| 25 | Riisaa Dabri Tafaarraa | dh | 84 | G/Jaarsoo | 28/08/2015 | Manguddoo |
| 26 | Nugusee Suyyum | dh | 60 | G/Jaarsoo | 28/08/2015 | Manguddoo |
| 27 | Dajjannee Gishee (Dr.) | dh | 48 | Fiichee | 30/9/2015 | Hayyuu |

Dabalee “D”Afeewwan adda addaa

Uummanni kun sababa kanaan gara Baalee,Arsii, Harargee fi Wallagaati qubaacha fi qabsoo gaggeessa tureen walqabte Afeewwan armaan gadii dhiyyatanii jiru:

Afee. 36 Salaalee yaa biyyaa itti gala nyaatanii
Waajjiin gala yoo warri nuun loluu baatanii

Afee 37. Salaalee yaa biyyaa koo yaa biyyaa Tulluu biyyaa Gammadaa
Kan jalataan daamumaa kan jibbaan qiraarii qalata

Afee .38 Salaalee hin iyyaani Mana gurgudda santu gubaate

Anaan maal godhi jetta kan sirraa bareedutuu nafudhate

Afee .39 Yaa burqaa Salaal jala talal talal goote makookodinni

Adaara yaa hiriyaa naan loolte jette naan hin hoodini

Afee.40 Yaa burqaa Salaal jala to‟an hin dhumuu jaldhiisan malee

Karaa ganda shagituu deeman hin dhumuu kaachisaan malee

Afee.41 Salaaleeti ol ofanii Hoolota maasee gugurraa sanii

Shibboo irraa maranii harka Agarii mushurraa sanii

Afee. 42 Salaaleen baahafanii baranaa Salaaleen baahafanii

Yaa waaqi naan ajjeesinni bakkuma gaara koon gahafanii

Afee.43 Salaaleeti olhofanii hooloota maasee gugurraa sanii

Shibboo irraa maranii harkaa suyyume mushuura sanii

Afee.44. Salaal jala maraani maali yoo salaal jala maraani

Silla du‟uti hin haftu maali yoo waatadara galani

Afee.45. Salaal jala ta‟anii jala sa‟aa bubbeen nama teechisuu

Afuura shagee dhabee rabbit beeka waan nadhageechisu

Afee.46. Salaalee ba‟uu malee barana salalee ba‟uu malee yaa ba‟uu malee

Yaa waaqa naan ajjeesini bakkuma garaa koo ga‟uu malee

Dabalee “E” Suurawwanii Iddoo Afseenaa fi Oddeffannoo kennitoota



Obb.Lammaa Taakaluu Manguddoo Seenaa Gandaa Gonobolati Bara 2014



Suura.1. Aana Giraar Jaarsoo ganda Warxuu bara 2015 Qorataan fudhatame



Suura.2. Hayyuu Antiroopolojii Obb.Fiqaaduu Tolasaa waliin 20/07/201



Suura.3. Obb. Mariid Nugugusee  dhalata Ganda Illamuu Arjoo Salaalee 20/07/2015



Suura.4. Hayyuu Seenaa Obb. Mogoos Kumee 20/07/2015



Suura.5.Obb. Girmaa Asafaa Hayyuu Qonnaa fi Mana Amantaa



Suura.6. Ogeessoota waajjira Aadaa fi Turizimii Go/Sh/Kaabaa 21/07/2015



Suura.7. Ogeessoota wajjira Aadaa fi Turizimii Aanaa Giraar Jaarsoo



Suura.8. Abbootii Gadaa fi Mangudoota 12/08/2015



Suura.9. Abbootii Gadaa fi Manguddoota 19/07/2015



Suura.10. Abbootii Gadaa Odeeffannoo Marii Garee Waaʿee Afseenaa



Suura.11. Manguddoota yeroo Marii Garee Aanaa Giraar Jaarsoo 8/08/2015




Suura .12.Riqicha laga Guur Bara 2014 Qoratadhan fudhatme



Suura.13. Hojjetoota Wajjira Aadaa fi Turizimii Go/Sh/kaabaa walliin Daawwaanaf bara 2014



Suura.15. Riqicha Poorchuugala inni dura bara 2014 fi bara 2015 Qoratan fudhatame



## የሰንቁሳል ድልድይ አጭር ታሪክ

የእንቁሳል ድልድይ የሚገኝበት በግራር ጃርሶ ወረዳ ጨገል ቀበሌ ገ/ማህበር ውስጥ ሲሆን
የዚህ ድልድይ ስም ስያሜ በ4 ይከፈላል :-

1. **የራስ ዳርጌ ድልድይ**

ይህ ስም ሲወጣለት የቻለው በ19ኛው ክ/ዘመን መጨረሻ አካባቢ ራስ ዳርጌ ይህንን አካባቢ ሲያስተዳድሩ በነበሩበት ወቅት መቀመጫቸውን ከሸንኩርት ሚካኤል አንስተው ወደ ደብረሊባኖስ ካደረጉ በኋላ የእምነትን ስራ ለማስፋፋት ሲባል ይኸንን ድልድይ አሰርተው ለመሸጋገሪያነት ሲጠቀሙበት በመቆየታቸው ይህ ድልድይ የራስ ዳርጌ ድልድይ ነው ብለው የሚጠሩ ከፍሎች አሉ፡፡

2. **የእንቁሳል ድልድይ**

ይህ ስም ሲወጣለት የቻለው በድሮ ጊዜ ለድልድይ ስራ አገልግሎት የሚውል እንደ ሲሚንት የመሳሰሉ ቴክኖሎጂዎች ባልነበረበት ጊዜ ፖርቹጋሎች ይህንን ድልድይ

- ከኑግ ዘይት
- ከስንዴ ዱቄት
- ከኖራ እና
- ከሰጉን ዕንቁላል እንጨትና ድንጋይን በማገናኘት እንደ ማጣበቂያነት ተጠቅመው ድልድዩን ሰርተው ለአገልግሎት ስላበቁ ይህ ድልድይ የዕንቁሳል ድልድይ ነው ብለው የሚጠሩ ከፍሎች አሉ፡፡

3. **የጉር ድልድይ**

ይህ ድልድይ በጉር ወንዝ ላይ ስለተሰራ የጉር ድልድይ ብለው የሚጠሩ ሰዎችም አሉ፡፡

4. **የፖርቹጋል ድልድይ**

ይህ ድልድይ የተሰራው በ16ኛው ክ/ዘመን መጀሪያ አካባቢ ሲሆን ሲሰራ የቻለበትም በአህመድ ግራኝና በክርስቲያኑ ንጉስ አፄ ገላውዲዎስ መካከል በተደረገው ጦርነት ፖርቹጋሎች ንጉስ አፄ ገላውዲዎስን ለመርዳት ሲባል ለመሸጋገሪያነት እንዲመቻቸው ይኸንን ድልድይ ያሰሩት ስለሆነ ይህ ድልድይ የፖርቹጋል ድልድይ ነው ብለው የሚጠሩ ከፍሎችም አሉ፡፡


**የጉር ወንዝ**

ከ3 አቅጣጫ የሚገናኝ ወንዝ ሲሆን እነዚህም
1. የዳኒሳ ወንዝ ከግራር ወረዳ ከሰጉ ቀ/ገ/ማህበር ዳገት ስር የሚነሳ ነው፡፡
2. የድብ ወንዝ " " " " "
3. የወሰርቢ ወንዝ ከወጫሌ ወረዳ ይነሳል፡

በዚህ ጉር ወንዝ ላይ 2 ድልድዮች ተሰርተው የሚገኙ ሲሆን
1ኛው ድልድይ ከ1928-1933 ጣሊያኖች ለትራንስፖርት አገልግሎት እንዲውል የሰሩት ድልድይ ሲሆን ይህ ድልድይ አሁንም ለት/ት አገልግሎት እየዋለ የሚገኝ መሆኑን
2ኛው የእንቁሳል ድልድይ ሲሆን አገልግሎቱም የደጋውንና የቆላውን ህዝብ ለመሸጋገሪያነት የሚያገለግል ድልድይ ነው፡፡

ከሰሜን ሸዋ ዞን ባህልና ቱሪዝም ቢሮ
የካቲት 23/06/99 ዓ/ም
ፊቼ

Suura.16.Barreeffama waa‟ee Riqicha Laga Guur Bara 23/06/1999




Suura.17. Riqicha Laga Guur Ogumma Harkaan kafame Bara 30/10/1996







Suura.18. Ireechaa Aanaa Giraar Jaarsoo Bara 2014





Suura.19. Ayyaana Irreechaa Abbootii Gadaa, Qeerroo fi Qarree Bara 2015



6/3/2023 Bulloo Bulloo - #share_share goonee hidda latiinsa #Oromoo #Labata... | Facebook

Bulloo Bulloo - #share_share goonee hidda latiinsa #Oromoo #Labata... | Facebook
Search Search
Cancel

**Bulloo Bulloo**

April 23 at 9:22 AM ·
More options

#share_share goonee hidda latiinsa #Oromoo #Labata haa barsiisnuu.
#Wal_Haa_Barruu
#HORTEE_OROMOO
OROMOON ILMAAN LAMA(2) DHALE.
A. BOORANAA FI
B. BAARENTUU
A. Booranni Ilmaan 12 dhale
Isaanis;-
1. Wallagga
2-Callabba
3-Goree
4-Goofaa
5-Sidaamoo
6-Arii
7-Dacee
8-Garrii
9-Guraa
10-Giriirraa
11-Naayroobii fi
12-Gujii


B. Barentuun Ilmaan 5 dhale
1. xummuungaa
2-murawwaa
3-karrayyuu
4-Hunbanna
5-Qal'oo

C. Xummuungaan Ilmaan 3 dhale
1-Arsii
2-Asoosaa
3-Hawaasaa

D. Murawwaan 1 dhale
Innis:- Ituudha jedhama

E. Ituun 10 dhale isaanis:-
1-waatee

file:///C:/Users/Hello/Desktop/Bulloo Bulloo - %23share_share goonee hidda latiinsa %23Oromoo %23Labata... _ Facebook.html



Bulloo Bulloo - #share_share goonee hidda latiinsa #Oromoo #Labata... | Facebook
-Gaamo
3-Baayee
4-Galaan
5-Addaayyo
6-Baabbo
7-Waaree
8-Algaa
9-Guaddullaa
10-Elellee

F. Karrayyuun Barentuu
Ilmaan 12 dhale
1-Dullacha
2-Abbichuu
3-Gonbichuu
4-sayyuu
5-Oboo
6-Oborii
7-Jillee
8-Bullaalla
9-Mucee
10-Galaan
11-Salaalee
12-Wallo

G. Hunbannaan Ilma 1 dhale
Innis:- Anniyya jedhama
Anniyya ilmaan 7 dhale


1-Malkaa
2-Baabboo
3-Dinbii
4-Baaduu (biduuu)
5-muci
6-Naannaa'a
7-kudheedhee

H. Qallo ilmaan 4 dhale
1-Ala
2-Daga
3-Oborraa
4-Baabbile

I. Ala ilmaan 12 dhale
1-Abbayi
2-Nuumnu
3-kaaku
4-Buubbu
5-Diiramu
6-Abbaadho
7-Goollo
8-Eeri
9-Utayyu
10-Galaan

file:///C:/Users/Hello/Desktop/Bulloo Bulloo - %23share_share goonee hidda latiinsa %23Oromoo %23Labata... _ Facebook.html

Suura.20. Barreeffama waa‟ee Salaalee maqaa Gosa ta‟uu ibsuu 5/3/2023



Bulloo Bulloo - #share_share goonee hidda latiinsa #Oromoo #Labata... | Facebook

11-Meettaa
12-Arroojji

J. Daga ilmaan 3 dhale
1-Noolee
2-Jaarsoo
3-Huume

K. Oborraan 3 dhale
1-Akkichu
2-bil'I
3-Dooranii

L. Baabbile 3 dhale
1-Gantuub
2-Hawiyyaa
3-Hawaasilee

M. Arsiin 2 dhale
1-sikkoo
2-mandoo

N. sikko ilmaan 5 dhale
1-Bullaalla
2-Wucaale
3-waaji
4-Jaawwi
5-Ilaannii

O. Mando 7 dhale
1-Raayituu (Raa'idoo)
2-Hawaxxuu
3-Karaara
4-karrayyuu
5-Meettaa
6-Arroojii
7-Garjeeda


P. Akkichuu Oborraa ilma 2 dhale
1-dhaayi
2-biliidaa

Q. Dhaayi 3 dhale
1-Dukkoo
2-Kooyee
3-Allaatayya

R. Billiidaan 3 dhale
1-Godaanaa
2-busaa
3-Allaa

S. Gujiin Boorana 3 dhale
1-Hookkuu

file:///C:/Users/Hello/Desktop/Bulloo Bulloo - %23share_share goonee hidda latiinsa %23Oromoo %23Labata... _ Facebook.html



Bulloo Bulloo - #share_share goonee hidda latiinsa #Oromoo #Labata... | Facebook

Uraagaa
Matii (maatii)

T. Hookkuun 7dhale
1-Galalcha
2-Oborraa
3-Michille
4-Heeraa
5-Bundhituu
6-Kinnoo
7-Baallaa


U. Uraagaan 6 dhale
1-Goolloo
2-Hallaa'oo
3-Agantuu
4-Daraartuu
5-Sarboortuu
6-Waajituu
V. Maatiin 3 dhale
1-Hirqaantuu
2-Linsoolee
3-Hunde

iddoo dogoggoraa natti himaa.
–Bulloo Bulloo

Like
Show more reactions
Share
23
41 Shares
Hakim Manya
Keep up the good work!seenaa bareedadha.bro.kiyya naaf jiraadhu
1
on MonLikeMore
Bulloo Bulloo
Oromoon share godhaa hidda latiinsa keenyaa Wal barsiisaa.
1
on TueLikeMore
Bulloo Bulloo
Thank you so much! ♡
on WedLikeMore
Bulloo Bulloo
Thank you so much! ♡
on ThuLikeMore

file:///C:/Users/Hello/Desktop/Bulloo Bulloo - %23share_share goonee hidda latiinsa %23Oromoo %23Labata... _ Facebook.html

Suura.21.Barreeffama waa‟ee Salaalee maqaa Gosa ta‟uu ibsuu 5/3/2023





Maappii Go/ Sh/Kaabaa




| W_NAME | Area in Ha |
|---|---|
| Were Jarso | 119835 |
| Dera | 159681 |
| Hidabu Abote | 50574 |
| Kuyu | 95075 |
| Degem | 64919 |
| Girar Jarso | 49435 |
| Debre Libanos | 29396 |
| Wuchale | 90481 |
| ABICHUGNA | 67861 |
| Kimbibit | 68245 |
| Yaya Gulele | 34059 |
| Jido | 48533 |
| Aleiltu | 50991 |
| Total | 929087 |

Suura..22.Salaalee Kaartaa irratti fi maqaa Gosaan yeroo ibsamu kitaaba Yeewegennaa Diirsatoochi jedhu irratti (fuula: 73) Bara 2015




Suura.23. Kaarta Aanaa Giraar Jaarsoo Wajjira Aadaa fi Turizimii A/G/Jaarsoo Bara 2015




Suura.24. Dhaabbata maqaa Salaaleen mogaafame 3/06/2015 Qoratan Fudhatame



Suura.25. oguma Harka Aanaa G/Jaarsoo 12/8/2015 Qoratan fudhatame



Suura.26.Aadaa Fardeen Aanaan Giraa Jaarsoo Bara 2015



Suura.27. Lagaa Guur yeroo gara laga Jimaati makamu bara 2015 Qoratan fudhamate



Suura 28 Abdarii Shunkurtii isaa 1ffaa Bara 2015 Qorataan Fudhatame



Suura 29 Burqa Caaffee Ganda Shunkurtii Bara 2015 Qorataan Fudhatame



Suura 30 Mana Amantaa Shunkurtii Mika‟eel 2015 Qorataan Fudhatame



Suura 31 Kabbii/Dallaa Naannoo Holqa Dabbiis/Debbiis Bara 2105 Qorataan fudhatame



Suura 32 Kabbii Dallaa iddoo Shunkurtiiti Eegumsa Holqa Dabbiis hojjetame bara 2015



**Suura.33. Burqa Ashee 1ffaa Ruufoo 8/09/2015 Qoratan fudhatame**



**Suura.34. Burqa Ashee 2ffaa Ruufoo 8/09/2015 Qoratan fudhatame**



**Suura.35. Burqa Ashee 3ffaa Ruufoo 8/09/2015 Qoratan fudhatame**




**Suura.36. Burqa Ashee 4ffaa Ruufoo 8/09/2015 Qoratan fudhatame**





**Suura.37.Burqa Ashee 5ffaa fi 6ffaaRuufoo 8/09/2015 Qoratan fudhatame**



**Suura.38. Burqa Ashee 7ffaa Ruufoo 8/09/2015 Qoratan fudhatame**



Suura.39. Abdarii Torban Ashee Ruufoo Bara 8/9/2015 Qoratan fudhatame